Waggaa 31 ffaa..... Lak. ...........2/2015
31ኛ ዓመት........ቁጥር..............2/2015
31thyear ........... No. ...............2/2022

Finfinnee,.........Fulbaana 15 Bara 2014
ፊንፊኔ..............መስከረም 15 ቀን 2014 ዓ.ም
Finfine,......................September 25, 2021

# MAGALATA OROMIYAA
# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
# MEGELETA OROMIA



| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............ Qarshii 105<br>የአንዱ ዋጋ ..................... ብር 105<br>Unit Price ........................ Birr 105 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሳ.ቁጥር .................21383-1000<br>P.O.Box ...................... 21383-1000 |



QABIYYEE

Labsii Lak. 242/2014
Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 242/2014 ...........................................Fuula 1

ማውጫ

አዋጅ ቁጥር 242/2014
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 242/2014........................................ገጽ 1

CONTENT

Proclamation No. 242/2021
Proclamation to Reorganize and Redefine the Power and Duties of Executive Organs of Oromia Regional State, Number 242/2021 ..........................................Fuula 1

## Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakkoofsa 242/2014

Gahumsaafi bu'aa qabeessummaa qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannichaa sakatta'uun akkaataa imaammata, tarsiimoofi karoora mootummaa galmaan gahuufi sadarkaa fedhii ummata naannichaa dabalaa dhufeen walsimuu danda'uun irra deebiin gurmeessuufi aangoofi hojii isaanii murteessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Kenniinsi tajaajilaa si'oomina, saffina, qulqullina qabuufi dhaqqabamaa ta'e diriirsuun itti quufinsaafi amantaa ummanni mootummaa irratti qabu dabaluun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 242/2014

የክልሉን መንግሥት አስፈፃሚ አካላት ብቃትና ውጤታማነት በመገምገም የመንግሥትን ፖሊሲ፣ ስትራቴጂና ዕቅድ ከግብ ለማድረስ በሚያስችል እና እየጨመረ ከመጣው የክልሉ ህዝብ ፍላጎት ጋር ሊጣጣም በሚችልበት አኳኋን እንደገና ማደራጀት እና ሥልጣንና ተግባራቸውን መወሰን አስፈላጊ በመሆኑ፤

ቀልጣፋ፣ ፈጣን፣ ጥራት ያለውና ተደራሽ የሆነ የአገልግሎት አሰጣጥን በመዘርጋት የህዝቡን በመንግስት ላይ ያለውን እርካታ እና አመኔታ እንዲጨምር ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## Proclamation to Reorganize and Redefine the Power and Duties of Executive Organs of Oromia Regional State, Number 242/2021

WHEREAS, it is imperative to reorganize and redefine the power and duties of Executive Organs of Oromia Regional State in a manner that helps to attain the policies, strategies and objectives of the government; and in a way that it can be compatible with the growing demands of the people in the region by identifying their efficiency and effectiveness;

WHEREAS, it has become necessary to scale up the people's satisfaction and confidence on the government through establishing efficient, speedy, quality and accessible service delivery system;

Hoggansa qabeenya naannichaa haala tarsimaa'aa ta'een hogganuufi bu'aa barbaadamu fiduu danda'aniin qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi hojii isaanii murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Walirra bu'iinsa, walitti bu'iinsaafi iftoomina dhabuu aangoofi hojii manneen hojii mootummaa Labsii hojiirra ture keessatti mul'atu furuuf Labsicha fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

### 1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014" jedhamee waamamuu ni danda'a.

### 2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "Beeyilada" jechuun horii gaanfaa, hoolaa, re'ee, gaala, lukkuu, farda, harree, gaangee, qurxummii, booyyee, kanniisa, akkasumas beeyiladoota biroo fuulduratti "beeyilada" jedhamuun seeraan moggaafaman ni dabalata.
2) "Bidiruu" jechuun meeshaa tajaajila geejjibaaf oolu humna mootoraan, qilleensaan yookiin humna namaatiin bishaan irra socho'u ta'ee, meeshaalee bifa aadaatiin oomishamanii bishaan irra socho'an hin dabalatu.
3) "Bulchiinsa Iskiimii" jechuun iskiimota bishaan dhugaatiifi jallisii sadarkaa adda addaatti ijaarsi isaanii xumuraman akka eegaman gochuu, hordofuu, kunuunsuufi bulchuudhaan haala ittifufiinsa qabuun tajaajilli bishaan dhugaatiifi jallisii akka kennamu taasisuu jechuudha.

የክልሉን ሃብት አመራር ስትራቴጂካዊ በሆነና የሚፈለገውን ውጤት ማምጣት በሚያስችል ሁኔታ የክልሉን የመንግሥት አስፈፃሚ አካላት እንደገና ማደራጀት እና ሥልጣንና ተግባራቸውን መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ሥራ ላይ ከነበረው አዋጅ ጋር ተያይዞ የሚስተዋሉትን የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ሥልጣንና ተግባር መደራረብ፣ መጋጨት እና ግልጽነት ማጣት ችግሮች ለማስወገድ አዋጁን ማሻሻል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 (3) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

### 1. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈፃሚ አካላት አዋጅ ቁጥር 242/2014" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

### 2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

1) "እንስሳት" ማለት የቀንድ ከብት፣ በግ፣ ፍየል፣ ግመል፣ ዶሮ፣ ፈረስ፣ አህያ፣ በቅሎ፣ አሳ፣ አሳማ፣ ንብ፤እንዲሁም ወደ ፊት "እንስሳ" ተብለው በሕግ የሚሰየሙ ሌሎች እንስሳትንም ይጨምራል፡፡
2) "ጀልባ" ማለት ለትራንስፖርት አገልግሎት የሚውል በሞተር፣ በንፋስ ወይም በሰው ኃይል በውሃ ላይ የሚንቀሳቀስ መሣሪያ ሆኖ በባህላዊ መልኩ ተመርተው በውሃ ላይ የሚንቀሳቀሱትን አይጨምርም፡፡
3) "የስኪም አስተዳደር" ማለት ግንባታቸው በተለያየ ደረጃ የተጠናቀቀ የመጠጥና የመስኖ ውሃ እስኪሞችን እንዲጠበቁ በማድረግ፣ በመከታተል፤ በመንከባከብና በማስተዳደር የመጠጥ ውሃና መስኖ አገልግሎት በዘላቂነት እንዲሰጥ ማድረግ ማለት ነው፡፡

WHEREAS, it is found essential to reorganize and redefine the power and duties of the Executive Organs of the Regional State equipping with efficient leadership that is endowed to managing the resources of the region strategically; and thereby able to attain the desired outcome;

WHEREAS, it is found necessary to avoid the overlapping, contradictions and vagueness problems of the power and duties of government offices prevailing in the existing proclamation by amending such proclamation;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a) of the amended Oromia Regional State Constitution; Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

## Part One
## General Provisions

### 1. Short Title

This proclamation may be cited as "Oromia Regional State Executive Organs Proclamation, Number 242/2021."

### 2. Definitions

Unless the context otherwise requires, in this Proclamation:

1) "Livestock" means horn animals, sheep, goats, camels, poultry, horse, donkey, mules, fish, pig, bee; and includes other livestock to be named as such by law in the future.
2) "Boat" means an apparatus used for transport service which moves on the water body by motor power or manually; and it does not exclude traditionally produced tools moving on the water body.
3) "Scheme Administration" means to ensure sustainable drinking water and irrigation services provision through conservation, following up, nurturing and administration of the drinking water and irrigation schemes whose construction has been completed at various levels.

4) "Bulchiinsa Lafaa" jechuun sirna qabiyyee lafaa irratti wabiin ittiin kennamu, karoorri itti fayyadama lafaa itti raawwatamu, walitti bu'iinsi itti fayyadamtoota lafaa gidduutti ka'u kan ittiin hiikamu, mirgaafi dirqamni itti fayyadamaa lafaa kan ittiin raawwatamu, ragaan lafaa abbaa qabiyyee kan ittiin walitti qabamuufi xiinxalamee itti fayyadamtootaaf akka gahu kan ittiin taasifamu jechuudha.
5) "Bulchiinsa Magaalaa" jechuun seeraan yookiin bakka bu'ummaan qaama mootummaa dhimmi ilaallatuun magaalaa bulchuuf qaama aangoofi hojiin kennameefii caaseffame jechuudha.
6) "Caffee" jechuun bu'uura Heera Mootummaa Keewwata 46 (1) tiin kan hundeeffameefi qaama seera baasaafi abbaa aangoo olaanaa naannichaa jechuudha.
7) "Daandii Hawaasaa" jechuun daandii hirmaannaa hawaasaatiin, bulchiinsi Aanaa maallaqaafi humna isaatiin yookiin gargaarsaan kan ijaare, suphe, sadarkaa isaatti kan ijaaramu yookiin suphamu jechuudha.
8) "Daandii" jechuun daandii qaama mootummaa federaalaa aangoo qabuun yookiin Biiroo Daandiifi Loojistiksii Oromiyaatiin sadarkaafi gosti tajaajilaa murtaa'eef jechuudha.
9) "Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa" jechuun dhaabbilee misoomaa guutummaan yookiin gartokkeen mootummaadhaan hundeeffamanii hojii oomishaa, raabsaa, ijaarsaafi kenna tajaajilaa yookiin hojiiwwan misooma diinagdeefi daldalaa biroo waliin walqabatan irratti bobba'an jechuudha.
10) "Eegumsa Naannoo" jechuun qabeenya naannoo kamiyyuu osoo miidhaan irra hin gahin, hin faalaminiifi hin xuraa'in kunuunfamee haala itti fufiinsa qabuun akka faayidaa kennu to'achuu jechuudha.

4) "የመሬት አስተዳደር" ማለት በመሬት ይዞታ ላይ ዋስትና የሚሰጥበት፣ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ የሚፈፀምበት፣ በመሬት ተጠቃሚዎች መካከል የሚነሳ ግጭት የሚፈታበት፣ የተጠቃሚ መብትና ግዴታ የሚፈፀምበት፣ የመሬት ይዞታ ባለቤትነት መረጃ የሚሰበሰብበትና ተገምግሞ ለተጠቃሚዎች እንዲደርስ የሚደረግበት ሥርዓት ማለት ነው፡፡
5) "የከተማ አስተዳደር" ማለት በህግ ወይም በውክልና በሚመለከተው የመንግስት አካል ከተማን ለማስተዳደር ሥልጣንና ተግባር ተሰጥቶት የተዋቀረ አካል ማለት ነው፡፡
6) "ጨፌ" ማለት በህገ-መንግስት አንቀጽ 46(1) መሠረት የተቋቋመ እና የክልሉ ህግ አውጪ እና ከፍተኛው የሥልጣን አካል ማለት ነው፡፡
7) "የህብረተሰብ መንገድ" ማለት በህብረተሰቡ ተሳትፎ የወረዳ መስተዳደሩ በገንዘቡና በጉልበቱ ወይም በዕርዳታ የገነባው፣ የጠገነው በእሱ ደረጃ የሚሰራ ወይም የሚጠገን ማለት ነው፡፡
8) "መንገድ" ማለት ሥልጣን ባለው የፌዴራል አካል ወይም በኦሮሚያ መንገዶች እና ሎጅስቲክስ ቢሮ ደረጃውና የአገልግሎት ዓይነቱ የተወሰነለት መንገድ ማለት ነው፡፡
9) "የመንግስት ልማት ድርጅቶች" ማለት በሙሉ ወይም በከፊል በመንግሥት ተቋቁመው የማምረት፣ የማከፋፈል፣ የግንባታና አግልግሎት የመስጠት ወይም ሌሎች ከኢኮኖሚ ልማት እና ንግድ ስራዎች ጋር በተያያዙ ተግባራት ላይ የተሰማሩ የልማት ድርጅቶች ማለት ነው፡፡
10) "የአካባቢ ጥበቃ" ማለት ማንኛውም የአካባቢ ሀብት ጉዳት ሳይደርስበት፣ ሳይበከልና ሳይቆሸሽ በእንክብካቤ እንዲያዝና በቀጣይነት አገልግሎት እንዲሰጥ መቆጣጠር ማለት ነው፡፡

4) "Land Management" means system whereby land security be provided, land use plan can be performed, conflicts arising amongst land users can be resolved, rights and obligation of land users be discharged, land evidences of the holders can be collected, analyzed and provided to the users.
5) "City Administration" means body structured and legally given with power and duties for administering a city by the concerned government body.
6) "Caffee" means the law enacting body with the highest power of the region established in accordance with Article 46 (1) of the Government Constitution.
7) "Public Road" means a road constructed or maintained by the District administration with the participation of the public, in its finance and capacity or through assistance which is to be constructed or maintained in its level.
8) "Road" means a road for which the level and service type is determined by the authorized Federal Government Organ or by Oromia Roads and Logistics Bureau.
9) "Public Enterprises" means Enterprises/Organizations which fully or partially established by the government and engaged in production, distribution, construction and service delivery activities or in other activities pertaining to economic development and commercial activities.
10) "Environmental Protection" means controlling any environmental resource to enable it be conserved and sustainably serve for long period without being damaged, polluted and wasted.

11) “Gamoo” jechuun ijaarsa darbiifi darbiin ala ta'an kan dabalatu ta'ee, gamoowwan gurguddaa qabeenya mootummaa naannichaa ta'aniifi kanneen mana qopheessaatiin hin bulle jechuudha.
12) “Geejjiba” jechuun meeshaalee tajaajila geejjibaatiif oolanitti fayyadamuun tajaajila geejjibaa daandii lafaa, bishaaniifi qilleensa irratti tajaajila deddeebisa namaa yookiin fe'iinsaa kennamu jechuudha.
13) “Godambaa” jechuun meeshaaleen hambaa aadaafi seenaa ummata Oromoo calaqqisiisan yookiin akka barbaachisaa ta'etti dabalataan meeshaaleen sabaafi sablammii biyyattii walitti qabuun daawwannaa ummataaf dhiyeessuu jechuudha.
14) “Haddarsa” jechuun kuusaalee manneen hojii mootummaa yookiin namoonni dhuunfaa yeroo hojii isaanii raawwatan uuman ta'ee, sochiin bulchiinsa qaama isaan uume erga dhaabbateen booda akka madda ragaatti faayidaa inni qabuun filatamee qabiyyeen isaa osoo hin jijjiiramne dhaabbiidhaan akka eegamuufi kunuunfamu barreeffama xabboonis ta'ee jalteenyaan kaartaafi giraafiiksiin kan ibsame yookiin sagaleefi fakkiin yookiin dookumantiifi kanaan kan walfakkaatu biroo jechuudha.
15) “Hawaasa Misoomaaf Kaafamu” jechuun baadiyyaattis ta'ee magaalaatti hawaasa sababa misoomaatiin qabiyyee lafaa isaa irraa akkaataa seeraatiin kaafamu jechuudha.
16) “Heera Mootummaa” jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 jechuudha.
17) “Itti Fayyadama Lafaa” jechuun lafa kunuunsuudhaan haala itti fufiinsa qabuun faayidaa ol'aanaadhaaf akka oolu sirna ittiin taasifamu jechuudha.
18) “Kaadaastara” jechuun sirna qabiyyeen lafaafi qabeenyi dhaabbataan lafaan walqabtee jiru ittiin galmaa'uufi beekamuuf ragaa qophaa'u jechuudha.

11) "ህንፃ" ማለት ፎቅ የሆኑትንና ያልሆኑትን የሚጨምር ግንባታ ሆኖ፣ የክልሉ መንግሥት ንብረት የሆኑ ትላልቅ ሕንፃዎች እና በማዘጋጃ ቤት የማይተዳደሩ ማለት ነው፡፡
12) “ትራንስፖርት” ማለት ለመጓጓዣ አገልግሎት የሚውሉ መሣሪያዎችን በመጠቀም በየብስ እና በውሃ ላይ የሰው ወይም የጭነት መጓጓዣ አገልግሎት የሚሰጥ ማለት ነው ፡፡
13) "ሙዚየም" ማለት የኦሮሞን ህዝብ ባህልና ታሪክ የሚያንፀባርቁ መሳሪያዎች ወይም እንዳስፈላጊነቱ በተጨማሪ የብሔር ብሔረሰብ መሳሪያዎችን በመሰብሰብ ለህዝብ እይታ ማቅረብ ማለት ነው፡፡
14) "መዝገብ ቤት" ማለት የመንግስት መሥሪያ ቤቶች ወይም ግለሰቦች ሥራቸውን ሲያከናውኑ የሚፈጥሩት ክምችት ሆኖ፣ አንርሱን በፈጠረ አካል አስተዳደር እንቅስቃሴ ከተቋቋመ በኋላ እንደ መረጃ ምንጭ ባለው ጥቅም ተመርጦ ይዘቱ ሳይቀየር በቋሚነት እንዲጠበቅና እንክብካቤ እንዲደረግለት በኦሪጅናልና ኮፒ፣ በካርታና በግራፊክስ ተገልጾ ወይም ድምፅና በምስል ወይም ዶክመንትና ሌሎች መሰል ነገሮች ማለት ነው፡፡
15) “የልማት ተነሺ ማህበረሰብ” ማለት በገጠርም ሆነ በከተማ በልማት ምክንያት ከመሬት ይዞታው በህግ አግባብ የሚነሣ ሕብረተሰብ ማለት ነው፡፡
16) “ሕገ-መንግሥት” ማለት ተሻሽሎ የወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ሕገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 ማለት ነው፡፡
17) “የመሬት አጠቃቀም” ማለት መሬትን በመንከባከብና ዘላቂነት ባለው መንገድ ለላቀ ጥቅም እንዲውል የሚደረግበት ሥርዓት ማለት ነው፡፡
18) “ካዳስተር” ማለት የመሬት ይዞታና ከመሬት ጋር የተያያዘ ቋሚ ንብረት ለሚመዘገብበትና ለሚታወቅበት ሥርዓት የሚዘጋጅ ማስረጃ ማለት ነው፡፡

11) “Building” means high government buildings which includes constructions with or without floors not administered by the municipality.
12) “Transport” means provision of public transport or cargo service on roads, water and air by using the various modes of transportation.
13) “Museum” Means a center where objects reflecting the cultural and historical remains of the Oromo people or where found necessary of the nations and nationalities of the country as well be collected and presented for the public exhibition.
14) “Archive” means a collection created by the government institution and private persons in the course of accomplishing their activities which is selected in its significance as a source of evidence after being established by the creating body expressed in maps and graphics or in voice and pictures or in documents and the likes in the form of original prints and copy to be maintained and conserved permanently without its contents being changed.
15) “Development Relocated Society” means the society of a rural or urban area which is removed from its land holdings for development purposes in accordance with the law.
16) "Constitution” means the revised Constitution of Oromia Regional State; Proclamation Number 46/2001.
17) "Land Use" means a system whereby the land is made to be conserved in a way that it can be used for better benefits.
18) “Cadaster” means evidence prepared for a system whereby the land holdings and land related permanent properties can be registered and known.

19) "Karoora Itti Fayyadama Lafaa" jechuun ragaa haala lafaa mul'atu, diinagdeefi hawaasummaa irratti bu'uureffachuudhaan lafa faayidaa adda addaa kennu keessaa lafaafi Naannoo irratti dhiibbaafi miidhaa osoo hin dhaqqabsiisin faayidaa diinagdee ol'aanaatiif akka oolu kan ittiin murtaa'uufi hojiirra kan itti oolu sirna hojii jechuudha.
20) "Lafa Magaalaa" jechuun lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuudha.
21) "Lafa Baadiyyaa" jechuun lafa baadiyyaa daangaa bulchiinsa magaalaatiin alatti argamu jechuudha.
22) "Lafaafi Qabeenya Lafaan Walqabate" jechuun lafaafi qabeenya hin sochoone kan lafaan walqabatu jechuudha.
23) "Loojistiksii" jechuun sirna oomishni qonnaafi waarshaa iddoo itti oomishame irraa gara gabaatti itti dhiyaatu jechuudha.
24) "Maastar Pilaanii Itti Fayyadama Lafaa" jechuun itti fayyadama lafaa gadi fageenyaan qophaa'uuf bu'uura kan ta'e itti fayyadama lafaa gurguddaa addaan baasuun ragaa agarsiisu jechuudha.
25) "Mana Maree Bulchiinsa Godinaa, Magaalaa, Aanaa yookiin Gandaa" jechuun qaama raawwachiiftuu olaanaa sadarkaa Godinaa, Magaalaa, Aanaafi Gandaatti hundeeffame jechuudha.
26) "Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa" jechuun qaama raawwachiiftuu ol'aanaa Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa jechuudha.
27) "Mana Maree" jechuun sadarkaa Aanaa, Gandaatiifi Magaalotaatti filannoo ummataatiin qaama bakka bu'aa ummataa ta'ee hundeeffame jechuudha.
28) "Misooma Jallisii" jechuun bishaan lafa irraa yookiin bishaan lafa jalaa yookiin lachuun teknolojiiwwan adda addaa fayyadamuudhaan misooma qonnaa jallisiin misoomu babal'isuu jechuudha.

19) "የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ" ማለት ስለሚታየው የመሬት ሁኔታ፣ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ መረጃ ላይ በመመሥረት የተለያዩ ጥቅሞች ከሚሰጠው መሬት ውስጥ በመሬትና በአካባቢ ላይ ተጽዕኖ እና ጉዳት ሣያደርስ ለላቀ የኢኮኖሚያዊ ጠቀሜታ እንዲውል የሚወሰንበትና ሥራ ላይ የሚውልበት የሥራ ሥርዓት ማለት ነው፡፡
20) "የከተማ መሬት" ማለት በከተማ መስተዳድር ወሰን ውስጥ የሚገኝ መሬት ማለት ነው፡፡
21) "የገጠር መሬት" ማለት ከከተማ መስተዳድር ወሰን ውጪ የሚገኝ የገጠር መሬት ማለት ነው፡፡
22) "መሬትና ከመሬት ጋር የተያያዘ ንብረት" ማለት መሬትና በመሬቱ ላይ የሚገኝ የማይንቀሳቀስ ንብረት ማለት ነው፡፡
23) "ሎጂስቲክስ" ማለት የግብርና እና የፋብሪካ ምርት ከተመረተበት ሥፍራ ወደ ገበያ የሚቀርብበት ሥርዓት ማለት ነው፡፡
24) "የመሬት አጠቃቀም ማስተር ፕላን" ማለት በዝርዝር ለሚዘጋጀው የመሬት አጠቃቀም መሠረት የሚሆንና ትላልቅ የመሬት አጠቃቀምን ለይቶ የሚያሳይ መረጃ ማለት ነው፡፡
25) "የዞን፣የከተማ፣ የወረዳ ወይም የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤት" ማለት በዞን፣ በከተማ፣ በወረዳና በቀበሌ ደረጃ የተቋቋመ የበላይ አስፈፃሚ አካል ማለት ነው፡፡
26) "የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት" ማለት የክልሉ መንግሥት አስተዳደር የበላይ አስፈፃሚ አካል ማለት ነው፡፡
27) "ምክር ቤት" ማለት በወረዳ፣ በቀበሌና በከተማ ደረጃ በህዝብ ምርጫ የህዝብ ተወካይ ሆኖ የተመሠረተ አካል ማለት ነው፡፡
28) "የመስኖ ልማት" ማለት በገፀ ምድር ወይም በከርሰ ምድር ውሃ ወይም በሁለቱም የተለያዩ ቴክኖሎጂን በመጠቀም የሚለማ የመስኖ ግብርና ልማትን ማልማትና ማስፋፋት ማለት ነው፡፡

19) "Land Use Plan" means a work system in which the land providing various benefits can be decided and implemented to be used for greater economic benefits without causing any impact and harm on such land and environment depending on the noticeable condition of the land, economic and social evidences.
20) "Urban Land" means the land which is situated within the boundary of the urban administration.
21) "Rural Land" means the land which is situated outside the boundary of the urban administration.
22) "Land and Land Related property" means land and an immovable property pertaining to such land.
23) "Logistics" means a system whereby the agricultural and industrial products can be supplied to the markets from areas of their production.
24) "Land Use Master Plan" means evidence that helps to differentiate the major land use system which serves as a basis for preparation of detail land use plan.
25) "Zone, Urban, District or Kebele Administrative Council" means the highest executive organ established at Zonal, Urban, District or Kebele levels.
26) "Regional Administrative Council" means the highest executive organ of the Regional Government.
27) "Council" means the body established as representative of the people through the people's vote at the District, Kebele and Urban levels.
28) "Irrigation Development" means extensive agriculture to be developed by irrigation with the surface or underground water or both using various technologies.

29) "Mootummaa" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
30) "Naannoo" jechuun lafa, qilleensa, haala qilleensaa, bishaan, sagalee, foolii, dhandhama, haala hawaasummaa, miidhagina uumamaa namaan fooyya'e yookiin jijjiiramee kan jiru hunda ta'ee namaafi kan biroo bakka waliin jiraatan jechuudha.
31) "Odiitii Naannoo" jechuun sirna warshaaleefi dhaabbileen misoomaa seerotaafi sadarkaa eegumsa naannoo eeguun adeeman, haala qabiinsa meeshaalee oomishaa, keemikaalotaafi gataa, ga'umsa raawwii meeshaalee oomishaa, itti fayyadama qabeenyaafi dhiibbaan Naannoo ittiin gamaaggamamu jechuudha.
32) "Pilaanii Magaalaa" jechuun qaama aangoo qabuun kan ragga'eefi seeraan raawwatiinsa kan qabu pilaanii caaseffama magaalaa, pilaanii misooma qe'ee yookiin pilaanii bu'uuraa ta'ee, ibsa barreeffamaa pilaanii waliin jiru ni dabalata.
33) "Pirezidaantii" jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
34) "Qabeenya Bishaanii" jechuun bishaan lafa jalaafi bishaan lafa irraa kan akka burqaa, yaatuu lagaa, lagaafi haroo uumamaafi haroo nam-tolchee jechuu dha.
35) "Sababa Misoomaaf Kaafamuu" jechuun sababa pirojektoota investimantii seektara dhuunfaa, babal'inaafi haaroomsa magaalaa, pirojektoota jaarmiyaalee ummataafi miti-mootummaa, pirojektoota mootummaa Naannichaafi mootummmaa Fedaraalaatiin hojjetamaniin kaafamuu ta'ee, pirojeektoota biroo hayyama mootummaatiin hojjetaman ni dabalata.

3. **Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

29) "መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው፡፡
30) "አካባቢ" ማለት መሬት፣ አየር፣ የአየር ሁኔታ፣ ውሃ፣ ድምፅ፣ ሽታ፣ጣዕም፣ ማህበራዊ ሁኔታ በሰው ልጅ የተሻሻለ ወይም የተቀየረ የተፈጥሮ ውበት ሁሉ ሆኖ፣ ሰዎችና ሌሎችም በጋራ የሚኖሩበት ሥፍራ ማለት ነው፡፡
31) "የአካባቢ ኦዲት" ማለት ፋብሪካዎችና የልማት ድርጅቶች የአካባቢ ጥበቃ ህጎችንና ደረጃዎችን ጠብቀው የሚሄዱበት፣ የማምረቻ መሣሪዎች፣ ኬሚካሎችና ቆሻሻዎች አያያዝ ሁኔታ፣ የማምረቻ መሣሪያዎች የአፈጻጸም ብቃት፣ የሃብት አጠቃቀምና የአካባቢ ተፅዕኖ የሚገመገምበት ሥርዓት ማለት ነው፡፡
32) "የከተማ ፕላን" ማለት ስልጣን ባለው አካል የጸደቀና በሕግ ተፈጻሚነት ያለው የከተማ መዋቅራዊ ፕላን፣ የአካባቢ ልማት ፕላን ወይም መሰረታዊ ፕላን ሆኖ፣ ከፕላኑ ጋር ያለ የጽሁፍ ማብራሪያን ይጨምራል፡፡
33) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ነው፡፡
34) "የውሃ ሃብት" ማለት የከርሰ-ምድር እና የገፀ-ምድር ውሃ እንደ ምንጭ፣ ወራጅ ወንዝ፣ ወንዝ እና የተፈጥሮና ሰው ሰራሽ ሃይቅ ማለት ነው፡፡
35) "በልማት ምክንያት መነሣት" ማለት በግሉ ዘርፍ ኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች፣ በከተማ መስፋፋትና እድሳት፣ በህዝብና መንግሥታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች ፕሮጀክቶች፣ በክልሉ መንግስት እና በፌዴራል መንግሥት በሚሠሩ ፕሮጀክቶች ምክንያት መነሣት ሆኖ፣ በመንግሥት ፈቃድ የሚሰሩ ሌሎች ፕሮጀክቶችንም ይጨምራል፡፡

3. **የፆታ አገላለፅ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው የሴት ፆታንም ይጨምራል፡፡

29) "Government" means Oromia Regional State Government.
30) "Environment" means the totality of land, air, air condition, water, voice, odor, taste, social condition, natural beauty improved or modified by man in which human beings and others co exists.
31) "Environmental Audit" means system whereby the factories and developmental organizations operate in line with the laws and standards of environmental protection, manner of handling production tools, chemicals, and disposals, efficiency of the production tools, resources utilization and environmental impact can be evaluated.
32) "Urban Plan" means the urban structural plan, local development plan or basic plan approved by authorized body and legally applicable and includes written explanation annexed with the plan.
33) "President" means President of Oromia Regional State.
34) "Water Resource" means underground and surface water like spring, streams, rivers, and natural and artificial lakes.
35) "Relocation for Development Reason" means displacement for the purpose of private sector investment projects, expansion and renewal of urban center, projects of public and private organizations, projects of the Regional and Federal Government; and includes other projects under authorization of the government.

3. **Gender Reference**

Any expression in masculine gender in this proclamation shall also apply for feminine gender.

**4. Gurmaa'ina**

1) Imaammata, tarsiimoofi seerota mootummaan baasu kan hojiirra oolchuufi hojiiwwan bulchiinsaa kan raawwatu, qaamni raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:
(a) Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa;
(b) Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa;
(c) Biirooleefi Manneen Hojii biroo;
(d) Mana Maree Bulchiinsaa Godinaa;
(e) Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa;
(f) Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa; fi
(g) Mana Maree Bulchiinsaa Gandaa.
2) Qaamni raawwachiiftuu akkaataa gosaafi baay'ina hojii isaaniitiin manneen hojii, dameewwaniifi adeemsota hojii adda addaa qabaachuu ni danda'u.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, qaamoleen raawwachiiftuu hojii walfakkaatu kan raawwatan yoo ta'e hojjettoota deeggarsaafi tajaajila adda addaa waliin fayyadamuu ni danda'u. Raawwiin isaa Dambii Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

**5. Muudama Hooggantootaafi Itti Aantotaa**

1) Hooggantoonni qaama raawwachiiftuu miseensa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa ta'an Pirezidaantiin dhiyaatanii Caffeedhaan kan muudaman ta'a.
2) Hooggantoota Itti Aantonni qaama raawwaachiiftuu miseensa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Pirezidaantiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin kan muudaman ta'a.
3) Hooggantoonniifi Itti Aantotnni qaamolee raawwachiiftuu miseensa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa hin taane Pirezidaantiin kan muudaman ta'a.

**4. አደረጃጀት**

1) መንግስት የሚያወጣቸውን ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች እና ሕጎችን ተግባር ላይ የሚያውልና አስተዳደራዊ ተግባራትን የሚፈፅም የክልሉ መንግሥት አስፈፃሚ አካል የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-
(ሀ) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት፣
(ለ) የክልሉ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽህፈት ቤት፣
(ሐ) ቢሮዎች እና ሌሎች መሥሪያ ቤቶች፣
(መ) የዞን መስተዳድር ምክር ቤት፣
(ሠ) የከተማ መስተዳድር ምክር ቤት፣
(ረ) የወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት፣ እና
(ሰ) የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤት፡፡
2) የአስፈፃሚ አካላት በተግባራቸው ዓይነትና ብዛት መሠረት መሥሪያ ቤቶች፣ ቅርንጫፎች እና የተለያዩ የሥራ ሂደቶች ሊኖራቸው ይችላል፡፡
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ አስፈፃሚ አካላት ተመሳሳይ ተግባር የሚፈጽሙ ከሆነ የድጋፍ ሰጪ ሰራተኞችን እና የተለያዩ አገልግሎቶችን በጋራ ሊጠቀሙ ይችላሉ፡፡ አፈፃፀሙ የክልሉ መንግሥት መስተደድር ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**5. የኃላፊዎችና የምክትል ኃላፊዎች ሹመት**

1) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት አባል የሆኑ የአስፈፃሚ አካላት ኃላፊዎች በፕሬዝዳንቱ አቅራቢነት በጨፌ የሚሾሙ ይሆናል፡፡
2) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት አባል የሆኑ አስፈፃሚ አካላት ምክትል ኃላፊዎች በፕሬዝዳንቱ አቅራቢነት በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የሚሾሙ ይሆናል፡፡
3) የክልሉ መንግሥት መሥተዳድር ምክር ቤት አባል ያልሆኑ የአስፈፃሚ አካላት ኃላፊዎችና ምክትል ኃላፊዎች በፕሬዝዳንቱ የሚሾሙ ይሆናል፡፡

**4. Organizational Set-Up**

1) Executive Organs of the Regional Government that implements the policies, strategies and laws enacted by the government and performs administrative activities shall have the following organizational set up:
(a) The Regional Government Administrative Council;
(b) President Office of the Regional Government;
(c) Bureaus and Other Offices;
(d) Zonal Administrative Council;
(e) City Administrative Council;
(f) District Administrative Council; and
(g) Kebele Administrative Council.
2) Executive Organs may have various offices, branches and work processes depending on their work types and loads.
3) Without prejudice to the provision under Sub Article 2 of this Article, if these Executive Organs perform similar activities, they may use supporting stuffs and various services in common. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued by the Regional Government Administrative Council.

**5. Appointment of the Heads and Deputy Heads**

1) The Heads of Executive Organs who are members of the Regional Government Administrative Council shall be nominated by the president and appointed by the Caffee.
2) The Deputy Heads of Executive Organs who are members of the Regional Government Administrative Council shall be nominated by the president and appointed by the Administrative Council of the Regional Government.
3) The Heads and Deputy Heads of Executive Organs that are not members of the Regional Government Administrative Council shall be appointed by the president.

## Kutaa Lama

### Aangoo, Hojiifi Itti Waamama Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa, Pirezidaantiifi Itti Aanaa Pirezidaantii

**6. Aangoo, Hojiifi Itti Waamamaafi Itti Gaafatamummaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa**

1) Manni Marichaa aangoofi hojii Heera Mootummaa keewwata 55 jalatti tumame kan qabaatu ta'ee, hojimaanni isaa Dambii Manni Marichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.
2) Itti waamamni Mana Marichaa Caffeefi Pirezidaantiif ta'a.
3) Miseensonni Mana Marichaa sadarkaa kamittuu argaman miseensummaa isaaniitiin murtee kennaniif ittigaafatamummaa waliinii ni qabaatu.

**7. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa**

1) Manni Marichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
(a) Pirezidaantii;
(b) Itti Aanaa Pirezidaantii;
(c) Muudamtoota Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantitti kilaastara hoogganan;
(d) Hooggantoota Manneen Hojii Labsii kana Keewwata 12 (1-24) jalatti tarreeffamanii; fi
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a - d) jalatti kan tumame jiraatuyyuu, Manni Marichaa baay'ina miseensota isaa akkaataa barbaachisummaa isaatti dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.

**8. Sirna Walgahii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa**

1) Manni Marichaa walgahii idileefi akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa ni qabaata.
2) Walgahichi guutuu kan ta'u, miseensota Mana Marichaa keessaa harka walakkaa ol yoo argamaniidha.
3) Murtiin darbu sagalee caalmaadhaan ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni Pirezidaantiidhaan deeggarame murtee Mana Marichaa ta'a.

## ክፍል ሁለት

### የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት፣ የፕሬዝዳንት እና የምክትል ፕሬዝዳንት ሥልጣን፣ ተግባር እና ተጠሪነት

**6. የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ሥልጣን፣ ተግባር፣ ተጠሪነት እና ተጠያቂነት**

1) ምክር ቤቱ በሕገ-መንግስቱ አንቀጽ 55 ሥር የተደነገገው ሥልጣንና ተግባር የሚኖረው ሆኖ፣ አሠራሩም ምክር ቤቱ በሚያወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
2) የመስተዳድር ምክር ቤቱ ተጠሪነት ለጨፌና ለክልሉ ፕሬዝዳንት ይሆናል።
3) በማንኛውም ደረጃ የሚገኙ የምክር ቤቱ አባላት በአባልነታቸው ለሚሰጡት ውሳኔ የጋራ ተጠያቂነት ይኖራቸዋል።

**7. የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት አባላት**

1) ምክር ቤቱ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
(ሀ) ፕሬዝዳንት፤
(ለ) ምክትል ፕሬዝዳንት፤
(ሐ) በምክትል ፕሬዝዳንት ማዕረግ ክላስተሮችን የሚመሩ ተሿሚዎች፤
(መ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 12 (1-24) ሥር የተዘረዘሩት መሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎች፤ እና
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 (ሀ - መ) የተደነገገው ቢኖርም፣ ምክር ቤቱ እንደ አስፈላጊነቱ የአባላቱን ብዛት ሊጨምር ወይም ሊቀንስ ይችላል።

**8. የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት**

1) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት መደበኛ እና እንደ አስፈላጊነቱ አስቸኳይ ስብሰባ ይኖረዋል።
2) ምልዓተ ጉባኤው የተሟላ የሚሆነው ከምክር ቤቱ አባላት መካከል ከግማሽ በላይ ከተገኙ ነው።
3) የሚተላለፈው ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ ሆኖ፣ የተሰጠው ድምጽ እኩል ከሆነ በፕሬዝዳንቱ የተደገፈው ሃሳብ የምክር ቤቱ ውሳኔ ይሆናል።

## Part Two

### Power, Duties and Accountabilities of the Regional Government Administrative Council, the President and Vice President

**6. Power, Duties, Accountabilities and Responsibilities of the Regional Government Administrative Council**

1) The Council shall have the power and duties provided under Article 55 of the Constitution; and its working system shall be determined by the regulation to be issued by the Council.
2) The Council shall be accountable for the Caffee and the President.
3) Members of the Council at any level shall bear joint responsibilities for the decisions they have given in their membership capacity.

**7. Members of the Regional Government Administrative Council**

1) The Council shall have the following members:
(a) The President;
(b) Deputy President;
(c) Appointees appointed as heads of clusters in the rank of Deputy President;
(d) Heads of Government Offices specified under Article 12 (1-24) of this Proclamation.
2) Notwithstanding to the provision under Sub Article 1 (a –d) of this Article, the Council may increase or decrease the number of its members as may be necessary.

**8. Meeting Procedures of the Regional Government Administrative Council**

1) The Council shall have ordinary and extra-ordinary meeting as may deem necessary.
2) Quorum of the meeting shall be constituted on condition that more than half of the members of the Council are present.
3) The decision shall be passed by majority vote; and the President shall have casting vote in case of tie.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1 - 3) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, sirni walgahii Mana Marichaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**9. Koreewwan Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa**

1) Manni Marichaa aangoofi hojii isaa sirnaan bahuu kan isa dandeessisu akkaataa barbaachisummaa isaatti koreewwan adda addaa hundeessuu ni danda'a.
2) Aangoofi hojiin korichaa Dambii Manni Marichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

**10. Aangoofi Hojii Pirezidaantii**

Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Keewwata 57 jalatti kennameef akkuma eegametti ta'ee, Pirezidaantichi:

1) Hooggana ol'aanaa qaama raawwachiiftuu naannichaa ta'ee, Labsii kanaafi seerota biraatiin dhimmoota ibsaman kamiyyuu irratti naannicha ni hooggana; bakka ni bu'a;
2) Walgahii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa ni gaggeessa; ni hooggana.

**11. Aangoofi Hojii Itti Aanaa Pirezidaantii**

Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Keewwata 58 jalatti kennameef akkuma eegametti ta'ee, Itti Aanaa Pirezidaantiin hojiiwwan biroo Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaafi Pirezidaantiin kennamaniif ni raawwata.

## Kutaa Sadii
## Hundeeffamaafi Itti Waamama Manneen Hojii

**12. Hundeeffama**

Qaamoleen Raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa kanatti aanan Labsii kanaan irra deebiin hundeeffamaniiru:

1) Waajjira Pirezidaantii;
2) Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa;
3) Biiroo Qonnaa;
4) Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii;

4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1 - 3) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የምክር ቤቱ የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**9. የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ኮሚቴዎች**

1) ምክር ቤቱ ሥልጣንና ተግባሩን በአግባቡ ለመወጣት የሚያስችሉትን የተለያዩ ኮሚቴዎችን ሊያቋቁም ይችላል፡፡
2) የኮሚቴው ሥልጣንና ተግባር ምክር ቤቱ በሚያወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**10. የፕሬዝዳንቱ ሥልጣንና ተግባር**

በሕገ-መንግስቱ አንቀጽ 57 መሠረት የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ፕሬዝዳንቱ፡-

1) የክልሉ አስፈፃሚ አካላት የበላይ ኃላፊ ሆኖ በዚህ አዋጅና በሌሎች ሕጎች በተደነገጉ ማናቸውም ጉዳዮች ላይ ክልሉን ይመራል፤ይወክላል፤
2) የክልሉን መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ስብሰባ ያካሄዳል፤ ይመራል፡፡

**11. የምክትል ፕሬዝዳንቱ ሥልጣንና ተግባር**

ምክትል ፕሬዝዳንቱ በሕገ-መንግስቱ አንቀጽ 58 መሠረት የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት እና በፕሬዝዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል፡፡

## ክፍል ሦስት
## የመሥሪያ ቤቶች መቋቋም እና ተጠሪነት

**12. መቋቋም**

የሚከተሉት የክልሉ መንግሥት አስፈፃሚ አካላት በዚህ አዋጅ እንደገና ተቋቁመዋል፡-

1) የፕሬዝዳንት ጽህፈት ቤት፤
2) የጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ቢሮ፤
3) የግብርና ቢሮ፤
4) የከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ፤

4) Without projudice to the provisions under Sub Article (1- 3) of this Article, the meeting procedures of the Council shall be determined by the Regulation to be issued.

**9. Committees of the Regional Administrative Council**

1) The Council may estabilish various committees that help it properly exercise its power and duties as may be necessary.
2) The power and duties of the Committee shall be determined by the Regulation to be issued by the Council.

**10. Power and Duties of the President**

Without prejudice to the power and duties entrusted to him under Article 57 of the Constitution, the President shall:

1) Lead and represents the region on every matters provided by this Proclamation and other laws as being the prime leadership of the region's executive organ.
2) Conduct and heads meetings of the Regional Government Administrative Council.

**11. Power and Duties of the Vice President**

Without prejudice to the power and duties assigned to him under Article 58 of the Constitution, the Vice President shall perform other Duties given to him by the Regional Administrative Council and the President.

## Part Three
## Establishment and Accountabilities of the Government Offices

**12. Establishment**

The following Executive Organs of the Regional Government are hereby re-established by this Proclamation:

1) Office of the President;
2) Attorney General Bureau;
3) Agriculture Bureau;
4) Urban Development and Housing Bureau;

5) Biiroo Maallaqaa;
6) Biiroo Pabliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa;
7) Biiroo Barnootaa;
8) Biiroo Fayyaa;
9) Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa;
10) Biiroo Bishaaniifi Inarjii;
11) Biiroo Lafaa;
12) Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistiksii;
13) Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa;
14) Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa;
15) Biiroo Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
16) Biiroo Kominikeeshinii;
17) Biiroo Daldalaa;
18) Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa;
19) Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii;
20) Biiroo Aadaafi Turizimii;
21) Biiroo Investimantiifi Industirii;
22) Biiroo Galiiwwanii;
23) Biiroo Dargaggoofi Ispoortii;
24) Komishinii Karooraafi Misoomaa;
25) Komishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa;
26) Komishinii Hooggansa Sodaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaa;
27) Komishinii Turiizimii;
28) Komishinii Poolisii;
29) Komishinii Manneen Sirreessaa;
30) Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo;
31) Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii;
32) Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii;
33) Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa;
34) Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwaniifi Oomisha Qonnaa;
35) Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa;
36) Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;
37) Ejensii Geejjibaa;
38) Ejensii Galmeessa Siivilii;
39) Ejensii Bittaafi Dhabamsiisa Qabeenyaa;
40) Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa;
41) Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa;
42) Kolleejjii Poolisii Oromiyaa;
43) Inistitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa;



5) የገንዘብ ቢሮ፤
6) የፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ሃብት ልማት ቢሮ፤
7) የትምህርት ቢሮ፤
8) የጤና ቢሮ፤
9) የአስተዳደርና ፀጥታ ቢሮ፤
10) የውሃና ኢነርጂ ቢሮ፤
11) የመሬት ቢሮ፤
12) የመንገዶችና ሎጂስቲክስ ቢሮ፤
13) የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ቢሮ፤
14) የመስኖና አርብቶ አደር ልማት ቢሮ፤
15) የሥራ ዕድል ፈጠራና ሙያ ቢሮ፤
16) የኮሚኒኬሽን ቢሮ፤
17) የንግድ ቢሮ፤
18) የሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ቢሮ፤
19) የሴቶችና ሕጻናት ጉዳይ ቢሮ፤
20) የባህልና ቱሪዝም ቢሮ፤
21) የኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ፤
22) የገቢዎች ቢሮ፤
23) የወጣቶችና ስፖርት ቢሮ፤
24) የዕቅድና ልማት ኮሚሽን፤
25) የሥነ-ምግባርና ፀረ-ሙስና ኮሚሽን፤
26) የአደጋ ስጋት አመራርና የልማት ተነሺዎች ኮሚሽን፤
27) የቱሪዝም ኮሚሽን፤
28) ፖሊስ ኮሚሽን፤
29) የማረሚያ ቤቶች ኮሚሽን፤
30) የአካባቢ ጥበቃ ባለሥልጣን፤
31) የሣይንስና ቴክኖሎጂ ባለሥልጣን፤
32) የኮንስትራክሽን ባለሥልጣን፤
33) የማዕድን ባለሥልጣን፤
34) የግብርና ግብዓቶችና ምርት ቁጥጥር ባለሥልጣን፤
35) የገዳ ልዩ ኢኮኖሚ ዞን ባለሥልጣን፤
36) የህብረት ሥራ ማህበራት ማስፋፊያ ኤጀንሲ፤
37) የትራንስፖርት ኤጀንሲ፤
38) የሲቪል ምዝገባ ኤጀንሲ፤
39) የግዢና ንብረት ማስወገድ ኤጀንሲ፤
40) የሙያ ብቃት ማረጋገጫ ኤጀንሲ፤
41) የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ፤
42) የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ፤
43) የሕግ ማሰልጠኛ እና ምርምር ኢንስቲትዩት፤



5) Finance Bureau;
6) Public Service and Human Resources Development Bureau;
7) Education Bureau;
8) Health Bureau;
9) Administration and Security Bureau;
10) Water and Energy Bureau;
11) Land Bureau;
12) Roads and Logistics Bureau;
13) Public Enterprises Bureau;
14) Irrigation and Pastoralist Development Bureau;
15) Job Creation and Vocational Bureau;
16) Communication Bureau;
17) Trade Bureau;
18) Labor and Social Affairs Bureau;
19) Women and Children's Affairs Bureau;
20) Culture and Tourism Bureau;
21) Investment and Industry Bureau;
22) Revenues Bureau;
23) Youth and Sports Bureau;
24) Plan and Development Commission;
25) Ethics and Anti-Corruption Commission;
26) Disaster Risk Management and Development Relocated Society Commission;
27) Tourism Commission;
28) Police Commission;
29) Prisons Commission;
30) Environmental Protection Authority;
31) Science and Technology Authority;
32) Construction Authority;
33) Mineral Development Authority;
34) Agricultural Inputs and Production Regulatory Authority;
35) Geda Special Economic Zone Authority;
36) Cooperatives Expansion Agency;
37) Transport Agency;
38) Civil Status Registration Agency;
39) Procurement and Property Disposal Agency;
40) Professional Competence Certification Agency;
41) Oromia Region State University;
42) Oromia Police College;
43) Legal Training and Research Institute;

44) Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa;
45) Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalotaa;
46) Inistiitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo;
47) Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii;
48) Waajjira Milishaa; fi
49) Giddugala Aadaa Oromoo.

**13. Itti Waamama**

1) Itti waamamni Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii Caffeef ta'a.
2) Itti waamamni manneen hojii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsameen ala jiran Pirezidaantii Mootummaa Naannichaaf ta'ee, kanneen manneen hojiitiif itti waamamaniifi sirni itti waamamaa Dambii bahuun kan tarreeffamu ta'a.

**14. Gurmaa'ina Kilaastaraa**

Itti waamamni Labsii kana keessatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, manneen hojii qaama raawwachiiftuu naannichaa akkaataa qindeessuufi hoggansa kennuuf mijatutti amala hojii isaanii irratti hundaa'ee kilaastraan kan gurmaa'an ta'a. Haalli raawwii isaa Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

**15. Itti Waamama Manneen Hojii Biroo**

Itti waamamni manneen hojii Labsii kun erga ragga'e booda seerota birootiin hundeeffamanii akkaatuma seerota ittiin hundeeffamaniin murtaa'een ta'a.

**Kutaa Afur**

**Aangoofi Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa**

**16. Aangoofi Hojii Waliinii**

Qaamni raawwachiiftuu mootummaa naannichaa kamiiyyuu aangoofi hojii waliinii armaan gadii ni qabaata:

44) የግብርና ምርምር ኢንስቲትዩት፤
45) የከተሞች ፕላን ኢንስቲትዩት፤
46) የኦሮሞ ጥናትና ምርምር ኢንስቲትዩት፤
47) ኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ፤
48) የሚሊሻ ጽሕፈት ቤት፤ እና
49) የኦሮሞ ባሕል ማዕከል።

**13. ተጠሪነት**

1) የኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ ተጠሪነት ለጨፌ ይሆናል።
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር ከተጠቀሱት ውጪ ያሉት መሥሪያ ቤቶች ተጠሪነት ለክልሉ መንግሥት ፕሬዝዳንት ሆኖ፤ ለመሥሪያ ቤቶች ተጠሪ የሆኑት እና የተጠሪነት ሥርዓቱ በሚወጣው ደንብ የሚዘረዘር ይሆናል።

**14. የክላስተር አደረጃጀት**

በዚህ አዋጅ ውስጥ የተደነገገው ተጠሪነት እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የክልሉ አስፈጻሚ መሥሪያ ቤቶች በሥራቸው ባሕሪ ላይ በመመሥረት ለማስተባበር እና አመራር ለመስጠት በሚያመች ሁኔታ በክላስተር የሚደራጁ ይሆናል። ዝርዝር አፈጻጸሙ የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት በሚያወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**15. የሌሎች መሥሪያ ቤቶች ተጠሪነት**

ይህ አዋጅ ከጸደቀ በኃላ በሌሎች ሕጎች የሚቋቋሙ ሌሎች መሥሪያ ቤቶች ተጠሪነት በተቋቋሙበት ሕጎች በተወሰነው መሠረት ይሆናል።

**ክፍል አራት**

**የክልሉ መንግሥት አስፈጻሚ አካላት ሥልጣንና ተግባር**

**16. የወል ሥልጣንና ተግባር**

ማንኛውም የክልሉ መንግሥት አስፈጻሚ አካል የሚከተሉት የወል ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

44) Agricultural Research Institute;
45) Urban Planning Institute;
46) Oromo Research and Study Institute;
47) Oromia Broadcasting Network;
48) Office of Militia; and
49) Oromo Cultural Center.

**13. Accountability**

1) Accountability of Oromia Broadcasting Network shall be to the Caffee.
2) Accountability of the Government Offices except those specified under Sub Article 1 of this Article shall be to the President of the Regional State; and those accountable to the Government Offices and the system of accountability shall be determined by the Regulation to be issued.

**14. Organization of Clusters**

Without prejudice to the accountability provided under this proclamation, offices of the Executive Organs of the Region shall be organized in clusters based on the characteristics of their duties in a manner conducive to coordinate and provide them effective leadership. Its implementation particulars shall be determined by the Directive to be issued by the Regional Administrative Council.

**15. Accountability of Other Government Offices**

Accountability of government offices established by other laws after the approval of this proclamation shall be implemented as it has been determined by their establishment laws.

**Part Four**

**Power and Duties of Executive Organs of the Regional Government**

**16. Common Power and Duties**

Every executive organ of the region shall have the following common Power and Duties:

1) Aangoofi hojii Labsii kanaan kennamaniif hojiirra oolchuudhaaf kan gargaaran imaammata, tarsiimoo, sagantaaleefi seerota ni burqisiisa; yammuu ragga'us hojiirra ni oolcha;
2) Hojii isaa ilaalchisee yeroo yeroon qorannoofi qo'annoo ni gaggeessa; ragaaleefi istaatistiiksii adda addaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni tamsasa; ni gabaasa;
3) Hojii ijaarsa dandeettii ni raawwata; riifoormiiwwan hojiirra ni oolcha;
4) Karoora hojiifi baajata isaa ni qopheessa; yammuu hayyamamus hojiirra ni oolcha;
5) Gabaasa raawwii hojiifi baajataa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
6) Akkaataa seeraatiin hojjettoota ni qaxara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa;
7) Pirojektoota ijaarsaa isaan ilaallatu irratti dizaayinii ijaarsaa ni qopheessaa; akka qophaa'u ni taasisa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
8) Imaammata, tarsiimoo, seera, sagantaa misoomaafi pirojektota bahan keessatti dubartoonniifi dargaggoonni itti fayyadamtoota ta'uu isaanii ni mirkaneessa; akkasumas, carraa hojii uumuu, dhimma koornayaa, daa'immaniifi dargaggootaa idileessuu qaama hojii isaa taasisuun ni hojjeta;
9) Manneen hojiifi waajjiraaleen itti waamamni isaanii isaaf ta'an olaantummaan ni gaggeessa; ni qindeessa; gurmaa'ina, sagantaa hojiifi baajata isaanii qorachuun qaama mootummaa dhimmi ilaalutti akka dhiyaatu ni taasisa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
10) Ittisaafi to'annoo HIV/AIDS ilaalchisee xiyyeeffannaan ni hojjeta; akkasumas aangoofi ittigafatamummaa kennameef keessatti miidhamtoonni HIV/AIDSfi qaama miidhamtonni itti fayyadamtota qixxeefi hirmaataa guutuu akka ta'an haala ni mijeessa;



1) በዚህ አዋጅ የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባራት ሥራ ላይ ለማዋል የሚረዱትን ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጅዎች፣ ፕሮግራሞች እና ህጎችን ያመነጫል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤
2) የራሱን ተግባራት አስመልክቶ በየጊዜው ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፣ ልዩ ልዩ መረጃዎችንና ስታቲክሶችን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ያሰራጫል፤ ሪፖርት ያደርጋል፤
3) የአቅም ግንባታ ስራ ይፈጽማል፤ሪፎርሞችን ተግባር ላይ ያውላል፤
4) የስራና የበጀት እቅዱን ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድም ተግባር ላይ ያውላል፤
5) የሥራና የበጀት አፈፃፀም ሪፖርት በማዘጋጀት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤
6) በህጉ መሠረት ሠራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ከሥራ ያሰናብታል፤
7) በሚመለከታቸው የግንባታ ፕሮጀክተች የግንባታ ዲዛይን ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ሲፈቀድቅም ተግባር ላይ ያውላል፤
8) በሚወጡት ፖሊሲዎች፣ ስትራተጂዎች፣ ሕጎች፤የልማት ፕሮግራሞች እና ፕሮጀክቶች ውስጥ ሴቶችና ወጣቶች ተጠቃሚ መሆናቸውን ያረጋግጣል፤ እንደዚሁም የሥራ እድል ፈጠራን፣ የስረዓተ-ፆታ፣ የህፃናት እና ወጣቶች ጉዳዮችን በማስረጽ የራሱ የሥራ አካል በማድረግ ይሠራል፤
9) ተጠሪነታቸው ለሱ የሆኑ መሥሪያ ቤቶችን እና ጽሕፈት ቤቶችን በበላይነት ይመራል፤ያስተባብራል፤ አደረጃጀታቸውን፣ የስራ እና የበጀት ዕቅዳቸውን በመመርመር ለሚመለከታው የመንግስት አካል እንዲቀርብ ያደርጋል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
10) የኤች.አይ.ቪ. /ኤድስ መከላከልና ቁጥጥርን አስመልክቶ በትኩረት ይሠራል፤ እንዲሁም በተሰጠው ሥልጣንና ተግባር ውስጥ የኤች.አይ.ቪ. ተጠቂዎችንና የአካል ጉዳተኞች እኩል ተጠቃሚና ሙሉ ተሳታፊዎች እንዲሆኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤



1) Initiate policies, strategies, programs and laws that help to implement the powers and duties assigned to them under this proclamation; implement same upon its approval;
2) Undertake research and studies regarding its activities periodically; collect; organize, distribute and report various evidences and statistics;
3) Carry out capacity building activities; implement reforms;
4) Prepare its work and budget plan; implement same upon approval;
5) Prepare its work performance and budget report and submit same to the concerned body;
6) Employ; administer, and dismiss employees in accordance with the law;
7) Prepare or cause to be prepared construction designs on the construction projects which concerns them; implement same up on approval;
8) Ensure that the women and youths to be beneficiaries in the policies, strategies, laws, development program and projects issued; In addition, it works by making the job creation, gender related issues, children and youth mainstreaming as part and parcel of its regular duties;
9) Oversee and coordinate the institutions and offices accountable to it; study their organization, work programs and their budget and cause it to be submitted to the concerned government body; cause to be implemented up on its approval; follow up and control same;
10) Work with due focus regarding the prevention and control of HIV/AIDS; and facilitate favorable atmosphere within its legally entrusted power and responsibilities to ensure that HIV/AIDS victims and persons with disabilities to be equal beneficiaries and full participants;

11) Sagantaaleefi pirojektoota misoomaa gaggeeffaman keessatti eegumsa naannoo ilaalchisee xiyyeeffannoo addaa ni taasisa;
12) Baajanni mootummaan ramadameefi madda galii kan biroo irraa argame bu'uura seeraafi sirna faayinaansiitiin dhimma ramadameef ooluu isaa ni mirkaneeffata;
13) Haala addaatiin yoo murtaa'e malee, galii keessaafi madda addaa irraa argamu nagahee Biiroon Maallaqaa maxxansiisuun walitti ni qaba;
14) Manneen hojii yookiin dhaabbilee dhuunfaa yookiin namoota hojii gaarii yookiin kalaqii haaraafi fakkeenya ta'uu danda'u hojjetaniif badhaasaafi beekamtiin akka kennamu Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; haalli raawwii isaa Dambii Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa baasuun kan murataa'u ta'a;
15) Carraalee hojii gama isaatiin jiru adda baasuun qaama aangoo qabuuf ni beeksisa;
16) Aadaan bilisaan tajaajila lammummaa kennuu akka dagaagu hojjettoota mana hojichaafi kutaalee hawaasaa mana hojichaa waliin hariiroo hojii qabaniif hubannoo ni uuma; kenna tajaajila lammummaa irratti akka hirmaatan ni taasisa; raawwii isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa;
17) Qaamolee adda addaa waliin qunnamtii ni taasisa; qabeenya ni horata; waliigaltee ni mallatteessa; ni himata; ni himatama; fi
18) Kaayyoo mana hojichaa galmaan gahuuf kan gargaaran hojiiwwan biroo ni raawwata.

**17. Waajjira Pirezidaantii**

Aangoofi hojiin Waajjirichaaf Heera Mootummaa keewwata 59 jalatti kenname akkuma eegametti ta'ee, Waajjirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

11) በሚካሄዱት የልማት ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶች ውስጥ ለአካባቢ ጥበቃ ጉዳይ ልዩ ትኩረት ያደርጋል፤
12) በመንግሥት የሚመደብለት በጀት እና ከሌላ የገቢ ምንጭ የሚገኝ ገቢ በፋይናንስ ህግና ሥርዓት መሠረት ለተመደበለት ጉዳይ መዋሉን ያረጋግጣል፤
13) በተለየ ሁኔታ ካልተወሰነ በስተቀር፣ ከውስጥ ገቢና ከልዩ ልዩ ምንጮች የሚገኝ ገቢን የገንዘብና የኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ በሚያሳትመው ደረሰኝ ይሰበስባል፤
14) መልካም ስራ ወይም አዲስና ተምሳሌት ሊሆን የሚችል የፈጠራ ስራ ለሰሩ መሥሪያ ቤቶች ወይም የግል ድርጅቶች ወይም ግለሰቦች ሽልማትና ዕውቅና እንዲሰጥ ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ ያውላል፤ አፈፃፀሙ የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
15) በበኩሉ ያሉትን የሥራ ዕድሎች በመለየት ለሚመለከተው አካል ያሣውቃል፤
16) የዜግነት አገልግሎትን ያለክፍያ የመስጠት ባህል እንዲዳብር ከመሥሪያ ቤቱ ሰራተኞች እና ከመሥሪያ ቤቱ ጋር ግንኙነት ላላቸው የማህበረሰብ ክፍሎች ግንዛቤ ይፈጥራል፤በዜግነት አገልግሎት መስጠት ላይ እንዲሳተፉ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን አስመልክቶ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያቀርባል፤
17) ከተለያዩ አካላት ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል፤ ሃብት ያፈራል፤ ውል ይፈርማል፤ ይከሳል፤ ይከሰሳል፤ እና
18) የመሥሪያ ቤቱን ዓላማ ከግብ ለማድረስ የሚረዱ ሌሎች ተግባራትን ይፈጽማል፡፡

**17. የፕሬዝዳንት ጽሕፈት ቤት**

በሕገ-መንግስቱ አንቀጽ 59 መሠረት የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ጽህፈት ቤቱ የሚከተለው ስልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

11) Pay special focus regarding environmental protection in the development programs and projects conducted;
12) Ensure that the budget allocated by the government and obtained from other sources to be used for the purpose it is allocated in accordance with finance laws and procedures;
13) Unless decided otherwise, collect the internal incomes and incomes acquired from various sources by using the receipt to be published by Finance and Economic Cooperation Bureau;
14) Present to the Regional Administrative Council those government offices or private organizations or individuals that have registered better work performances achievements or invent new and exemplary innovation to be awarded and given recognition; implement same upon its approval. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued by the Regional Administrative Council;
15) Identify the job opportunities which belongs to it and notify same to the authorized body;
16) Raise awareness to the staffs of its institution and to the segments of the society having work relationships with its office with a view to enhance the culture of providing free citizenship services; make them participate on free citizenship services providing activities; report its performance to the concerned body;
17) Make work relationships with different bodies; own property; sign contracts; sue and be sued; and
18) Perform other activities that help to attain the objective of the office.

**17. Office of the President**

Without prejudice to the power and duties assigned to the office pursuant to Article 59 of the Constitution, the Office shall have the following Power and Duties:

1) Pirezidaantiifi Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa aangoofi hojii isaanii raawwachuu akka danda'an haala ni mijeessa;
2) Imaammata, tarsiimoofi sagantaalee manneen hojii irraa burqan ni qindeessa; ni xiinxala; yaada murtii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa;
3) Hojiirra oolmaa imaammatootaa, tarsiimoowwaniifi sagantaalee misooma mootummaa naannichaa ilaalchisee hordoffiifi deeggarsa ni taasisa;
4) Yaadawwan murtii adda addaa Pirezidaantii yookiin Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif dhiyaatan ni qorata; ni xiinxala; yaada murtii ni dhiyeessa; yeroo murtaa'an ni raawwata; ni raawwachiisa; raawwii isaanii ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
5) Sirna dhimmoonni bulchiinsaa, iyyannoofi komiin ummataa ittiin keessummeeffamu ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; tooftaa adda addaatiin ummanni akka beeku ni taasisa; Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
6) Iyyannoofi gaaffiiwwan abbaa dhimmaa irraa dhiyaatan simachuun ni keessummeessa; deebii ni kenna; kanneen sadarkaa isaatti furmaata argachuu hin dandeenye Pirezidaantiif yookiin Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif yookiin qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuun murtii akka argatan ni taasisa;
7) Gosoota, baay'inaafi sababoota komii ummataa yeroo yeroon qorachuun yaada furmaataa waliin qaama murtii kennuuf ni dhiyeessa.
8) Tajaajila pirotokooliifi dokimenteeshinii Pirezidaantiifi Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni kenna;
9) Hojiiwwan hirmaannaa, hordoffiifi deeggarsa dhimma diyaaspooraa ni raawwata;



1) ፕሬዝዳንቱ እና የክልሉ መንግሥት መስተደድር ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባራቸውን መፈፀም እንዲችሉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
2) ከመሥሪያ ቤቶች የሚመነጩትን ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎችና ፕሮግራሞችን ያቀናጃል፤ ይመረምራል፤ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የውሳኔ ሃሣብ ያቀርባል፤
3) የፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎችና የክልሉ መንግሥት ልማት ፕሮግራሞች ሥራ ላይ መዋላቸውን አስመልክቶ ክትትልና ድጋፍ ያደርጋል፤
4) ለፕሬዝዳንቱ ወይም ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የሚቀርቡ የተለያዩ የውሳኔ ሀሳቦችን ይመረምራል፤ ይተነትናል፤ የውሳኔ ሀሳብ ያቀርባል፤ ሲወሰኑም ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
5) አስተዳደራዊ ጉዳዮች፣ አቤቱታና የህዝብ ቅሬታዎች የሚስተናገዱበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ በተለያዩ ዘዴዎች ሕዝቡ እንዲያውቀው ያደርጋል፡፡ ዝርዝር አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
6) ከባለጉዳይ የሚቀርቡ አቤቱታና ጥያቄዎችን በመቀበል ያስተናግዳል፤ መልስ ይሰጣል፤ በርሱ ደረጃ መፍትሄ ማግኘት ያልቻሉትን ለፕሬዝዳንቱ ወይም ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ወይም ለሚመለከተው አካል በማቅረብ ውሳኔ እንዲያገኙ ያደርጋል፤
7) የህዝብ ቅሬታ ዓይነቶችን፣ ብዛትና ምክንያቶችን በየጊዜው በማጥናት ከመፍትሄ ሃሳብ ጋር ለውሳኔ ሰጪ አካል ያቀርባል፤
8) ለፕሬዝዳንቱና ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የፕሮቶኮል እና የዶክመንቴሽን አገልግሎት ይሰጣል፤
9) የዲያስፖራ ጉዳይ ተሳትፎ፣ ክትትልና ድጋፍ ተግባራትን ይፈፅማል፤



1) Facilitate conditions for the Presiden and the Regional Administrative Council to enable them perform their power and duties;
2) Organize and analyze the policies, strategies and programs initiated by the government offices; submit its decision opinion to the Regional State Administrative Council;
3) Make follow up and supports regarding the implementation of the development policies, strategies and programs of the regional government;
4) Review; analyze the various decision opinions submitted to the President or to the Regional Government Administrative Council; present its decision opinion; implement them up on their approval; cause them to be implemented; follow up their implementation; provide necessary support;
5) Lay down a system whereby administrative matters, complaints and grievances of the public can be entertained; follow up its implementation; make it to be known by the people through various methods. Its implementation particulars shall be determined by the Regulation to be issued.
6) Accept and entertain the complaints and applications submitted by the customers; provide necessary responses; present those which cannot be sufficiently responded in its level to the President or to the Regional State Administrative Council or to the concerned body to enable them get the necessary decisions;
7) Studies and investigate the kinds, number and reasons of the peoples' complains periodically; and present to the decision making body together with their solutions;
8) Provide protocol and documentation services for the President and for the Regional Government Administrative Council;
9) Perform participation, following up and support activities of Diaspora affairs;

10) Hojii biroo Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaafi Pirezidaantiidhaan kennamuuf ni raawwata.

## 18. Biiroo Qonnaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Oomishaafi oomishtummaan qonnaa akka fooyya'uuf qonnaan bultoota, horsiisee bultootaafi abbootii qabeenyaatiif tajaajila ekisteenshinii misooma midhaanii, beeyiladaa, bosonaa, jallisii, misooma bunaafi shaayii, mi'eessituu akkasumas qonna magaalaa irratti ni kenna; akka kennamu ni taasisa; paakeejii mijaa'aa ta'e haala qabatamaa qilleensaati-in ni qopheessa; ni madaala; ni fooyyessa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hooggana;
2) Fedhii callaa guddistuu gosa adda addaa oomishaafi oomishtummaa guddisuuf gargaaran yeroo, qulqullinaafi baay'ina barbaadamuun adda baasuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; fedhiifi dhiyeessiin jiru akka walgitu ni hordofa; ni raabsa;
3) Teknolojiin ammayyaa biyya keessaas ta'e biyya alaatii burqan gara qonnaan bulaafi horsiisee bulaatti osoo hin darbin dura Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa waliin fudhatamummaa isaa ni mirkaneessa; kanneen mirkanaa'an mootummaa, abbootii qabeenyaa dhuunfaa, qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi waldaalee hojii gamtaatiin akka baay'ataniifi raabsaman deeggarsa barbaachisu ni kenna;
4) Oomishaafi oomishtummaa qonnaan bulaafi horsiisee bulaa dabaluuf teknolojiiwwaan jijjiirama qilleensaa dandamachuufi oomishtummaa biyyee dabaluu danda'aniifi misooma qonna jallisii saffisiisan ni dhiyeessa; hojiirra ni oolcha; ni hordofa;
5) Asiidummaa biyyee xiqqeessuufi fayyummaa biyyee eeguuf teknolojiiwwan gargaaran qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaaf ni dhiyeessa; hojiirraa oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;

10) በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት እና በፕሬዝዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል፡፡

## 18. የግብርና ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የግብርና ምርትና ምርታማነት እንዲሻሻል ለአርሶ አደሮች፣ አርብቶ አደሮችና ለባለሃብቶች የሰብል፣ የእንስሣት፣ የደን፣ የመስኖ፣ የቡናና ሻይ፣ ቅመማ ቅመም እንዲሁም የከተማ ግብርና ልማት ኤክስቴንሽን አገልግሎት ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤ በተጨባጭ የአየር ሁኔታ መሠረት አመቺ የሆነ ፓኬጅ ያዘጋጃል፤ ይመዝናል፤ ያሻሽላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይመራል፤
2) የግብርና ምርትና ምርታማነትን ለማሳደግ የሚረዱ የተለያዩ የግብርና ግብዓቶችን ፍላጎት በሚፈለገው ጊዜ፣ ጥራትና መጠን በመለየት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ፍላጎትና አቅርቦት እንዲመጣጠን ይከታተላል፤ ያሰራጫል፤
3) ከሀገር ውስጥም ሆነ ከውጭ ሀገር የሚመነጩ ዘመናዊ ቴክኖሎጂዎች አርሶ አደሩና አርብቶ አደሩ ዘንድ ከመድረሳቸው በፊት ከግብርና ምርምር ኢንስቲትዩት ጋር በመሆን ተቀባይነታቸውን ያረጋግጣል፤ የተረጋገጡትንም በመንግሥት፣ በግል ባለሃብቶች፣ በአርሶ አደሩ፣ በአርብቶ አደሩ እና በሕብረት ሥራ ማህበራት እንዲባዙ እና እንዲሰራጩ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
4) የአርብቶ አደሩንና የአርሶ አደሩን ምርትና ምርታማነት ለማሳደግ የአየር ለውጥን ሊቋቋሙ የሚችሉና የአፈር ምርታማነትን ሊያሻሽሉ የሚችሉ እና የመስኖ ግብርና ልማትን የሚያፋጥኑ ቴክኖሎጂዎችን ያቀርባል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል፤
5) የአፈር አሲድነትን ለመቀነስና ደህንነትን ለመጠበቅ የሚረዱ ቴክኖሎጂዎችን ለአርሶ አደሮችና ለአርብቶ አደሮች ያቀርባል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

10) Perform other tasks assigned to it by the Regional Government Administrative Council and by the President.

## 18. Agriculture Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Provide; cause to be provided extension services for the farmers, pastoralists and investors on crop production, livestock, forestry, irrigation, coffee and tea production, spices development as well as on urban agriculture; prepare suitable packages which is compatible with the actual climate conditions; evaluate, improve and cause it to be implemented; manage same;
2) Identify the demand for various types of agricultural inputs that help to increase agricultural production and productivity in terms of season, quality and quantity it is required and supply same to the concerned body; follow up to ensure the balance between the existing demand and supply; distribute;
3) In collaboration with Agricultural Research Institute, ensure the acceptability of the modern technology invented domestically or abroad before delivering same to the farmers and pastoralists; provide necessary support for the approved ones to be replicated and distributed by the government agencies, private investors, farmers, pastoralists and cooperatives;
4) With a view to enhance production and productivity of the farmers and pastoralists, provide soil productivity improving and climate resilient technologies that can help to speed up productivity of irrigation agriculture; implement and follow up same;
5) Provide technologies that help to mitigate soil acidity and protecting soil health for the farmers and pastoralists; follow up and control its implementation;

6) Hojii misoomaafi eegumsa biyyeefi bishaanii ni gaggeessa; ni deeggara; ni hordofa; hojii qoorsa lafaa naannicha keessatti iddoo barbaachisaa ta'etti ni hojjeta;
7) Karoora qorannoo teknolojii qonnaafi tilmaama oomishaalee qonnaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata;
8) Qorannoo gatii oomisha qonnaafi callaa guddistuu tasgabbeessuuf gargaaru qaama dhimmi ilaalu waliin ni gaggeessa; yaada furmaataa ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
9) Walitti dhufeenyi qorannoo qonnaa, qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi qaamolee biroo bu'aa qorannoo qonnaa irraa fayyadamaa ta'an akka cimu ni hojjeta; ni hooggana;
10) Weerartootaafi ilbiisota oomisha qonnaafi biqiltuuwwan irratti miidhaa geessisan akka to'ataman ni hojjeta; laaboraatoriiwwan midhaanii akka babal'ataniifi tajaajila gahumsa qabu kennan ni taasisa;
11) Qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonniifi abbootiin qabeenyaa dhuunfaa oomisha qonnaa irratti bobba'an sadarkaa gabaan barbaaduun akka oomishan ni taasisa;
12) Bakka hanqinni roobaa jirutti hawaasni bishaan cimmisuun akka itti fayyadamuufi teknolojii haarawa akka baratu ni taasisa; deeggarsa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
13) Misoomni qonnaafi horsiisee bulaa naannichaa gabaadhaan akka hoogganamuufi sirni mijaa'aa oomisha qonnaafi callaa guddistuu akka jiraatu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
14) Qonnaan bultoonniifi horsiisee bultoonni bittaa callaa guddistuufi oomisha qonnaatiif liqii akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni hordofa;
15) Qabeenya bishaan uumamaafi nam-tolcheetti fayyadamuun qabeenya qurxummii ni misoomsa; ni deeggara; ni to'ata;

6) የአፈር እና ውሃ ልማትና ጥበቃ ሥራ ያካሄዳል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ በክልሉ ውስጥ አስፈላጊ በሆነበት ሥፍራ የመሬት ማንጣፈፍ ሥራ ይሰራል፤
7) የግብርና ቴክኖሎጂ ምርምር ዕቅድና የግብርና ምርቶች ግመታን ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈፅማል፤
8) የግብርና ምርትና የምርት ማሳደጊያ ዋጋን ለማረጋጋት የሚረዳ ምርምር ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ያካሄዳል፤ የመፍትሄ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ተግባር ላይ ያውላል፤
9) የግብርና ምርምር፣ የአርሶ አደሩ፣ የአርብቶ አደሩና ሌሎች ከግብርና ምርምር ውጤት ተጠቃሚ የሆኑ አካላት ግንኙነት እንዲጠናከር ይሰራል፤ ይመራል፤
10) በግብርና ምርትና በዕፅዋት ላይ ጉዳት የሚያደርሱ ወረርሽኞች እና ተባዮች ቁጥጥር ሥር እንዲውሉ ይሠራል፤ የሰብል ላቦራቶሪዎች እንዲስፋፉና ብቃት ያለው አገልግሎት እንዲሰጡ ያደርጋል፤
11) በግብርና ምርት ላይ የተሰማሩ አርሶ አደሮች፣ አርብቶ አደሮችና የግል ባለሀብቶች ገበያው በሚፈልገው ደረጃ እንዲያመርቱ ያደርጋል፤
12) ዝናብ አጠር በሆኑ አካባቢዎች ህብረተሰቡ ውሃን በማቆር እንዲጠቀም እና አዲስ ቴክኖሎጂን እንዲላመድ ያደርጋል፤ ድጋፍ ይሠጣል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
13) የክልሉ የግብርና እና አርብቶ አደር ልማት በገበያ እንዲመራና አመቺ የግብርና ምርትና የምርት ማሳደጊያ ሥርዓት እንዲፈጠር ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
14) አርሶ አደሮችና አርብቶ አደሮች ለምርት ማሳደጊያ እና ለግብርና ምርቶች ግዢ የሚውል ብድር ያገኙ ዘንድ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ ይከታተላል፤
15) የተፈጥሮና ሰው ሰራሽ የውሃ ሐብትን በመጠቀም የዓሣ ሐብትን ያለማል፤ ይደግፋል፤ ይቆጣጠራል፤

6) Conduct soil and water development and conservation activities; support and follow up; perform land drainage activities at the necessary place in the region;
7) In collaboration with the concerned body, performs agricultural technology research plan and valuation of agricultural products;
8) In collaboration with the concerned body; undertake research that help to stabilize the prices of agricultural products and fertilizers; recommend alternative solutions; implement same up on its approval;
9) Work for establishment of strong ties amongst the agricultural research institutions, farmers, pastoralists and other bodies benefiting from agricultural research; manage same;
10) Work for the control of epidemics and pests causing damage on agricultural products and plants; cause the expansion of crops laboratories and enable them deliver efficient services;
11) Cause the farmers, pastoralists and private investors engaged in agricultural production to produce and supply with the extent of the market demand;
12) Where there exist rainfall scarcity, cause the society to learn new technology of retaining and rainwater for future use; provide support; work in collaboration with the concerned body;
13) Work in collaboration with the concerned body for the agricultural and pastoralist development of the region to be dictated by the market and to ensure the existence of suitable agricultural production and agricultural inputs;
14) Work with the concerned body for the farmers and pastoralists obtain credits for buying agricultural inputs and agricultural production; follow up same;
15) Develop fish resources using natural and artificial water resources; follow up and control same;

16) Misooma qabeenya kanniisaafi bu'aalee qabeenya kanniisaa kan dammaafi gagaa karaa bu'aa qabeessa ta'een akka gaggeeffamu ni hojjeta; ni deeggara; ni hordofa; ni to'ata;
17) Sanyii beeyiladaa naannichaa ni fooyyessa; ni eega; ni to'ata;
18) Lafti dheedumsaaf daangeffame akka fooyya'uufi eegamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni misoomsa; ni kunuunsa; misooma nyaata beeyiladaa ni gaggeessa;
19) Bakka hanqinni bishaan dhugaatii beeyiladaa jirutti argama bishaanii ni qorachiisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni misoomsa;
20) Teknolojiiwwan misooma beeyiladaa biyya keessatti qoratamaniifi biyya alaatii galuun madaqan, bu'a qabeessumaan isaaniis mirkanaa'e ni babal'isa; hojiirra oolmaa isaanii ni to'ata; akkasumas fedhiifi rakkoolee gama misooma beeyiladaatiin hawaasa keessatti mul'atan akka qorataman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
21) Hojiiwwan misoomaafi eegumsa fayyaa beeyiladaa naannicha keessatti ni babal'isa; ni deeggara; ni hordofa; ni to'ata;
22) Dhukkuboota beeyiladaa daddarboo biyyarraa biyyatti, naannoorraa naannootti darban qaama dhimmi ilaalu waliin ni sakatta'a; ni ittisa; ni to'ata; sochii beeyiladaa ni dhorka; barbachisaa ta'ee yoo argame beeyilada dhukkubaan faalamanii hawaas diinagdee irratti miidhaa geessisuu danda'an ni maqsa;
23) Manneen qalmaa keessatti foon dhukkuba irraa bilisa ta'ee hawaasaaf akka dhiyaatu ni hordofa; ni to'ata; qalma seeraan ala gaggeeffamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni to'ata; tarkaanfii seeraa ni fudhata;
24) Ulaagaalee manneen qalmaa naannichaa ni qopheessa; waraqaa ragaa gahumsaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa;
25) Nageenya beeyiladaa (animal welfare) akka eegamu ni taasisa; ni to'ata;

16) የንብ ሀብት ልማትና የንብ ሀብት ውጤቶች የሆኑት ማርና ሰም ውጤታማ በሆነ መንገድ እንዲካሄድ ይሰራል፣ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
17) የክልሉን የእንስሣት ዝርያ ያሻሽላል፤ ይጠብቃል ይቆጣጠራል፤
18) ለግጦሽ የተከለለ መሬት እንዲሻሻል እና እንዲጠበቅ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ ያለማል፤ ይንከባከባል፤ የእንስሣት መኖ ልማት ያካሄዳል፤
19) የእንስሣት መጠጥ ውሃ እጥረት ባለበት ቦታ የውሃ መገኛ ያስጠናል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ያለማል፤
20) በሃገር ውስጥ የተጠኑ እና ከውጭ ሃገር በመግባት የተላመዱ የእንስሣት ልማት ቴክኖሎጂዎች ውጤታማነታቸውን በማረጋገጥ ያስፋፋል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራል፤ እንዲሁም ከእንስሣት ልማት ጋር ተያይዞ በህብረተሰቡ ውስጥ የሚስተዋሉትን ፍላጎት እና ችግሮች እንዲጠኑ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
21) የእንስሣት ልማት እና ጤና ጥበቃ ተግባራትን በክልሉ ውስጥ ያስፋፋል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
22) ከአገር ወደ አገር እና ከክልል ወደ ክልል የሚተላለፉ የእንስሳት በሽታዎችን ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈትሻል፤ ይከላከላል፤ ይቆጣጠራል፤ የእንስሣት እንቅስቃሴን ያግዳል፤ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ በበሽታ የተበከሉና በማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ዕድገት ላይ ጉዳት ሊያደርሱ የሚችሉ እንስሣትን ያስወግዳል፤
23) በእርድ ቤቶች ውስጥ ከበሽታ ነፃ የሆነ ሥጋ ለህብረተሠቡ እንዲቀርብ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ በህገወጥ መንገድ የሚካሔድ እርድን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ይቆጣጠራል፤ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤
24) የክልሉን የዕርድ ቤቶች መስፈርቶችን ያዘጋጃል፤ የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሠጣል፤ ያድሣል፤ ይሠርዛል፤
25) የእንስሳት ደህንነት እንዲጠበቅ ያደርጋል፤ ይቆጣጠራል፤

16) Work for the bee resources and bee products like honey and wax developments to be undertaken in an effective manner; support; follow up and control same;
17) Improve the livestock species or breed of the region; maintain and control same;
18) Work with the concerned body for the improvement and protection of the land enclosed for grazing purpose; develop; conserve same; conduct animals forage developments;
19) Cause surveillances of water bases locations to be conducted at places where there is scarcity of livestock drinking water; develop same in collaboration with the concerned body;
20) Expand livestock development technologies invented domestically and those adopted from foreign countries and which their effectiveness is ascertained; control their implementation; work with the concerned body for the demands and livestock related problems prevailing in the society to be investigated;
21) Expand livestock development and health care activities in the region; support; follow up and control same;
22) Investigate; prevent; control communicable livestock diseases transferring from country to country and from region to region in collaboration with the concerned body; prohibit livestock mobility; where found necessary; remove livestock contaminated with such disease that can cause socio-economic damage;
23) Follow up and control for the delivery of meat in the abattoirs for the society free from disease; control illegal slaughtering acts in collaboration with the concerned body; take corrective measure on the wrong doers in such regard;
24) Set criteria for abattoirs of the region; issue; renew and cancel competency certificate;
25) Ensure the protection of animal welfare; control same;

26) Beeyiladaafi bu'aa beeyiladaa gabaa biyya keessaafi biyya alaaf ta'an qulqullinaafi baay'ina gabaan barbaaduun akka oomishamu ni hojjeta; sadarkaa qulqullinaafi gahumsaa bahe hojiirra ni oolcha; waraqaa ragaa qulqullinaafi gahumsaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; ni to'ata;

27) Oomishitoota, dhiyeesitootaafi itti fayyadamtoota beeyiladaafi bu'aa beeyiladaatiif deeggarsa ogummaa ni kenna; gahumsaafi qulqullina oomishaa ni hordofa; ni to'ata;

28) Oomishaalee qonnaa biyya alaatii galan kan bakka bu'uu danda'an addaan baasuun naannicha keessatti oomishamuuf carraa jiru ni qorata; hojiitti akka jijjiiramu tarsimoo ni qopheessa; qaama walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf aangeeffame waliin ni hojjeta;

29) Oomishaalee qonnaa carraa gabaa biyya alaa bal'aafi amansiisaa ta'aniifi bu'aa qabeessa ta'an, akkasumas naannicha keessatti oomishamuu danda'an ilaalchisee carraafi fedhii jiru qoratee addaan ni baasa; haala babal'achuu danda'u irratti ni hojjeta;

30) Oomishaalee qonnaa carraa babal'ina agroo-industiriif gumaachuu danda'an naannicha keessatti oomishanii dhiyeessuuf dandeettiifi fedhii jiru qoratee addaan ni baasa; tarsiimoo isaas ni qopheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa;

31) Oomishaalee qonnaa guddina diinagdeetiif gumaacha ol'aanaa qabaniifi carraa galii addaa uumuu danda'an ni qorata; bu'aa qorannichaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu haala ni mijeessa;

32) Qonni kontiraataa waliigaltee seera qabeessaan akka raawwatamu ni taasisa; waldaaleen oomisha qonnaa irratti bobba'anis waliigaltee kanaan akka fayyadamaa ta'an ni taasisa; ni hordofa;

33) Nama dhuunfaa yookiin dhaabbata dhiyeessiifi tajaajiloota oomisha qonnaa irratti bobba'aniif waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; ni to'ata;

26) ለሃገር ውስጥና ለውጭ አገር ገበያ የሚሆኑ እንስሳትና የእንስሳት ተዋፅዖዎች ገበያው በሚፈልገው ጥራት እና መጠን እንዲመረቱ ይሠራል፤ የወጣውን የጥራትና የብቃት ደረጃ ሥራ ላይ ያውላል፤ የጥራትና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሠጣል፤ ያድሳል፤ ይሰርዛል፤ ይቆጣጠራል፤

27) ለእንስሳትና ለእንስሳት ተዋፅዖ አምራቾች፣ አቅራቢዎችና ተጠቃሚዎች የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤ የምርቱን ብቃትና ጥራት ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

28) ከውጭ ሃገር የሚገቡትን የግብርና ምርቶችን የሚተኩ ምርቶችን በመለየት በሀገር ውስጥ የሚመረቱበትን ዕድሎች ያጠናል፤ ለተግባራዊነቱ ስትራቴጂ ያዘጋጃል፤ የገበያ ትስስር ለመፍጠር ስልጣን ከተሰጠው አካል ጋር ይሰራል፤

29) ሰፊና አስተማማኝ የውጭ ገበያ እድል ያላቸው እና ውጤታማ የሆኑ እንዲሁም በክልሉ ውስጥ መመረት የሚችሉ የግብርና ምርቶችን በተመለከተ ያለውን ዕድል እና ፍላጎት በማጥናት ይለያል፤ መስፋፋት በሚችሉበት ሁኔታ ላይ ይሰራል፤

30) ለአግሮ-ኢንዱስትሪ መስፋፋት አስተዋፅኦ ሊያበረክቱ የሚችሉ የግብርና ምርቶችን በክልሉ ውስጥ አምርቶ ለማቅረብ ያለውን አቅምና ፍላጎት አጥንቶ ይለያል፤ ስትራቴጂውንም ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

31) ለኢኮኖሚ ዕድገት የላቀ አስተዋፅኦ ያላቸው እና ልዩ የገቢ ዕድል መፍጠር የሚችሉ የግብርና ምርቶችን ያጠናል፤ የጥናት ውጤቱንም ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ እንዲውል ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

32) የኮንትራት ግብርና ሕጋዊ በሆነ ውል መሠረት እንዲፈጸም ያደርጋል፤ በግብርና ምርት ላይ የተሰማሩ ማህበራትም በዚህ ውል ተጠቃሚ እንዲሆኑ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤

33) በግብርና ምርት አቅርቦትና አገልግሎቶች ላይ ለተሰማሩ ግለሰቦች ወይም ድርጅቶች የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ ያድሣል፤ ይሰርዛል፤ ይቆጣጠራል፤

26) Work for the production of livestock and livestock products suited for the foreign markets with the quality and quantity that the market demands; implement the quality and competency standards issued; issue; renew; cancel and control the quality and competency certificate;

27) Provide professional support for producers, suppliers and consumers of livestock and livestock products; follow up and control the effectiveness and quality of production;

28) Identify the agricultural products which can substitute imported agricultural products and studies and differentiate the existing chances to produce them locally; devise its implementation strategy; create market links;

29) Study and identify the opportunity and demand regarding the agricultural products having wide, reliable and efficient foreign market opportunity and that can be produced within the region; work on how it can be expanded;

30) Study and identify the existing capacity and demand to produce and supply the agricultural products that can contribute for the expansion of agro-industry opportunity within the region; devise its strategy; cause it to be implemented;

31) Studies the agricultural products having greater contribution for the economic development and which have the chance of creating special incomes; implement the findings of the study; facilitate conditions for its implementation;

32) Make the market links conducted in agricultural contract level to be performed in lawful contract; cause the associations engaged in agricultural production to benefit from this contract; follow up same;

33) Issue competency assurance certificate for the private person or organization engaged in supply and services of agricultural products; renew; cancel and control same;

34) Sirni gabaa oomishaalee bu'aa beeyiladaa akka diriiru yaada ni burqisiisa; walitti hidhamiinsi gabaa itti fufiinsa qabu akka uumamu qaama aangeeffame waliin ni hojjeta;

35) Qonnaa bulaan yookiin horsiisee bulaa oomisha qonnaa gara gabaatti geeffachuu barbaaduuf xalayaa deeggarsaa dabarsa daandii ni kenna;

36) Abbootii qabeenya dhuunfaa naannicha keessatti hojiiwwan misoomaafi eegumsa fayyaa beeyiladaa irratti bobba'aniif ulaagaa ni qopheessa; waraqaa ragaa gahumsaa ni kenna; ni deeggara;

37) Bu'uuraalee misoomaafi eegumsa fayyaa beeyiladaa kan akka giddugaleessota teknolojiiwwan beeyiladaa baay'isaniifi oomishan, giddugaleessota laboratoriifi kilinikoota eegumsa fayyaa beeyiladaa ta'an ni hundeessa; ni gurmeessa; ni bulcha; ni to'ata;

38) Istaandaardii hojii bahu irratti hundaa'uun hojii misooma sululaa, qonna bosonaa fi misooma bosonaa adda addaa ni gaggeessa; ni qindeessa; ni deeggara;

39) Misoomni bosona hawaasaa, qonnaan bulaafi dhuunfaa akka babal'atu deeggarsa ogummaa ni kenna;

40) Giddugaleessi callaa guddistuu bosonaafi sanyii mukaa gosa adda addaa akka hundeeffamu haala ni mijeessa; ni oomisha; ni bulcha; ni hordofa;

41) Bosonni hawaasaafi dhuunfaa akka misoomu biqiltuuwwan gosa adda addaa ni raabsa; ni dhaabsisa; akka kunuunfamu, eegamuufi akka itti fayyadaman deeggarsa ni taasisa;

42) Naannicha keessatti guddina diinagdee fiduufi wabii nyaataa mirkaneessuuf sagantaa qubsuma baadiyyaa fedhii ummataa irratti hundaa'e ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuun ni mirkaneessisa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa; ni qindeessa; raawwii isaa ni hordofa;

34) የእንስሣት ውጤት ምርቶች የገበያ ሥርዓት እንዲዘረጋ ሃሣብ ያቀርባል፤ ዘላቂነት ያለው የገበያ ትስስር እንደፈጠር ሥልጣን ካለው አካል ጋር ይሰራል፤

35) የግብርና ምርቱን ወደ ገበያ ለማቅረብ ለሚፈልግ አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር የመንገድ እለፍ ድጋፍ ደብዳቤ ይሰጣል፤

36) በክልሉ ውስጥ በእንስሣት ልማትና ጤና ጥበቃ ሥራዎች ላይ ለተሠማሩ የግል ባለሃብቶች መሥፈርት ያዘጋጃል፤ የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ ይደግፋል፤

37) የእንስሳት መሠረተ ልማቶች እና ጤና ጥበቃ እንደ እንስሳት ማባዣ እና ማምረቻ ቴክኖሎጂዎች ማዕከላት፤የእንስሳት ጤና ጥበቃ የሆኑ የላቦራቶሪ ማዕከላት እና ክሊኒኮችን ያቋቁማል፤ ያደራጃል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤

38) በሚወጣው የሥራ ስታንዳርድ ላይ በመመሥረት የተፋሰስ ልማት ሥራ፣ የደን ግብርና እና የተለያዩ የደን ልማት ሥራ ያከናውናል፤ ያስተባብራል፤ ይደግፋል፤

39) የማህበረሰብ፣ የአርሶ አደር እና የግል የደን ልማት እንዲስፋፋ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤

40) የደን ምርት ማሳደጊያ እና የልዩ ልዩ ዛፍ ዘሮች ማዕከል እንዲቋቋም ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያመርታል፤ ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፤

41) የማህበረሰብ እና የግል የደን ይለማ ዘንድ የተለያዩ ተክል ዓይነቶችን ያከፋፍላል፤ ያስተክላል፤ እንክብካቤ እንዲያገኝ፣ እንዲጠበቅ እና እንዲጠቀሙበት ድጋፍ ያደርጋል፤

42) በክልሉ ውስጥ የኢኮኖሚ ዕድገት ለማምጣትና የምግብ ዋስትና ለማረጋገጥ በህዝብ ፍላጎት ላይ የተመሠረተ የገጠር ሰፈራ ፕሮግራም ያዘጋጃል፤ ለሚመለከተው አካል አቅርቦ ያስጸድቃል፤ ሲጸድቅም ተግባር ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ያቀናጃል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤

34) Initiate ideas for the market system of livestock products to be laid down or established; implement same up on its approval; ensure the creation of sustainable market links;

35) Issue agricultural products transit letter for the farmer or pastoralist who want to supply his products for the market;

36) Set criteria for the private investors engaged in livestock health development and protection activities in the region; issue competency certificate for them and support them;

37) Establish infrastructure developments and livestock health centers such as livestock reproduction and production technology centers, livestock health laboratories and clinic centers; organize; administer; and control same;

38) Based on the work standard to be issued, conduct various drainage development, forest agriculture and forest developments; coordinate and support same;

39) Provide professional support for the expansion of the society's, the farmer's and private person's forest developments;

40) Facilitate conditions for the establishment of center for fertilizers of forests and seeds of various species plants; produce; admini9ster and follow up same;

41) Distribute and cause to be planted various types of plants for the development of the community and private forests, provide support to help it conserved; protected and used by them;

42) Prepare voluntary rural settlement program so as to bring economic development and ensure food security in the region; submit to the concerned body cause it to be approved; cause it to be approved up on its approval; coordinate and follow up its implementation;

43) Qonnaan yookiin horsiisee bultoota adda duree ta'an gara investimentiitti akka ce'aniif paakeejiifi hojimaata kanaaf gargaaran qopheessuun qaamolee dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha; ni deeggara; raawwii isaas ni hordofa;
44) Dandeettii raawwachiisummaa ogeessota qonnaafi qonnaan bultootaa yookiin horsiisee bultootaa guddisuuf leenjiiwwan adda addaa ni kenna; bu'aa isaa ni hordofa;
45) Wiirtuulee leenjii qonnaan bultootaa yookiin horsiisee bultootaa akka babal'ataniifi tajaajila gahaa kennan ni taasisa; ni hooggana; ni bulcha;
46) Wabiin nyaataa baadiyyaa keessatti akka mirkanaa'u sagantaalee adda addaa ni qopheessa; qaamolee dhimmi ilaalu waliin karoorri yeroo dheeraa, giddugaleessaafi gabaabaa akka qophaa'u ni taasisa; ni qindeessa; hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa; bu'aa isaa ni xiinxala;
47) Pirojektota wabii nyaataa baadiyyaafi jallisii raawwachiisuuf fandii yookiin madda qabeenya biraa ni barbaada; qaama dhimmi ilaalu waliin dhimma barbaadameef hojiirra akka oolu ni taasisa;
48) Hojiiwwan qonnaafi qabeenya uumamaa karaa hirmaannaa ummataa mirkaneessuun akka raawwatamu ni taasisa; qonnaan bultoonni yookiin horsiisee bultoonni raayyaa misoomaatiin akka gurmaa'an ni taasisa; ni deeggara; akkasumas fayyadamummaa dubartootaafi dargaggootaa hojii misooma qonnaa keessatti mirkaneessuuf dhiyeessii teknolojiiwwan adda addaafi tajaajila ekisteenshinii addatti ni kenna;
49) Misoomaafi qulqullina bunaa, shaayii, urgooftuufi mi'eessituu ilaalchisee qorannoo haala qilleensaafi biyyee ni gaggeessa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;

43) ግንባር ቀደም የሆኑ አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች ወደ ኢንቨስትመንት እንዲሸጋገሩ የሚያግዙ ፓኬጅና አሰራሮችን በማዘጋጀት ከሚመለከተው አካል ጋር ስራ ላይ ያውላል፤ይደግፋል፤ አፈፃፀሙንም ይከታተላል፤
44) የግብርና ባለሙያዎችንና የአርሶ አደሮችን ወይም የአርብቶ አደሮችን የማስፈፀም አቅም ለመገንባት የተለያዩ ሥልጠናዎችን ይሰጣል፤ ውጤቱንም ይከታተላል፤
45) የአርሶ አደሮች ወይም የአርብቶ አደሮች የሥልጣና ማእከላት እንድስፋፉና በቂ አገልግሎት እንዲሰጡ ያደርጋል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤
46) በገጠር የምግብ ዋስትና እንዲረጋገጥ የተለዩ ፕሮግራሞችን ያዘጋጃል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር የረጅም፣ የመካከለኛና የአጭር ጊዜ ዕቅድ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ያስተባብራል፤ሥራ ላይ ያውላል፤አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ውጤቱን ይተነትናል፤
47) በገጠር የምግብ ዋስትና እና የመስኖ ፕሮጀክቶችን ለማስፈፀም ፈንድ ወይም ሌላ የሀብት ምንጭ ያፈላልጋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ለተፈለገው ጉዳይ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
48) የግብርና እና የተፈጥሮ ሀብት ሥራዎችን የህዝብ ተሳትፎን በሚያረጋግጥ መልኩ እንዲፈፀም ያደርጋል፤ አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች በልማት ሠራዊት እንዲደራጁ ያደርጋል፤ ይደግፋል፤ እንደዚሁም በግብርና ልማት ሥራ ውስጥ የሴቶችንና የወጣቶችን ተጠቃሚነት ለማረጋገጥ የተለያዩ ቴክኖሎጂዎች አቅርቦትና የኤክስቴንሽን አገልግሎትን በተለየ ሁኔታ ይሠጣል፤
49) የቡና፣ የሻይ እና ቅመማቅመም ልማትና ጥራትን አስመልክቶ የአየርና የአፈር ሁኔታ ጥናት ያካሄዳል፤ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤

43) Prepare package and working system to enable the model farmers and pastoralists to be transferred to investment and implement same in collaboration with the concerned body; support and follow up its implementation;
44) Provide various trainings with a view to promote the of the agriculturalist, farmers' or pastoralists' professional performance capacities; follow up its effects;
45) Cause the training centers of the farmers' or pastoralists to be expanded and provide efficient services; manage; administer them;
46) Prepare various programs and plans so as to ensure food security in the rural areas; cause preparation of long, medium and short-term plan in collaboration with the concerned bodies; organize; implement; follow up its implementation; assess its result.
47) Solicit other funds or sources of income in order to undertake rural food security and irrigation projects; cause it to be used for the purpose it is required in collaboration with the concerned body;
48) Cause the agricultural and natural resources activities to be implemented in a way that can ensure the peoples' participation; cause the farmers' or pastoralists to be organized in development armies; support them; provide various technologies and extension services particularly to the women and children's so as to ensure their benefits in the agricultural development activities;
49) Conduct climate condition and soil research regarding the development and quality of coffee, tea, scents and spices; submit same to the concerned body; implement same up on its approval;

50) Teknolojiiwwan misooma bunaa, shaayii, urgooftuufi mi'eessituu ilaalchisee bu'aa qabeessa kan ta'an qonnaan bultootaafi abbootii qabeenyaa misoomaafi qulqullina bunaa, shaayii, urgooftuufi mi'eessituu irratti bobba'aniif akka dhiyaatan ni taasisa; abbootii qabeenyaa teknolojiiwwan bu'a qabeessa ta'an dhiyeessuu irratti bobba'an ni jajjabeessa;

51) Bunni qulqullina qabuufi sadarkaa isaa eeggate akka oomishamuufi gabaaf dhiyaatu hojii misooma bunaa ni hojjeta;

52) Oomishni bunaa, shaayii, urgooftuufi mi'eessituu haala hammayyaatiin oomishamee baay'inaafi qulqullinaan gabaatti akka dhiyaatu ni taasisa; sirna to'annoo qulqullinaa ni diriirsa; ni hordofa;

53) Hojimaata dhaqqabamummaa teekinoolojiifi gahumsa industriiwwan oomishaalee qonnaa fooyyessan ni diriirsa; ni beeksisa; akkaataa barbaachisummaa isaatti giddugala leenjii ni hundeessa; leenjiiwwan dandeettii raawwachiisummaafi tajaajila gorsaa ogeessotaafi qonnaan bultootaaf ni kenna;

54) Qabeenya bishaanii naannicha keessatti argaman haala itti fufiinsa qabuun misooma jallisiitiif akka ooluu danda'an qaama dhimmi ilaalu waliin kunuunsa isaanii irratti ni hojjeta;

55) Teknolojii qonna jallisiifi qoorsa lafaa irratti qo'annoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; ni qindeessa; iddoo hojjetanii itti agarsiisan ni qopheessa; kanneen fooyya'aa ta'an ni babal'isa.

## 19. Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Sirna hammayyaa'aa misooma magaalaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

50) የቡና፣ የሻይ እና ቅመማቅመም ልማት አስመልክቶ ውጤታማ የሆኑ ቴክኖሎጅዎችን በቡና፣በሻይ እና በቅመማቅመም ልማትና ጥራት ላይ ለተሰማሩ አርሶ አደሮችና ባለሀብቶች እንዲቀርቡ ያደርጋል፤ ውጤታማ የሆኑ ቴክኖሎጅዎች በማቅረብ ላይ የተሰማሩ ባለሀብቶችን ያበረታታል፤

51) ጥራት ያለው እና ደረጃውን የጠበቀ ቡና እንዲመረት እና ለገበያ እንዲቀርብ የቡና ልማት ሥራ ይሰራል፤

52) የቡና፣ የሻይና የቅመማቅመም ምርት በዘመናዊ መልኩ በብዛትና በጥራት ተመርቶ ለገበያ እንዲቀርብ ያደርጋል፤ የጥራት ቁጥጥር ሥርዓት ይዘረጋል፤ ይከታተላል፤

53) የቡና፣የሻይና ቅመማቅመም ዝግጅት ኢንዱስትሪዎች ብቃትና የቴክኖሎጅዎች አጠቃቀም የሚያሻሽሉ አሰራሮችን ይዘረጋል፤ ያስተዋውቃል፤ እንዳስፈላጊነቱ የማሰልጠኛ ማዕከል ያቋቁማል፤ የማስፈጸም አቅም ግንባታ ሥልጠናዎችን እና የምክር አገልግሎትን ለባለሙያዎች እና ለአርሶ አደሮች ይሰጣል፤

54) በክልሉ ውስጥ የሚገኙትን የውሃ ሐብቶች ዘላቂነት ባለው ሁኔታ ለመስኖ ልማት መዋል እንዲችሉ በእንክብካቤያቸው ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

55) በመስኖ ግብርና እና መሬት ማንጣፈፍ ቴክኖሎጂ ላይ ጥናት ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ ያስተባብራል፤ ሰርተው የሚያሣዩበት ሥፍራ ያዘጋጃል፤ የተሻሉ የሆኑትን ያስፋፋል፡፡

## 19. የከተማ እና ቤቶች ልማት ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ዘመናዊ የከተማ ልማት ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤

50) Cause the technologies that become efficient regarding development of coffee, tea, scents and spices to be provided for the farmers and developmental investors engaged in quality of coffee, tea, scents and spices; inspire the investors engaged in supplying efficient technologies;

51) Perform coffee development work with a view to enable that quality and standard coffee to be produced and supplied to the markets;

52) Cause coffee, tea, scents and spices production to be produced in a modern way and supplied on the markets in quantity and quality; establish quality regulatory system; follow up same;

53) Establish accessible systems that can improve the technologies and efficiencies of agricultural products' industries; promote same; establish training centers as may be necessary; provide capacity building trainings and consultancy services for the professionals and farmers;

54) Work in collaboration with the concerned body on the conservation of water resources found in the region so as to enable them sustainably used for irrigation purposes;

55) Undertake; cause to be undertaken studies on the irrigation agriculture and land drainage technology; coordinate same; prepare places for pilot testing activities; expand the better ones.

## 19. Urban and Housing Development Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Establish modern system of urban development; follow up and control its implementation; take corrective measures;

2) Lafti magaalaa pilaanii magaalaa eegee qusannoon faayidaa ol'aanaaf akka oolu ni hojjeta; ni hordofa; ni to'ata; hojiirra oolmaa pilaanii magaalotaa ilaalchisee raawwii seeraan alaa taasifame irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
3) Sirna tilmaamni qabeenya dhaabbataa itti raawwatamu ni diriirsa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
4) Magaalonni naannichaa magariisa, qulqullinaan hawwataa, dorgomaafi jiruuf jireenyaaf mijaa'oo akka ta'aniif ni hojjeta; ni deeggara;
5) Qophiifi raawwii karooraafi baajata bulchiinsa magaalotaa yeroo yeroodhaan ni hordofa; ni gamaaggama; magaalota ni qindeessa;
6) Mirgi ofiin ofbulchuu magaalotaaf kenname haala itti cimu irratti qorannoo ni gaggeessa; dandeettii raawwachiisummaa isaanii akka guddisan deeggarsa ni kenna;
7) Magaalota sirna liizii keessa hin galle qaama dhimmi ilaalu waliin qoratee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
8) Qaama seerummaa magaalummaa ni kenna; bakka bu'umsa kennamuuf irratti hundaa'ee sadarkaa guddina magaalaa ni kenna;
9) Magaalota keessatti misooma ariifachiisaa fiduuf, dimokiraasiifi bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna; istaandaardii kenniinsa tajaajilaa ni qopheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
10) Rakkinni mana jireenyaa magaalotaa keessa jiru haala itti furamu qorachuudhaan mootummaadhaaf yaada murtii ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa;



2) የከተማ መሬት የከተማውን ፕላን ጠብቆ በቁጠባ ለላቀ ጠቀሜታ እንዲውል ይሰራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤የከተሞች ፕላን ሥራ ላይ መዋል ጋር በተያያዘ በሚፈጸም ሕገወጥ ድርጊት አስመልክቶ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
3) የቋሚ ንብረት ግመታ የሚፈፀምበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
4) የክልሉ ከተሞች አረንጓዴ፣ ጽዱነቱ ሳቢ፣ ተወዳዳሪና ለኑሮ ተስማሚ እንዲሆኑ ይሠራል፤ ይደግፋል፤
5) የከተማ አስተዳደሮችን የበጀትና የሥራ ዕቅድ ዝግጅትና አፈጻጸም በየጊዜው ይከታተላል፤ ይገመግማል፤ ከተሞችን ያስተባብራል፤
6) ለከተሞች የተሰጠው ራስን በራስ የማስተዳደር መብት በሚጠናከርበት ሁኔታ ላይ ጥናት ያካሂዳል፤ የማስፈፀም አቅማቸውን እንዲያዳብሩ ድጋፍ ይሰጣል፤
7) ወደ ሊዝ ሥርዓት ያልገቡ ከተሞችን ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር አጥንቶ ለክልል መስተዳድር ምክር ቤቱ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
8) የከተማነት ህጋዊ ሰውነት ይሰጣል፤ በሚሰጠው ውክልና ላይ ተመስርቶ ለከተሞች የደረጃ ዕድገት ይሰጣል፤
9) በከተሞች ውስጥ ፈጣን ልማትን ለማረጋገጥ፣ ዲሞክራሲንና መልካም አስተዳደርን እውን ለማድረግ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤የአገልግሎት አሰጣጥ ስታንዳርድ ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
10) በከተሞች ውስጥ ያለው የመኖሪያ ቤት ችግር የሚቀረፍበትን ሁኔታ በማጥናት ለመንግሥት የውሳኔ ሀሳብ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ተግባር ላይ እንዲውል ያደርጋል፤



2) Work for urban lands to be used economically for greater benefits in line with the urban plan; follow up; control same; take corrective measures on unlawful acts in connection with the implementation of the urban plan;
3) Establish a system whereby valuation of permanent property shall be performed; cause to be implemented; follows up and control same;
4) Work to enable the urban centers of the region to be green and attractive in their sanitation; competent and comfortable to live in; give necessary support;
5) Follow up and evaluate the preparation and performances of the work and budget plans periodically; coordinate the urban centers;
6) Undertake study on ways of strengthening rights of self-administration assigned to the urban centers; provide support to build their performance capacities;
7) Studies about the Urban centers which do not have introduced the lease system in collaboration with the concerned body and submit the finding to the Administrative Council of the Regional State; implement same up on its approval; cause same to be implemented; follow up its implementation;
8) Give legal personality of being an urban; gives grade promotion of urban based on the delegation to be provided to it;
9) Provide necessary support for the efforts made to ensure fast development, democracy and good governance in the urban centers; set standards of service delivery; cause it to be implemented; follow up control its implementation;
10) Undertake studies on how the problems of residential houses in the urban centers can be solved and submit its decision recommendation to the government and cause it to be implemented;

11) Jiruufi jireenya hawaasa baadiyyaa akka fooyya'u taasisuuf haala manni jireenyaa hawaasa baadiyyaa bu'uuraaleen misoomaa guutameefi itti hammayyaa'u qorachuudhaan sirna ni diriirsa; hojiirra akka oolu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
12) Namoota mana jireenyaa ijaarachuuf waldaan gurmaa'aaniifi tooftaalee biroo dhiyeessii mana jireenyaa ilaalchisee qajeelfama ni baasa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
13) Tajaajiloonni bu'uura misooma adda addaa kan akka ibsaa, bishaanii, bilbila, daandii, sarara dhangala'aafi kan kana fakkaatu magaalonni akka hojjetan ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bu'uuraaleen misoomaa akka babal'atu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
14) Qophii tumaa magaalaa galiin magaalotaa ittiin sassaabamu ilaalchisee yaada seeraa magaalotaaf ni kenna; magaalonni humna galii isaanii akka cimsatan qaama dhimmi ilaalu waliin yeroo yeroon walitti dhufeenya taasisuun haala mijaa'aa ni uuma; ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
15) Galiin keessoo buufata konkolaataa irraa walitti akka qabamu ni taasisa; sirnaan hojiirra oolu isaa ni hordofa; ni to'ata;
16) Akkaataa gatii kiraafi murteen gibira manaa magaalota keessatti itti murtaa'u ilaalchisee qajeelfama ni baasa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
17) Waliigaltee bittaafi gurgurtaa manaafi manneen wabiin qabaman sadarkaa bulchiinsa magalotaatti raawwatamu ni hordofa; ni to'ata;
18) Magaalonni humna tajaajilaafi bu'uura misoomaa diriirsuuf isaan dandeessisu cimsachuuf deeggarsa akka argatan dhaabbilee miti-mootummaafi qaamolee gargaarsaa biroo waliin qunnamtii ni taasisa; haala ni mijeessa; ni hordofa; magaalonnis magaalota biyya biroo waliin michummaa akka uumataniif qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

11) የገጠሩ ሕብረተሰብ ኑሮ እንዲሻሻል ለማድረግ የገጠሩ ሕብረተሰብ የመኖሪያ ቤቶች መሠረተ ልማቶች ተሟልቶላቸው የሚዘምኑበትን ሁኔታ በማጥናት ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ እንዲውልም ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
12) የመኖሪያ ቤት ለመሥራት በማህበር ለተደራጁ ሰዎች እና በሌላ ዘዴ የመኖሪያ ቤት አቅርቦትን አስመልክቶ መመሪያ ያወጣል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
13) ከተሞች የተለያዩ መሠረተ ልማቶች እንደ መብራት፣ ውሃ፣ ስልክ፣ መንገድ፣ የፍሳሽ ማስወገጃ መስመር እና የመሳሰሉትን እንዲሰሩ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይደግፋል፣ መሠረተ ልማት እንዲስፋፋ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
14) የከተሞች ገቢ የሚሰበሰብበትን የከተማ ድንጋጌ ዝግጅት ሁኔታን አስመልክቶ የህግ ምክር ወይም ሃሣብ ለከተሞች ይሰጣል፤ ከተሞች የገቢ አቅማቸውን እንዲያጎለብቱ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በየጊዜው ግንኙነት በማድረግ አመቺ ሁኔታ ይፈጥራል፤ ይከታላል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
15) ከመኪና ማቆሚያ መናኸሪያ አገልግሎት ገቢ እንዲሰበሰብ ያደርጋል፤ በአግባቡ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
16) በከተሞች ውስጥ የቤት ኪራይ ዋጋ እና የቤት ግብር ውሳኔ የሚወሰንበትን ሁኔታ አስመልክቶ መመሪያ ያወጣል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
17) በከተማ አስተዳደሮች ደረጃ የሚፈጸም ቤቶች ግዢና ሽያጭ ውል እና በዋስትና የተያዙ ቤቶች ጉዳይን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
18) ከተሞች የአገልግሎት እና መሠረተ ልማት የመዘርጋት አቅማቸውን ለማዳበር የሚያስችላቸውን ድጋፍ ያገኙ ዘንድ መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶችና ከሌሎች ድጋፍ ሰጪ አካላት ጋር ግንኙነት ያደርጋል፤ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይከታተላል፤ከተሞቹም ከሌሎች ሀገሮች ከተሞች ጋር እህትማማችነት እንዲፈጥሩ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

11) With a view to improve the livelihood of the rural society, conduct study establish a system about the ways whereby residential houses of the rural society can be furnished with infrastructures development facilities and be modernized; work with the concerned body for its implementation;
12) Issue Directive regarding other alternative mechanisms of residential houses provisions for those organized in Associations to build residential houses; cause it to be implemented; follow up; control same;
13) Make the urban centers construct various infrastructure services such as electric power, water, telephone, roads, sewerage lines and the likes; follow up; support; work with concerned body for the expansion of these infrastructure developments;
14) Provide legal advices to the urban centers regarding the preparation of laws used for collection of revenues for urban; create conducive situation in collaboration with the concerned body periodically to help the urban centers develop their income capacities; follow up and provide necessary support for them;
15) Cause the internal income from bus stations to be collected; follow up and control its proper implementation;
16) Issue Directives on how decisions of rental prices and taxes of house in the urban centers can be determined; follows up its implementation;
17) Follow up and control the housing transaction and houses attached in pledge performed at City Administration level;
18) Make ties with non-governmental organizations and other support organizations; facilitate conditions; follow up same to help the urban centers acquire assistances that enable them build their capacities for expanding their service provision and infrastructure development; work with concerned body to help the urban centers create friendships with cities of other countries;

19) Magaalota keessatti haala rakkoon diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa furmaata itti argachuu danda'u ilaalchisee qaama mootummaafi dhaabbilee biroo dhimmi ilaalu waliin ni qorata; tooftaa ni baasa; akka hojiirra oolu ni taasisa;
20) Dandeettii raawwachiisummaa magaalotaa cimsuuf leenjiiwwaan adda addaa qopheessee ni kenna; akka kennamu haala ni mijeessa;
21) Magaalotaafi magaalota gidduutti walitti hidhamiinsiifi walgargaarsi akka jiraatu ni qindeessa; magaalonni waldaan gurmaa'anii akka wal deeggaran qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
22) Magaalonni haala hammayyummaa qabuun pilaanii guddina magaalaa eeganii misoomuu isaanii ni hordofa; ni to'ata;
23) Hojimaata manneen mootummaa magaalota keessatti argamaniifi manneen waliinii ittiin dabarfamanii ittiin bulan ilaalchisee qajeelfama ni qopheesa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
24) Magaalotaafi baadiyyaa gidduutti walitti hidhamiinsi akka jiraatuufi guddinni magaalotaafi baadiyyaa akka waldeeggaraa deemu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
25) Hojiiwwan waliigalaa magaalaa keessatti hojjetaman irratti haala hirmaannaafi fayyadamummaan hawaasaa itti babal'atuufi cimu ni qorata; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
26) Pirojektoota ijaarsa gamoo mootummaa Biirichaan gaggeeffamaniifi bu'uuraalee misoomaa magaalota keessatti gaggeeffamaniif dizaayinii ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
27) Jijjiirama yookiin dabalata hojii ijaarsaa, gatii, waldiddaa pirojektota ijaarsaa irratti uumamuufi qaama dhimmi ilaallatuuf gaaffii ni dhiyeesaa; seera jiru irratti hundaa'uun yeroo heyyamamuuf hojii irra ni oolcha;

19) በከተሞች ውስጥ ኢኮኖሚያዊ፣ማህበራዊና ፖለቲካዊ ችግሮች መፍትሔ ሊያገኙ የሚችሉበትን ሁኔታ በተመለከተ ከመንግሥት አካልና ጉዳዩ ከሚመለከታቸው ሌሎች አካላት ጋር ያጠናል፤ ሥልት ይቀይሳል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
20) የከተሞችን የማስፈፀም አቅም ለመገንባት የተለያዩ ሥልጠናዎችን አዘጋጅቶ ይሰጣል፤ እንዲሰጥም ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
21) በከተሞችና ከተሞች መካከል ትስስር እና መደጋገፍ እንዲኖር ያስተባብራል፤ ከተሞች በማህበር ተደራጅተው እንዲደጋገፉ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
22) ከተሞች በዘመነ ሁኔታ የከተማውን የእድገት ፕላን ጠብቀው መልማታቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
23) በከተማ ውስጥ የሚገኙ የመንግሥት ቤቶች እና የጋራ ቤቶች የሚተላለፉበትን እና የሚተዳደሩበትን ሁኔታ አስመልክቶ መመሪያ ያዘጋጃል፤ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
24) በከተሞች እና በገጠር መካከል ትስስር እንዲኖርና የከተሞችና የገጠር አካባቢዎች ዕድገት እየተደጋገፈ እንዲሄድ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
25) በከተማ ውስጥ በሚሰሩ አጠቃላይ ሥራዎች ላይ የህብረተሰቡ ተሳትፎ እና ተጠቃሚነት የሚስፋፋበትንና የሚጎለብትበትን ሁኔታ ያጠናል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይደግፋል፤
26) በቢሮው የሚካሄዱ የመንግሥት ሕንፃ ግንባታ እና በከተማ ውስጥ ለሚካሄዱ የመሠረተ ልማት ፕሮጀክቶች ዲዛይን ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፤
27) የግንባታ ሥራ ለውጥ ወይም ጭማሪ ግንባታ፣ ዋጋ፣ በግንባታ ፕሮጀክረቶች ግንባታ ላይ ለሚፈጠር አለመግባባትን ለሚመለከተው አካል ጥያቄ ያቀርባል፤ ሲፈቀድለትም ሥራ ባለው ህግ ላይ በመመሥረት ተግባር ላይ ያውላል፤

19) Undertake studies in collaboration with government bodies and other concerned organizations on how the economic, social and political problems in the Urban centers can be resolved; devise mechanism and cause it to be implemented;
20) Prepare various trainings and provide; cause to be provided to the urban centers with a view to build their performance capacities;
21) Coordinate the existence of integration and co-operations amongst the urban centers; Work in collaboration with the concerned bodies to enable the urban centers to be organized and support each other;
22) Follow up and control as to whether the urban centers are developed in a modern manner by paying due regard to the urban development plans;
23) Issue and submit to the concerned body the directive governing the transfer and administration of government houses and communal residential houses in the city; cause same to be implemented up on its approval;
24) Work in collaboration with the concerned body so as to ensure the mutually cooperative and supportive integrated developments of the urban and rural areas;
25) Study about the mechanisms of expanding the participation and benefits of the society on the general activities performed in the urban; cause it to be implemented; follow up and support same;
26) Prepare or cause preparation of designs for the government building projects and the infrastructures developments undertaken in the urban by the Bureau; implement same upon approval;
27) Present application to concerned body on the change or addition of construction works, prices, disputes arising on the construction projects; implement same up on its approval on the basis of relevant laws;

28) Ijaarsa pirojektoota gamoo mootummaa manneen hojii biroo hin ilaallanne ilaalchisee sanada caalbaasii mirkanaa'ee dhiyaatuuf caalbaasii ni baasa; qaama birootiif bakka bu'iinsa ni kenna; waliigaltee hojiiwwan ijaarsa pirojektoota gamoo mootummaa bakka bu'uudhaan ni mallatteessa; akka mallattaa'u ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;

29) Ijaarsa pirojektoota gamoowwanii seektara biroo hin ilaallanneefi mootummaan gaggeessu kaffaltiin akka raawwatu qaama dhimmi ilaaluuf gaaffii ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa;

30) Sirna komiifi iyyannoon kenniinsa tajaajila magaalaatiin walqabatu ittiin keessummaa'u ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;

31) Magaalota sadarkaadhaan adda baasuuf ulaagaalee madaalliifi dorgommii ni qopheessa; hojiirra ni oolcha;

32) Tarsiimoo wabii nyaataa magaalotaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

33) Gamoowwaniifi galmoota mootummaa naannichaatiin kaayyoo adda addaatiif ijaaramanii qabeenyummaan isaanii kan mootummaa ta'an ol'aantummaan ni bulcha; ni supha; ni haaromsa; ni kunuunsa; hawwataa akka ta'an ni taasisa; Haalli ittifayyadama gamoowwaniifi galmootaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;

34) Gamoowwaniifi galmoota bulchuufi to'atu keessatti manneen tiyaatiraa, kuusaalee hambaa, gaalariin aartii ummata Oromoofi manneen kitaabaa akka gurmaa'an qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

35) Gamoowwaniifi giddugaleessota mootummaa naannichaatiin ijaaraman ilaalchisee qaama dhimmi ilaallatu irraa ragaa seenaa isaanii ibsu walitti ni qaba; ni gurmeessa; ni bulcha; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta.

28) ሌሎች የመንግሥት መሥሪያ ቤቶችን የማይመለከት የመንግሥት ህንፃ ፕሮጀክቶችን በተመለከተ ተረጋግጦ የሚቀርብለትን የጨረታ ሰነድ ያወጣል ፤ ለሌላ አካል ውክልና ይሰጣል፤የመንግስት ህንጻ ግንባታ ፕሮጀክት ውልን በመወከል ይፈርማል፤ እንዲፈረም ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

29) ሌሎች ሴክተሮችን የማይመለከት እና በመንግሥት የሚካሄድ የህንጻ ግንባታ ፕሮጀክቶች ክፍያ እንዲፈፀም ለሚመለከተው አካል ጥያቄ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤ አፈፃፀሙንም ይከታተላል፤ይቆጣጠራል፤

30) ከከተማ አገልግሎት አሰጣጥ ጋር የተያያዘ ቅሬታና አቤቱታ የሚስተናገድበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ስራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

31) ከተሞችን በደረጃ ለመለየት የምዘና እና የውድድር መስፈርቶችን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤

32) የከተሞችን የምግብ ዋስትና እስትራቴጂ ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

33) በክልሉ መንግስት ለተለያዩ ዓላማዎች የተገነቡ እና ባለቤትነታቸው የመንግሥት የሆኑ ህንጻዎችን እና አዳራሾችን በበላይነት ያስተዳድራል፤ ይጠግናል፤ ያድሳል፤ ይንከባከባል፤ ሳቢ እንዲሆኑ ያደርጋል። የህንጻዎች እና አዳራሾች አጠቃቀም ሁኔታ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

34) በሚያስተዳድራቸው እና በሚቆጣጠራቸው ህንጻዎች እና አዳራሾች ውስጥ ትያትር ቤቶች፣ ቤተ-መዘክሮች፣ የኦሮሞ ሕዝብ አርት ጋለሪ እና መጽሐፍት ቤቶች እንዲደራጁ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

35) በክልሉ መንግሥት የሚገነቡ ህንጻዎች እና ማዕከላትን በተመለከተ ታሪካቸውን የሚገልጽ ማስረጃ ከሚመለከተው አካል ይሰበስባል፤ ያደራጃል፤ ያስተዳድራል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል።

28) Issue bids of approved documents submitted to it regarding construction projects of government buildings that does not concern other government offices; provide representation for other bodies; sign contracts regarding projects of government buildings on behave of the government; cause it to be signed; follow up and control its implementation;

29) Present application to the concerned body for the payments to be performed for the building construction projects which does not concern other sectors which the government undertakes; implement same up on its approval; follow up its implementation;

30) Establish grievances and complaints handling system related to the service provisions of the urban; implement same; follow up and control its implementation;

31) Set and implement evaluation and competition criteria with a view to categorize the urban in grades; implement same;

32) Implement; cause implementation of urban food security strategy;

33) Chiefly administer the buildings and halls constructed by the regional government for various purposes owned by the government; maintain; renew; conserve; make them to be attractive; manner of utilization of buildings and halls shall be determined by the Directive to be issued.

34) Work in collaboration with concerned body for theatre houses, archives of heritages, art galleries of Oromo people to be organized in the buildings and halls it administers and controls;

35) Regarding the buildings and centers constructed by the regional government, it collects evidences describing their history from the concerned body; compile and administer same; work in collaboration with concerned body.

**20. Biiroo Maallaqaa**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Sirna qophiifi raawwii baajata naannichaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
2) Qoodiinsa baajataa ilaalchisee ulaagaalee barbaachisaa ta'an qoratee ramaddii baajataa haqa qabeessa ta'e ni qopheessa; Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
3) Karoora tarsiimoo naannichaa irratti hundaa'uudhaan karoora hojii waggaafi baajata marmaartuufi kaappitaalaa waggaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; baajata Caffeedhaan ragga'e ni bulcha; gaaffii baajata dabalataa ni qopheessa;
4) Karoora hojii waggaafi baajata marmaartuufi kaappitaalaa waggaa qophaa'e irratti hundaa'uudhaan hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni gamaaggama;
5) Sagantaaleefi pirojeektota misoomaa mootummaa deeggaruuf qabeenya bifa liqiifi gar-gaarsaan argaman Mootummaa Naannichaa bakka bu'uun waliigaltee ni mallatteessa; karoora misoomaa mootummaa waliin walsimuu, bu'a qabeessummaafi facaatii isaanii ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa;
6) Pirojeektii dhaabbilee miti mootummaan dhiyaatan xiinxaluun waliigaltee ni mallatteessa; hojiirra oolmaa pirojeektii isaanii ni hordofa; ni gamaaggama;
7) Sochii faayinaansii pirojeektota misoomaa dhaabbilee miti mootummaatiin dhiyaatan odiitii ni taasisa; akka taasifamu ni taasisa; yeroo hojiin sagantichaa xumuramus walharkaa fuudhinsaafi dabarsa hojiifi qabeenyaa ni raawwata;
8) Sirna hordoffiifi deeggarsaa hojii fiisikaalaafi faayinaansii hirmaannaa ummataatiin itti raawwatamu ni diriirsa; hojiirra ooluu isaa ni hordofa;

**20. የገንዘብ ቢሮ**

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉን የበጀት ዝግጅትና አፈጻጸም ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤
2) የበጀት ክፍፍልን በተመለከተ አስፈላጊ የሆኑ መስፈርቶችን በማጥናት ፍትሐዊ የበጀት ክፍፍልን ያዘጋጃል፤ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤
3) በክልሉ ስትራቴጂክ ዕቅድ ላይ በመመሥረት ዓመታዊ የሥራ ዕቅድና የዓመቱን የሥራ ማስኬጃ እና ካፒታል በጀት በማዘጋጀት ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ በጨፌ የጸደቀውን በጀት ያስተዳድራል፤ የተጨማሪ በጀት ጥያቄን ያዘጋጃል፤
4) በተዘጋጀው የአመቱ የሥራ እቅድና የሥራ ማስኬጃ እና ካፒታል በጀት ላይ በመመሥረት ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤
5) የክልሉን መንግሥት ለመደገፍ የሚሰጡ ብድርና የዕርዳታ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶች መንግሥትን በመወከል ውል ይፈርማል፤ ከመንግሥት የልማት ዕቅድ ጋር መጣጣም፣ ውጤታማነትና ሥርጭታቸውን ያረጋግጣል፤ የበጀት አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያቀርባል፤
6) መንግሥታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች የሚቀርቡ ፕሮጀክቶችን በመመርመር ውል ይፈርማል፤ የፕሮጀክታቸውን ሥራ ላይ መዋል ይከታተላል፤ይገመግማል፤
7) መንግሥታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች የቀረቡ የልማት ፕሮጀክቶች የፋይናንስ እንቅስቃሴን ኦዲት ያደርጋል፤ እንዲደረግ ያደርጋል፤ የፕሮግራሙ የጊዜ ቆይታ ሲጠናቀቅም የስራ እና የንብረት ርክክብ እና ማስተላለፍ ይፈጽማል፤
8) የፊስካል እና የፋይናንስ እንቅስቃሴ ክትትልና ድጋፍ በህዝብ ተሳትፎ ሚፈጸምበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

**20. Finance Bureau**

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Establish the budget preparation and implementation system of the region; follow up its implementation;
2) Regarding budget allotment, studies necessary criteria and prepare fair budget allocation; submit it to the Regional State Administrative Council; implement same up on its approval;
3) Based on the strategic plan of the region, prepare annual work plan, recurrent operation and capital budget plan and submit same to the Regional State Ad-ministrative Council; administer the budget approved by the Caffee; prepare additional budget requests;
4) Based on the prepared annual work, recurrent operational and capital budget plan, follow up and evaluate its implementation;
5) Sign agreements on behalf of the regional government regarding resources acquired in the form of loan and aid to support the programs and development projects of the government; ensure their consistency with the development plan of the government; their effectiveness and distribution; follow up its implementation; deliver reports to the concerned body;
6) Analyze the development projects presented by nongovernmental organizations and sign contractual agreements on same; follow up and evaluate implementation of their projects;
7) Make audit of the financial activities of the development projects presented by non-governmental organizations; cause them to be audited; perform hand over and transfer of works and resources up on completion of the activities of the program;
8) Establish the fiscal and financial works following up and support system to be performed by the participation of the people; follow up its being implemented;

9) Sochii misooma naannoo deeggaruufi cimsuuf qaamolee gargaarsaafi deeggarsa taasisan waliin qabeenyi adda addaa gara naannichaatti akka dhangala'u haala ni mijeessa;
10) Akkaataa qophiifi dhiyeessa baajata bulchiinsa faayinaasii, bulchiinsa qabeenyaafi kan biroo irratti manneen hojii mootummaa naannichaatiif deeggarsa teeknikaafi dandeettii raawwachiisummaa isaanii ni cimsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
11) Qaamoleen mootummaa imaammata, tarsiimoo, seerotaafi qajeelfamoota bulchiinsa faayinaansii mootummaa irratti hundaa'uudhaan hojjechuu isaanii ni hordofa; ni to'ata;
12) Qabeenya bifa maallaqaafi gosaan karaa seektaroota mootummaafi dhaabbilee miti mootummaan gara naannichaatti dhufan kamiiyyuu ni hordofa; ni to'ata;
13) Sirna qabiinsa baajataafi herrega mootummaa, kaffaltiifi odiitii keessoo ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; sanadoota herregaa ni qorata; ni qorachiisa; bu'aa isaa irratti hundaa'ee tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
14) Sirna bittaa, bulchiinsaafi itti fayyadama qabeenya mootummaa hammayyaa'aa ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
15) Humna galii mootummaa naannichaa irratti qaama dhimmi ilaalu waliin qorannoo ni gaggeessa; qaama dhimmi ilaaluuf akka dhiyaatu ni taasisa; ni hordofa;
16) Maallaqa, harshammeewwan maallaqaafi qabeenya mootummaa naannichaa ni bulcha; manneen hojiitiif kaffalatii ni raawwata; ni to'ata; badii maallaqaafi qabeenyaa irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; deeggarsa baajataafi qooda qabeenya naannichaa Mootummaa Federaalaa irraa ergamu ni hordofa;

9) የአካባቢን የልማት እንቅስቃሴ ለመደገፍ እና ለማጠናከር ከተለያዩ የዕርዳታና ድጋፍ ሰጪ አካላት ጋር በመሆን የተለያዩ ሐብቶች ወደ ክልሉ እንዲፈሱ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
10) የፋይናንስ አስተዳደር በጀት አዘገጃጀትና አቀራረብ፣ የሃብት አስተዳደር እና ሌሎችም ላይ ለመንግሥት መሥሪያ ቤቶች የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ የማስፈፀም አቅማቸውንም ይገነባል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
11) የመንግሥት አካላት በመንግሥት የፋይናንስ አስተዳደር ፖሊሲ፣ ስትራቴጂ፣ ህጎችና መመሪያዎች ላይ ተመስርተው መሥራታቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
12) ማንኛውም በገንዘብም ሆነ በዓይነት መልክ በመንግስት ሴክተሮችና መንግሥታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች ወደ ክልሉ የሚመጣውን ሀብት ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
13) የመንግሥት የበጀትና ሂሳብ አያያዝ፣ የውስጥ ክፍያ እና ኦዲት ሥርዓትን ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ይቆጣራል፤ የሂሳብ ሰነዶችን ይመረምራል፤ ያስመረምራል፤ በውጤቱ ላይ ተመስርቶ የዕርምት ዕርምጃ ይወስዳል፤
14) ዘመናዊ የመንግሥት ግዥ፣ ሃብት አስተዳደር እና አጠቃቀም ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
15) የክልሉን የገቢ አቅም በተመለከተ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ጥናት ያካሄዳል፤ ለሚመለከተው አካል እንዲቀርብ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤
16) የክልሉን መንግሥት ገንዘብ፣ ገንዘብ ነክ ሰነዶች እና ሐብት ያስተዳድራል፤ ለመሥሪያ ቤቶች ክፍያ ይፈፅማል፤ ይቆጣጠራል፤ በገንዘብና ንብረት ጥፋቶች ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤ ከፌዴራል መንግሥት የሚላከውን የበጀት ድጋፍና የክልሉን የሃብት ድርሻ ይከታተላል፤

9) Facilitate conditions for the flow of various resources to the region by working with assistance and supporting bodies in order to backup and strengthen the development efforts of the region;
10) Provide technical support and building the performance capacities of government offices of the region on the manner of preparation and submission of budget, financial administration, resource administration and other issues; follow up its implementation;
11) Follow up and control the government organs to perform based on the financial administration policy, strategy, laws and directives of the government;
12) Follow up and control any resource that comes to the region in cash and kind through government sectors and non-governmental organizations;
13) Establish government budget and finance management as well as internal payment and audit system; follow up and monitor its implementation; investigate; cause implementation of financial documents; take corrective measure based on its outcome;
14) Establish modern procurement; administration and use system of government resources; implement; cause same to be implemented;
15) Undertake study regarding the income potential of the regional state in collaboration with the concerned body; cause it to be submitted to the concerned body; follow up same;
16) Administer the finance, financial documents and resources of the regional government; perform payments to the government offices; control same; take; cause to be taken corrective measures regarding the damage caused on the finance and properties; follow up the budget assistances and share of resources of the region allocated from the Federal Government;

17) Herreega waliigalaa naannichaa ni qopheessa; ni cufa; ibsa waliigalaa maallaqaafi eegumsa qabeenya mootummaa agarsiisu yeroo yeroon ni qopheessa; Mootummaa Federaalaafi qaamolee dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
18) Sirna qabeenyi mootummaa faayidaan ala ta'e yookiin tajaajila hin kennine ittiin buluufi maqfamu ni diriirsa; akka maqfamu ni taasisa yookiin ni dabarsa; hojiirra oolmaa isaa ni to'ata;
19) Raawwii pirojektoota misoomaa mootummaa naannichaatiin gaggeeffaman qaamolee mootummaa naannichaa dhimmi isaan ilaallatu waliin ta'uun ni hordofa; ni madaala;
20) Qabeenyi socho'uufi hin sochoone qaama mootummaa yookiin nama kamiyyuu jalatti hin bulleefi qabeenya abbaa hin qabne Mana Murtiitti dhiyeessuun haalli bulchinsa isaa akka murtaa'u ni taasisa;
21) Liqii biyya keessaa mootummaan argatu mootummaa bakka bu'uun ni mallatteessa; ni bulcha; raawwii isaa ni to'ata;
22) Maallaqaafi qabeenya Mootummaa irratti inispeekshinii ni gaggeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
23) Nagahee galiin naannichaa ittiin sassaabamu ni maxxansiisa; qaama dhimmi ilaaluuf ni raabsa; kan tajaajilaan ala ta'an ni sassaaba; ni to'ata;
24) Kenna tajaajila lammummaa naannichaa bu'uura seeraatiin ni raawwachiisa; ragaa isaa ni qabata; qaamolee dhimmi ilaalu ni qindeessa.

**21. Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoofi seerota gurmaa'insa, hojimaataafi misooma qabeenya namaa ilaalchisee bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolan ni taasisa; hojiirra oolmaa isaanii ni hordofa; ni gamaaggama; sirreeffama barbaachisaa ni taasisa;

17) የክልሉን አጠቃላይ ሂሣብ ያዘጋጃል፤ ይዘጋል፤ የመንግሥትን አጠቃላይ ገንዘብና የሐብት ጥበቃን የሚያሳይ መግለጫ በየጊዜው ያዘጋጃል፤ ለፌዴራል መንግሥትና ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት ያቀርባል፤
18) ከጥቅም ውጪ የሆነ ወይም አገልግሎት የማይሰጥ የመንግሥት ንብረት የሚተዳደርበትና የሚወገድበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ እንዲወገድ ያደርጋል ወይም እንዲተላለፍ ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤
19) በክልሉ መንግስት የሚካሄዱ የልማት ፕሮጀክቶችን ጉዳዩ ከሚመለከታቸው የክልሉ የመንግሥት አካላት ጋር በመሆን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤
20) በመንግሥት አካል ወይም በማንኛውም ሰው የማይተዳደርና ባለቤት የሌለው የሚንቀሳቀስ ወይም የማይንቀሳቀስ ንብረትን ለፍርድ ቤት አቅርቦ የሚተዳደርበት ሁኔታ እንዲወሰን ያደርጋል፤
21) መንግስት የሚያገኘውን የሀገር ውስጥ ብድር በተመለከተ መንግስትን በመወከል ይፈርማል፤ ያስተዳድራል፤ አፈፃፀሙን ይቆጣጠራል፤
22) በመንግስት ገንዘብና ሃብት ላይ ኢንስፔክሽን ያካሄዳል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
23) የክልሉ ገቢ የሚሰበሰብበትን ደረሰኝ ያሳትማል፤ ለሚመለከተው አካል ያሠራጫል፤ ከአገልግሎት ውጪ የሆኑትን ይሰበስባል፤ ይቆጣጠራል፤
24) የክልሉን የዜግነት አገልግሎት አሰጣጥ በህጉ መሠረት ያስፈጽማል፤መረጃውን ይይዛል፤ የሚመለከታቸው አካላትን ያስተባብራል፡፡

**21. የፐብሊክ ሰርቪስ እና የሰው ሃብት ልማት ቢሮ**

ቢሮው የሚከተው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የሰው ሀብት ልማት አደረጃጀትና አሰራርን በሚመለከት የወጡ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂና ህጎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤ አስፈላጊውን ማስተካከያ ያደርጋል፤

17) Prepare and close the total financial account of the region, prepare general statements indicating the financial and government resources management periodically; submit same to the Federal government and other concerned bodies;
18) Establish a system whereby the government properties which is made out of use or unable to provide service are administrated and disposed; cause to be disposed or transfer it; control its implementation;
19) Follow up and evaluate the performances of development projects undertaken by the Regional Government; in collaboration with the concerned bodies;
20) Bring before court and cause their manner of administration to be decidedthe movable and immovable properties not administered under any government body or person and properties without owners;
21) Sign contractual agreements of internal loan acquired by the government on behalf of the government; administer; control its implementation;
22) Conduct inspection on the government money and resources; take; cause to be taken corrective measure;
23) Cause receipts in which revenues of the Region shall be collected to be printed; disseminate to the concerned body; recollect the invalid ones; control same;
24) Cause enforcement of the citizenship service provision of the region in accordance with the law; take its data; coordinate the concerned bodies.

**21. Public Service and Human Resources Development Bureau**

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Implement; cause implementation of the policies, strategies and laws issued regarding the organization, working systems and human resource development; follow up; evaluate; make necessary adjustments;

2) Kenna tajaajila manneen hojii mootummaa naannichaa ilaalchisee yaada imaammataa ni burqisiisa; hojimaata ni diriirsa; hojiira ni oolcha;
3) Imaammata leenjiin biyya keessaafi alaa itti raawwatamu qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
4) Karoora tarsiimaa'aa bulchiinsa qabeenya namaa naannichaa qopheessee mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni godha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; ni madaala;
5) Karoora tarsiimaa'aa bulchiinsa qabeenya namaa naannichaa irratti sirreeffamni akka taasiifamu mootummaaf yaada ni dhiyeessa; yeroo hayyamamu sirreeffama ni godha;
6) Gahumsaafi bu'aa qabeessummaa pabliik sarviisii naannichaa yeroo yeroon ni madaala; tooftaalee gahumsaafi bu'a qabeessummaan pabliik sarviisii naannichaa itti ijaaramu ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
7) Dhaabbileen ijaarsa dandeetiitiif barbaachisaa ta'an akka hundeeffamaniif mootummaa naannichaaf yaada ni dhiyeessa; yeroo hayyamamu qaamota dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha; dhaabbilee kana ni deeggara; ni cimsa;
8) Manneen hojii mootummaa keessatti hojii dandeettii raawwachiisummaa cimsuuf hojjetamaniif deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
9) Dandeettii raawwachiisummaa dubartootaa guddisuuf xiyyeeffannaa addaatiin ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa; ni hordofa;
10) Hojiiwwan riifoormii naannicha keessatti gaggeeffaman irratti qorannoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; riifoormichi hojiirra akka oolu xiyyeeffannoo addaatiin ni hojjeta; deeggarsa ni kenna;

2) የክልሉን መንግሥት መሥሪያ ቤቶች አገልግሎት አሰጣጥን በተመለከተ የፖሊሲ ሃሣብ ያመነጫል፤ አሠራር ይዘረጋል፤ ተግባር ላይ ያውላል፤
3) የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር ሥልጠና የሚፈፀምበት ፖሊሲን በማዘጋጀት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ ያውላል፤ ስራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
4) የክልሉን የሰው ሀብት አስተዳደር ስትራቴጂካዊ ዕቅድ አዘጋጅቶ ለመንግስት ያቀርባል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ተግባር ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ይገመግማል፤
5) በክልሉ የሰው ሀብት አስተዳደር ስትራቴጂካዊ ዕቅድ ላይ ማስተካከያ እንዲደረግ ለመንግስት ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ማስተካከያውን ያደርጋል፤
6) የክልሉን ፐብሊክ ሰርቪስ ብቃትና ውጤታማነት በየጊዜው ይመዝናል፤ የክልሉን ፐብሊክ ሰርቪስ ብቃትና ውጤታማነት የሚገነባበት ሥልቶችን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
7) ለአቅም ግንባታ አስፈላጊ የሆኑ ድርጅቶች እንዲቋቋሙ ለክልሉ መንግስት ሀሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድ ከሚመለከተው አካል ጋር ሥራ ላይ ያውላል፤ እነዚህን ድርጅቶች ይደግፋል፤ እንዲጠናከሩ ያደርጋል፤
8) በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ የማስፈፀም አቅምን ለማጎልበት ለሚሰሩ ሥራዎች አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፤
9) የሴቶችን የማስፈፀም አቅም ለማሳደግ በልዩ ትኩረት ይሰራል፤ እንዲሰራ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤
10) በክልሉ በሚካሄዱ የሪፎርም ሥራዎች ላይ ምርምር ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ ሪፎርሙ ሥራ ላይ እንዲውል በልዩ ትኩረት ይሰራል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤

2) Initiate policies regarding the service provision of the regional state; establish work practices and implement same;
3) Formulate policies regarding execution of domestic and overseas training and submit to the concerned body; implement same upon approval; follow up its implementation;
4) Prepare the human resource strategic plan of the region and submit to the government; cause same to be implemented upon its approval; follow up; control and evaluate its implantation;
5) Suggest its opinion to the government regarding the adjustments to be made on the strategic plan of the human resource management of the region; make such adjustments upon its approval;
6) Evaluate the competence and efficiency of the public service of the region periodically; prepare mechanisms of building the competency and efficiency of the public service of the region; follow up its implementation;
7) Recommend its opinion for the establishment of institutions necessary for capacity building; implement them together with other concerned bodies up on its approval; support and strengthen these institutions;
8) Provide necessary support for capacity building activities undertaken in government offices;
9) Work with special focus for mounting the performance capacities of women; cause to be performed accordingly; follow up same;
10) Prepare and implement a special capacity building program for the districts which need special focus, follow up its implementation;

11) Waltajjiiwwan ummataa, leenjiiwwaniifi woorkishooppii bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf gargaaran ni qopheessa; leenjii ni kenna; akka kennamu ni taasisa; bu'aa isaa ni madaala;
12) Sagantaalee ijaarsa dandeettii seektara mootummaa ni qindeessa; kenniinsi tajaajilaa dhaabbilee mootummaa ittifufiinsaan akka fooyya'u tooftaa ni diriirsa; raawwii isaa ni hordofa; ni madaala;
13) Manneen hojii mootummaa sadarkaa hundatti argamu keessatti sirni bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf dandeessisu diriiruu isaa ni mirkaneessa; akka diriiru ni taasisa; deeggarsa ni kenna;
14) Muuxannoowwan gaggaarii raawwii bulchiinsa gaarii keessatti argaman qindeessuudhaan bakka hundatti akka babal'atan ni taasisa;
15) Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaafi damee dhuunfaa keessatti tooftaa qabeenyi namaa itti fufiinsaan itti misoomuufi faayidaa irra itti oolu ni baasa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
16) Foo'annaafi filannoo hojjettoota mootummaa naannichaa gahumsa irratti kan hundaa'e akka ta'u qajeelfama dandeessisu ni baasa; hojiirra oolmaa isaa ni to'ata; ni madaala; akka barbaachisummaa isaatti sirreeffama ni godha;
17) Pabliik sarviisiin naannichaa gahumsaafi raawwii hojiirratti hundaa'ee kaffaltiifi onnachiiftuu adda addaa akka argatu sirna dandeessisu ni diriirsa; bu'a qabeessummaa isaa ni madaala; tarkaanfii fooyya'iinsaa barbaachisaa ta'e hunda ni fudhata;
18) Sirna hordoffii naamusa hojjettoota mootummaa naannichaa ni diriirsa; raawwii isaa ni hordofa;
19) Manneen hojii mootummaa naannichaa keessatti istaandaardiin kenniinsa tajaajilaafi sirni keessumeessa komii diriiruufi hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; bakka hanqinni ji-rutti sirreeffamni barbaachisaa ta'e akka taasifamu ni godha;

11) መልካም አስተዳደርን ለማረጋገጥ የሚረዱ ህዝባዊ መድረኮችን፣ ሥልጠናዎችን እና ወርክ ሾፖችን ያዘጋጃል፤ ሥልጠና ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤ ውጤቱን ይመዝናል፤
12) የመንግስት ሴክተር የአቅም ግንባታ ፕሮግራሞችን ያቀናጃል፤ የመንግስት ተቋማት አገልግሎት አሰጣጥ ሁኔታ በቀጣይነት የሚሻሻልበትን ሥልት ይዘረጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይመዝናል፤
13) በሁሉም ደረጃ በሚገኙ የመንግስት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ መልካም አስተዳደርን እውን ለማድረግ የሚያስችል ሥርዓት መዘርጋቱን ያረጋግጣል፤ እንዲዘረጋ ያደርጋል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤
14) በመልካም አስተዳደር አፈፃፀም ሂደት ውስጥ የተገኙ መልካም ተሞክሮዎችን በማቀናጀት በሁሉም ሥፍራዎች እንዲስፋፉ ያደርጋል፤
15) በመንግስት መሥሪያ ቤቶች፣ በመንግስት ልማት ድርጅቶች እና በግል ዘርፍ ውስጥ የሰው ሀብት በቀጣይነት የሚለማበትንና ጥቅም ላይ የሚውልበትን ስልት ይቀይሳል፤ አፈፃፀሙንም ይከታተላል፤
16) የክልሉ የመንግስት ሠራተኞች ምልመላ እና መረጣ በችሎታ ላይ የተመሠረተ እንዲሆን የሚያስችል መመሪያ ያወጣል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ይመዝናል፤ እንደ አስፈላጊነቱ ማስተካከያ ያደርጋል፤
17) የክልሉ ፐብሊክ ሰርቪስ በብቃትና ሥራ አፈፃፀም ላይ ተመሥርቶ ክፍያና የተለያዩ ማበረታቻዎችን እንዲያገኝ የሚያስችል ሥርዓት ይዘረጋል፤ ውጤታማነቱን ይመዝናል፤ አስፈላጊውን ማሻሻያ እርምጃ ሁሉ ይወስዳል፤
18) የክልሉ መንግሥት ሠራተኞች ሥነ ምግባር መከታተያ ሥርዓት ይዘረጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
19) በክልሉ መንግሥት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ የአገልግሎት አሰጣጥ ስታንዳርድና የቅሬታ ማስተናገጃ ሥርዓት መዘርጋቱንና በሥራ ላይ መዋሉን ያረጋግጣል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ አስፈላጊው እርምት እንዲደረግ ያደርጋል፤

11) Prepare or organize public forums, trainings and workshops that help to ensure good governance; provide; cause trainings to be provided; the trainings; evaluate its result;
12) Coordinate the capacity building programs of the government sector; establish mechanism which help to sustainably improve the service delivery of government sector; follow up and evaluate its implementation;
13) Ensure whether the system that help to realize good governance is established in all the government offices found at each hierarchy; cause same to be established; provide support;
14) Organize best practices acquired in the implementation of good governance and cause it to be expanded in all areas;
15) Devise mechanism whereby the human resource shall be developed sustainably and be utilized in the government offices, public enterprises and private sectors; follow up its implementation;
16) Issue Directive that help the recruitment and selection of the public servants of the region to be based on competency; control and evaluate its implementation; make modifications as may be necessary;
17) Establish a system that enable the public servants of the region to get various payments and incentives based on competency and their work performances; evaluate its effectiveness; take all the necessary corrective measures;
18) Establish the public servants' Ethics follow up system of the regional state; and follow up its implementation;
19) Ensure the establishment and implementation of the standard of service provision and complaints handling system in government offices;

20) Sirna hooggansa odeeffannoo qabeenya namaa ammayyaa ta'e manneen hojii mootummaa naannichaa hunda keessatti ni diriirsa; haala walfakkaatuun akka ijaaramu ni taasisa; giddugaleessa madda ragaa kanaa ta'uun ni tajaajila;
21) Dhimma hojjettoota mootummaa umrii sooramaatii ol ta'an hojiirra tursuu irratti akkaataa seeraatiin murtii dhumaa ni kenna;
22) Sirna ramaddii sadarkaa gita hojii diriiru irratti hundaa'uun ramaddiin hojii pabliik sarvaantii akka raawwatamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
23) Manneen hojii mootummaa naannichaa aangoofi hojii seeraan kennameef hojiirra oolchuu isaanii ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
24) Aangoofi hojii manneen hojiitiif kenname ilaalchisee waldhabdeen yeroo uumamu bu'uura seeraatiin xiinxaluun furmaata akka argatu yaada murtii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yemmuu murtaa'u gurmaa'insi caasaa isaanii ni sirreessa; akka sirratu ni taasisa;
25) Sirrummaa gurmaa'insa manneen hojii mootummaa naannichaa irratti qorannoo gaggeessuun manneen hojii akka walitti makaman, akka diigaman, haaraan akka hundaa'an, itti waamamni isaanii akka jijjiiramu, aangoofi hojiin isaanii akka jijjiiramu, yaada murtii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu qaama dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha;
26) Ulaagaalee, hojmaataafi istaandaardii Caasaan bulchiinsa mootummaa haaraan sadarkaa gadiitti ittiin hundaa'u ni qorata; Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaaf ni dhiyeessa; yemmuu murtaa'u qaama dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha; tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;



20) በሁሉም የክልሉ መንግሥት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ ዘመናዊ የሰው ሀብት አመራር መረጃ ሥርዓት ይዘረጋል፤ በተመሳሳይ ሁኔታ እንዲደራጅ ያደርጋል፤ የዚህ መረጃ ምንጭ ማዕከል በመሆንም ያገለግላል፤
21) ከጡረታ ዕድሜ በላይ የሆኑ የመንግሥት ሠራተኞች ሥራ ላይ ስለ ሚቆዩበት ጉዳይ ላይ በህጉ መሠረት የመጨረሻ ውሳኔ ይሰጣል፤
22) በሚዘረጋው የሥራ መደብ ደረጃ ምደባ ላይ በመመሥረት የፐብሊክ ሰርቫንት ምደባ እንዲፈጸም ያደርገል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
23) የክልሉ መንግሥት ሠራተኞች በህግ የተሰጣቸውን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ ማዋላቸውን ይከታተላል፤ይደግፋል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
24) ለመሥሪያ ቤቶች የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር በተመለከተ አለመግባባት ሲፈጠር በሕጉ መሠረት በመመርመር መፍትሄ ያገኝ ዘንድ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የወሳኔ ሃሣብ ያቀርባል፤ ሲወሰንም የመዋቅራቸውን አደረጃጀት ያስተካክላል፤ እንዲስተካከል ያደርጋል፤
25) የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች አደረጃጀት ትክክለኛነት ላይ ጥናት በማካሄድ መሥሪያ ቤቶቹ እንዲዋሃዱ፤ እንዲፈርሱ፤ በአዲስ እንዲቋቋሙ፤ ተጠሪነታቸው እንዲለወጥ፤ ሥልጣንና ተግባራቸው እንዲለወጥ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የውሳኔ ሃሣብ ያቀርባል፤ሲፈቀድም ከሚመለከተው አካል ጋር ሥራ ላይ ያውላል፤
26) አዲስ የመንግሥት አስተዳደር መዋቅር በታችኛው ደረጃ የሚቋቋምበትን መስፈርቶች፤ አሰራርና ስታንዳርድ ያጠናል፤ሲወሰንም ከሚመለከተው አካል ጋር ሥራ ላይ ያውላል፤ ዝርዝሩ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤



20) Establish modern human resource information management system in all government offices; cause to be organized uniformly; serve as a center of this information sources;
21) Pass final decision pursuant to the law regarding retention of the public servants who are above retirement age;
22) Cause assignment of public servants to be performed based on the job level assignment system to be laid down; follow up its implementation;
23) Follow up the government offices of the region to implement the power and duties legally assigned to them; support them; take; cause to be taken corrective measure where there exist limitations;
24) In cases where there occur conflicts in connection with the power and duties assigned to government offices, it investigates in accordance with the law and submit its decision opinion to the Regional State Administrative Council for solution to be provided; readjusts; cause to be readjusted the organization of their structures up on approval;
25) Undertake study on the feasibility of organization of the government offices and submit its decision opinion to the Regional State Administrative Council for government offices to be merged or dissolved or newly established or their account-ability or their powers and duties to be changed; implement same in collaboration with the concerned body up on its approval;
26) Undertake study regarding the criteria, work practices and standards whereby the new Government Structure shall be established at lower level; submit same to the Regional State Administrative Council; implement same in collaboration with the concerned body up on its approval; Its particulars shall be determined by the Regulation to be issued.

27) Manneen hojii mootummaa gurmaa'insaafi fedhii humna namaa isaan barbaachisu haala itti murteeffachuu danda'an irratti qajeelfama ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

28) Foo'annoofi filannoo, ramaddii, guddina sadarkaa, daballii mindaa, jijjiirraa, leenjiifi naamusni pabliik sarvaantii akkaataa seeraafi qajeelfama mootummaatiin akka raawwatamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

29) Manneen hojii mootummaa keessatti akkaataa carraan hojii dubartootaa itti guddatuufi koreewwan dhimma hojjetaa ilaallatan keessattis haala itti hirmaatan ni mijeessa; hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

30) Manneen hojii mootummaa keessatti bulchiinsa qabeenya namaa ilaalchisee dhimmoota seeraan ala raawwataman qoratee tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

31) Madaallii raawwii hojii hojjettoota mootummaa ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

32) Komiifi iyyannoo hojjettoota mootummaa irraa dhiyaate akkaataa seeraatiin murtii ni kenna; ol'iyyannoo dhiyaate irratti murtii dhumaa ni kenna; murtii kenname ni raawwachiisa;

33) Hojjettoota gahumsa dhabuun yookiin hir'ina naamusaatiin hojiirraa geggeeffaman irraa iyyata dhiyaatu ilaaluun murtii dhumaa ni kenna;

34) Gosa kaffaltii durgoo, onnachiiftuu adda addaafi iskeelii mindaa qorachuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa;

27) የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች አደረጃጀታቸውን እና ሥለሚያስፈልጋቸው የሰው ሃይል ስለሚወስኑበት ሁኔታን አስመልክቶ መመሪያ ያዘጋጃል፤ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤

28) የመንግስት ሠራተኞች ምልመላና መረጣ፣ ምደባ፣ ዕድገት ደረጃ፣ የደመወዝ ጭማሪ፣ ዝውውር፣ ሥልጠና እና ሥነ ምግባር በመንግሥት ህግ እና መመሪያ መሠረት እንዲፈጸም ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤

29) በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ የሴቶች የሥራ ዕድል የሚያድግበትን እና የሰራተኞችን ጉዳይ በሚመለከቱ ኮሚቴዎች ውስጥም የሚሳተፉበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤

30) በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ውስጥ የሰው ሃብት አስተዳደርን በተመለከተ የሚፈጸሙትን ህገወጥ ጉዳዮች መርምሮ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

31) የመንግሥት ሠራተኞች የሥራ አፈፃፀም ምዘናን አስመልክቶ መመሪያ ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤

32) ከመንግሥት ሠራተኞች የሚቀርብ ቅሬታና አቤቱታን በሕጉ መሠረት ውሳኔ ይሰጣል፤ የሚቀርብ ይግባኝ ላይ የመጨረሻ ውሳኔ ይሰጣል፤ የተሰጠውንም ውሳኔ ያስፈፅማል፤

33) በብቃት ማጣት ወይም በሥነምግባር ጉድለት የተነሣ ከስራ ከተሰናበቱ ሰራተኞች የሚቀርብ አቤቱታን በመመርመር የመጨረሻ ውሳኔ ይሰጣል፤

34) የውሎ አበል ክፍያ ዓይነቶች፣ የተለያዩ ማበረታቻዎች እና የደሞዝ ስኬልን በማጥናት ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲወሰንም ሥራ ላይ ያውላል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤

27) Prepare Directives up on which government offices of the region can decide their organizational setup and their human resource demands; cause it to be implemented upon approval and follow up its implementation;

28) Cause the recruitment and selection, assignment; promotion, salary increment, transfer, training and ethics of public servants to be implemented in accordance with the law and directive of the government; follow up its implementation;

29) Facilitate conditions whereby women's employment opportunity can be developed and their participation in the committees related to the issues of workers in the government offices; cause it to be implemented; follow up its implementation;

30) Study and take; cause to be taken corrective measures on illegal acts committed regarding human resources management in government offices;

31) Issue Directive on the work performance evaluation of the public servants; implement; cause to be implemented upon its approval; follow up its implementation;

32) Render decisions on the grievances and complaints received from the public servants in accordance with the law; provide final decision on appeal cases of public servants; cause enforcement of the decision provided;

33) Pass final decision on the application submitted by public servants objecting the dismissal due to incompetency or disciplinary problem;

34) Study the types of performing allowances; various incentives and salary scale and submit same to the Regional Administrative Council; implement same upon approval; follow up its implementation;

35) Manneen hojii mootummaa amala addaa qaban irratti bu'uureffachuudhaan iskeeliin mindaa adda ta'e akka qoratamu mootummaan yammuu ajajamu qoratee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu raawwii isaa ni hordofa;
36) Tooftaalee pabliik sarviisii naannichaa jijjiiran yeroo yeroon qorachuun hojiirra akka oolan ni taasisa.

## 22. Biiroo Barnootaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qulqullinni barnootaa naannicha keessatti kennamu gahumsaafi sirrummaa kan qabu ta'uu isaa ni mirkaneessa;
2) Afaan Oromoo afaan barnootaa, afaan qo'annoofi saayinsiifi teknolojii ta'ee akka guddatu qaamota dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
3) Ijoolleen umriin isaanii barnootaaf gahe haala barumsa itti argatan ni karoorsa; barnoonni bu'uuraa nama barachuu danda'u hunda akka walgahu ni taasisa;
4) Tooftaa hirmaannaan barattoota dubartootaa itti dabaluufi harca'ina xiqqeessuu dandeessisu ni baasa; hojiirra ni oolcha;
5) Tooftaa dubartoonni barnoota irratti cimuun dorgomtoota gahaa ta'uu danda'an ni mijeessa; hojiirra ni oolcha;
6) Qaama miidhamtoonni carraa barumsaafi meeshaalee barumsaa haala itti argataniifi naannoon dhaabbilee barnootaa mijaa'aa akka ta'u ni hojjeta;
7) Imaammata barnootaa biyyaa bu'uura godhachuun haala qabatamaa naannichaatiin sirna barnoota sadarkaa tokkoffaa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; Ministeera Barnootaa waliin ta'uun sirna barnootaa sadarka lammaffaa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha;

35) ልዩ ባህሪ ያላቸው የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ላይ ተመስርቶ ልዩ የደምወዝ ስኬል እንዲጠና በመንግሥት ሲታዘዝ አጥንቶ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
36) የክልሉን የፐብሊክ ሰርቪስ የሚለውጡ ሥልቶችን በየጊዜው በማጥናት ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፡፡

## 22. የትምህርት ቢሮ

ቢሮው የሚከተው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በክልሉ ውስጥ የሚሰጠው ትምህርት ብቃት እና አግባብነት ያለው መሆኑን ያረጋግጣል፤
2) አፋን ኦሮሞ የትምህርት፣ የጥናትና ምርምር እና የሳይንስና ቴክኖሎጂ ቋንቋ ሆኖ እንዲያድግ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሠራል፤
3) ዕድሜያቸው ለትምህርት የደረሱ ሕጻናት ትምህርት ስለሚያገኙበት ሁኔታ ያቅዳል፤ መሠረተ ትምህርት መማር ለሚችሉ ሰዎች ሁሉ እንዲዳረስ ያደርጋል፤
4) የሴት ተማሪዎች የትምህርት ተሣትፎ የሚጨምርበትን እና ከትምህርት ማቋረጥ የሚቀንስበትን ሥልት ይቀይሳል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤
5) ሴቶች በትምህርታቸው በመጠንከር ብቁ ተወዳዳሪ ሲሆኑ የሚችሉበትን ሥልት ያመቻቻል፤ ሥራ ላይ ያውላል
6) አካል ጉዳተኞች የትምህርት ዕድልና የትምህርት መሣሪያዎች የሚያገኙበትን ሁኔታ ማመቻቸት እና የትምህርት ተቋማት ከባቢ አመቺ እንዲሆን ይሰራል፤
7) የአገሪቱን የትምህርት ፖሊሲ መሠረት በማድረግ እንደ ክልሉ ተጨባጭ ሁኔታ የአንደኛ ደረጃ ሥርዓተ ትምህርትን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ከትምህርት ሚኒስቴር ጋር በመሆን የሁለተኛ ደረጃ ሥርዓተ ትምህርት ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤

35) Undertake study of special salary scale based on government offices having special character where so is ordered by the government and submit same to the Regional Administrative Council; implement same up on its approval; follow up its implementation;
36) Study mechanisms that can improve the public service of the region periodically and cause same to be implemented.

## 22. Education Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Ensure that the quality of education provided in the region to be efficient and appropriate;
2) Work in collaboration with the concerned body to enable Afan Oromo promoted as a medium of instruction, research and science and technology;
3) Plan to ensure that all school age children acquire education; cause basic education to be accessible for all persons who can learn;
4) Devise mechanism that helps for increasing the participation of female students and reducing school dropouts; implement same;
5) Devise a mechanism that help women to be dedicated on their learning and thereby able to be competent; implements same;
6) Work to create a situation in which persons with disabilities can get education opportunity and education materials and it also works to make their environments of educational institutions suitable to them;
7) Depending on the national education policy, prepare elementary school education curriculum as per the tangible condition of the region; implement same; ;prepare secondary school curriculum in collaboration with Ministry of Education; implement same;

8) Kitaabota barataa, qajeelcha barsiisaafi siilabasii barnootaa sadarkaa 1ffaa ni qopheessa; ni maxxansa; ni raabsa; meeshaalee deeggarsaa barnootaafi kitaabota wabii qopheessuun yookiin bituun manneen barnootaatiif akka raabsamu ni taasisa;
9) Dhaabbilee barnootaa naannicha keessa jiran hundi istaandaardii guutamuu qabu akka guutan ni hojjeta; ni mirkaneessa; dhaabbilee barnootaa leenjii kennaniif beekamtii ni kenna; ni hordofa; ni to'ata; ni haqa;
10) Barsiisotaafi ogeeyyii barnootaa sadarkaa 1ffaa ni leenjisa; ramaddii isaanii ni gaggeessa; hooggantoota, barsiisotaafi ogeeyyii barnootaatiif leenjii hojiirraa ni kenna; deeggarsaafi hordoffii ni taasisa;
11) Qorumsa kutaa saddeetii sadarkaa naannootti kennamu ni qopheessa; akka kennamu ni taasisa; qormaata sadarkaa biyyaalessaatti qophaa'ee ergame manneen barnootaa naannichaa keessatti hordofuun ni raawwachiisa;
12) Gahumsa qormaataafi waraqaa ragaa sadarkaa naannichaatti qophaa'ee kennamu ni mirkaneessa;
13) Manneen barnootaa, dhaabbileefi kolleejota leenjii barsiisotaa naannichatti argaman ni hooggana; ni bulcha; ni deeggara; haaraan akka hundeeffamu qaama dhimmi ilaaluuf yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
14) Dhaabbileen mootummaa, miti mootummaafi abbootiin qabeenyaa manneen barnootaa oolmaa daa'immanii irraa eegalee hanga sadarkaa lammaffaatti akka banan ni jajjabeessa; haarawa banuufis ta'e sadarkaa guddisuuf gaaffiin yammuu dhiyaatu sadarkaa isaa kan eege ta'uu isaa ni qorata; hayyama ni kenna; ni haqa; raawwii isaa ni hordofa; investimentii barnoota irratti taasifamu hunda ni jajjabeessa;



8) የአንደኛ ደረጃ ትምህርት የተማሪዎች መጽሐፍት የመምህሩ መምሪያ እና የትምህርት ሲለበስ ያዘጋጃል፤ ያሳትማል፤ ያሰራጫል፤ የትምህርት መርጃ መሣሪያዎች እና ዋቢ መጽሃፍት በማዘጋጀት ወይም በመግዛት ለትምህርት ቤቶች እንዲሰራጭ ያደርጋል፤
9) በክልሉ ውስጥ ያሉ የትምህርት ተቋማት በሙሉ መሟላት ያለበትን ስታንዳርድ እንዲያሟሉ ይሰራል፤ ያረጋግጣል፤ ሥልጠና ለሚሰጡ የትምህርት ተቋማት ዕውቅና ይሰጣል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ይሰርዛል፤
10) የአንደኛ ደረጃ መምህራን እና የትምህርት ባለሙያዎችን ያሠለጥናል፤ ምደባቸውን ያካሄዳል፤ለሐላፊዎች፣ ለመምህራን እና ለትምህርት ባለሙያዎች የሥራ ላይ ሥልጠና ይሰጣል፤ ድጋፍና ክትትል ያደርጋል፤
11) በክልል ደረጃ የሚሰጠውን የ8ኛ ክፍል ፈተና ያዘጋጃል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤በብሔራዊ ደረጃ ተዘጋጅቶ የሚላከውን ፈተና በክልሉ ትምህርት ቤቶች ውስጥ ተከታትሎ ያስፈፅማል፤
12) በክልል ደረጃ ተዘጋጅቶ የሚሰጠውን ፈተና እና የምስክር ወረቀት ብቃት ያረጋግጣል፤
13) በክልሉ ውስጥ የሚገኙትን ትምህርት ቤቶች እና የመምህራን ማሠልጠኛ ተቋማት እና ኮሌጆችን ይመራል፤ያስተዳድራል፤ይደግፋል፤አዲስ እንዲመሰረት ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ሃሣብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
14) የመንግሥት ድርጅቶች፤መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶችና የግል ባለሀብቶች ከመዋለ ሕፃናት ጀምሮ እስከ ሁለተኛ ደረጃ ትምህርት ቤቶች እንዲከፍቱ ያበረታታል፤ አዲስ ለመክፈትም ሆነ ደረጃውን ለማሳደግ ጥያቄ ሲቀርብ ደረጃውን የጠበቀ ሥለመሆኑ ይመረምራል፤ ፈቃድ ይሠጣል፤ ይሠርዛል፤፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ በትምህርት ላይ የሚደረገውን ኢንቨስትመንት ሁሉ ያበረታታል፤



8) Prepare elementary school students' text books, teacher's guide and education syllabus; publish; disseminate; prepare or purchase supplementary educational materials and reference books and cause them to be dispatched for schools;
9) Work to enable all educational institutions in the region to fulfill the required standard; ensure same; provide accreditation for the institutions providing trainings; follow up; control and cancel same;
10) Train elementary school teachers and education professionals; assign them; provide on job training for the heads, teachers and educational professionals; make support and follow up for them;
11) Prepare grade 8 examination to be provided at regional level and cause same to be given; follow up and cause to be executed the examinations prepared at national level in all schools of the regional state;
12) Verify the efficiency of examinations and certificates prepared and issued at regional level;
13) Direct; administer and support the schools, teacher's training institutions and collages in the region; submit his proposal to the concerned body for the establishment new ones; cause to be implemented up on its approval;
14) Encourage governmental and non-governmental organizations and private investors to open schools from kindergartens up to secondary school level; issue license for those who apply for opening new ones or for upgrading the already existing ones upon examining that they meet the required standard; cancel same; supervise its implementation and encourage all investments on education;

15) Manneen barnootaa dhuunfaa naannicha keessatti hojii barnootaa irratti bobba'an sirna barnootaa mootummaan bahe bu'uureffachuun hojjechuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

16) Pirojektota sagantaa barnootaa raawwachiisuuf gargaaran ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; manneen barnootaafi kolleejota leenjii barsiisummaa kennaniif deeggarsa ogummaa ni kenna;

17) Barnoota ga'eessotaa qindaa'aa gocha irratti xiyyeeffateefi barnoota bu'uuraa lammiilee sababa adda addaan barnoota idilee hin arganneef sagantaa ni diriirsa; sirna barnootaa ni qopheessa; qaamolee mootummaa biroo waliin qindoominaan hojiirra ni oolcha;

18) Tajaajiloota barnoota dubartootaa, daa'immaniifi ga'eessotaatiif deeggarsa ni kenna;

19) Sagantaaleen barnootaa meeshaalee qunnamtii hammayyaatiin akka deeggaraman ni taasisa;

20) Barnoonni teknolojii qunnamtii odeeffannoo, saayinsii uumamaafi herregaa dhaabbileefi manneen barnootaa keessatti xiyyeeffannoon akka kennamu ni taasisa; ni hooggana;

21) Qo'annoowwan hojii baruufi barsiisuu gabbisuu dandeessisan ni gaggeessa; giddugalli qo'annoofi qorannoo akka hundeeffamu ni taasisa; ni bulcha; qo'annoowwan sadarkaa biyyaatti gaggeeffamaniif deeggarsa barbaachisaa ni kenna;

22) Dargaggoonniifi daa'imman naamusaafi haamilee gaarii horachuudhaan abdii biyyaa ta'uu haala itti danda'an ilaalchisee barnoonni lammummaafi naamusaa sagantaa barnootaa keessatti hammatamuufi ittiin barsiifamuu isaa ni mirkaneessa;

23) Sirni alaabaafi faaruun naannichaa manneen barnootaa keessatti hojiirra ooluu isaa ni to'ata;

15) በክልሉ ውስጥ በማስተማር ሥራ ላይ የተሰማሩ የግል ትምህርት ቤቶች በመንግሥት በወጣው የትምህርት ሥርዓት መሠረት እየሠሩ መሆናቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤

16) የትምህርት ፕሮግራሞችን ለማስፈፀም የሚረዱ ፕሮጀክቶችን ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፤ የመምህርነት ሥልጠና ለሚሰጡ ትምህርት ቤቶች እና ኮሌጆች የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤

17) ተግባር ተኮር የተቀናጀ የጎልማሶች ትምህርት እና መሠረተ ትምህርት በተለያዩ ምክንያቶች መደበኛ ትምህርት ላላገኙ ዜጎች ፕሮግራም ይዘረጋል፤ ሥርዓተ-ትምህርት ያዘጋጃል፤ ከሌሎች የመንግሥት አካላት ጋር በመቀናጀት ሥራ ላይ ያውላል፤

18) ለሴቶች፣ ለሕፃናት እና ለጎልማሶች የትምህርት አገልግሎቶች ድጋፍ ይሠጣል፤

19) የትምህርት ፕሮግራሞች በዘመናዊ የኢንፎርሜሽን ቴክኖሎጂ መሣሪያዎች እንዲታገዙ ያደርጋል፤

20) የኢንፎርሜሽን ቴክኖሎጂ፣ የተፈጥሮ ሣይንስ እና ሂሳብ ትምህርቶች በትምህርት ቤቶች ውስጥ ልዩ ትኩረት እንዲሰጣቸው ያደርጋል፤ ይመራል፤

21) የመማር ማስተማር ሥራን ለማዳበር የሚያስችሉ ጥናቶችን ያካሄዳል፤የጥናትና ምርምር ማዕከል እንዲመሠረት ያደርጋል፤ያስተዳድራል፤ በአገር አቀፍ ደረጃ ለሚካሄዱ ጥናቶች አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፤

22) ወጣቶችና ህፃናት በመልካም ሥነ-ምግባርና ሞራል ታንጸው የሀገር አለኝታ መሆን የሚችሉበት ሁኔታ ጋር ተያይዞ የሥነ ዜጋ እና የግብረገብ ትምህርት በትምህርት ካሪኩለም ውስጥ መካተቱንና ትምህርትም እየተሰጠበት መሆኑን ያረጋግጣል፤

23) የሰንደቅ ዓላማና የክልሉ መዝሙር ሥነ-ስርዓት በክልሉ ውስጥ ባሉ ትምህርት ቤቶች ውስጥ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤

15) Follow up that the private education institutions engaged in education activity in the regional state to function based on the educational curriculum of the government; control them; take rectifying measure on same;

16) Prepare projects that help for the implementation of education program and execute same up on approval; provide professional support for schools and teacher's training colleges;

17) Lay down programs of integrated practice based adult education and basic education strategy for the citizens who have lost access for regular education for various reasons; prepare education curriculum; work in collaboration with other government bodies;

18) Provide support for women, children and adults education services;

19) Cause educational programs to be supported by modern information communication technology;

20) Cause education of information communication technology, natural science and mathematics provided in institutions and schools to be provided with due emphasis; manage same;

21) Undertake studies that help to enhance the teaching learning activities; cause study and research center to be established ; administer same; give necessary support for the studies undertaken at national level;

22) Ensure that the civic and ethical education to be incorporated in the education curriculum and be used as teaching material of the youth and children with the view to enable them be equipped with better ethics and moral values and be the future responsible resources of the country;

23) Supervise the proper implementation of the regional flag and anthem celebration in the schools of the regional state;

24) Ittisni HIV/AIDS, eegumsi naannoo, barumsi jabeenya qaamaafi barmaatileen boodatti hafoo ta'an haala ittiin maqfamaniifi barumsi kennamu cimsuu dandeessisu ilaalchisee sagantaa barnootaa keessa galchuun hojiirra ni oolcha;
25) Manneen barnootaa keessatti tajaajiloota adda addaa barattootaaf kennaman ni qindeessa;
26) Dhaabbilee gargaarsaafi abbootii qabeenyaa barnoota naannichaa babal'isuufi fooyyessuuf gargaarsaafi deeggarsa taasisan waliin qunnamtii ni uuma; ni jajjabeessa; ni qindeessa;
27) Ragaa gahumsa barsiisummaafi hooggansa dhaabbilee barnootaa ni kenna; qorumsa ni qopheessa;
28) Leenjii yeroo gabaabaa, idileefi alidilee ta'aniif sirna barnootaa ni qopheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa; leenjii dandeettii barsiisummaafi hooggansa barnootaa cimsu ni qindeessa;
29) Ragaa barnootaa waliigalaa naannichaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni tamsaasa;
30) Sirna dhaabbileen barnootaa galii itti maddisiisaniifi itti fayyadaman ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa.

## 23. Biiroo Fayyaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Barnoota bu'uura fayyaa hawaasaaf ni kenna; ekisteenshinii fayyaa hojiirra ni oolcha; akka babal'atu ni taasisa;
2) Hospitaalota, buufataalee eegumsa fayyaa, keellaawwan fayyaa, dhaabbilee qorannoo fayyaa, laaboraatooriiwwaniifi wiirtuuwwan dandamannaa fayyaa ni gurmeessa; ni babal'isa; ni bulcha; ijaarsa pirojektoota dhaabbilee fayyaa ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;



24) የኤች.አይ.ቪ. /ኤድስ መከላከል፣ የአካባቢ ጥበቃ፣ የሰውነት ማጎልመሻ ትምህርትና ጎጂ ልማዳዊ ድርጊቶች የሚወገዱበት ሁኔታ ላይ የሚሰጠውን ትምህርት ማጠናከርን በተመለከተ በትምህርት መረሃ-ግብር ውስጥ በማካተት ሥራ ላይ ያውላል፤
25) በትምህርት ቤቶች ውስጥ ለተማሪዎች የሚሰጡትን የተለያዩ አገልግሎቶች ያቀናጃል፤
26) የክልሉን ትምህርት ለማስፋፋትና ለማሻሻል ዕርዳታና ድጋፍ ከሚያደርጉ የዕርዳታ ድርጅቶችና ባለሀብቶች ጋር ግንኙነት ይፈጥራል፤ ያበረታታል፤ ያቀናጃል፤
27) የመምህርነት እና የትምህርት ተቋማት አመራርነት የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሠጣል፤ ፈተና ያዘጋጃል፤
28) ለአጭር ጊዜ፣ ለመደበኛና መደበኛ ላልሆኑ ስልጠናዎች ሥርዓተትምህርት ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ የማስተማርና የትምህርት አመራርነት አቅም የሚገነባ ሥልጠና ያቀናጃል፤
29) የክልሉን አጠቃላይ ትምህርት መረጃዎች ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ያሰራጫል፤
30) የትምህርት ተቋማት ገቢ የሚያመነጩበትና የሚጠቀሙበትን ሥርዓትን በተመለከተ መመሪያ ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡

## 23. ጤና ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) መሠረታዊ የጤና ትምህርት ለህብረተሰቡ ይሠጣል፤ የጤና ኤክስቴንሽንን ሥራ ላይ ያውላል፤ እንዲስፋፋ ያደርጋል፤
2) ሆስፒታሎችን፣ የጤና ጣቢያዎችን፣ ጤና ኬላዎችን፣ የጤና ምርምር ተቋማትን፣ ላቦራቶዎችን እና የማገገሚያ መዕከላትን ያደራጃል፤ ያስፋፋል፤ ያስተዳድራል፤ የጤና ተቋማት ግንባታ ፕሮጀክቶችን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤



24) Regarding mechanisms enabling for prevention of HIV/AIDS, environmental protection, physical education and prevention of harmful traditional practices can be avoided and strengthening education to be provided, it implements same by incorporating in the education curriculum;
25) Coordinate various services provided to students in schools;
26) Create relationships with aid providing organizations and private investors providing assistances and support for the expansion and improvement of education in the region; encourage; coordinate same;
27) Provide teaching and leadership competency certificate for educational institutions; prepare examination;
28) Prepare education curriculum for short term, formal and informal training; cause to be implemented; provide capacity building trainings of teaching and educational leadership;
29) Collect, organize and distribute the general education data of the region;
30) Prepare directives regarding income generation and utilization system of educational institutions; cause same to be implemented up on its approval.

## 23. Health Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Provide basic health education for the society; implement health extension and cause same to be expanded;
2) Organize, expand and administer hospitals, health centers, health care stations and health care research institutions, laboratories and health rehabilitation centers; expand; administer; follow up and supervise construction projects of health institutions; take rectifying measures where there exist drawbacks;

3) Dhaabbileen fayyaa Mootummaa humna namaafi meeshaalee fayyaa barbaachisaa ta'aniin akka guutaman ni taasisa;
4) Qajeelfama kenniinsaafi bulchiinsa tajaajila fayyaa qoratee ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;
5) Boordiifi koreen hooggansaa hospitaalaafi buufataalee fayyaa keessatti akkaataa seeraatiin akka hundeeffaman ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; akka hojiirraa gaggeeffaman ni taasisa;
6) Sagantaalee, pirojektotaafi dhimmoota fayyaa ilaallatan irratti abbootii qabeenyaafi dhaabbilee miti-mootummaa waliin ni hojjeta;
7) Abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyya alaa hoospitaala, buufata eegumsa fayyaa, kilinika fayyaa, laaboraatoriifi faarmaasii hundeessaniif hayyama ni kenna; kanneen qaama biraatiin kennameef dabalatee sadarkaafi qulqullina bahe eeganii hojjechuu isaanii ni to'ata;
8) Dhaabbileen fayyaa mootummaafi dhuunfaa taateewwan dhalootaafi du'aa dhaabbata isaanii keessatti uumaman sirnaan galmeessanii akka qabataniifi qaama taateewwan galmeessuuf aangoo qabuuf ragaa akka dabarsan ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
9) Leenjii koollejjota fayyaa Mootummaa keessatti kennamu ulaagaalee Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaatiin qophaa'e irratti hundaa'uun akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
10) Ogeessonni hojii tajaajila fayyaa ummataa irratti bobba'an sadarkaa murteeffame guutuu isaanii ni mirkaneessa; qulqullinniifi naamusni hojii eegamuu isaa ni to'ata;
11) Ogeessota fayyaa koolleejjii saayinsii fayyaa mootummaa, dhuunfaafi dhaabbilee miti-mootummaa irraa eebbifamaniif hayyama hojii ogummaa ni kenna; leenjii hojiirraa ni qopheessa; ni kenna;

3) የመንግስት የጤና ተቋማትን በአስፈላጊው የሰው ኃይልና የጤና መሣሪያዎች እንዲሟሉ ያደርጋል፤
4) የጤና አገልግሎት አሰጣጥ እና አስተዳደር መመሪያ አጥንቶ ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
5) በሆስፒታሎችና በጤና ጣቢያዎች ውስጥ የሥራ አመራር ቦርድ እና ኮሚቴ በህግ መሠረት እንዲቋቋሙ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይደግፋል፤ ከሥራ እንዲሠናበቱ ያደርጋል፤
6) ጤናን በሚመለከቱ ጉዳዮች፣ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶች ላይ ከባለሀብቶችና መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች ጋር ይሠራል፤
7) ሆስፒታል፣ ጤና ጣቢያ፣ ጤና ክሊኒክ፣ ላቦራቶሪ እና ፋርማሲ ለሚያቋቁሙ የሃገር ውስጥ እና የውጪ ሀገር ባለሀብቶች ፈቃድ ይሠጣል፤ በሌላ አካል የተሰጣቸውንም ጨምሮ የወጣውን ደረጃና ጥራት ጠብቀው መሥራታቸውን ይቆጣጠራል፤
8) የመንግሥት እና የግል ጤና ተቋማት በተቋማቸው ውስጥ የሚከሰቱትን የውልደት እና ሞት ኩነቶች በአግባቡ መዝግበው እንዲይዙ እና መረጃውን ኩነቶችን ለመመዝገብ ሥልጣን ላለው አካል እንዲያስተላልፉ ያደርጋል፤ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድ ያደርጋል፤
9) በመንግሥት ጤና ኮሌጆች ውስጥ የሚሰጠው ሥልጠና በሥራ ዕድል ፈጠራና ሙያ ቢሮ በተዘጋው በመስፈርቶች ላይ በመመሥረት እንዲሰጥ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፤
10) በሕዝብ ጤና አገልግሎት ሥራ ላይ የተሰማሩ ባለሙያዎች የተቀመጠውን ደረጃ ማሟላታቸውን ያረጋግጣል፤ የሥራ ጥራትና ሥነ ምግባር መጠበቃቸውን ይቆጣጠራል፤
11) ከመንግስት የጤና ሣይንስ ኮሌጅ፤ ከግልና መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች ለሚመረቁ የጤና ባለሙያዎች የሙያ ፈቃድ ይሠጣል፤ የሥራ ላይ ሥልጠና ያዘጋጃል፤ ይሠጣል፤

3) Cause government health institutions to be furnished with necessary man power and health equipment;
4) Study and prepare health services provision and administration Directives; implement; cause it to be implemented up on its approval;
5) Cause establishment of the Boards and Administrative Committees in the Hospitals and Health Centers in accordance with the law; follow up and support; cause them to be dismissed from duty;
6) Work on programs, projects and issues related with Health in collaboration with investors and non-governmental organizations;
7) Issue license for domestic and foreign investors who have established Hospitals, health stations or posts, Clinics; Laboratories and Pharmacies; supervise them as they are functioning with due observance of the prescribed standard and quality including those licensed by other bodies;
8) Cause the government and non-governmental Health Institutions to properly register and maintain the birth and death events occurred in their respective institutions and send these evidences thereto to the bodies authorized to register vital events; follow up; supervise; take; cause to be taken rectifying measure areas where there exist limitation;
9) Cause the trainings in the government health colleges to be provided in accordance with the standard set by the Technical and Vocational Training Education Bureau; follow up; supervise and provide necessary support;
10) Ensure that the professionals engaged in public health services to meet the prescribed standards and supervise the quality and work ethics to be respected;
11) Provide professional license to Health Professionals who are graduated from Health Science Colleges of the government, private and non-governmental organizations; prepare and provide on job training;

12) Qorichi aadaafi tooftaaleen yaalaa aadaa fayyisuun isaanii mirkanaa'e yaala hammayyaa waliin wal simanii hojiirra akka oolan ni taasisa;
13) Qoricha bu'uuraa qulqullinnii-fi sadarkaan isaa eegame raabsiin isaa hordofamee ummata akka dhaqqabu ni taasisa;
14) Hojii haayijiniifi saaniteeshinii ummata keessatti ni gaggeessa;
15) Tajaajiloonni dhukkuba daddarbaa ittisuufi dhabamsiisuuf gargaaran akka kennamaniifi tarkaanfiiwwan biroo barbaachisaa ta'an akka fudhataman ni taasisa;
16) To'annoo kuwaaraantiinii fayyaa ummataa eeguuf taasifamu irratti ni hirmaata;
17) Dhibeewwan hanqina qulqullina bishaanii irraa maddan fayyaa hawaasaa irratti miidhaa akka hin dhaqqabsiisne haala itti fayyadama bishaanii irratti barnoota ni kenna; qulqullina isaa ni to'ata; akka to'atamu ni taasisa;
18) Iddoo nyaataa, dhugaatiifi kanneen biroo itti oomishamuufi qophaa'u, akkasumas kuufamu fayyaa namaafi Naannoo irratti miidhaa kan hin dhaqqabsiisne ta'uu isaa ni mirkaneessa; ni to'ata; qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii barbaachisaa ni fudhata;
19) Balfa dhangala'oofi gogaa, hafteewwan oomisha warshaaleefi magaalaa keessaa bahan fayyaa hawaasa naannoo irratti rakkoo akka hin uumne to'annoo ni raawwata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
20) Laaboraatorii maddi dhukkubaa itti qoratamu, to'annoo qulqullina nyaataafi dhugaatii qorichaa keessatti gaggeeffamu ni hundeessa; ni bulcha;
21) Baankii dhiigaa ni hundeessa; ni bulcha;
22) Dhaabbilee tajaajila fayyaan walqabatan ilaalchisee waraqaa gahumsaa ni kenna; ni to'ata;
23) Akkaataa imaammataafi tarsiimoo barnoota leenjii teeknikaafi ogummaatiin kollejjoota saayinsii fayyaa mootummaa ni hundeessa; ni bulcha;



12) ፍቱንነታቸው የተረጋገጡ የባህል መድኃኒቶች እና የህክምና ጥበቦችን ከዘመናዊ ህክምና ጋር ተጣጥመው ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤
13) ጥራቱና ደረጃው የተጠበቀ መሠረታዊ መድሀኒት ስርጭቱ ክትትል ተደርጎበት ለህዝቡ እንዲደርስ ያደርጋል፤
14) በህብረተሰቡ ውስጥ የሃይጂን እና ሳኒቴሽን ሥራ ያካሄዳል፤
15) ተላላፊ በሽታዎችን ለመከላከልና ለማጥፋት የሚረዱ አገልግሎቶች እንዲሰጡና ሌሎች አስፈላጊ የሆኑ እርምጃዎች እንዲወሰዱ ያደርጋል፤
16) የህዝቡን ጤና ለመጠበቅ በሚደረግ የኳራንቲን ቁጥጥር ሥራ ላይ ይሣተፋል፤
17) ከውሃ ንፅህና ጉድለት የሚመነጩ በሽታዎች በህብረተሰቡ ጤና ላይ ጉዳት እንዳያደርሱ በውሃ አጠቃቀም ላይ ትምህርት ይሠጣል፤ ንፅህናውን ይቆጣጠራል፤ ቁጥጥር እንዲደረግበት ያደርጋል፤
18) ምግብ፣ መጠጥና ሌሎች መሰል ነገሮች የሚመረቱበትና የሚዘጋጁበት እንዲዚሁም የሚከማቹበት ቦታ በሰው ጤናና በአካባቢ ላይ ጉዳት የማያደርሱ መሆኑን ያረጋግጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል፤
19) ከከተማ የሚወጡ ደረቅና ፈሳሽ ቆሻሻ እና የፋብሪካ ተረፈ ምርቶች በህዝብ ጤና ላይ ችግር እንዳያስከትሉ ቁጥጥር ያካሄዳል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
20) የበሽታ መነሻ የሚጠናበትና የምግብና መጠጥ ጥራት ቁጥጥር የሚካሄድበት ላቦራቶሪ ያቋቁማል፤ ያስተዳድራል፤
21) የደም ባንክ ያቋቁማል፤ ያስተዳድራል፤
22) ከጤና አገልግሎት አሠጣጥ ጋር የተያያዙ ተቋማትን አስመልክቶ የብቃት ምስክር ወረቀት ይሠጣል፤ ይቆጣጠራል፤
23) የመንግሥት የሣይንስ ኮሌጆችን በቴክኒክና ሙያ ሥልጠና ትምህርት ፖሊሲና ስትራቴጂ መሠረት ያቋቁማል፤ ያስተዳድራል፤



12) Cause traditional medicines and cultural health treatments that are proved to be curative to be implemented being conformed with the modern medical treatments;
13) Cause the distribution of basic medicines for the public with closer follow up and maintaining the required quality and standard;
14) Conduct sanitation and hygiene activities in the public;
15) Cause services that help for the prevention and eradication of communicable diseases to be provided and other necessary measures to be taken;
16) Participate in the control of Societal Health quarantine undertaken for the protection of public health;
17) Provide awareness raising education on the manner of using water so as to prevent water borne diseases from the society; supervise; cause to be supervised its purity;
18) Ensure that the production, preparation and storage areas of food, drink and others does not cause any harm on human health and on the environment; supervise same; take necessary measures in collaboration with the concerned body;
19) Conduct control of liquid and dry wastes, industrial byproducts and wastes released from urban centers not to cause harm on the health of the society; take rectifying measures;
20) Establish and administer laboratories in which examination of sources of diseases and quality of foods and drinks shall be conducted;
21) Establish and administer blood banks;
22) Issue competency certificates for institutions related to health services; supervise same;
23) Establish and administer government health science colleges in accordance with the policy and strategy of technical and vocational training education;

24) Qoricha sammuu adoochaniifi araada adda addaa fayyaa hawaasaa miidhan ni to'ata; hawaasni akka itti hin fayyadamne hubannoo ni uuma;

25) Sagantaan karoora maatii akka hojiirra ooluufi babal'atu ni hojjeta;

26) Tajaajilli talaallii haadholee yeroo ulfaafi umrii dahumsaa keessa jiraniifi dhukkuba daa'immanii ittisuuf kennamu akka babal'atu ni taasisa;

27) Sababa ka'umsa dhukkubaafi tooftaa ittisaa ni qorata; ni baasa; ni barsiisa; dhukkuba weeraraan ka'e hordofuun to'annaa jala akka oolu ni taasisa;

28) Hospitaaloonniifi buufataaleen eegumsa fayyaa galii argatan boordiifi koree hooggansaatiin murteessisuun akka itti fayyadaman deeggarsa barbaachisaa ni kenna; ni hordofa; ni to'ata;

29) Dubartoonni fayyaa isaaniifi hawaasaa eeguun misooma diinagdee keessatti gahee isaanii akka bahan haala ni mijeessa;

30) HIV/AIDS'n akka hin babal'anne tooftaan ittisaafi to'annoo cimee hojiirra akka oolu ni taasisa;

31) Namoonni vaayirasii HIV/AIDS waliin jiraatan, dhukkubsattoonni HIV/AIDS, daa'imman sababa dhukkuba kanaan maatii isaanii dhabaniifi miseensonni maatii kanneen miidhaan irra gahe haala kunuunsa itti argachuu danda'an ni mijeessa;

32) Sadarkaa naannoofi biyyaalessaatti walitti dhufeenya hojiifi tattaaffiiwwan dhukkuba HIV/AIDS ittisuufi to'achuuf taasifaman ni deeggara; ni cimsa;

33) HIV/AIDS'n qorannoo laboraatoriitiin haala beekuun nama dandeessisuufi hojimaanni sarviilaansii cimaan hawaasa keessatti tamsa'ina vaayirasichaa hordofuu dandeessisu akka jiraatu haala ni mijeessa; ni qindeessa; ni to'ata;

24) የህብረተሰቡን ጤና የሚጎዱ አደንዛዥ ዕፆችንና የተለያዩ ሱስ አምጪ ነገሮችን ይቆጣጠራል፤ ህብረተሰቡም እንዳይጠቀምባቸው ግንዛቤ ይፈጥራል፤

25) የቤተሰብ ዕቅድ ፕሮግራም ሥራ ላይ እንዲውልና እንዲስፋፋ ይሠራል፤

26) በእርግዝና ላይና በመውለጃ የዕድሜ ክልል ውስጥ ላሉ እናቶችና የህፃናትን በሽታ ለመከላከል የሚሰጡ የክትባት አገልግሎቶች እንዲስፋፉ ያደርጋል፤

27) የበሽታ መንስዔዎችንና መከላከያ ዘዴዎችን ያጠናል፤ የመከላከያ ስልት ያወጣል፤ ያስተምራል፤ በወረርሽኝ መልክ የተነሣውን በሽታ በመከታተል በቁጥጥር ስር እንዲውል ያደርጋል፤

28) ሆስፒታሎችና ጤና ጣቢያዎች የሚያገኙትን ገቢ በቦርድና በሥራ አመራር ኮሚቴ አስወስነው እንዲጠቀሙበት አስፈላጊውን ድጋፍ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

29) ሴቶች የራሳቸውንና የህብረተሰቡን ጤና በመጠበቅ በኢኮኖሚ ልማት ውስጥ የራሳቸውን ሚና እንዲወጡ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

30) ኤች.አይ.ቪ. /ኤድስ እንዳይስፋፋ የመከላከልና የቁጥጥር ስልት ተጠናክሮ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

31) ከኤች.አይ.ቪ. ቫይረስ ጋር የሚኖሩ ሰዎች፣ የኤች.አይ. ቪ. /ኤድስ ታማሚዎችና በዚህ በሽታ ምክንያት ወላጆቻቸውን ያጡ ሕፃናትና በበሽታው ምክንያት የተጎዱ የቤተሰብ አባላት እንክብካቤ የሚያገኙበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤

32) በክልል እና በአገር አቀፍ ደረጃ ኤች.አይ.ቪ. /ኤድስ በሽታን ለመከላከልና ለመቆጣጠር የሚደረገውን የሥራ ግንኙነቶችና ጥረቶችን ይደግፋል፤ ያጠናክራል፤

33) ኤች.አይ. ቪ. /ኤድስን በላቦራቶሪ ምርምራ ማወቅ የሚያስችል ሁኔታና በሕብረተሰቡ ውስጥ ስርጭቱን ለመከታተል የሚያስችል ጠንካራ የሰርቪላንስ አሰራር እንዲኖር ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያቀናጃል፤ ይቆጣጠራል፤

24) Control mental downing medicines and various addictions which endanger health of the society; create awareness for the society not to use them;

25) Work for the implementation and expansion of family planning program;

26) Cause expansion of vaccine provided for women found in their period of pregnancy and delivery and to prevent child diseases;

27) Undertake research about the causes of diseases and method of preventions; issue; educate; follow up and put under control diseases spread as epidemic;

28) Provide necessary support for Hospitals and Health Centers to use their respective incomes by approving it with the Board and Management Committee; follow up and supervise same;

29) Facilitate conditions that helps women to protect their own and the society's health, and thereby play their roles in the development of the economy;

30) Cause the firm implementation of preventive and control mechanisms to stop spread out of HIV/AIDS;

31) Facilitate condition through which persons living with HIV/AIDS, HIV/AIDS patients, children who lost their parents due to such disease and other family members who are victims of this disease can get treatment;

32) Support and strengthen the work relationships and efforts exerted at national and regional level to prevent and control HIV/AIDS;

33) Facilitate conditions for the existence of situations enabling to diagnose HIV/AIDS through laboratory tests and strong surveillance systems that helps to follow up the spread of the virus in the society; coordinate and supervise same;

34) Dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaa, waldaaleefi namoota dhuunfaa sochii HIV/AIDS ittisuufi to'achuuf taasifamu keessatti hirmaatan waliin qindoominaan ni hojjeta; deeggarsa ni taasisa; ni to'ata;

35) Deeggarsi maallaqaafi kan biroo akka argamu ni taasisa; dhaabbilee mootummaa, miti- mootummaa, waldaalee, naamota dhuunfaafi koreen HIV/AIDS gandaa akkaataa karoora yookiin pirojektii baafataniin seeraan akka argatan ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata.

**24. Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Nagaafi tasgabbiin naannichaa akka kabajamu humnoota nageenyaa ni gurmeessa; ni qindeessa; olaantummaan ni hooggana;
2) Ka'umsa rakkoolee nageenyaa ni qorata; yaada furmaataa ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
3) Tarsiimoo ittisa yakkaa naannichaa qaama dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
4) Sochii farreen nageenyaa dhabamsiisuudhaaf taasifamaniifi bu'aawwan argaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni qorata;
5) Tamsa'inaafi sochii meeshaalee waraanaa seeraan alaa ilaalchisee odeeffannoo walitti ni qaba; qaamni dhimmi ilaalu akka to'atu ni taasisa;
6) Hordoftoota amantiiwwan adda addaa gidduutti nageenyiifi walkabajuun akka jiraatuufi walitti bu'iinsa ittisuun akka danda'amu qaamolee mootummaa dhimmi ilaallatu, dhaabbilee amantaafi qaamolee biroo dhimmi ilaallatu waliin walta'iinsaan ni hojjeta; dhaabbileefi waldaalee amantaa naannicha keessatti socho'an ni galmeessa;



34) ኤች.አይ.ቪ. /ኤድስን ለመከላከልና ለመቆጣጠር በሚደረገው እንቅስቃሴ ውስጥ ከሚሳተፉ መንግስታዊ፣ መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች፣ ማህበራትና ግለሰቦች ጋር በቅንጅት ይሠራል፣ ድጋፍ ያደርጋል፣ ይቆጣጠራል፣

35) የገንዘብ እና ሌሎች ድጋፎች እንዲገኝ ያደርጋል፣ መንግስታዊና መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶችና ማህበራት፣ ግለሰቦችና የቀበሌ ኤች.አይ.ቪ. /ኤድስ ኮሚቴዎች በዕቅዳቸው ወይም ባወጡት ፕሮጀክትና በህግ መሠረት እንዲያገኙ ያደርጋል፣ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል።

**24. አስተዳደርና ፀጥታ ቢሮ**

ቢሮው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉ ሰላምና ጸጥታ እንዲረጋገጥ የጸጥታ ኃይሎችን ያደራጃል፣ ያቀናጃል፣ በበላይነት ይመራል፣
2) የፀጥታ ችግሮች መንስኤዎችን ያጠናል፣ የመፍትሄ ሃሳብ ያቀርባል፣ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
3) የክልሉን የወንጀል መከላከል ስትራቴጂ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ሥራ ላይ ያውላል፣ ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
4) የፀረ-ሰላም ሃይሎችን ለማስወገድ የሚደረጉ እንቅስቃሴዎችን እና የተገኙ ውጤቶችን ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይመረምራል፣
5) የህገወጥ የጦር መሣሪዎች ሥርጭት እና እንቅስቃሴን በተመለከተ መረጃ ይሰበስባል፣ ጉዳዩ የሚመለከተው አካል እንዲቆጣጠር ያደርጋል፣
6) በተለያዩ የእምነት ተከታዮች መካከል ሠላምና መከባበር እንዲኖር እና ግጭትን መከላከል ይቻል ዘንድ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው የመንግሥት አካላት፣ የሃይማኖት ድርጅቶችና ሌሎች ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በትብብር ይሰራል፣ በክልሉ ውስጥ የሚንቀሳቀሱ የሃይማኖት ድርጅቶችና ማህበራትን ይመዘግባል፣



34) Work in collaboration with governmental, non-governmental organizations, associations and private individuals that take part in HIV/AIDS prevention and control activities; make necessary support and control same;

35) Cause financial and other assistance to be acquired; make the governmental, non-governmental organizations, associations, private individuals and the Kebele HIV/AIDS Committee to acquire it legally as per their plans or projects; follow up and control same.

**24. Administration and Security Bureau**

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Organize; coordinate; chiefly manage the security forces to ensure peace and stability in the region;
2) Undertake research regarding the causes of security problems; recommend solution; implement; cause same to be implemented upon its approval;
3) Implement; cause to be implemented the crime prevention strategy of the region with concerned body;
4) Investigate in collaboration with concerned body the efforts underway to avoid the anti-peace elements and the results achieved;
5) Collect information regarding the spread and circulation of illegal arms; cause to be controlled by the concerned body;
6) Work in collaboration with the concerned government bodies, with religious organizations and other concerned bodies with a view to ensure peace and mutual respect and to avoid conflicts amongst the followers of various religions; register organizations and religious associations operating in the region;

7) Mana Maree nageenyaa naannichaa ni qindeessa; qaamoleen dhimmi ilaalu akka keessatti hirmaatan ni taasisa; ni deeggara;
8) Sirni odeeffannoo hammayyaa'aa caasaa qaamolee nageenyaa gidduutti akka diriiru ni taasisa;
9) Qubannaan seeraan alaa naannicha keessatti akka hin gaggeeffamne ni hordofa; ni to'ata; iddoo qubannaan seeraan alaa gaggeeffametti qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
10) Walitti dhufeenyi naannolee ollaa waliin jiru akka cimu ni karoorsa; hojiiwwan walitti dhufeenya naannolee ollaa cimsaniifi dhimma nageenyaa irratti waliin ni hojjeta;
11) Ka'umsa walitti bu'iinsa naannolee ollaa gidduutti uumaman ni qorata; tooftaa rakkinichi itti hiikkatu ni karoorsa; hojiirra ni oolcha;
12) Naannicha keessatti walitti bu'iinsi hawaasa gidduutti akka hin uumamne ni hordofa; ni to'ata; yoo uumames qaama dhimmi ilaalu waliin furmaata akka argatu ni taasisa;
13) Sababa walitti bu'iinsa uumameen jiraattota naannichaa qe'ee isaanii irraa buqqa'an yookiin sababuma kanaan kanneen biyyaa bahuuf osoo yaalanii qabaman gara qe'ee isaaniitti akka deebi'an deeggarsa barbaachisaa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
14) Daangaa naannichi naannolee ollaa waliin qabu daangessuun barbaachisaa ta'ee yammuu argamu qaamolee dhimmi ilaalu waliin qorannoo ni gaggeessa; bu'aan qorannichaa qaama dhimmi ilaalutti dhiyaatee akka murtaa'u ni taasisa;
15) Ummattoonni naannoo daangaa qabeenya uumamaa walii wajjiin akka misoomsaniifi akka itti fayyadaman haala ni mijeessa;
16) Walitti dhufeenya naannolee ollaa waliin jiru ilaalchisee odeeffannoofi ragaalee barbaachisan walitti ni qaba; ni qindeessa; qaama dhimmi ilaalutti ni dabarsa;

7) የክልሉን የፀጥታ ምክር ቤት ያስተባብራል፤ የሚመለከታቸው አካላት በውስጡ እንዲሳተፉ ያደርጋል፤ ይደገፋል፤
8) ዘመናዊ የመረጃ ሥርጭት በፀጥታ አካላት መዋቅር ውስጥ እንዲዘረጋ ያደርጋል፤
9) በክልሉ ውስጥ ህገወጥ ሰፈራ እንዳይካሄድ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ህገ ወጥ ሰፈራ በተካሄደበት ቦታም ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
10) ከአጎራባች ክልሎች ጋር ያለው ግንኙነት ስለሚጠናከርበት ሁኔታ ያቅዳል፤ ከአጎራባች ክልሎች ጋር ያለውን ግንኙነት በሚያጠናክሩ ተግባራት እና በፀጥታ ጉዳይ ላይ አብሮ ይሠራል፤
11) ከአጎራባች ክልሎች ጋር ለሚፈጠሩ ግጭቶች መንስኤ ያጠናል፤ ችግሩ የሚፈታበትን ሥልት ያቅዳል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤
12) በክልሉ ውስጥ በህብረተሰቡ መካከል ግጭት እንዳይፈጠር ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ከተፈጠረም ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር መፍትሄ እንዲያገኝ ያደርጋል፤
13) በተፈጠረው ግጭት ምክንያት ከቂያቸው የተፈናቀሉ እና በዚሁ ምክንያት ከአገር ለመውጣት ሲሞክሩ የተያዙትን ወደ ቀያቸው እንዲመለሱ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
14) ክልሉ ከአጎራባች ክልሎች ጋር ያለውን ድንበር ማካለል አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ጥናት ያካሄዳል፤ የጥናቱን ውጤት ለሚመለከተው አካል ቀርቦ እንዲወሰን ያደረጋል፤
15) በድንበር አካባቢ ያሉ ሕዝቦች የተፈጥሮ ሀብቶችን በጋራ እንዲያለሙና እንዲጠቀሙበት ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
16) ከአጎራባች ክልሎች ጋር ስላለው ግንኙነት አስመልክቶ አስፈላጊ መረጃና ማስረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያደራጃል፤ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤

7) Coordinate the Security Council of the region; cause the concerned bodies to take part in it; support same;
8) Cause modern information system to be expanded amongst the security organs' structures;
9) Follow up and control the illegal settlement in the region; take rectifying action with concerned bodies where such illegal settlement has taken place;
10) Plan on strengthening relationships with the neighboring regions; work in collaboration with them on activities that help to intensify ties amongst neighboring regions and on security matters;
11) Study and identify the causes of conflicts between neighboring regions; plan on the mechanisms of solving these problems; implement same;
12) Follow up and control the conflicts amongst the society in the region; cause it t to be solved with the concerned body in case it occurs;
13) Provide necessary support to rehabilitate residents of the region displaced from their home localities or those detained while attempting to migrate from the country due to conflicts; work in collaboration with the concerned body;
14) Undertake research in collaboration with the concerned bodies where it is found necessary to demarcate the borders which the region shares with the neighboring regions; cause the findings of such research to be approved by the concerned body;
15) Facilitate conditions for the communities residing on the borders to jointly develop and use the natural resources in common;
16) Collect and organize necessary information and evidences regarding the relationships existing with the neighboring regions; submit same to the concerned body;

17) Biyyoota ollaa naannichaan wal-daangessan ilaalchisee odeeffannoo haala nageenya walitti ni qaba; walitti bu'iinsi akka hin uumamneefi uumame yoo argame qaama dhimmi ilaalu waliin furmaata akka argatu ni hojjeta;
18) Gurmaa'insaafi hojmaata akeekkachiisa dursaa nageenyaa ni diriirsa; odeeffannoo wayitaawaa, qulqullina qabufi baasii qusatu ni sassaaba; ni xiinxala; rakkoon nageenyaa akka hin uumamne dursanii ittisuuf haala dandeessisuun hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;
19) Ogeessota akeekkachiisa dursaa nageenyaa ni filata; ni qacara; ni leenjisa; ni bobbaasa; ni bucha; Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
20) Ol'aantummaa seeraa mirkaneessuudhaaf qaamolee haqaa biroo waliin qindoominaan ni hojjeta.

## 25. Biiroo Bishaaniifi Inarjii

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qo'annoo misooma sululaa gaggeessuudhaan qabeenya bishaanii lafa irraafi lafa keessaa argamu hangaafi qulqullina isaatiin addaan baasee naannicha keessatti faayidaa adda addaatiif akka oolu ni taasisa;
2) Qabeenya bishaan naannichaa kanneen akka burqaa, yaat-uu-lagaa, lagafi haroo uumamaafi haroo nam-tolchee ni kunuunsa; ni eega; haala itti fayyadama isaa ni murteessa;
3) Tamsa'inaafi baay'ina qabeenya bishaanii ni qorata; ni qorachiisa; ragaalee walitti ni qaba; ni qindeessa;
4) Sadarkaa bishaan tajaajila adda addaatiif oolu qaama dhimmi ilaalu waliin ni baasa; teknolojiifi meeshaalee misooma bishaaniifi inarjii waliin walqabatu ilaalchisee sadarkaafi qulqullina bahee gadi akka hin taane ni hordofa; ni to'ata; kanneen sadarkaa gadi ta'an qaama dhimmi ilaallatu waliin ni dhabamsiisa;

17) ከክልሉ ጋር የሚዋሰኑ አጎራባች አገሮችን አስመልክቶ የፀጥታ ሁኔታ መረጃን ይሰበስባል፤ ግጭት እንዳይፈጠርና ከተፈጠረም ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር መፍትሔ እንዲያገኝ ይሰራል፤
18) የፀጥታ ቅድመ ማስጠንቀቂያ የአደረጃጀትና አሰራር ሥርዓት ይዘረጋል፤ ወቅታዊ የሆነ፣ ጥራት ያለው እና ወጪ ቆጣቢ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ይተነትናል፤ የፀጥታ ችግር እንዳይፈጠር አስቀድሞ ለመከላከል በሚያስችል ሁኔታ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
19) የፀጥታ ቅድመ ማስጠንቀቂያ ባለሙያዎችን ይመለምላል፤ ይቀጥራል፤ ያሰለጥናል፤ ያሰማራል፤ ያስተዳድራል፤ የአፈፃፀም ሁኔታው በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
20) የህግ የበላይነትን ለማረጋገጥ ከሌሎች የፍትህ አካላት ጋር በቅንጅት ይሰራል፡፡

## 25. የውሃና ኢነርጂ ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የተፋሰስ ልማት ጥናት በማካሄድ በገፀ ምድር እና በከርሰ ምድር ውስጥ የሚገኘውን የውሃ ሐብት በመጠንና በጥራት በመለየት በክልሉ ውስጥ ለተለያዩ አገልግሎቶች እንዲውል ያደርጋል፤
2) የክልሉ የውሃ ሀብት እንደ ምንጭ፣ ወራጅ ወንዝ፣ ወንዝ እና የተፈጥሮ እና ሰው-ሰራሽ ሃይቆችን ይንከባከባል፤ ይጠብቃል፤ አጠቃቀሙን ይወስናል፤
3) የውሃ ሃብት ሥርጭትና መጠን ያጠናል፤ ያስጠናል፤ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤
4) ለተለያየ አገልግሎት የሚውለውን የውሃ ደረጃ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ያወጣል፤ከውሃና ኢነርጂ ልማት ጋር የተያያዙ ቴክኖሎጂና መሣሪያዎችን በተመለከተ ከወጣው ጥራት ደረጃ በታች እንዳይሆን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ከደረጃ በታች የሆኑትን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ያስወግዳል፤

17) Collect information related to the peace and security situations regarding the neighboring countries bordering the region; work with the concerned bodies to prevent occurrences of conflicts and mechanisms of resolving same where found to arise;
18) Establish structuring and work system of security precautions; collect and analyze current, quality and cost effective information; implement same in a way that help to prevent occurrences of security problems in advance; causes same to be implemented;
19) Select security precaution providing experts; employ; train; deploy and administer them; Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued;
20) Work in collaboration with other justice organs so as to ensure rule of law.

## 25. Water and Energy Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Through undertaking stream development studies and differentiating the surface and underground water resources in terms of its volume and quality, causes same to be used for various purposes in the region;
2) Nurture; protect the water resources of the region such as water sources, rivers and natural as well as artificial lakes; decide on the manner of its use;
3) Study; cause to be studied the distribution and volume of water resources; collect and organize its evidences;
4) Set standards of water to be used for various services with the concerned body; follow up and control the technology and equipment related to water and energy developments not to be below the standard and quality set thereof; dispose of those which are below the quality standards in collaboration with the concerned body;

5) Itti fayyadamtoonni bishaanii golba dhangala'ootaa keessatti argaman hirmaannaan bishaanii isaanii haala haqa qabeessaafi madaalawaa ta'een raawwatamuu isaa ni mirkaneessa; raawwi isaa ni to'ata;
6) Hojii misooma bishaanii ni gaggeessa; qulqullina isaa ni to'ata; hojii saaniteeshinii bishaanii waliin walqabatan ni hojjeta; qabeenyi bishaanii hazbaa irraa akka eegamu ni taasisa; ni to'ata;
7) Istaandaardii balfa dhangala'aa gara lagaa, haroofi naannootti dhangala'u ni qopheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa;
8) Seera irratti hundaa'uun qabeenya bishaaniifi inarjii naannichaa ni bulcha; misoomni qabeenya bishaaniifi inarjii akka babal'atu ni taasisa;
9) Dizaayinii pirojektoota bishaan dhugaatii ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; qaama dhimmi ilaaluun yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
10) Qabeenya bishaanii naannichaa hojiirra oolchuuf qaamota barbaadaniif hayyama ni kenna; ni haroomsa; ni haqa; ni to'ata; taarifa bishaanii ni qorata; ni qopheessa; gatii dimshaashaa ni kaffalchiisa;
11) Ragaa hayidirolojiifi meetirolojii ni qindeessa; odeeffannoo isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
12) Uwwisni tajaajila bishaan dhugaatii qulqullina qabu akka babal'atu ni hojjeta; raawwii pirojektoota bishaanii ni hordofa;
13) Dhiyeessiin bishaan dhugaatii amansiisaafi itti fufiinsa akka qabaatu ni taasisa; hawaasni abbummaadhaan dhaabbilee bishaanii akka bulchuu danda'u tooftaa ni baasa; dhaabbileen tajaajila bishaanii yeroo yeroon akka suphaman haala ni mijeessa;
14) Iddoowwan gammoojjummaa qabaniifi gogiinsi itti deddeebi'utti sagantaa dhiyeessa bishaanii yeroo ariifachiisaa ni qindeessa;

5) በተፋሰስ ውስጥ ለሚገኙ የውሃ ተጠቃሚዎች የውሃ ክፍፍላቸው ፍትሃዊና ሚዛናዊ በሆነ መንገድ መከናወኑን ያረጋግጣል፤ አፈፃፀሙን ይቆጣጠራል፤
6) የውሃ ልማት ሥራ ያካሄዳል፤ ጥራቱን ይቆጣጠራል፤ ከውሃ ሳኒቴሽን ጋር የሚያያዙ ሥራዎችን ይሠራል፤የውሃ ሀብት ከብክለት እንዲጠበቅ ያደርጋል፤ ይቆጣጠራል፤
7) ፈሳሽ ቆሻሻ ወደ ወንዝ፣ ሃይቅ እና አካባቢ የሚፈስበትን ስታንዳርድ ያዘጋጃል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
8) በህግ ላይ በመመስረት የክልሉን የውሃና ኢነርጂ ሀብቶችን ያስተዳድራል፤ የውሃና ኢነርጂ ሀብት ልማት እንዲስፋፋ ያደርጋል፤
9) የመጠጥ ውሃ ፕሮጀክቶች ዲዛይን ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ በሚመለከተው አካል ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤
10) የክልሉን የውሃ ሃብት ሥራ ላይ ለማዋል ለሚፈልጉ አካላት ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሠርዛል፤ ይቆጣጠራል፤ የውሃ ታሪፍን ያጠናል፤ ያዘጋጃል፤ ጠቅላላ ዋጋ ያስከፍላል፤
11) የሐይድሮሎጂና ሜትሮሎጂ ማስረጃዎችን ያቀናጃል፤ መረጃዎቹንም ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤
12) የንጹህ መጠጥ ውሃ አገልግሎት ሽፋን እንዲስፋፋ ይሠራል፤ የውሃ ፕሮጀክቶችን የሥራ አፈፃፀም ይከታተላል፤
13) የመጠጥ ውሃ አቅርቦት አስተማማኝና ቀጣይነት እንዲኖረው ያደርጋል፤ ህብረተሰቡ የውሃ ተቋማትን በባለቤትነት ማስተዳደር እንዲችል ስልት ያወጣል፤ የውሃ አገልግሎት ተቋማት በየጊዜው እንዲጠገኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
14) ቆላማነት ባላቸውና ድርቅ በሚደጋገምባቸው ቦታዎች የአስቸኳይ ጊዜ ውሃ አቅርቦት ፕሮግራምን ያቀናጃል፤

5) Ensure that the distribution of water for the beneficiaries residing in the riparian or stream to be fair and reasonable; control its implementation;
6) Undertake water development works; supervise its quality; perform water sanitation related activities; make water resources to be protected from pollution; control same;
7) Prepare standards for liquid wastes that flows into rivers; lakes and environments; causes to be implemented;
8) Administer water and energy resources of the region based on the law; cause ex-pansion of water and energy resources development;
9) Prepare designs of potable water projects; cause it to be prepared; implement it when approved by the concerned body;
10) Issue license for bodies interested to implement water resource of the region; renew; cancel and control same; study water tariff; prepare same; cause payment of total price;
11) Organize hydrological and meteorological data; impart its information to the concerned body;
12) Work for the expansion of potable water services coverage; follow up the performances of water projects;
13) Cause the supply of potable water to be adequate and sustainable; design techniques to enable the society to administer water enterprises by their own; facilitate conditions for the periodical maintenance of water service enterprises;
14) Coordinate the provision of emergency water supply program at arid and repeatedly drought affected areas;

15) Tajaajiloonni bishaan magaalaafi baadiyyaa of danda'anii akka bulan haala ni mijeessa; ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
16) Dhaabbilee miti-mootummaa hojii bishaaniifi inarjii irratti bobba'an waliin waliigaltee hojii ni mallatteessa; ni qindeessa; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna; ni to'ata;
17) Namni yookiin qaamni kamiyyuu hayyama osoo hin qabaatiin misooma bishaaniifi inarjii irratti akka hin bobbaane, daldala akka hin gaggeessine, bishaan akka hin gurgurreefi lakkooftuu bishaanii akka hin galchine ni to'ata; qaama kana darbee argamerratti sarara kutuu dabalatee tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
18) Yeroo barbaachisaa ta'etti fayyadamtootaaf bishaan geessisuuf qabeenya nama kamiiyyuu irratti sarara bishaanii diriirsuu yookiin boolla bishaanii qotuu yookiin ijaarsa bishaanii gaggeessuu ni danda'a; kanneen sababa kanaan miidhaan qabeenya isaanii irra gaheef beenyaan akka kafalamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
19) Pirojektoota bishaaniifi inarjii irratti ummanni qo'annoorraa eegalee hanga dhumaatti akka hirmaatu ni taasisa; bu'uura misooma bishaanii ittifayyadamtootaaf dabarsee ni kenna; qaamota mootummaa waliin nageenya isaanii ni eega; humna itti fayyadamtoot-aa ol yoo ta'e hojii haaromsuufi suphuu ni gaggeessa; itti fayyadamtoonni abbummaan akka bulchan ni taasisa;
20) Pirojektonni misooma qabeenya bishaanii hojiin ijaarsa isaanii xumurame tajaajila irraa eegamu akka kennan ni taasisa; hojii suphaa, fooyyessuufi babal'isuu iskiimota bishaanii ni gaggeessa; ni to'ata; akkaatuma barbaachisummaa isaatiin qaama iskiimoota bishaanii bulchuu danda'an ni hundeessa; raawwii isaanii ni to'ata;



15) የከተሞችና የገጠር የውሃ አገልግሎቶች ራሳቸውን ችለው እንዲተዳደሩ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይከታተላል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
16) በውሃ ሥራ ላይ ከተሰማሩ መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች ጋር የሥራ ውል ይፈራረማል፤ ያቀናጃል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤ ይቆጣጠራል፤
17) ማንኛውም ሰው ወይም አካል ፈቃድ ሳይኖረው በውሃ ልማትና ኢነርጂ ሥራ ላይ እንዳይሠማራ፣ ንግድ እንዳያካሄድ፣ ውሃ እንዳይሸጥና የውሃ ቆጣሪ እንዳያስገባ ይቆጣጠራል፤ ይህንን ተላልፎ በተገኘ አካል ላይ መስመር ማቋረጥን ጨምሮ አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
18) አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ በማንኛውም ሰው ንብረት ላይ የውሃ መስመር መዘርጋት ወይም የውሃ ጉድጓድ መቆፈር ወይም የውሃ ግንባታ ሊያካሄድ ይችላል፤ በዚህ ምክንያት በንብረታቸው ላይ ጉዳት ለደረሰባቸው ሰዎች ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ካሣ እንዲከፈላቸው ይሠራል፤
19) ህዝቡ በውሃ ፕሮጀክቶች ላይ ከጥናት ጀምሮ እስከ መጨረሻው ደረጃ ባለው ሂደት ውስጥ እንዲሳተፍ ያደርጋል፤ የውሃ መሠረተ ልማቶችን ለተጠቃሚዎች አሳልፎ ይሰጣል፤ ከመንግስት አካላት ጋር በመሆን ደህንነታቸውን ይጠብቃል፤ ከተጠቃሚዎች አቅም በላይ ከሆነ የጥገናና ዕድሳት ሥራ ያካሄዳል፤ ተጠቃሚዎች በበላይነት እንዲያስተዳድሩት ያደርጋል፤
20) ግንባታቸው የተጠናቀቁ የውሃ ሀብት ልማት ፕሮጀክቶች የሚጠበቅባቸውን አገልግሎት እንዲሰጡ ያደርጋል፤ የውሃ እስኪሞች ጥገና፤ ማሻሻልና ማስፋፋት ሥራን ያካሄዳል፤ ይቆጣጠራል፤ እንደ አስፈላጊነቱም የውሃ እስኪሞችን ማስተዳደር የሚችሉ አካላትን ያቋቁማል፤ አፈፃፀማቸውን ይቆጣጠራል፤



15) Facilitate conditions for the independent administration of urban and rural water supply services; follow up same; take corrective measure; cause such measure to be taken;
16) Conclude contractual agreements with non- governmental organizations engaged in water works; coordinate; give necessary support; control same;
17) Control any person or body not to engage in water and energy development, trade, sell water and install water meter without having a license; take necessary measures including disconnecting the pipeline on the violating body; cause it to be taken;
18) Undertake water lines installation or digging of water holes or undertake water work construction on the property of anybody where found necessary to supply water for the beneficiaries; work with the concerned body for payment of compensation for those whose properties are damaged for such reason;
19) Ensure participation of the community on water and energy projects starting from its study up to its completion; transfer water infrastructure to the beneficiaries; protect their safety with government bodies; undertake renewal and maintenance activity when it is beyond the capacity of the beneficiaries; cause the beneficiaries to administer it by their own;
20) Make water resource development projects whose construction was completed to render the service expected from them; undertake maintenance, modification and expansion work of water schemes; control same; establish bodies empowered to administer water schemes when it is necessary; follow up their implementation;

21) Dizaayiniifi hojii elektiromekaanikaalii misooma bishaanii ni hojjeta; ni hojjachiisa;
22) Qo'annoofi dizaayinii eegumsa biyyoofi bishaanii bu'uura misooma bishaanii waliin walqabatu ni gaggeessa; raawwannaa isaatiif dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaafi dhuunfaa waliin ni hojjeta;
23) Ragaaleen inarjii naannichaa akka sassaabaman, eegamaniifi hojiirra oolan ni taasisa;
24) Misoomaafi barbaacha inarjii ni jajjabeessa; investimentiin inarjii naannicha keessatti akka babal'atu ni taasisa;
25) Qabeenya inarjii naannichaa irratti qaama dhimmi ilaalu waliin hojii piromooshinii ni gaggeessa; ragaalee barbaachisaa ta'an ni qindeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni beeksisa;
26) Burqaaleen humna elektiriikaa xixiqqaafi giddugaleessaa maddisiisan haala ittiin hundeeffaman ni qorata; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa; seerarratti hundaa'uun namoota humna elektiriikaa xixiqqaafi giddugaleessaa maddisiisanii raabsaniif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; akkaataa tajaajilli itti kennamu ilaalchisee taarifa ni baasa; ni to'ata;
27) Misoomaafi dhiyeessa inarjii naannichaa irratti qo'annoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; sagantaa babal'ina humna elektiriikaa naannichaa ni baasa; dizaayinii ni qopheessa; tooftaa hojiirra ittiin oolu ni baasa;
28) Baayoo inarjii dabalatee itti fayyadama teknolojii inarjii mana keessaa adda addaa ni baasa; ni oomisha; ummanni akka ittifayyadamu ni taasisa; xiyyeeffannaa argatee akka hojiirra oolu ni hojjeta;
29) Bakka qabeenya bishaaniifi inarjii jiraachuun isaa beekkamuufi qorannoon adda bahe akka daangeffamee turu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni daangessa;

21) የውሃ ልማት ዲዛይንንና የኤሌክትሮሜካኒካል ሥራን ይሠራል፣ ያሠራል፤
22) ከውሃ መሠረተ ልማት ጋር የተያያዘ የአፈርና ውሃ ጥበቃ ጥናትና ዲዛይን ያካሄዳል፤ ለአፈፃፀሙም መንግሥታዊ፣ መንግስታዊ ካልሆኑ ድርጅቶችና ግለሰቦች ጋር ይሠራል፤
23) የክልሉ የኢነርጂ መረጃዎች እንዲሰበሰቡ፣ እንዲጠበቁና ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤
24) የኢነርጂ ልማትና ፍለጋን ያበረታታል፤ የኢነርጂ ኢንቨስትመንት በክልሉ ውስጥ እንዲስፋፋ ያደርጋል፤
25) በክልሉ የኢነርጂ ሀብት ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን የፕሮሞሽን ሥራን ያካሄዳል፤ አስፈላጊ የሆኑ መረጃዎችን ያቀናጃል፤ ለሚመለከተው አካል ያሳውቃል፤
26) ትናንሽና መካከለኛ የኤሌክትሪክ ኃይል የሚያመነጩ ምንጮች የሚቋቋሙበትን ሁኔታ ያጠናል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤ ትናንሽና መካከለኛ የኤሌክትሪክ ኃይል እያመነጩ ለሚያከፋፍሉ ሰዎች በህግ መሠረት ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሠርዛል፤ አገልግሎት የሚሠጥበትን ሁኔታ በተመለከተ ታሪፍ ያወጣል፤ ይቆጣጠራል፤
27) የክልሉን ኢነርጂ ልማትና አቅርቦት ላይ ጥናት ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ የክልሉን የኤሌክትሪክ ኃይል ማስፋፊያ ፕሮግራም ያወጣል፤ ዲዛይን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ የሚውልበትን ስልት ያወጣል፤
28) ባዮ ኢነርጂን ጨምሮ የተለያዩ የቤት ውስጥ የኢነርጂ ቴክኖሎጂ አጠቃቀምን ያወጣል፤ ያመርታል፤ ህብረተሰቡ እንዲጠቀምበት ያደርጋል፤ ትኩረት አግኝቶ ሥራ ላይ እንዲውል ይሠራል፤
29) የውሃና ኢነርጂ ሃብት መኖሩ የሚታወቅና በጥናት የተለየ ቦታ ተከልሎ እንዲቆይ ያደርጋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይከልላል፤

21) Undertake; cause to be undertaken design and electromechanical work of water resources developments;
22) Undertake study and design of soil and water conservation related with water development infrastructure; work with governmental, non-governmental and private organizations for its implementation;
23) Cause the energy data of the region to be collected, protected and implemented;
24) Encourage the development and exploration of energy; cause the expansion of energy investment in the region;
25) Conduct promotion works about energy resources of the region in collaboration with the concerned body; organize necessary evidences; notify same to the concerned body;
26) Study on the establishment of small and medium scale electric power generators; cause to be implemented upon approval; give license for the persons who generate and distribute small and medium scale electric power as per the law; renew it; cancel it; set tariffs for the provision of service; control it;
27) Undertake study on the development and supply of energy of the region; cause it to be undertaken; prepare the electric energy expansion program of the region; prepare the design; set techniques for its implementation;
28) Exploit utilization of various home based energy technologies including bio-energy; produce it; make the people to use it; perform with due attention to implement it;
29) Keep demarcated the place where water and energy resources existence is known and identified by exploration; demarcate it with the concerned body;

30) Teknoloojii ammayyaatti fayyadamuun ragaalee dachee bishaaniifi inarjiin walqabatan walitti ni qaba; ni xiinxala; ni maxxansa; ni raabsa.

## 26. Biiroo Lafaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Lafa naannichaa ni bulcha; qabiinsa ragaa lafaa hammayyaawaa ta'e akka jiraatu ni hojjeta; hojii kaadaastaraa ni raawwata; qabiyyee lafaa ni galmeessa; kaartaa abbaa qabiyyee lafaa ni kenna; bulchiinsa lafaatiin walqabatee hojii qaawwisaa, ji'o-ispaashaaliifi maappiingii ni hojjeta; ragaa isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna;
2) Sirna kenninsa tajaajilaa, dhiyeessaafi bulchiinsa lafaa ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa irratti sirna iftoomina, qulqullinaafi itti gaafatamummaa ni mirkaneessa; hojiirra akka oolu ni taasisa;
3) Qorannoo itti fayyadama lafaa ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; karoora itti fayyadama lafaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u qaama itti fayyadamuuf dabarsee ni kenna; hojiirra oolmaa isaa qaama dhimmi ilaallatu waliin ni to'ata; deeggarsa ni kenna;
4) Lafa hojii misoomaafi tajaajila adda addaatiif oolu qoratee ni qopheessa; baankii lafaa hundeessuun ni kuusa; ragaa barbaachisu qaama ilaallatuuf ni kenna; raawwii isaa ni hordofa; yammuu misoomni xumuramu walharkaa fudhiinsa ni taasisa;
5) Lafa hojii misooma albuudaaf oolu qaama biraatiin kan hin qabamne yookiin tajaajila biraatiif oolaa kan hin jirre ta'uu isaa qulqulleessuufi daangessuun qaama dhimmi ilaallatuuf ragaa ni dabarsa; qaama hayyama hojii misooma albuudaa qabuuf waraqaa ragaa mirga itti fayyadamaa ni kenna; kunuunfamuu isaa ni hordofa; yammuu misoomni albuudaa xumuramu hojii misooma biraaf karaa ooluu danda'uun sirreeffamuu isaa mirkaneessuun baankii lafaatti ni deebisa;



30) ዘመናዊ ቴክኖሎጂን በመጠቀም ከውሃና ኢነርጂ ጋር የተያያዙ የመሬት መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ይተነትናል፤ያትማል፤ ያከፋፍላል።

## 26. የመሬት ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፦

1) የክልሉን መሬት ያስተዳድራል፤ ዘመናዊ የመሬት መረጃ አያያዝ እንዲኖር ይሠራል፤ የካዳስተር ሥራ ያከናውናል፤ የመሬት ይዞታን ይመዘግባል፤ የይዞታ ባለቤትነት ካርታ ይሰጣል፤በመሬት አስተዳደር ጋር የተያያዘ የቅየሳ፣ የጂኦ-ስፓሻል እና የካርታ ሥራ ይሠራል፤ ዳታቸውን ለሚመለከተው አካል ይሰጣል፤
2) የመሬት አስተዳደር፣ አቅርቦትና አገልግሎት አሰጣጥ ሥርዓት ያዘጋጃል፤ በአተገባበሩ ላይ የግልፀኝነት፣ የጥራትና የተጠያቂነት ሥርዓት ያረጋግጣል፤ እንዲተገበር ያደርጋል፤
3) የመሬት አጠቃቀም ጥናት ያካሂዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ ያዘጋጃል፤ ሲፀድቅ ለተጠቃሚ አካል አሳልፎ ይሰጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር አተገባበሩን ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤
4) ለልማት ሥራና ልዩ ልዩ አገልግሎት የሚውል መሬት በማጥናት ያዘጋጃል፤ የመሬት ባንክ ውስጥ ያከማቻል፤ ለሚመለከተው አካል አስፈላጊውን መረጃ ይሰጣል፤ አተገባበሩን ይከታተላል፤ ልማቱ ሲጠናቀቅ ርክክብ ያደርጋል፤
5) ለማዕድን ልማት ሥራ የሚውል መሬት በሌላ አካል አለመያዙን ወይም ለሌላ አገልግሎት እየዋለ አለመሆኑን በማጣራትና በመከለል ለሚመለከተው አካል መረጃ ያስተላልፋል፤ የማዕድን ልማት ሥራ ፈቃድ ላለው አካል የመጠቀም መብት የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ እየተንከባከቤ መሆኑን ይከታተላል፤ የማዕድን ልማቱ ሲጠናቀቅ ለሌላ የልማት ሥራ መዋል በሚችልበት ሁኔታ መስተካከሉን በማረጋገጥ ወደ መሬት ባንክ ይመልሳል፤



30) Collect land, water and energy related data using modern technology; analyze; publish and distribute same.

## 26. Land Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Administer the land in the region; work for ensuring modern land data management; carry out cadaster works; register the land possession; provide land holding certificate; in relation to land administration, undertake surveying, geo-spatial and mapping works; provide its data to the concerned body;
2) Prepare land service provision, supply and management system; ensure transparency, quality and accountability in the course of its implementation; cause same to be implemented;
3) Undertake; cause to be undertaken research on the land use systems; prepare land use plan; transfer same to the users upon its approval; control its implementation in collaboration with the concerned bodies; provide support;
4) Identify and prepare land to be used for development and for various services; establish land bank and amass thereto; provide necessary data for the concerned body; follow up its implementation; conduct handing over of same upon completion of its development;
5) Transfer to the concerned body data of land to be used for mining development by checking and enclosing that it is not possessed by other body or that it is not being used for other services; issue use right certificate for body certified in mining; follow up its being properly cared for; restore to the land bank after ensuring as it has been re arranged in a manner that it can be used for other development purposes;

6) Lafa pirojektii investimentiif oolu bu'uurri misoomaa guutameef, falmiifi mormii adda addaa irraa bilisa ta'e qoratee ni qopheessa; baankii lafaatti ni kuusa; ragaa isaa Biiroo Investimantii fi Industiriif ni kenna; akkaataa seeraatiin qaama hayyamameef ni dabarsa; lafichi kaayyoo barbaadameef ooluu isaa ni hordofa; tarkaanfii sirreeffamaa qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
7) Namoota dhuunfaa yookiin dhaabbileen mirgi abbaa qabiyyee lafaa kennameef mirga qabiyyee isaanii dhaalaan, kennaadhaan, kiraadhaan, waliin misoomsuu yookiin jijjiirraadhaan itti dabarsan ni mirkaneessa; jijjiirraa abbaa qabiyyee lafaa ni galmeessa; waraqaa ragaa seeraan ala kenname ni haqa;
8) Gaaffii abbaa qabiyyee lafaa irratti hundaa'uudhaan iddoo adda bahee daangeffame tokko keessatti mirga abbaa qabiyyee ni mirkaneessa;
9) Itti fayyadama, dhorkaafi ittigaafatamummaa qabiyyee lafaa ni galmeessa; akka galmaa'u ni taasisa; ni haaromsa; ni sirreessa; ni haqa;
10) Qabannaa lafaa seeraan alaa yookiin ijaarsa seeraan alaa ni to'ata; ni hordofa; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
11) Qajeelfama raawwii kaffaltii beenyaa kaafamtoota misoomaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yemmuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
12) Kaffaltiin beenyaa haala gabaa yeroo irratti kan hundaa'e akka ta'u qorannoo gaggeessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
13) Shallaggii beenyaa lafa magaalaafi baadiyyaa hojii misoomaafi tajaajila adda addaatiif barbaadamu akkaataa seeraatiin qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata; kaffaltiin beenyaa osoo lafa isaanii irraa hin ka'in dursee akka kaffalamuuf ni taasisa; namoota qabiyyee isaanii gadi lakkisan deebi'anii akka ofdanda'an qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni hordofa; ni to'ata;



6) ለኢንቨስትመንት ፕሮጀክት የሚውል መሠረተ ልማት የተሟላለት፣ ከክርክርና ከተለያየ ተቃውሞ ነፃ የሆነ መሬት አጥንቶ ያዘጋጃል፤ በመሬት ባንክ ውስጥ ያከማቻል፤ መረጃውን ለኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ ይሰጣል፤ በህግ አግባብ ለተፈቀደለት አካል ያስተላልፋል፤ መሬቱ ለተፈለገው ዓላማ መዋሉን ይከታተላል፤ የማስተካከያ እርምጃ ከሚመለከተው አካል ጋር ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
7) ግለሰቦች ወይም ድርጅቶች የተሰጣቸውን የይዞታ ባለቤትነት መብት በውርስ፣ በስጦታ፣ በኪራይ፣ በጋራ የማልማት ወይም በቅያሬ የሚያስተላልፉበትን ያረጋግጣል፤ የመሬት ባለይዞታነት ለውጥ ይመዘግባል፤ በህገወጥ መንገድ የተሰጠን የምስክር ወረቀት ይሰርዛል፤
8) በመሬት ባለይዞታ ጥያቄ ላይ በመመስረት ተለይቶ በተከለለ ቦታ ውስጥ የባለይዞታነት መብት ያረጋግጣል፤
9) የመሬት ይዞታ አጠቃቀም፣ ክልከላና ኃላፊነት ይመዘግባል፤ እንዲመዘገብ ያደርጋል፤ ያድሳል፤ ያስተካክላል፤ ይሰርዛል፤
10) ህገወጥ መሬት መያዝ ወይም ህገወጥ ግንባታ ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል፤ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር በቅንጅት ይሠራል፤
11) የልማት ተነሺ ካሣ ክፍያ አፈፃፀም መመሪያ በማዘጋጀት ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤
12) የካሣ ክፍያ በወቅቱ የገበያ ሁኔታ ላይ የተመሠረተ እንዲሆን ጥናት በማካሄድ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤
13) በከተማና በገጠር ለልማት ሥራና ለተለያዩ አገልገሎት የሚፈለግ መሬት ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን በህጉ መሠረት የካሣ ግምት ያካሂዳል፤ የካሣ ክፍያው ከመሬታቸው ሳይነሱ አስቀድሞ እንዲከፈላቸው ያደርጋል፤ ከይዞታቸው የተነሱ ሰዎች እንዲቋቋሙ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሠራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤



6) Search for and prepare investment projects' land which is facilitated with the necessary infrastructures and is free from disputes and objections; amass same in to the land bank; provides its data to the Investment and Industry Bureaus; transfers it to the authorized body pursuant to the law; follows up for such land to be used for the intended purpose; take; causes to be taken corrective measure with the concerned bodies;
7) Approves transfer of possessory right of individuals or organizations through succession, donation, rental for joint development or through transfers; registers of land possession transfer; cancels illegally issued certificate;
8) Approve possessory right on an identified plot of land upon request of the land holder;
9) Register; cause to be registered; the use, prohibition and accountability of land possession; renews; corrects; cancels same;
10) Control illegal land grapping or illegal construction; follow up same; take; cause to be taken rectifying measures; work in collaboration with concerned body;
11) Prepare development purpose displaced compensation payment executive directive and submit to the regional council; implement upon approval; causes to be implemented;
12) Undertake research and submit to the concerned body to enable the payment of compensation based on the current market price; implement same upon approval;
13) Perform compensation payment estimation of urban and rural land required for development purpose and other various services with concerned body in accordance with the law; cause compensation to be paid before their displacement from their lands; works in coordination with the concerned body to rehabilitate persons expropriated of their lands; follows up; controls same;

14) Hojmaata walharkaa fuudhiinsa lafa daangaa magaalaafi gandoota baadiyyaa ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
15) Lafa baadiyyaa maastar pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffame ragaa barbaachisaa ta'e qopheessuun qaama dhimmi ilaallatu waliin walharkaa fuudhinsa ni raawwata;
16) Magaalota keessattiifi daangaa magaalotaa irratti ijaarsi seeraan alaa akka hin gaggeeffamne qaama dhimmi ilaallatu waliin ni hojjeta; ni hordofa; ni to'ata;
17) Hulaa misoomaafi giddugala guddinaa ilaalchisee qorannoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; bu'aa isaa hojiirra ni oolcha; karoora qubannaa baadiyyaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni qopheessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
18) Lafa jallisiin misoomu akka qoodamu yoo murtaa'e itti fayyadamtootaaf ni qooda; waraqaa ragaa ni kenna;
19) Istaandaardii bal'ina lafa magaalaafi baadiyyaa misoomaafi tajaajila adda addaatiif oolu ni qorata; mootummaaf ni dhiyeesa; yammuu mirkanaa'u hojiirraa ni oolcha;
20) Ragaaleefi odeeffannoo lafaa ni gurmeessa; ni kuusa; ni bulcha; sirna odeeffannoo hammayyaa ta'e ni diriirsa; akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamni barbaadu akka argatu ni taasisa;
21) Gaaffii jijjiirraa gosa pirojektii investimentiin ala jiran pilaaniifi seera jiru irratti hundaa'uun qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata; qaama dhimmi ilaalu kan biroo ni beeksisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
22) Lafa dhaabbilee misoomaa mootummaa harka ture gara abbaa qabeenyaa dhuunfaatti yammuu darbu bal'inni lafaa akkaataa waliigaltee keessatti ibsameen ta'uu isaa ni mirkaneessa; lafti waliigalteen ala qabame baankii lafaa mootummaatti ni deebisa;

14) የከተሞችና የገጠር ቀበሌዎች ድንበር ርክክብ ሥነ-ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
15) በማስተር ፕላን ወደ ከተማ ለተከለለ የገጠር መሬት አስፈላጊውን መረጃ በማዘጋጀት ከሚመለከተው አካል ጋር ርክክብ ይፈጽማል፤
16) በከተሞች ውስጥና በከተሞች ድንበር ላይ ህገወጥ ግንባታ እንዳይፈፀም ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
17) የልማት ኮሪደርና የዕድገት ማዕከልን በተመለከተ ጥናት ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ ውጤቱን ተግባር ላይ ያውላል፤ የገጠር ሰፈራ ዕቅድ ከሚመለከተው አካል ጋር ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፤
18) በመስኖ የሚለማ መሬት እንዲከፋፈል ሲወሰን ለተጠቃሚዎች ያከፋፍላል፤ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤
19) ለልማትና ለልዩ ልዩ አገልግሎት የሚውል የከተማና የገጠር መሬት የስፋት ደረጃ ያጠናል፤ ለመንግስት ያቀርባል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤
20) የመሬት መረጃና ማስረጃ ያደራጃል፤ ያከማቻል፤ ያስተዳድራል፤ ዘመናዊ የመረጃ ሥርዓት ይዘረጋል፤ እንደ አስፈላጊነቱ የሚፈልገው አካል እንዲያገኘው ያደርጋል፤
21) ከኢንቨስትመንት ውጪ ለሆነ ፕሮጀክት ዓይነት የመቀየር ጥያቄ ባለው ዕቅድና ህግ ላይ በመመስረት ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈፅማል፤ ለሚመለከተው ሌላ አካል ያሳውቃል፤ አተገባበሩን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
22) በመንግሥት የልማት ድርጅት እጅ የነበረ መሬት ወደ ግል ባለሃብት በሚተላለፍበት ጊዜ የመሬቱ ስፋት ስምምነቱ ላይ በተጠቀሰው መሠረት መሆኑን ያረጋግጣል፤ ከስምምነት ውጪ የተያዘ መሬት ወደ መንግስት የመሬት ባንክ ይመልሳል፤

14) Establish handing over system of the land on the boundary of urban and rural villages; implement; causes same to be implemented; follow up; take corrective measures where there exist shortcomings;
15) Hands over rural land incorporated into urban area by master plan in collaboration with concerned body by preparing necessary data;
16) Work with the concerned bodies to prevent engagement of the illegal construction inside and on the border of urban; follow up; control same;
17) Conducts study concerning development corridor and center of growth; causes to be conducted; implements the result; prepares rural settlement plan with concerned body; implements upon approval;
18) Divides irrigation land for beneficiary upon decision; grants certificate;
19) Conducts study on standards of urban and rural land using width for development and different services; presents to the government; implements upon approval;
20) Organizes land's data and information; stores; administer same; establish modern information system; provide for body requiring same as may be necessary;
21) Execute with the concerned body, the request for change of project type except investment projects based on the plan and existing law; notify same for other concerned body; follows up and control its implementation;
22) Ensures the correctness of width of the land indicated on the agreement during privatization; restores to government land bank if occupied without an agreement;

23) Gaaffii lafaa dhiyaatuuf simachuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u ni raawwata; ni raawwachiisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
24) Iddoowwan magaalaa dullooman qoratee adda ni baasa; deebi'ee akka misoomu qaama dhimmi ilaalu waliin haala ni mijeessa; raawwii isaa ni hordofa;
25) Seera liizii lafa magaalaafi seerota biroo hojii bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
26) Ragaa lafaafi qabeenya qabiyyee lafaa walitti ni qaba; dijitaalaafi waraqaadhaan ni galmeessa; sirna kaadastaraatiin akka qabamu ni taasisa; ni bulcha; ni misoomsa; wiirtuu odeeffannoo ragaa qabiyyee lafaa ta'ee ni tajaajila; ni qaaccessa; qaama dhimmi ilaallatuuf ni kenna;
27) Ragaa sirna odeeffannoo kaadaastara magaalotaafi baadiyyaa ni qindeessa; nageenyummaa isaa ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; kaartaa bu'uuraafi kaartaa kaadaastaraa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni bulcha; ni haaromsa;
28) Gaaffii jijjiirraa abbaa qabiyyummaafi tajaajila qabiyyee lafa magaalaafi baadiyyaa akkaataa seeraatiin ni raawwata; qaama dhimmi ilaaluuf ni beeksisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
29) Sirna lafti adda bahee itti galmaa'uuf qophaa'e hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
30) Istaandaardii irratti hundaa'uudhaan koodii yookiin lakkoofsa addaa qabiyyee iddoo kaadaastara seeraatiin galmaa'eefi daangaan isaa ifatti beekame ilaalchisee ragaa abbaa qabiyyee ni kenna;
31) Seerotaafi istaandaardiiwwan galmeessa qabiyyee lafaafi ragaa lafaa ilaalchisee bahan naannichaa keessatti bifa walfakkaatuun hojiirra ni oolcha; hojirra ooluu isaanii ni mirkaneessa;

23) የሚቀርብለትን የመሬት ጥያቄ በመቀበል ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲወሰን ይፈፅማል፤ ያስፈፅማል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ሲኖር የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
24) ያረጁ የከተማ ቦታዎችን በጥናት ይለያል፤ መልሶ የሚለማበትን ሁኔታ ከሚመለከተው አካል ጋር ያመቻቻል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
25) የከተማ መሬት የሊዝ ህግና ሌሎች ህጎች፣ የመሬት አጠቃቀምና አስተዳደር ህግ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አተገባበራቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
26) የመሬትና የመሬት ሃብት ይዞታ መረጃ ይሰበስባል፤ በወረቀትና በዲጂታል ይመዘግባል፤ በካዳስተር ሥርዓት እንዲያዝ ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤ ያለማል፤ የመሬት ይዞታ መረጃ ማዕከል ሆኖ ያገለግላል፤ ይተነትናል፤ ለሚመለከተው አካል ይሰጣል፤
27) የከተሞችና የገጠር የካዳስተር መረጃ ሥርዓትን ያቀናጃል፤ ደህንነቱን ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ መሠረታዊ ካርታና የካዳስተር ካርታ ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤ ያድሳል፤
28) የከተማና የገጠር መሬት የባለይዞታነትና የአገልግሎት ለውጥ ጥያቄ በህጉ መሠረት ይፈፅማል፤ ለሚመለከተው አካል ያሳውቃል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
29) መሬት ተለይቶ እንዲመዘገብበት የተዘጋጀ ሥርዓትን ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
30) የይዞታ ልዩ ቁጥር ወይም ኮድ ስታንዳርድ ላይ በመመስረት በካዳስተር ህግ የተመዘገበና ድንበሩ በግልፅ የታወቀን ቦታ አስመልክቶ የባለይዞታነት መረጃ ይሰጣል፤
31) የመሬት ባለቤትነትና የመሬት መረጃ ምዝገባን አስመልክቶ የወጡ ህጎችና ስታንዳርዶች በክልሉ ውስጥ በተመሳሳይ መልኩ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውን ያረጋግጣል፤

23) Receive requests related to land and submit to the concerned body; execute same upon its approval; cause to be executed; follow up its implementation; control same; take; cause to be taken corrective measures where there observed limitations;
24) Studies and identifies old urban areas; facilitate conditions with the concerned body for redevelopment; follows up its implementation;
25) Implements lease and other laws related to urban land use and management; follows up and controls its implementation;
26) Collects data regarding land and property related to urban land; records manually and digitally; makes it to be handled with cadastral system; administers it; develops; serves as information center of land possession data; analyzes; hands over to concerned body
27) Organize information of urban and rural land data cadastral system; controls its safety; takes corrective measures; prepares basic and cadastral plan; causes it to be prepared; administers it; renews it;
28) Execute request of change of possession and possession of land service of urban and rural land according to the law; notifies to concerned body; follows up its implementation;
29) Implement the procedure prepared for land be identified and registered; cause same to be implemented;
30) Issue possession certificate regarding piece of possession registered using code or identification number using cadastral law and clearly identified border according to the standard;
31) Implements laws and standards prepared for registration of land possession and land data in the region similarly; ensures their implementation;

32) Sirna teknolojii kaadaastara seeraafi bu'uura misooma neetworkii ni misoomsa; akka misoomu ni taasisa; wayitaawaa ni taasisaa; ni bulcha; ragaalee kaadaastara seeraa akkaataa seerri hayyamuun ummataaf banaa akka ta'u ni taasisa;

33) Sarveeyingii qabiyyee lafaa istaandaardii irratti hundaa'uudhaan daangaa lafaa fudhatamummaa qabu irratti ni murteessa; qophii kaartaa iskeeliifi tajaajila adda addaatiif oolu ni raawwata; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

34) Tuqaalee to'annoo lafaa (Ground control point) sadarkaa lammaffaafi sadaffaa qiyyaasa kaadaastaraatiif gargaaruuf dhaabaman akkaataa barbaachisummaa isaatti ni baay'isa; sadarkaafi qulqullina isaa eeggate daangaa magaalaa keessatti ni dhaaba; akka dhaabbatu ni taasisa; ni bulcha;

35) Sirni waljijjiirraa ragaa yookiin odeeffannoo itti fayyadamaafi galmeessa qabiyyee lafaa magaalota naannichaa jidduutti akka diriiru ni taasisa; akkaataa seeraatiin qaama birootiif ni kenna;

36) Gatii kaffaltii tajaajilaa galmeessa mirga abbaa qabiyyummaatiif raawwatamu qoratee ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; akkaataa barbaachisummaa isaatiin fandii wabii hojii isaatiif barbaachisu ni mijeessa;

37) Gatii ka'umsa liiziifi kiraa lafaa qaama dhimmi ilaalu waliin qoratee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa;

38) Qorannoo itti fayyadama lafa baadiyyaa irratti hundaa'uudhaan giddugala baadiyyaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni daangessa; karaa Inistitiyuutii Pilaaniitiin pilaaniin akka qophaa'uuf ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata, pilaanicha ilaalchisee gochi seeraan ala raawwatame irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

32) የካዳስተር ህግና የመሠረተ ልማት ኔትዎርክ ቴክኖሎጂ ሥርዓት ያለማል፣ እንዲለማ ያደርጋል፣ ያዘምናል፣ ያስተዳድራል፣ የካዳስተር ህግ መረጃዎች ህጉ በሚፈቅደው መሠረት ለህዝብ ክፍት እንዲሆን ያደርጋል፤

33) በመሬት ይዞታ ሰርቬይ ስታንዳርድ ላይ በመመስረት ተቀባይነት ባለው የመሬት ወሰን ላይ ይወስናል፣ የስኬልና ለተለያዩ አገልግሎት የሚውል ካርታ ዝግጅት ይፈፅማል፣ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

34) ለካዳስተር ቅየሳ እንዲያገለግሉ የቆሙ ሁለተኛና ሦስተኛ ደረጃ የመሬት መቆጣጠሪያ ምልክቶችን እንደ አስፈላጊነታቸው ያባዛል፣ ደረጃና ጥራቱን ጠብቆ በከተሞች ወሰን ክልል ውስጥ ይተክላል፣ እንዲተክል ያደርጋል፣ ያስተዳድራል፤

35) በክልሉ ከተሞች መካከል የመሬት ይዞታ አጠቃቀምና ምዝገባ መረጃ ወይም ማስረጃ ልውውጥ ሥርዓት እንዲዘረጋ ያደርጋል፣ በህጉ መሠረት ለሌላ አካል ይሰጣል፤

36) ለባለይዞታ መብት የሚሰጥ ምዝገባ አገልግሎት የክፍያ ተመን በማጥናት ያቀርባል፣ ሲወሰን ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ እንደ አስፈላጊነቱ ለሥራው የሚያስፈልገውን የዋስትና ፈንድ ያመቻቻል፤

37) የሊዝ መነሻ ዋጋና የመሬት ኪራይ ከሚመለከተው አካል ጋር አጥንቶ ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፣ ሲወሰን ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

38) በገጠር መሬት አጠቃቀም ጥናት ላይ በመመስረት ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር የገጠር ማዕከል ይከልላል፣ በፕላን ኢንስቲቱዩት በኩል ፕላን እንዲዘጋጅለት ያደርጋል፣ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ ፕላኑን አስመልክቶ በተፈፀመ ህገ-ወጥ ድርጊት ላይ የእርምት እርምጃ ይወስዳል።

32) Develop; cause to be developed legal cadaster technology system and network infrastructures; make it up to date; administer; cause data of legal cadaster to be open for the public as per the law;

33) Decides on acceptable land border according to land surveying standards; executes preparation for scaled map and different services; implements it; cause to be implemented;

34) Multiplies 2nd and 3rd level ground control points used for cadastral surveying according to their necessity; installs materials meeting their standard and quality inside the urban border; causes it to be installed; administer same;

35) Cause establishment of land use and registration evidence or information correspondence system amongst urban of the region; provide same to other bodies pursuant to the law;

36) Studies and submit the service charge to be paid for registration of possessory right; implement; cause same to be implemented upon its approval; facilitate security fund required for its operation cost as may be necessary;

37) Studies initial lease and rent price of land with the concerned body and submit same to the Regional Government Administration Council; cause same to be implemented upon its approval;

38) Based on rural land use research, enclose rural center being in collaboration with the concerned body; cause its plan to be prepared by the Plan Institute; follow up and control same; take rectifying measure on the illegal act committed regarding the plan.

**27. Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistiksii**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Daandiiwwan naanniichaa abbummaan ni bulcha; ni to'ata; ni kunuunsa; ni supha; ni suphisiisa; sadarkaa isaanii ni fooyyessa;
2) Karooraafi sagantaa daandiiwwan babal'isuu, suphuufi sadarkaa ol guddisuuf gargaaran ni qopheessa;
3) Sadarkaa tajaajila daandiifi sadarkaa dizaayinii daandii fedhiifi guddina diinagdee irratti hundaa'e ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluun yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
4) Daandiifi riqichi akkaataa sadarkaafi barbaachisummaa isaatti kontiraaktaraan yookiin ummataan akka ijaaramu, suphamu, sadarkaan isaa akka fooyya'u, akkasumas akka kunuunfamu ni taasisa;
5) Qorannoofi qo'annoo daandiifi daandiin walqabate ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; ragaaleefi istaastistiksii adda addaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni tamsaasa; ni gabaasa;
6) Tooftaa daandiifi riqichi ittiin qoratamu, dizaayiniin ittiin qophaa'u akkasumas ijaarsiifi suphaan ittiin raawwatamu ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;
7) Teknolojiiwwan gatii xiqqaan daandii babal'isuu, suphuufi sadarkaa ol guddisuuf gargaaru yeroo yeroon qoratee hojiirra ni oolcha;
8) Hawaasni sadarkaa adda addaatti gurmaa'ee humnaafi qabeenya isaa qindeessuudhaan daandii hawaasaafi daandiiwwan kan biroo akka ijaaru, suphuufi kunuunsu ni taasisa; deeggarsa ogummaafi meeshaalee ijaarsaa ni kenna;
9) Qulqullina raawwii ijaarsaafi suphaa daandii ni to'ata; qaama birotiinis akka to'atamu ni taasisa;
10) Daandiin akka hin mancaaneefi tajaajilaan ala akka hin taane seeroonni bahan hojiirra ooluu isaanii ni hordofa;



**27. የመንገዶችና ሎጂስቲክስ ቢሮ**

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል:-

1) የክልሉን መንገዶች በባለቤትነት ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤ ይንከባከባል፤ ይጠግናል፤ ያስጠግናል፤ ደረጃቸውን ያሻሽላል፤
2) መንገዶችን ለማስፋፋት፤ ለመጠገን እና ደረጃቸውን ለማሳደግ የሚረዳ ዕቅድና ፕሮግራም ያዘጋጃል፤
3) በኢኮኖሚ ዕድገት ፍላጎት ላይ የተመሠረተ የመንገድ አገልግሎት ደረጃ እና የዲዛይን ደረጃን ያዘጋጃል፤ በሚመለከተው አካል ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
4) መንገድና ድልድይ እንደደረጃቸውና እንደ አስፈላጊነታቸው በኮንትራክተር ወይም በህብረተሰቡ እንዲሰሩ፤ እንዲጠገኑ፤ ደረጃቸው እንዲሻሻል፤ እንዲሁም እንክብካቤ እንዲደረግላቸው ያደርጋል፤
5) የመንገድና ከመንገድ ጋር የተያያዘ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፤ እንዲካሄድም ያደርጋል፤ የተለያዩ መረጃዎችና ስታቲክስን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ያሰራጫል፣ ሪፖርት ያደርጋል፤
6) መንገድና ድልድይ የሚጠናበትን፤ ዲዛይን የሚዘጋጅበትን እንዲሁም ግንባታና ጥገና የሚፈፀምበትን ሥልት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤
7) በዝቅተኛ ወጪ መንገድ ለማስፋፋት ለመጠገንና ደረጃውን ለማሻሻል የሚረዱ ቴክኖሎጂዎችን በየጊዜው በማጥናት ሥራ ላይ ያውላል፤
8) ህብረተሰቡ በተለያዩ ደረጃዎች ተደራጅቶ ጉልበቱንና ንብረቱን በማቀናጀት የህብረተሰብ መንደገድና ሌሎች መንገዶች እንዲሰሩ፣ እንዲጠግኑና እንዲንከባከቡ ያደርጋል፤ የሙያና የግንባታ መሣሪያዎችን ድጋፍ ይሰጣል፤
9) የመንገድ ግንባታና ጥገና ሥራ አፈፃፀም ጥራትን ይቆጣጠራል፣ በሌሎች አካላትም ቁጥጥር እንዲደረግበት ያደርጋል፤
10) መንገዶች እንዳይበላሹና ከአገልግሎት ውጪ እንዳይሆኑ የወጡ ህጎችን ተግባር ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፤



**27. Roads and Logistics Bureau**

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Administer the roads in the region in sense of ownership; control; protect; maintain; cause same to be maintained; upgrade their standard;
2) Prepare plan and program that help to expand; maintain and upgrade the standards of roads;
3) Prepare the standards of road service and designs based on the demand and economic growth; implement; cause same to be implemented upon its approval by concerned body;
4) Cause the roads and bridges to be constructed; maintained; modified its level as well as conserved by the contractor or the people on the basis of its standard and importance;
5) Undertake; cause to be undertaken roads and road related research and studies; collect various evidences and statistical data; organize; disseminate and report same;
6) Establish a mechanism whereby the roads and bridges shall be investigated; designs to be prepared; as well as construction and maintenance to be performed; implement and follow- up its implementation;
7) Study and implement periodically the technologies which help to expand, maintain and upgrade standards of the roads in low costs;
8) Causes society to be organized at various levels by coordinating their manpower and resources to construct public road and other roads, maintain and preserves; provide professional and construction materials support;
9) Supervise implementation of quality of construction and maintenances of road; causes to be supervised by other body;
10) Follow up the implementation of the enacted law to protect the roads from destruction and becoming out of use;

11) Waldaalee Interpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaafi kontiraaktaroonni xixiqqaan ijaarsaafi suphaa daandii irratti bobba'an hojii isaaniif kenname gahumsaan raawwachuu akka danda'an dandeettii isaanii cimsuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
12) Bal'ina daandii ni murteessa; ni to'ata;
13) Akkaataa itti fayyadama daandii, keessumattuu daandiin akka hin mancaane hanga ulfaatinaafi fe'iinsa konkolaataa ni murteessa; ni to'ata;
14) Sadarkaafi qulqullina meeshaalee hojii ijaarsa daandii irra oolan kan akka dhagaa, biyyoo paavimantii, biyyoo filatamaa, cirrachaafi kan biroo ni qorata; ni qorachiisa; kan sadarkaafi qulqullina isaa eeggate qofti hojiirra akka oolu ni taasisa;
15) Ijaarsa daandiitiif kan oolan kan akka dhagaa, biyyoo paavimantii, biyyoo filatamaa, cirrachaafi kan biroo hayyama qaama dhimmi ilaallatuun kaffaltii malee itti fayyadamuu ni danda'a;
16) Daandiin faayidaa yaadame qofaaf hojiirra akka ooluufi gochi seeraan alaa daandii irratti akka hin raawwatamne ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa;
17) Qabeenya daandii irratti argamu qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun ni kaasa; ni kaasisa;
18) Ijaarsi daandii qabeenya uumamaafi naannoo irratti dhiibbaa akka hin dhaqqabsiifne eegumsa gahaa ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
19) Qabeenya lafa ijaarsa daandiitiif oolu irratti argamaniif bu'uura seeraatiin beenyaan akka kaffalamu ni taasisa; akkaataa barbaachisummaa isaatti ni kaffala;
20) Dandeettiin raawwachiisummaa seektara daandii akka cimu ni hojjeta; leenjii gaggabaaboo ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

11) በመንገድ ግንባታና ጥገና ላይ የተሰማሩ ማህበራት፣ ማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝና አነስተኛ ኮንትራክተሮች የተሰጣቸውን ሥራ በብቃት መፈፀም እንዲችሉ አቅማቸውን ለማጠናከር ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
12) የመንገድ ስፋትን ይወስናል፤ ይቆጣጠራል፤
13) የመንገድ አጠቃቀም ሁኔታን በተለይም መንገድ እንዳይበላሽ የተሽከርካሪዎችን ክብደት እና የጭነት መጠን ይወስናል፤ ይቆጣጠራል፤
14) ለመንገድ ግንባታ ሥራ የሚውሉ ግብዓቶች እንደ ድንጋይ ፣ የፔቭመንት አፈር፣ የተመረጠ አፈር፣ ጠጠርና ሌሎችንጥራት ደረጃን ያጠናል፤ ያስጠናል፤ ደረጃና ጥራቱን የጠበቀው ብቻ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
15) ለመንገድ ግንባታ የሚውሉ እንደ ድንጋይ፣ የፔቭመንት አፈር፣ የተመረጠ አፈር፣ ጠጠርና ሌሎች በሚመለከተው አካል ፍቃድ ያለክፍያ መጠቀም ይችላል፤
16) መንገዶች ለታለመላቸው አገልግሎት ብቻ ሥራ ላይ እንዲውሉና በመንገዶች ላይ ህገወጥ ድርጊት እንዳይፈፀም ይቆጣጠራል፤ የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፤
17) በመንገድ ላይ የሚገኝ ንብረትን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ያነሣል፤ ያስነሳል፤
18) የመንገድ ግንባታ በተፈጥሮ ሐብትና በአከባቢ ላይ ተጽኖ እንዳያደርስ በቂ ጥበቃ ያደርጋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
19) በመንገድ ግንባታ የሚውል መሬት ላይ ለሚገኝ ንብረት በህግ መሰረት ካሣ እንዲከፈል ያደርጋል፤እንደ አስፈላጊነቱ ይከፍላል፤
20) የመንገድ ሴክተር የማስፈጸም አቅም እንዲጠናከር ይሠራል፤ አጫጭር ሥልጠናዎችን ይሠጣል፤ እንዲሰጡ ያደርጋል፤

11) Works with concerned body to build the capacities of associations of the micro and small-scale enterprises and smaller contractors engaged in the construction and maintenance of roads so as to enable them to perform the work given to them in competency;
12) Decide road width; control same;
13) Decide manner of using the roads; specially decides the extent of weight and load of vehicle such road can carry so that it should not be destructed;
14) Conduct testing of standard and quality of materials to be used for road construction works like stones, pavement soil, selected soil, sand and others; cause to be studied; Causes only the standardized and qualified ones to be used for construction purposes;
15) May use the materials such as stones, pavement soil, selected soil, sands and others for road construction without payment under authorization of concerned body;
16) Control the road to be used only for the intended purpose and prohibit illegal act no to be committed on the roads; take corrective measure; causes to be taken;
17) Remove; causes to be removed property found on the road in collaboration with the concerned body;
18) Makes sufficient protection for the road construction not to cause adverse impact on the natural resources and the environment; work with the concerned body;
19) As per to the law, make compensation to be paid for the properties found on the land to be used for road construction; pay as may be necessary;
20) Work to build up the performance capacity of the road sector; provide; cause to be provided short term trainings;

21) Hojjettoota haala addaatiin iskeeliin mindaa isaanii murtaa'uu qabu qoratee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
22) Dhimmichi adeemsa Mana Murtiin ilaalamuun isaa akkuma eegametti ta'ee, ijaarsa daandiin walqabatee wal dhabiinsa isaafi kontiraaktara, waldaalee, Interpiraayizii Maayikiroofi Xixiqqaa yookiin gorsaa gidduutti uumamu fedhii isaafi qaama isa waliin waliigaltee seene irratti hundaa'uun akkaataa barbaachiisummaa isaatti mana murtiitiin alatti akka xumuramu ni taasisa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
23) Imaammataa loojistiiksiifi geejjibaa ni burqisiisa; hojiirra akka oolu abbummaan ni hoogana;
24) Buufata konkolaataa, bidiruufi xiyyaaraa, tarminaala fe'umsaa, paarkiingii, giddugala leenjiifi qormaataa istaandaardii ni baasa; dizaayinii ijaarsaa ni qopheessa; qaama dhim-mi ilaallatu waliin ni ijaara; akka ijaaraman ni taasisa; kenniinsa tajaajila isaanii ol'aantummaan ni hooggana; ni to'ata; facaatii ijaarsa pirojektoota loojistiiksii ni qorata;
25) Buufataalee baaburaafi xiyyaara xixiqqaa akkasumas buufataalee konkolaataa ijaaraman keessatti iddoowwanii fi teknolojiiwwan loojistiiksii kanneen akka sirna kuusaafi qorrisiisaa oomishaalee ni ijaara; qaama bulchuuf ni dabarsa;
26) Sirna konkolaattonni, baaburri, bidiruwwaaniifi xiyyaaronni xixiqqaan irra deebiidhaan itti hojjetaman ni diriirsa; hojiirra akka oolu ni taasisa.



21) የደመወዝ እስኬላቸው በተለየ ሁኔታ ሊወሰን የሚገባው ሠራተኞችን በማጥናት ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤
22) ጉዳዩ በፍርድ ቤት ሂደት የሚታይ መሆኑ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ከመንገድ ግንባታ ጋር ተያይዞ በባለሥልጣኑና በኮንትራክተር፣ በማህበራት፣ በማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ ወይም አማካሪ መካከል የሚፈጠረውን አለመግባባት በባለስልጣኑና ከባለስልጣኑ ጋር ውል የገባ አካል ፍላጎት ላይ በመመስረት እንዳአስፈላጊነቱ ከፍርድ ቤት ውጪ መፍትሄ እንዲያገኝ ያደርጋል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
23) የሎጂስትክስ እና የትራንስፖርት ፖሊሲን ያመነጫል፤ ሥራ ላይ እንዲውል በባለቤትነት ይመራል፤
24) የተሽከርካሪ፣ የጀልባና የአውሮፕላን ጣቢያዎች፣ የጭነት ተርሚናል፣ የፓርኪንግ፣ የሥልጠናና የፈተና ማዕከል ስታንዳርድ ያወጣል፤ የግንባታ ዲዛይን ይዘጋጃል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይገነባል፤ እንዲገነቡ ያደርጋል፤ የአገልግሎት አሰጣጣቸውን በበላይነት ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤ የሎጂስቲክ ፕሮጀክት ግንባታ ስርጭትን ያጠናል፤
25) በሚገነቡት ትናንሽ የባቡር እና አውሮፕላን ጣቢያዎች እንዲሁም ተሽከርካሪ ጣቢያዎች ውስጥ እንደ የዕቃዎች ማከማቻና ማቀዝቀዣ ሥርዓት የመሳሰሉ የሎጂስቲክስ ሥፍራዎች እና ቴክኖሎጂዎችን ይገነባል፤ ለሚያስስዳድረው አካል ያስተላልፋል፤
26) ተሽከርካሪዎች፣ ባቡር፣ ጀልባዎች እና ትናንሽ አውሮፕላኖች በድጋሚ የሚሰሩበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡



21) Study the employees whose their salary scales shall be determined differently and submit to the Regional Administrative council; implement up on approval;
22) Without prejudice for issue to be tried by the court proceedings, it may cause the disputes which arise between itself and the Contractor, Associations, the micro and small scale enterprises or the consultants in connection with road construction to be resolved through extra court mechanisms as deemed necessary depending on the consent of the Authority and the body which conclude contractual agreement with the Authority; Its implementation shall be decided by the regulation to be issued;
23) Initiate logistic and transport policy to be implement lead it in principally;
24) Set standards of vehicle, boats and airplane stations, loading terminals, parking, training and examination centers; prepare construction design; construct with the concerned bodies; causes to be constructed; manage and control their service delivery in principally; studies the distribution of logistics construction projects;
25) Construct places and technologies of logistics like warehousing and frigging systems of products in the train and small airplane stations as well as in the constructed vehicle stations; transfer same to the administering bodies;
26) Establish system in which the vehicles, trains, boats and small airplanes can be re- assembled; cause same to be implemented;

**28. Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhaabbilee misoomaafi horata-alee mootummaa ilaalchisee yaada imaammataa ni maddisiisa; mootummaaf ni dhiyeessa; yemmuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Dhaabbileen misoomaa mootummaa seerota dhaabbilee misooma mootummaa, seerota ittiin hundaa'aniifi seerota biroo rogummaa qaban eeganii hojjechuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jiruutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
3) Dhaabbilee adda addaa mootummaan qooda keessaa qabu keessatti mootummaa bakka bu'ee hirmaachuun imaammataafi seeronni isaanii fedhiifi dantaa mootummaa kan mirkaneessan ta'uu isaa ni hordofa; ni to'ata;
4) Walta'iinsa qaamolee dhuunfaafi mootummaa ilaalchisee yaada imaammataafi tarsiimoo ni maddisiisa; mootummaa ni gorsa; hojiirra oolmaa isaanitiif ni hojjeta;
5) Haala Mootummaafi namoonni yookiin dhaabbileen dhuunfaa biyya keessaafi biyya alaa waliin walta'iinsa uumanii michummaan itti hojjetan irratti hojmaata ni diriirsa; bu'aa qabeessummaa isaa ni gamaaggama; michummaan taasifamu mirgaafi dantaa mootummaa kabajamuu isaa ni mirkaneessa;
6) Abbootii qabeenyaa mootummaa waliin hojii investimentii gaggeessuuf yaada pirojektii dhiyeessan qoratee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
7) Pirojektiiwwan daldalaafi invesimentii mootummaafi qaamni dhuunfaa waliin irratti hojjechuu danda'an ni xiinxala; akka xiinxalamu ni taasisa; bu'aa isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;

**28. የመንግሥት የልማት ድርጅቶች ቢሮ**

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የመንግስትና የልማት ድርጅቶችን በተመለከተው የፖሊሲ ሀሳብ ያመነጫል፤ ለመንግስት ያቀርባል፡ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
2) የመንግስት ልማት ድርጅቶች የመንግስት ልማት ድርጅቶችን ህግ፤የተቋቋሙባቸውን ህግና ሌላው ተግቢው ህጎችን ጠብቆ ለመስራታቸው ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
3) የመንግስት ድርሻ ያለባቸው የተለያዩ ድርጅቶች ውስጥ መንግስትን ወክሎ በመሳተፍ ፖሊሲያቸውና ህጎቻቸው የመንግሥትን ፍላጎትና ጥቅም የሚያረጋገጡ መሆናቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
4) የግልና የመንግስት አካላት ቅንጅት አስመልክቶ የፖሊሲና የስትራቴጂ ሃሣብ ያመነጫል፤ መንግሥትን ያማክራል፤ ሥራ ላይ ይውል ዘንድ ይሰራል፤
5) መንግሥትና የሀገር ውስጥና ውጭ ሀገር ግለሰቦች ወይም የግል ድርጅቶች ቅንጅት በመፍጠር በሽርክና የሚሰሩበትን ሁኔታ አስመልክቶ ሥርዓት ይዘረጋል፤ ውጤታማነቱን ይገመግማል፤ የሚደረገው ስምምነት ወይም ትብብርም የመንግስትን መብትና ጥቅም የሚያስከብር መሆኑን ያረጋግጣል፤
6) ከመንግስት ጋር የኢንቨስትመንት ሥራ ለማካሄድ የፕሮጀክት ሀሳብ ያቀረቡ ባለሐብቶችን በማጥናት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
7) መንግሥትና የግል አካል በጋራ ሊሰሩባቸው የሚችሏቸውን የንግድና የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን ይተነትናል፤ እንዲተነተን ያደርጋል፤ ውጤቱንም ለሚመለከተው አክል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

**28. Public Enterprises Bureau**

The Bureau shall have the following Powers and Duties:

1) Initiate policy idea regarding public enterprises and government resources; submit same to the government; implement; cause same to be implemented upon its approval;
2) Follow up and control as the public enterprises are operating in accordance with the laws of public enterprises, their establishment laws and other appropriate laws; take corrective measures where there is shortcomings;
3) By representing the government in various organizations in which the government holds a share, follow up and control as their policies and laws can ensure interests of the government;
4) Initiate policy and strategy idea regarding the private and public bodies; advise the government; work for their implementation;
5) Establish a system whereby the government and the domestic and foreign private persons or organizations work in partnership by creating friendly agreements; evaluate its effectiveness; ensure that such friendship protects the rights and interests of the government;
6) Examine the project proposal submitted by private investors to undertake investment operations with the government and submit to the concerned body; cause same to be implemented up on its approval; follow up and control its implementation;
7) Analyze; cause to be analyzed the trade and investment projects on which the government and private bodies can work together; submit its result to the concerned body; cause same to be implemented upon approval;

8) Karooraa hojii dhaabbilee misoomaa mootummaa xiinxalamee dhiyaate ni mirkaneessa; gabaasa raawwii karooraa ni hordofa; ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
9) Dhaabbileen misoomaa mootummaa haaraan akka hundeeffaman qorannoo gaggeessee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiira ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
10) Dhaabbilee Misooma Mootummaa haaraa hundeeffamaniif kaappitaalli ka'umsaa Mootummaan akka ramadamu ni taasisa; kaappitaalli ka'umsaa hayyamame waggaa shan keessatti kaffalamee akka xumuramu ni taasisa;
11) Herregni baajata of eeggannoo Dhaabbilee Misooma Mootummaa akka qabamu mootummaaf ni dhiyeessa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
12) Galmawwan waliigalaa, fiixee bu'aa waggaafi karoora investimentii dhaabbilee misoomaa Mootummaa ni mirkaneessa;
13) Hojimaata hojii gaggeessaafi itti aanaan hojii geggeessaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa beekumsa, dandeettiifi muuxannoo hojichaaf barbaachisu irratti hundaa'uun haala ittiin ramadamaniifi hojiirraa itti kaafaman ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
14) Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa boordiin buluu qabaniifi buluu hin qabne ni qorata; ulaagaa ni baasa; mootummaa naannichaan yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
15) Walitti qabaafi miseensota boordii dhaabbilee misoomaa mootummaa gahumsa qaban filachuudhaan yaada murtoo Pirezidaantiif dhiyeessuun akka ramadaman ni taasisa; akkaataa seeraatiin hojiirraa akka ka'an yaada ni dhiyeessa; raawwii hojii isaanii ni hordofa; kaffaltiiwwaniifi faayidaa adda addaa kaffalamuufii qabu qorachuun ni mirkaneessa;

8) ተመርምሮ የሚቀርብለትን የመንግስትና የልማት ድርጅቶችን የሥራ ዕቅድ ያጸድቃል፤ የዕቅድ አፈጻጸም ሪፖርትን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤ ግብረ-መልስ ይሰጣል፤
9) አዲስ የመንግስት ልማት ድርጅቶች እንዲቋቋሙ ጥናት በማካሄድ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
10) አዲስ ለተቋቋሙ የመንግስት የልማት ድርጅቶች መነሻ ካፒታል እንዲመደብላቸው ያደርጋል፤ የተፈቀደው መነሻ ካፒታል በአምስት ዓመት ውስጥ ተከፍሎ እንዲጠናቀቅ ያደርጋል፤
11) የመንግስት ልማት ድርጅቶች የመጠባበቂያ በጀት ሒሣብ እንዲያዝ ለመንግስት ያቀርባል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
12) የልማት ድርጅቶችን አጠቃላይ ግብ፣ የዓመቱ የትርፍ ጣሪያ እና የኢንቨስትመንት ዕቅድ ያፀድቃል፤
13) የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ዋና ሥራ አስኪያጅ እና ምክትል ዋና ሥራ አስኪያጅ ለሥራው በሚያስፈልገው የዕውቀት፣ ብቃትና ልምድ ላይ በመመስረት የሚመደቡበትንና ከሥራ የሚሰናበቱበትን ሥርዓት ያዘርጋል፤ ተግባር ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
14) በቦርድ መተዳደር ያለባቸውንና መተዳደር የሌለባቸውን የመንግስት ልማት ድርጅቶችን ያጠናል፤መስፈርት ያወጣል፤ በክልሉ መንግሥት ሲፀድቅም ተግባር ላይ ያውላል፤
15) ብቃት ያላቸውን የመንግስት ልማት ድርጅቶች የቦርድ ሰብሳቢና አባላትን መልምሎ የውሳኔ ሃሣብ ለክልሉ ፕሬዝዳንት በማቅረብ እንዲመደቡ ያደርጋል፤ በህግ መሠረት ከሥራ እንዲነሱ ሃሣብ ያቀርባል፤ የሥራ አፈፃፀማቸውን ይከታተላል፤ ሊከፈላቸው የሚገባውን ክፍያዎች እና ልዩ ልዩ ጥቅማ ጥቅሞች በማጥናት ያፀድቃል፤

8) Approve the work plans of public enterprises analyzed and submitted to it; follow up; and evaluate the plan performance report provide feedback for same;
9) Undertake study for the establishment of new public enterprises and submit same to the Regional Administrative Council; implement; cause to be implemented upon its approval;
10) Cause allocation of initial capital for newly established public enterprises by the government; cause the authorized capital to be paid and completed within five years;
11) Present its request to the government for the allocation of reserve budget account for public enterprises; follow up and control its implementation;
12) Approve the general goals, maximum annual profit and investment plans of the public enterprises;
13) Establish working system whereby the General Manager and Deputy General Manager of Public Enterprises can be appointed and removed from their responsibilities based on knowledge, capacity and experiences required for the post; follow up and control its implementation;
14) Study about the public enterprises to be administered and those not administered by the Board; set criteria; implement same upon its approval by the government;
15) Select the competent chairperson and members of the Board of the public enterprises and submit for the president to be assigned; submit idea for their removal as per the law; follow up their work performances; study and approve various payments and benefits to be performed for them;

16) Bu'aa qulqulluu Dhaabbilee Misooma Mootummaa ooditara alaatiin mirkanaa'e irratti hundaa'uun sirna onnachiiftuu miseensota boordiifi hojii gaggeessitootaaf itti kaffalamu ni diriirsa; hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;

17) Hojimaata faayidaaleen miseensota manaajimantii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ittiin raawwatamu ni diriirsa; durgoo oolmaa hojjettotaafi manaajimantii Dhaabbilee kanneenii boordiin qoratamee dhiyaate xiinxalee yookiin ofii isaatii qorachuun ni murteessa;

18) Hojimaata bulchiinsa humna namaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa qorachuun hojiirra akka oolu ni taasisa; fooyya'iinsa iskeeliifi ka'umsa mindaa hojjettootaa qoratamee dhiyaatuuf xiinxaluun yookiin ofii isaatii qorachuun Mana Maree Bulchiisaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyessa; yammuu hayyamamu hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

19) Gaaffii hojjettootaafi miseensota manajimantii Dhaabbilee Misoomaa daangaa umrii sooramaa ol tajaajiluuf gaafatamu irratti bu'uura seeraatiin murtee ni kenna;

20) Deemsa, leenjiifi barnoota biyya alaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa ilaalchisee qaamma dhimmi ilaallatu waliin mar'iachuun bu'a qabeessummaa isaa xiinxalee ni hayyama; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;

21) Ulaagaa qaxaraafi hojiirraa kaasuu odiitera keessaa Dhaabbata Misoomaa Mootummaa qoratamee dhiyaatuuf yookiin ofii isaatii qorachuun ni mirkaneessa;

22) Ramaddii odiitaroota alaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ni mirkaneessa; gabaasni herregaa dhaabbatichaa odiitara alaatiin qoratamee kallattiin akka dhiyaatuuf ni taassisa; ni mirkaneessa;

23) Fandiin misoomaafi industirii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa naannichaa akka hundeeffamu ni taasisa; ni bulcha;

16) በውጭ ኦዲተር በተረጋገጠ የመንግስት ልማት ድርጅቶች የተጣራ ትርፍ ላይ በመመስረት ለቦርድ አባላትና ለሥራ ሃላፊዎች የሚከፈልበትን የማበረታቻ ሥርዓት ይዘረጋል፤ ተግባር ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

17) የመንግሥት የልማት ድርጅቶች ማኔጅመንት አባላት ጥቅማ ጥቅሞች የሚፈፀምበትን አሰራር ይዘርጋል፤ በቦርድ ተጠንቶ የቀረበውን በመመርመር ወይም እራሱ በማጥናት የነዚህን ድርጅቶች ሰራተኞችና ማኔጅመንት አባላት ውሎ አበል ይወስናል፤

18) የመንግስት ልማት ድርጅቶች የሰው ሃብት አስተዳደር ሥርዓት በማጥናት ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ተጠንቶ የቀረበለትን የሰራተኞች የስኬል ማሻሻያ እና መነሻ ደመወዝ በመመርመር ወይም በራሱ በማጥናት ለክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

19) ከጡረታ ዕድሜ ገደብ በላይ ለማገልገል የሚጠየቀውን የልማት ድርጅቶች ሠራተኞችና የማኔጅመንት አባላት ጥያቄ አስመልክቶ በህግ መሠረት ውሣኔ ይሠጣል፤

20) የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን የውጭ ሃገር ጉዞ፣ ሥልጠና እና ትምህርትን በተመለከተ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር ውጤታማነቱን በመመርመር ይፈቅዳል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

21) የመንግሥት ልማት ድርጅቶች የውስጥ ኦዲተር የቅጥር እና ከሥራ ማሰናበት መስፈርትን ተጠንቶ የሚቀርብለትን በመመርመር ወይም በራሱ በማጥናት ያፀድቃል፤

22) የመንግሥት ልማት ድርጅቶች የውጭ ኦዲተሮች ምደባን ያፀድቃል፤ የድርጅቱ የሂሣብ ምርመራ ሪፖርት በውጭ ኦዲተሮች ተመርምሮ በቀጥታ እንዲቀርብለት ያደርጋል፤ ያፀድቃል፤

23) የክልሉ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች የልማትና ኢንዱስትሪ ፈንድ እንዲቋቋም ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤

16) Based on the net profit of the public enterprises approved by external auditors; establish incentives payment system for the Board members and Managers; cause same to be implemented; follow up and control same;

17) Develop work system whereby benefits of management members of public enterprises can be performed; determine the daily allowances of the workers and managements of these enterprises by analyzing the study undertaken and submitted by the Board or by studying it in itself;

18) Study work system for human resource administration of the public enterprises and cause same to be implemented; review the scale increment and floor salary of the workers submitted to it or study same by itself and submit to the Regional Administrative Council; follow up its implementation upon approval;

19) Decide pursuant to the law on the requests for retention on service of the workers and members of the management of public enterprises beyond their retirement ages;

20) Authorize the overseas trip, training and education of public enterprises after discussing over it with the concerned body and appraising its significance; Its implementation shall be determined by the directive to be issued; Approve the criteria of recruitment and dismissal of internal auditor of the public enterprises which is studied and submit to it or by studying same in itself;

21) Approve the criteria for employment and dismissal of internal auditors of the public enterprises submitted to it or by studying same in its own motion;

22) Approve appointment of external auditors of the public enterprises; cause accounts of the enterprise to be audited by external auditors and directly submitted to it; approve same;

23) Cause the establishment of the development and industry fund of public enterprises of the region; administer same;

24) Bu'aa qulqulluu Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa irraa dhibbeentaan mootummaaf yeroo yerootti dhangala'uu qabu qoratee herreega fandii misoomaafi industiriitti galii akka ta'u ni taasisa; galii ta'uu isaa ni hordofa; kanneen hin raawwanne irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
25) Aksiyoona mootummaan qooda keessaa qabu irraa ga'een bu'aa mootummaa yeroo yeroon fandii misoomaafi industiriitti dhangala'uu isaa ni hordofa; ni raawwachiisa;
26) Aksiyoonota bu'aa qabeeyyiifi guddina diinagdee biyyaafi naannichaa keessatti tarsiimo'aa ta'an qoratee bu'aa isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
27) Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa kaayyoofi ergama isaanii galmaan ga'uu akka danda'aniif humni raawwachiisummaa isaanii haala itti cimu ni qorata; bu'aa isaa mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; hojii irra ooluu isaa ni hordofa;
28) Kaappitaala qabaniifi haala uumama isaanii giddu galeessa godhachuun qorannoo irratti hundaa'uun sadarkaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ni murteessa;
29) Investimentiiwwan kaayyoo hundeeffama Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa galmaan gahuufi ce'umsa industiriif galtee ta'uu danda'an qoratee Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa akka irratti hirmaatan ni taasisa;
30) Yaa'ii waldaalee abbootii aksiyoonaa mootummaan qooda keessaa qabu irratti mootummaa bakka bu'ee ni hirmaata;
31) Karoora bittaa qabeenya dhaabbii gurguddoo hojii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaatiif murteessaa ta'an akka mirkanaa'u mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u ni raawwachiisa; tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

24) ከመንግሥት ልማት ድርጅቶች በየጊዜው በመቶኛ ለመንግሥት ፈሠስ መደረግ ያለበትን የተጣራ ትርፍ በማጥናት አስልቶ ወደ ልማትና ኢንዱስትሪ ፈንድ ሂሳብ ገቢ እንዲሆን ያደርጋል፤ ገቢ መሆኑን ይከታተላል፤ በማይፈጽሙት ላይም የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤
25) የመንግስት ድርሻ በውስጣቸው ካለባቸው አክሲዮኖች ውስጥ የመንግሥት የትርፍ ድርሻ በየጊዜው ወደ ልማትና ኢንዱስትሪ ፈንድ ፈሠስ መሆኑን ይከታተላል፤ ያስፈፅማል፤
26) ትርፋማ እና በሃገራችንና ክልላችን የኢኮኖሚ ዕድገት ውስጥ ስትራተጂካዊ የሆኑ አክሲዮኖችን በማጥናት ውጤቱን ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤
27) የመንግስት ልማት ድርጅቶች አላማና ተልዕኮዎቻቸውን ከግብ ማድረስ እንዲችሉ የማስፈፀም አቅማቸው የሚገነባበትን ሁኔታ ያጠናል፤ የጥናቱን ውጤቱን ለመንግስት ያቀርባል፤ ሲወሰንም ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
28) ያላቸውን ካፒታል እና አፈጣጠራቸውን ማዕከል በማድረግ ጥናት ላይ በመመስረት የመንግሥት ልማት ድርጅቶችን ደረጃ ይወስናል፤
29) ለመንግስት ልማት ድርጅቶችን የምሥረታ አላማ ከግብ ለማድረስ እና ለኢንዱስትሪ ሽግግር ግብዓት ሊሆኑ የሚችሉ ኢንቨስትመንቶችን በማጥናት የመንግስት ልማት ድርጅቶች እንዲሣተፉባቸው ያደርጋል፤
30) የመንግስት ድርሻ ያለባቸው የአክሲዮን ባለቤቶች ማህበራት ጉባኤ ላይ መንግስትን በመወከል ይሣተፋል፤
31) ለመንግስት ልማት ድርጅቶች ሥራ ወሣኝ የሆኑ ትልልቅ ቋሚ ንብረቶች ግዢ ዕቅድ እንዲፀድቅ ለመንግስት ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ያስፈፅማል፤ ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

24) Study the percentage to be flowed periodically to the government treasury from the net profit of public enterprises and cause it to be deposited in to the development and industry fund account; follow up its being deposited; take rectifying action on those who fail to perform;
25) Follow up whether the state dividend periodically flowed in to the development and industry fund account from the enterprise which the government holds a share in; enforce same;
26) Study about profitable shares which are strategic in the economic developments of the country and region and submit its result to the concerned bodies;
27) Undertake study about the ways of building the performance capacities of public enterprises so as to enable them to achieve their objectives and missions; submit its outcome to the government; implement same up on its approval; follow up implementation of same;
28) Taking in to account their capital and manner of their creation, decide level of public enterprises based on research;
29) Study investments which address objective of public enterprise establishment and can be input for transition of industry and causes public enterprises to take part on them;
30) Attend on the meetings of shareholders' associations in which the government holds shares representing the government;
31) Submit to the government the procurement plan of permanent huge properties which are critical to the public enterprises for approval;; cause same to be implemented upon its approval; Its particulars shall be determined by the regulation to be issued;

32) Sirna Herregni Dhaabbilee Misooma Mootummaa galmeerraa itti haqamuu danda'u irratti qaama dhimmi ilaalu waliin ni diriirsa; raawwii isaa ni hordofa;
33) Qabeenya dulloomaniifi tajaajilaan ala ta'an yookiin kanneen bitamanii tajaajila hin kennine yookiin hojii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaatiif barbaachisaa hin taane qaama dhimmi ilaaluuf dhiyaatanii akka maqfaman yookiin akka gurguraman ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
34) Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa walitti makuun yookiin gargar baasuun yookiin diiguun yookiin gurguruun barbaachisaa ta'ee yoo argame qorannoo gaggeessuun yaada murtii mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
35) Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa hojii qorannoofi qo'annootiif baajata akka ramadan haala ni mijeessa; bu'aa qorannoon argames hojiirra akka oolu ni taasisa;
36) Qabeenya Dhaabbilee Misooma Mootummaa kennaanis ta'e gargaarsaan qaama sadaffaaf darbu irratti ni murteessa; daangaan isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
37) Bittaa aksiyoonaa Dhaabbilee Misooma Mootummaatiin raawwatamu ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
38) Dhaabbanni Misoomaa Mootummaa tokko dhaabbata misooma mootummaa biroo wajjin akaakuu hojii walfakkaatu irratti akka hin bobbaane ni taasisa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
39) Sirna bulchiinsa faayinaansii, sirna odiitii keessaafi sirna galii Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa argatan ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; sanadoota herregaa ni qorata; ni qorachiisa; bu'aa isaa irratti hundaa'ee tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

32) የመንግስት ልማት ድርጅቶች ሒሳብ ከመዝገብ ላይ ሊሠረዝ የሚችልበትን ሥርዓት ከሚመለከተው አካል ጋር ይዘረጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
33) ያረጁና ከአገልግሎት ውጪ የሆኑ ወይም ተገዝተው አገልግሎት የማይሠጡ ወይም ለመንግስት የልማት ድርጅቶች አስፈላጊ ያልሆኑ ንብረቶች ለሚመለከተው አካል ቀርበው እንዲወገዱ ወይም እንዲሸጡ ያደርጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
34) የመንግስት ልማት ድርጅቶችን ማዋሃድ ወይም ማለያየት ወይም ማፍረስ ወይም መሸጥ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ጥናት በማካሄድ የውሳኔ ሐሳብ ለመንግስት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤
35) የመንግስት ልማት ድርጅቶች ለጥናትና ምርምር ተግባር በጀት እንዲመድቡ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ የጥናቱን ግኝትም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
36) በስጦታም ሆነ በእርዳታ መልክ ለሦስተኛ ወገን በሚተላለፍ የመንግስት ልማት ድርጅቶች ንብረት ላይ ይወስናል፤ ገደቡም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
37) በመንግስት ልማት ድርጅቶች የሚፈጸመውን የአክሲዮን ግዢ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
38) አንድ የመንግስት ልማት ድርጅት ከሌላ የመንግስት ልማት ድርጅት ጋር በተመሳሳይ የሥራ ዓይነት ላይ እንዳይሰማራ ያደርጋል፤ማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
39) የመንግስት የልማት ድርጅቶችን የሚያገኟቸውን የፋይናንስ አስተዳደር፣ የውስጥ ኦዲት እና የገቢ ማግኛ ሥርዓትን ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የሂሳብ ሰነዶችን ይመረምራል፤ ያስመረምራል፤ በውጤቱ ላይ በመመስረት የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤

32) In collaboration with the concerned body, establish a system whereby the account of public enterprises can be cancelled from the book; follow up its implementation;
33) Cause the old and un functional properties or those purchased and remain idle or not essential for the activities of public enterprises to be removed or sold by the concerned body; follow up its implementation;
34) Where it is found necessary to amalgamate or divide or dissolve or sell the public enterprises, conduct study and present decision opinion to the government; implement same upon approval;
35) Facilitate condition for public enterprises to allocate budget for research and study purposes; cause the findings of such research to be implemented;
36) Decide on the asset of the public enterprises to be transferred to third party through donation or aid; Its limitation shall be determined by the regulation to be issued;
37) Follow up and control purchase of shares performed by public enterprises; take; causes to be taken corrective measures where there observed drawbacks;
38) Cause one public enterprise not to engage on similar type of work with other public enterprise, take correctives measures;
39) Establish finance administration, internal audit and income generating systems required by public enterprises; follow up and control its implementation; investigate; cause to be investigated financial documents; take corrective measures on the basis of its results;

40) Karoora liqii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ni to'ata; gaaffii liqii xiinxaluun ni mirkaneessa; haala ittifayyadamaafi raawwii isaa ni hordofa;
41) Sirna bittaa, bulchiinsaafi itti fayyadama qabeenyaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
42) Kaappitaalli Dhaabbata Misoomaa Mootummaa akka hir'atu yookiin akka dabalu yaanni yoo dhiyaate qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa;
43) Hojiiwwan mirga abbaa qabeenyummaa mootummaa kabachiisan biroo ni raawwata.

## 29. Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dizaayinii ijaarsa iskiimota jallisii kamiyyuu ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; qaama dhimmi ilaallatuun yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; qo'annoo ijaarsa iskiimota jallisii ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa;
2) Jallisii giddugaleessaafi gurguddaa ijaarsi isaanii xumurame hanga itti fayyadamtoonni of danda'anii bulchanitti guutummaa guutuutti ni bulcha; ni hordofa; hojii teeknikaa ni raawwata; suphaa humna fayyadamtoota jallisii ol ta'e ni raawwata; ni raawwachiisa; yeroo itti fayyadamtoonni of danda'an dabarsee ni kenna;
3) Bu'a qabeessummaa iskiimoota jallisii guddisuuf fayyadamtootni hubannoo baasii, kunuunsa, bulchiinsaa fi suphaa qabaatanii maallaqa akka qusatan ni gorsa; ni hordofa; akkasumas deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
4) Qabeenya bishaanii naannicha keessatti argaman haala itti fufiinsa qabuun misooma jallisiitiif akka ooluu danda'an qaama dhimmi ilaalu waliin kunuunsa isaanii irratti ni hojjeta;

40) የመንግሥት የልማት ድርጅቶችን የብድር ዕቅድ ይቆጣጠራል፤ የብድር ጥያቄን በመመርመር ያፀድቃል፤ የአጠቃቀሙን ሁኔታና አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
41) የመንግሥት የልማት ድርጅቶችን የንብረት ግዥ፣ አስተዳደር እና አጠቃቀም ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
42) የመንግሥት የልማት ድርጅት ካፒታል እንዲቀንስ ወይም እንዲጨምር የሚል ሐሳብ ከቀረበ ይህንኑ አጥንቶ ለክልሉ መንግሥት መሥተዳድር ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
43) የመንግሥትን የባለቤትነት መብት የሚያስከብሩ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

## 29. የመስኖና አርብቶ አደር ልማት ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የማንኛውም የመስኖ አውታር ግንባታ ዲዛይን ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ጉዳዩ በሚመለከተው አካል ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ የመስኖ አውታር ግንባታ ጥናት ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤
2) ግንባታቸው የተጠናቀቀ መካከለኛና ትላልቅ የመስኖ አውታሮችን ተጠቃሚዎች ራሳቸውን ችለው እስከሚያስተዳድሯቸው ድረስ ሙሉ በሙሉ ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፤ የቴክኒክ ሥራ ይሰራል፤ከመስኖ ተጠቃሚዎች አቅም በላይ የሆነ ጥገናን ያከናውናል፤ እንዲከናወን ያደርጋል፤ ተጠቃሚዎች ራሳቸውን በሚችሉበት ጊዜ ለነርሱ አስተላልፎ ይሰጣል፤
3) የመስኖ አውታሮችን ውጤታማነት ለማሳደግ ተጠቃሚዎች ስለ ወጪ፣ እንክብካቤ፣ አስተዳደር እና ጥገና ግንዛቤ ኖሯቸው ገንዘብ እንዲቆጥቡ ይመክራል፤ ይከታተላል፤ እንዲሁም አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
4) በክልሉ ውስጥ የሚገኙትን የውሃ ሃብት ቀጣይነት ባለው ሁኔታ ለመስኖ ልማት መዋል እንዲችሉ እንክብካቤያቸውን አስመልክቶ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

40) Control credit plans of public enterprises; review and approve the credit requests; follow up its manner utilization and performance;
41) Establish resource procurement, administration and utilization system of public enterprises; follow up its implementation;
42) Up on receiving proposition for the decrease or increase of the capital of a public enterprise, investigate thoroughly and submit to the Regional Administrative Council; cause same to be implemented upon its approval;
43) Perform other activities that help to protect ownership rights of the government.

## 29. Irrigation and Pastoralist Development Bureau

The Bureau shall have the following Powers and Duties:

1) Prepare; cause to be prepared designs of any irrigation schemes construction; implement same upon approval by the concerned body, undertake; cause to be undertaken study of irrigation schemes construction;
2) Fully administer; follow up; perform technical work of medium and large scale irrigations which their construction is completed until the beneficiaries are able to administer them independently; conduct or cause the conduct of maintenance works which are beyond the capacity of the users; hand over the administration to them when they are self-sufficient;
3) Advise; follow up and provide necessary support for the beneficiaries to enable them acquire awareness on expenditure, preservation, administration and maintenances and save money for developing the effectiveness of irrigation schemes;
4) Work in collaboration with concerned body on the conservation of water resources in the region so that they can be sustainably used for irrigation developments;

5) Jallisii maayikiroofi jallisii bonee ummataan akka hojjetaman abbummaadhaan ni hordofa; ni deeggara; ni jajjabeessa;
6) Qaamolee guddinaafi itti fufiinsa misooma jallisiif bu'aa buusuu danda'an waliin ni hojjeta;
7) Fandii arjoomtota irraa misooma jallisiitiif gargaarsaan yookiin liqiidhaan argamu dhimma barbaadameef akka oolu ni hordofa; ni bulcha; raawwii isaa qaama ilaallatuuf ni gabaasa;
8) Jallisiiwwan xixiqqaa ijaarsi isaanii xumurame itti fayyadamtootaatti dabarsee ni kenna; bulchiinsaafi itti fayyadama irratti deeggarsa teeknikaa ni taasisa; ni hordofa; suphaa humna fayyadamtoota jallisii ol ta'e ni raawwata; ni raawwachiisa;
9) Baasii ijaarsa pirojektii jallisiif bahe itti fayyadamtootaan akka bakka bu'u ni taasisa; Mootummaa hayyamsiisee pirojektii jallisii birootiif ni oolcha; kaffaltii tajaajila adda addaatiif suphaa ni sassaaba; deebisee hojiirra ni oolcha;
10) Waldaalee itti fayyadamtoota bishaan jallisii ni gurmeessa; ni leenjisa; dambii ittiin bulmaataa akka qopheeffatan ni gargaara; ni hordofa; akkaasumas qaama seerummaa akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
11) Miidhaa pirojektoonni misooma qonna jallisii naannoofi fayyaa namaa irratti fiduu danda'an xiqqeessuudhaaf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
12) Nama sababa ijaarsa misooma qonna jallisiitiin qabeenya isaa irratti miidhaan gaheef akkaataa seeraatiin beenyaan akka kaffalamuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
13) Paakeejii misooma naannoo horsiisee bulaa ni qopheessa; akka babal'atu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; deeggarsa barbaachisu ni kenna; hojiirra ooluu isaa ni hordofa;

5) የማይክሮ እና የበጋ መስኖ ልማት በህብረተሰቡ እንዲሰራ በባለቤትነት ይከታተላል፤ይደግፋል፤ ያበረታታል፤
6) ለመስኖ ልማት ዕድገትና ቀጣይነት አስተዋፅዖ ሊያበረክቱ ከሚችሉ አካላት ጋር ይሰራል፤
7) ለመስኖ ልማት የሚውል በእርዳታ ወይም በብድር መልክ ከበጎ አድራጊዎች የሚገኘውን ፈንድ ለተፈለገው ዓላማ መዋሉን ይከታተላል፤ ያስተዳድራል፤ አፈፃፀሙንም ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያደርጋል፤
8) ግንባታቸው የተጠናቀቁ አነስተኛ መስኖዎችን ለተጠቃሚዎች አሳልፎ ይሰጣል፤ አስተዳደርና አጠቃቀማቸውን በተመለከተ የቴክኒክ ድጋፍ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ከተጠቃሚዎች አቅም በላይ የሆነ ጥገናን ያከናውናል፤ እንዲከናወን ያደርጋል፤
9) ለመስኖ ግንባታ ፕሮጄክት የወጣ ወጪ በተጠቃሚዎች እንድተካ ያደርጋል፤መንግሥትን በማስፈቀድ ለሌላ የመስኖ ፕሮጄክት ያውላል፤ ለተለያዩ አገልግሎትና ጥገና ክፍያ ይሰበስባል፤ መልሶም ሥራ ላይ ያውላል፤
10) የመስኖ ውሃተጠቃሚዎች ማህበራትን ያደራጃል፤ ያሠለጥናል፤ የመተዳደሪያ ደንብ እንዲያዘጋጁ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ እንዲሁም የህግ ሰውነት እንዲያገኙ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
11) የመስኖ እርሻ ልማት ፕሮጀክቶች በአከባቢና በሰው ጤና ላይ ሊያደርሱ የሚችሉትን ጉዳት ለመቀነስ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
12) በመስኖ እርሻ ግንባታ ምክንያት ንብረታቸው ላይ ጉዳት ለደረሰባቸው ሰዎች በህግ መሰረት ካሳ እንዲከፈላቸው ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
13) የአርብቶአደር አካባቢን የልማት ፓኬጅ ያዘጋጃል፤ እንዲስፋፋ ያደርጋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ አስፈላጊ ድጋፍ ይሰጣል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

5) Follow up; support and encourage responsibly for the micro and moisture irrigations be carried out by the people;
6) Work in collaboration with the bodies that can contribute to the growth and sustainability of irrigation developments;
7) Follow up, administer the irrigation development funds obtained from donation agencies in the form of assistance or loans to be used for the intended purpose and report its implementation to concerned bodies;
8) Handover small scale irrigation projects which their construction is completed to beneficiaries; provide technical support; follow up same; perform; cause to be performed maintenances which is beyond the capacity of the beneficiaries;
9) Cause the costs used for irrigation construction projects to be refunded by the beneficiaries; and use same for another irrigation project under authorization of the government; collect payment for various services and re-implement same;
10) Organize and train irrigation water beneficiary associations, assist and follow up them in the preparation of their internal regulation, work with the concerned body to enable them acquire legal personality;
11) Work with the concerned bodies to minimize the adverse impacts of irrigation development projects on the environment and human health;
12) Work with the concerned bodies for person whose property is damaged due to irrigation farming development constructions to be paid with compensation in accordance with the law;
13) Prepare pastoralist area development package; cause to expand; work with concerned bodies; provide necessary support; follow up implementation of same;

14) Misooma naannoo horsiisee bulaa ilaalchisee qorannoofi qu'annoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamus ni taasisa; ragaa adda addaa walitti ni qaba; ni qindeessa; sagantaa misoomaa itti fufiinsa qabu ni qopheessa; qaamoleen dhimmi ilaalu akka hojiirra oolchan ni qindeessa; raawwii jiru ni hordofa;
15) Tooftaa misoomaa jiruufi jireenya hawaasa horsiisee bulaa fooyyessuuf naannicha keessatti gaggeeffamu haala qabatamaa ummata naannoo horsiisee bulaa waliin wal simuu danda'u irratti yaada ni burqisiisa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
16) Abbootiin qabeenyaa dhuunfaa, dhaabbilee miti-mootummaafi seektaroonni mootummaa dhimmi ilaalu sochii hojii misooma naannoo horsiisee bulaa keessatti qooda akka fudhatan ni qindeessa; ni jajjabeessa;
17) Sagantaaleefi pirojektoota misooma naannoo horsiisee bulaa keessatti gaggeeffaman raawwachiisuuf fandiifi qabeenya ni barbaada; yammuu hayyamamu qaama dhimmi ilaalu waliin hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;
18) Fedhiifi dhiyeessa bu'uuraalee misooma naannoo horsisee bulaa qaama dhimmi ilaallatu waliin qorachuun adda ni baasa; sagantaafi pirojektoonni baajata mootummaatiin raawwataman akka qophaa'aniifi hojiirra oolan seektara dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
19) Bu'uura misoomaa naannoo horsisee bulaa deeggartoota misoomaan hojjetaman qaama dhimmi ilaallatun akka qoratamu haala ni mijeessa; sagantaafi pirojektoota qophaa'anii dhiyaatan raawwii isaanii ni hordofa; qaamolee dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta; xumura irratti seektara dhimmi ilaallatuuf akka darbu ni taasisa;

14) የአርብቶ አደር አካባቢ ልማትን አስመልክቶ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፤ እንዲካሄድም ያደርጋል፤ የተለያዩ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ያደራጃል፤ ቀጣይነት ያለው የልማት ፕሮግራም ያዘጋጃል፤የሚመለከታቸው አካላት ሥራ ላይ እንዲያውሉት ያስተባብራል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
15) የአርብቶ አደሩን ህይወትና ኑሮ ለማሻሻል በክልሉ ውስጥ የሚካሄዱት የልማት ሥልቶችን ከአርብቶ አደሩ አካባቢ ተጨባጭ ሁኔታዎች ጋር ሊጣጣሙ የሚችሉበትን ሁኔታ አስመልክቶ ሃሣብ ያመነጫል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
16) የግል ባለሐብቶች፣ መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች እና ጉዳዩ የሚመለከታቸው የመንግሥት ሴክተሮች በአርብቶ አደር አካባቢ የልማት እንቅስቃሴ ውስጥ እንዲሣተፉ ያስተባብራል፤ ያበረታታል፤
17) ለአርብቶ አደሩ አካባቢ ልማት የሚሆኑ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶችን ያዘጋጃል፤ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤
18) የአርብቶ አደር አካባቢን የመሠረተ ልማት ፍላጎትና አቅርቦትን ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በማጥናት ይለያል፤ በመንግስት በጀት የሚካሄዱ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶች እንዲዘጋጁና ሥራ ላይ እንዲውሉ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
19) በልማት ደጋፊዎች በአርብቶ አደሩ አካባቢ የሚከናወኑ መሠረተ ልማቶችጉዳዩ በሚመለከተው አካል እንዲጠኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ተዘጋጅተው የቀረቡ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶችን አፈጻጸም ይከታተላል፤ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤ በመጨረሻመ ለሚመለከተው ሴክተር እንዲተላለፍ ያደርጋል፤

14) Undertake and cause to be undertaken research and studies regarding pastoralist area development; collect and compile various data; prepare sustainable development programs; cause the concerned bodies implement same; follow up implementation
15) Devise development means to be undertaken in the Region and suitable to the particular situation of the pastoralists to improve the lives of pastoralist societies; implement same up on approval;
16) Coordinate and encourage private investors, non-governmental organizations and concerned governmental sectors to participate in development activities undertaken in pastoral areas;
17) Prepare development program and projects suitable for pastoral area and implement in collaboration with concerned bodies, follow up its effectiveness;
18) Undertake studies and identify, with concerned bodies, the demand and supply of pastoralist areas infrastructure; work with concerned bodies to cause the preparation and implementation of government financed programs and projects;
19) Facilitate conditions so that concerned bodies undertake studies on infrastructure to be undertaken in pastoralist areas through funds of development partners; follow up implementation of prepared projects and programs; work in collaboration with concerned bodies; cause to be transferred to concerned sector upon completion;

20) Naannoo horsiise bulaa keessatti akeekkachiisa duraa akka hojiirra oolu haala ni mijieessa; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
21) Ijaarsaawwan bu'uuraa misoomaa baadiyyaafi dhaabbilee tajaajila hawaasummaa naannoo horsiisee bulaatti gaggeeffamaniif istaandaardiifi dizaayinii naannoo horsiisee bulaa waliin walsimu akka qophaa'u qaama dhimmi iluulu waliin ni hojjeta; qaamoleen hojii ijaarsa bu'uura misooma baadiyyaa naannoo horsiisee bulaa keessatti gaggeessan irrattis akkaataa istaandaardii naannoo kanaan raawwatamaa jiraachuu isaa hordoffii ni gaggeessa; ni to'ata;
22) Naannoo horsiisee bulaatti tajaajilli misooma diinagdee, hawaasummaafi haqaa akkka babal'atu qaamolee dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
23) Hirmaannaafi hubannoon horsiisee bulaa akka cimu leenjii jijjiirama waliigalaa jiruufi jireenya hawaasa horsiisee bulaa irratti ni qophees-sa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata; ni raawwachiisa.

## 30. Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Misooma interpiraayizoota maayikiroo, xixiqqaafi giddugaleessaa irratti kutaalee hawaasaa bobba'an ni deeggara; carraan hojii naannicha keessatti akka uumamu ni taasisa; ni deeggara; ni to'ata;
2) Hojii dhabeeyyii naannichaa hojii uummachuu irratti bal'inaan akka bobba'an hubannoo ni uuma; deeggarsa leenjii, iddoo hojii, liqii, walitti hidhamiinsa gabaa, gorsaafi odeeffannoo akka argatan haala ni mijeessa;

20) በአርብቶ አደር አካባቢ የቅድመ ማስጠንቀቂያ ሥርዓት ሥራ ላይ እንዲውል ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በቅንጅት ይሠራል፤
21) በአርብቶ አደሩ አካባቢ ለሚካሄዱ የገጠር መሰረተ ልማት ግንባታዎችና የማህበራዊ አገልግሎት ተቋማት ከአርብቶ አደሩ አካባቢ ጋር የሚጣጣም ስታንዳርድና ዲዛይን እንዲዘጋጅ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ በአርብቶ አደር አካባቢ የገጠር መሰረተ ልማት ግንባታ ሥራን የሚያካሂዱ አካላት በአከባቢው ስታንዳርድ መሠረት እየሠሩ መሆናቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
22) በአርብቶ አደሩ አካባቢ የኢኮኖሚ ልማት፣ የማህበራዊና የፍትህ አገልግሎት እንዲስፋፋ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
23) የአርብቶ አደሩ ተሳትፎና ግንዛቤ እንዲጠናከር በአርብቶ አደሮች ማህበረሰብ አጠቃላይ የኑሮ ሁኔታ ለውጥ ላይ ሥልጠናዎችን ያዘጋጃል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፡፡

## 30. የሥራ ዕድል ፈጠራና ሙያ ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በማይክሮ፣ ጥቃቅንና መካከለኛ ኢንተርፐራይዞች ልማት ላይ የሚሰማሩ የህብረተሰብ ክፍሎችን ይደግፋል፤ በክልሉ ውስጥ የሥራ ዕድል እንዲፈጠር ያደርጋል፤ ይደግፋል፤ ይቆጣጠራል፤
2) የክልሉን ሥራ አጦች ወደ ሥራ ፈጠራ ላይ በስፋት እንዲሰማሩ ግንዛቤ ይፈጥራል፤የስልጠና፤ የሥራ ቦታ፣ የብድር፣ የገበያ ትስስር፣ የምክርና የመረጃ ድጋፍ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

20) Facilitate condition for the implementation of advance warning system in pastoral area; work in collaboration with concerned bodies;
21) Work in collaboration with the concerned bodies for preparation of standards and designs compatible with the pastoralist areas for constructions of rural development infrastructures and social service institutions to be undertaken in pastoralist area; follow up and supervise that organs engaged in undertaking basic rural development construction works and infrastructures in pastoral area are executing in accordance with the standard;
22) work in collaboration with concerned bodies to enable the expansion of economic, social and justice services developments in pastoralist areas;
23) Prepare trainings on the overall improvement of livelihood of pastoralist society for strengthening the participation and awareness of pastoralists; execute; cause same to be executed in collaboration with concerned body.

## 30. Job Creation and Vocational Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Support the community members engaged in the development of micro, small scale and medium enterprises; cause creation of job opportunities in the region; support and control same;
2) Create awareness for the unemployed persons in the region to enable them widely engage on job creation activities; facilitate a condition for them to get training supports, place of work, loans, market integration, consultancy and information;

3) Interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa seektara adda addaa akkasumas interpiraayizoota xixiqqaafi giddugaleessa seektara maanufaakchariingii dorgomaa, guddina itti fufiinsa qabuufi misooma industiriitiif bu'uura cimaa akka buusuu danda'aniif paakeejii deeggarsaa ni qopheessa; ni qindeessa; ni raawwachiisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
4) Naannicha keessatti carraa hojii uumuufi interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa adda addaafi interpiraayizoota xixiqqaafi giddugaleessaa damee maanufaakchariingiitiif dhimmoota misoomaafi dorgomtummaa isaanii irratti hudhaa ta'an qo'annoon adda baasee furmaata ni kenna;
5) Naannicha keessatti qaamoleefi dhaabbilee sadarkaa sadarkaan hojiilee misooma interpiraayizotaa gargaaraaniifi qindeessan paakeejii deeggarsa dandeettii raawwachissummaa isaanii cimsu ni qopheessa; ni raawwata; ni raawwachiisa;
6) Saxaxa sonaa dabaluuf kan gargaaran hordofuun misooma interpiraayzoota maaykiroofi xixiqqaaf fedhii isaanii bu'uura godhachuudhaan dhaabbilee deeggarsaa leenjii, faayinaansii, teknolojiifi tajaajila gorsaa dhiyeessan ni qindeessa;
7) Ilaalcha dogoggoraa hojii uumuu irratti hawaasa keessatti mul'atu jijjiiruuf sirna ittiin rakkinichi furamu ni qorata; qaama dhim¬mi ilaaluuf dhiyeessuun yammuu mirkanaa'u hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; leenjiiwwan hubannoo uumuufi cimsuu danda'an ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
8) Interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa damee isaaniitiin waldaadhaan akka gurmaa'an deeggaruudhaan walitti hidhamiinsa gabaa biyya keessaa irraa fayyadamoo akka ta'an ni deeggara;
9) Muuxannowwan gaggaarii interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa irratti jiran qo'annoon adda baasuun qindeessuudhaan akka babal'atan ni taasisa; kanneen wal fakkaatan waliin walitti hidhamiinsi akka jiraatu ni hojjeta;

3) የተለያዩ ዘርፎች የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞችን እንዲሁም የማኑፋክቸሪንግ ዘርፍ ጥቃቅንና መካከለኛ ኢንተርፕራይዞች ተወዳዳሪ፣ ቀጣይነት ያለው ዕድገትና ለኢንዱስትሪ ልማት ጠንካራ መሠረት ለማስቀመጥ እንዲችሉ የድጋፍ ፓኬጅ ያዘጋጃል፤ ያቀናጃል፤ያስፈጽማል፤ አተገባበሩን ይከታተላል፤
4) በክልሉ ውስጥ የሥራ ዕድል መፍጠርና በተለያዩ ዘርፎች የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞችና ለማኑፋክቸሪንግ ዘርፍ ጥቃቅንና መካከለኛ ኢንተርፕራይዞች በልማትና ተወዳዳሪነታቸው ላይ ማነቆ የሆኑ ጉዳዮችን በጥናት በመለየት መፍትሄ ይሰጣል፤
5) በክልሉ ውስጥ የኢንተርፕራይዞችና ኢንዱስትሪ ልማት ሥራዎችን ደረጃ በደረጃ የሚረዱና የሚያቀናጁ አካላትና ድርጅቶችን የማስፈጸም አቅማቸውን የሚያጠናክር የድጋፍ ፓኬጅ ያዘጋጃል፤ ይፈፅማል፤ ያስፈፅማል፤
6) የእሴቶችንትስስር ለመጨመር የሚረዱትን በመከታተል የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ልማት ፍላጎታቸውን መሠረት በማድረግ የስልጠና፣ የፋይናንስ፣ የቴክኖሎጂና የምክር አገልግሎት የሚያቀርቡ የድጋፍ ድርጅቶችን ያቀናጃል፤
7) በሥራ ፈጠራ ላይ በህብረተሰቡ ውስጥ የሚስተዋለውን የተሳሳተ አመለካከትን ለመቀየር ችግሩ የሚፈታበትን ሥርዓት ያጠናል፤ ለሚመለከተው አካል በማቅረብ ሲፀድቅ አተገባበሩን ይከታተላል፤ ግንዛቤ የሚፈጥሩና የሚያዳብሩ ሥልጠናዎችን ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤
8) የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞችን በየዘርፋቸው በማህበር እንዲደራጁ በመደገፍ ከሀገር ውስጥ የገበያ ትስስር ተጠቃሚ እንዲሆኑ ይደግፋል፤
9) በማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ዘንድ ያሉ መልካም ተሞክሮዎችን በጥናት በመለየት እና በመቀመር እንዲስፋፉ ያደርጋል፤ ከሚመሳሰሉት ጋር ትስስር እንዲኖር ይሠራል፤

3) Prepare support package to enable various sectors micro and small-scale enterprises as well as small and medium scale enterprises of manufacturing sector to be competent, lay strong foundations for sustainable growth and industrial development; coordinate it; implement; follow up it is implementation;
4) Identify through research and give solution for the challenges hampering the development and competitiveness of creation of job opportunity and different micro and small-scale enterprises and small and medium scale enterprises of manufacturing branch in the region;
5) Prepare the performance capacity building support packages for the bodies and organization which supports and coordinates the work of enterprises developments at each level in the region;
6) Coordinate the training, finance and consultancy service supplying support organizations for the micro and small-scale enterprises depending on their demands by following those helpful for increasing values;
7) Undertake research about the system in which the wrong attitude prevailing in the society regarding job creation can be solved; follow up its implementation up on its approval by the concerned body; provide; cause to be provided awareness creating and building trainings;
8) Support the micro and small-scale enterprises so as to be benefited from the domestic integration of market by assisting them to be organized through associations in their sectors;
9) Identify by studying and organize the best practice regarding the micro and small-scale enterprises and make them to be expanded; work to establish integration with similar ones;

10) Gahee misooma interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaa akka guddatuufi misoomni ariifachiisaan akka mirkanaa'u, abbootiin qabeenyaa baay'inaan akka horataman, qaama raawwattootaa misooma interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaafi qooda fudhattoota waliin ni hojjeta;
11) Qabeenya uumamaa naannichaa misooma interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaaf ooluu danda'anii fi carraa hojii Naannicha keessa jiru adda baasuu irratti qaama dhimmi ilaalu waliin qorannoo ni gaggeessa; bu'aa qorannichaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
12) Lammiilee hojii dhabeeyyii naannichaa carraa hojii naannicha keessatti uumamuuf akkaataa fedhii isaaniitiin, seera daldalaafi waldaa hojii gamtaa irratti hundaa'uun dhuunfaan yookiin waldaadhaan ni gurmeessa; hayyama daldalaafi qaama seerummaa akka argatan ni taasisa;
13) Interpiraayizota maayikiroofi xixiqqaa eebbifamtoota Yunivarisitii, Koollejjoota, Koollejjoota Poolii-teekinikaafi sadarkaa adda addaatti baratanii xumuraniifi akkasumas addaan kutanii hojii dhabeeyyii ta'aniin hundeffamaniif dhaabbilee dhiyeessa faayinaansiifi dhiyeessa meeshaalee liizii waliin ta'uun haala tajaajila, liqii, maashiniifi tajaajila ekisteenshinii guutuu itti argatan ni mijeessa;
14) Wiirtulee kenniinsa tajaajila iddoo tokkoo ni gurmeessa; ni cimsa; sirna fooyya'aafi haaraa tajaajiloota si'aayina qabu kennuu dandeessisu ni diriirsa; humna wiirtuulee ni ijaara;
15) Hojimaata interpiraayizonni maayikiroofi xixiqqaa damee adda addaafi interpiraayizoota xixiqqaafi giddugaleessaa damee maanufaakchariingii itti galmaa'an, gurmaa'an, waraqaa ragaa qaama seerummaa itti argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

10) የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ልማት ሚና እንዲያድግና ፈጣን ልማት እንዲረጋገጥ፣ባለሀብቶች በብዛት እንዲፈጠሩ፣ ከማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች የልማት አስፈፃሚ አካላት እና ከባለ ድርሻ አካላት ጋር ይሠራል፤
11) ለማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ልማት ሊውል የሚችለውን የክልሉን የተፈጥሮ ሀብት እና በክልሉ ውስጥ ያለውን የሥራ ዕድል ለመለየት ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ጥናት ያካሄዳል፤ የጥናቱን ውጤት ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲወል ያደርጋል፤
12) የክልሉን ሥራ አጥ ዜጎችን በክልሉ ውስጥ በሚፈጠሩ የሥራ ዕድል እንደ ፍላጎታቸው፣ በንግድና ህብረት ሥራ ማህበራት ህግ ላይ ተመስርቶ በግል ወይም በማህበር ያደራጃል፤ የንግድ ፈቃድና ህጋዊ ሰውነት እንዲያገኙ ያደርጋል፤
13) ከዩኒቨርሲቲዎች፣ ከኮሌጆች፣ ከፖሊቴክኒክ ኮሌጆችና በተለያዩ ደረጃዎች ተምረው ያጠናቀቁ እንዲሁም አቋርጠው ሥራ አጥ በመሆን ለተቋቋሙ የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ከፋይናንስ አቅራቢና ከሊዝ መሣሪያ አቅራቢ ድርጅቶች ጋር በመሆን የብድር፣ የማሽንና ሙሉ የኢንዱስትሪ ኤክስቴንሽን አገልግሎት የሚያገኙበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤
14) የአንድ ቦታ የአገልግሎት መስጫ ማዕከላትን ያደራጃል፤ ያጠናክራል፤ ቀልጣፋ አገልግሎት መስጠት የሚያስችሉ የተሻሉና አዲስ ሥርዓቶችን ይዘረጋል፤ የማዕከላቱን አቅም ይገነባል፤
15) የተለያየ ዘርፍ የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞችና የማኑፋክቸሪንግ ዘርፍ ጥቃቅንና መካከለኛ ኢንተርፕራይዞች የሚመዘገቡበት፣ የሚደራጁበት፣ የህግ ሰውነት የምስክር ወረቀት የሚያገኙበት አሠራር እንዲኖር ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤

10) Work with performing bodies of the micro and small-scale enterprise developments and stake holders to ensure the advancement of the role of micro and small-scale enterprises development and for the realization of rapid development and creation of investors in large number;
11) Undertake study in collaboration with concerned body to identify the natural resources of the region that can be used for development of micro and small-scale enterprises and job opportunities available in the region; submit the findings of the study for the concerned body; cause to be implemented upon its approval;
12) Organize the unemployed citizens in the region individually or in association as per their interests, depending on the commercial and cooperative association lawfor the job opportunity that are created in the region; cause them acquire trade license and legal personality;
13) Facilitate conditions whereby the micro and small-scale enterprises organized by graduates from universities, colleges and polytechnic colleges and those accomplished their education in different levels as well as those who quit and became unemployed can acquire loans, machine, full industrial extension services by working in collaboration with the small-scale finance and lease materials supplying organizations;
14) Organize one stop service delivery centers; strengthen it; establish a modern and new system which help deliver expedite services; build up the capacity of the centers;
15) Work with the concerned body on establishing the guideline whereby the micro and small-scale enterprises engaged in different branch and small and medium scale enterprises engaged in manufacturing branch are registered, organized and acquire legal personality certificate;

16) Interpiraayizoota maayikiroofi xixiqqaaf gorsa qabiinsa herregaafi tajaajila odiitii akka argatan deeggarsa ni taasisa; herrega isaanii ni qorata; akka qoratamu ni taasisa; raawwiifi qabiinsa qabeenya isaanii irratti hojii inispeekshinii ni gaggeessa; tarkaanfii sir-reeffamaa ni fudhata;
17) Manni Maree carraa hojii uumuu sadarkaa hundatti akka hundeeffamu ni taasisa; hojii mana marichaa ni qindeessa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
18) Interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa sadarkaa guddina isaanii eeguun gara jalqabaa, guddattuufi ga'eessatti akka ce'an ni taasisa; waraqaa ragaa ni kenna; ragaalee isaanii adda baasee ni qabata; deeggarsa sadarkaa isaa eeggate ni kenna;
19) Naannicha keessatti interpraayizonni manufakcharingii xixiqqaafi giddugaleessaa akka babal'ataniifi ce'umsi diinagdee gara industiriitti taasifamu akka saffisuuf ni hojjeta; dhimmoota misooma industirii saffisiisuuf gargaaran qorachuun haalawwan mijaawaan akka uumamu ni taasisa;
20) Gahumsaafi oomishtummaa misooma interpiraayizii manufakcharingii cimsuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; humna namaa leenjii giddugaleessaa qabu akka argataniif haala ni mijeessa;
21) Qaama dhimma qulqullinaafi istaandaardii oomishaalee ilaalu waliin ta'uun interpiraayizoota qulqullina oomisha isaaniitiif waraqaa ragaa mirkaneessa sadarkaa qulqullina oomishaa akka argatan ni hojjeta.
22) Kaawunsiliifi Boordiin barnoota leenjii teknikaafi ogummaa akka hundeeffamu haala ni mijeessa;
23) Imaammataa tarsiimoofi seerota jiran giddugaleessa godhachuun ulaagaa leenjifamtoonni itti simataman ni qopheessa; qaama hojiirra oolchuuf ni dabarsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

16) የማይክሮና ጥቃቅን የኢንተርፕራይዞች የሂሣብ አያያዝ የምክርና የኦዲት አገልግሎት እንዲያገኙ ድጋፍ ያደርጋል፤ ሂሣባቸውን ይመረምራል፤ እንዲመረመር ያደርጋል፤ በአፈፃፀምና በንብረት አያያዛቸው ላይ የኢንስፔክሽን ሥራ ያካሄዳል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤
17) የሥራ ዕድል ፈጠራ ምክር ቤት በሁሉም ደረጃ እንዲቋቋም ያደርጋል፤ የምክር ቤቱን ተግባራት ያቀናጃል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
18) የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች የዕድገት ደረጃቸውን በመጠበቅ ወደ ጀማሪ፣ አዳጊና የበቁ ደረጃዎች እንዲሸጋገሩ ያደርጋል፤ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ ማስረጃቸውን ለይቶ ይይዛል፤ ደረጃውን የጠበቀ ድጋፍ ይሰጣል፤
19) በክልሉ ውስጥ ጥቃቅንና መካከለኛ ማኑፋክቸሪንግ ኢንተርፕራይዝ እንዲስፋፉና ወደ ኢንዱስትሪ የሚደረገው የኢኮኖሚ ሽግግር እንዲፋጠን ጠንክሮ ይሠራል፤ የኢንዱስትሪ ልማት እንዲፋጠን የሚረዱ ጉዳዮችን በማጥናት አመቺ ሁኔታዎች እንዲፈጠሩ ያደርጋል፤
20) የማኑፋክቸሪንግ ኢንተርፕራይዝ ልማት ብቃትና ምርታማነትን ለማጎልበት ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ መካከለኛ ስልጠና ያለው የሰው ኃይል እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
21) የምርቶችን ጥራትና ስታንዳርድን ከሚመለከተው አካል.ጋር በመሆን ለኢንተርፕራይዞች ምርት ጥራት፣ የምርት ጥራት ደረጃ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እንዲያገኙ ይሠራል፤
22) የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ካውንስልና ቦርድ እንዲቋቋም ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
23) ያሉትን ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂና ህጎችን ማዕከል በማድረግ የሠልጣኞች ቅበላ መስፈርትን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ ለሚያውለው አካል ያስተላልፋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

16) Provide assistance for the micro and small-scale enterprises to get financial management consultancy and audit services; examine their financial accounts; cause to be examined; conduct inspection on their performance and property management; take corrective measure;
17) Cause the establishment of job opportunity creation council at all levels; organize the activities of the council; provide the required support;
18) Promote the micro and small-scale enterprises to grow into primary, growing and advanced level respecting its level; provide certificate; keep data separately; give quality support;
19) Work for the expansion of small and, medium scale manufacturing industries in the region and for the realization of rapid transition of the economy to industry; facilitate conducive conditions by studying the issues that help to accelerate industrial development;
20) Work with the concerned body to improve competency and productivity of enterprise manufacturing development; facilitate conditions for them to have medium level human resource trainings;
21) Work in collaboration with concerned body working on quality and standards to enable the enterprises to obtain the certificate of assurance of level of products' quality for the quality of their product
22) Facilitate condition for the establishment of the council and board of technical and vocational education training;
23) Set admission criteria of the trainees in accordance with existing policies, strategies and laws; forward it to the implementing body; follow up its implementation;

24) Wiirtulee babal'ina teknolojii baadiyyaafi dhaabbilee barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa qindeessuun hojii misooma interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa akka deeggaran ni taasisa;

25) Barnoonni leenjii teeknikaafi ogummaa haala guddina hawaas-diinagdeefi fedhii humna namaa leenji'ee naannichi barbaaduun akka walsimu qo'annoo fedhii gabaa hojii ni gaggeessa; leenjiin dhaabbilee barnootaa teekinikaafi ogummaa dhaabbilee hunda keessatti kennamus fedhii gabaa irratti akka hundaa'u ni taasisa; ni hordofa;

26) Qorannoo irratti hundaa'uun kollejjonni barnoota leenjii teeknikaafi kollejjii poolii teekinikii fedhii humna nama leenji'ee gabaa irratti barbaadamu irratti hundaa'uun akka hundeeffaman ni taasisa; ni bulcha; gurmaa'insaafi bulchiinsa isaanii ni fooyyessa;

27) Baajataafi qabeenyi kollejjota barnoota leenjii teeknikaafi ogummaaf barbaachisu baajata Aanaaleefi Bulchiinsa Magaalotaa irratti qabamee hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;

28) Sagantaaleen barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa naannichaa sadarkaa gahumsaafi qulqullinaa biyyaalessaa eeggachuun gaggeeffamaa jiraachuu isaanii ni mirkaneessa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

29) Qorannoo irratti hundaa'uun dhaabbilee barnoota leenjii teeknikaa, akkasumas sagantaalee leenjii haaraa ni bana; kanneen hin barbaachisne ni cufa;

30) Qorannoo leenjiin boodaa ni gaggeessaa; akka gaggeeffamu ni taasisa; bu'aa qorannichaa irratti hundaa'uun sirreeffama ni taasisa;

31) Sirna dhaabbileen barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa leenjii kennan wiirtuu kalaqqiifi oomishaa hundeeffachuun galii keessaa maddisiisuun itti fayyadamuu danda'an ni diriirsa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;

24) የገጠር የቴክኖሎጂ ማስፋፊያ ማዕከላትና የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማትን በማቀናጀት የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፐራይዝ ልማት ሥራን እንዲደግፉ ያደርጋል፤

25) የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ክልሉ ከሚፈልገው የማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ዕድገት ሁኔታና የሰለጠነ የሰው ኃይል ጋር እንዲጣጣም የሥራ ገበያ የፍላጎት ጥናት ያካሂዳል፤ በሁሉም ቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማት ውስጥ የሚሰጠው ሥልጠናም በገበያው ፍላጎት ላይ እንዲመሰረት ያደርጋል፤ ይከታተላል፤

26) በጥናት ላይ በመመስረት የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ኮሌጆችና የፖሊቴክኒክ ኮሌጆችንበገበያ ላይ የሚፈለግ የሰለጠነ የሰው ኃይል ፍላጎት ላይ ተመርኩዘው እንዲቋቋሙ ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤ አደረጃጀትና አስተዳደራቸውን ያሻሽላል፤

27) ለቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ኮሌጆች የሚያስፈልገው በጀትና ሀብት በወረዳዎችና በከተማ መስተዳድሮች በጀት ላይ ተይዞ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

28) የክልሉ የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ፕሮግራሞች አገር አቀፍ የብቃትና ጥራት ደረጃን ጠብቀው እየተካሄዱ መሆናቸውን ያረጋግጣል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤

29) በጥናት ላይ በመመስረት የቴክኒክ ትምህርት ሥልጠና ተቋሞችን፣ እንዲሁም አዳዲስ የሥልጠና ፕሮግራሞችን ይከፍታል፤ የማያስፈልጉትን ይዘጋል፤

30) የድህረ ሥልጠና ግምገማ ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ በግምገማው ውጤት ላይ በመመስረት ማስተካከያ ያደርጋል፤

31) ሥልጠና የሚሰጡ የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማት የፈጠራና ማምረቻ ማዕከል በመመስረት የውስጥ ገቢያቸውን በማመንጨት መጠቀም የሚችሉበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

24) Coordinate the rural technology expansion center and technical and vocational education training institutes and make them provide assistant for the development activity of micro and small-scale enterprises;

25) Undertake work market demand study for the courses provided in the technical and vocational education training institute to make it compatible with the socio-economic development and the trained man power that the region demands; cause the trainings provided by all technical and vocational education training institutes to be dependent on the demand of the market; follow it up;

26) Depending on research, cause the establishment of technical and vocational education training colleges and polytechnic colleges based on the market demand of trained manpower; administer it; improve their organization and administration;

27) Make the budget and resources needed for technical and vocational education training colleges to be allocated on the budgets of districts and city administrations and implemented accordingly; its implementation shall be decided by the directive to be issued;

28) Ensure whether the programs of technical and vocational education training of the region are conducted in conformity with the national competency and quality standards; take corrective measure in case of limitations;

29) Open technical and training education institutes and new training programs depending on studies; close the unnecessary ones;

30) Conduct post training study; cause it to be conducted; make correction depending on the findings of the study;

31) Establish a system whereby technical and vocational education training institutions by providing training to generate and utilize their internal income by establishing innovation and production centers; cause its implementation when it is approved

32) Abbootiin qabeenyaa, hawaasni, dhaabbileen mootummaafi mi-ti-mootummaa hojii barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa keessatti hubannoo akka argataniifi hirmaachuu akka danda'an haala ni mijeessa; tooftaa ni qopheessa;

33) Dhaabbilee barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa mootummaa, dhuunfaafi miti- mootummaa ulaagaa guutan akka hundaa'an hayyama ni kenna; istaandaardii eeguu isaanii ni madaala; gorsa ogummaa ni kenna; hordoffiifi to'annoo ni gaggeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

34) Industiriifi dhaabbilee tajaajilaa qindeessuun barnoonni leenjii teeknikaafi ogummaa gocha irratti xiyyeeffatee akka kennamu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

35) Tarsiimoo interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa hojiirra oolchuuf hojiin tajaajila ekisteenshinii industiriifi interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa abbummaan ni hojjeta; gurmaa'ina kanaaf barbaachisu sadarkaa naannootii kaasee hanga dhaabbilee barnootaa leenjii teeknikaafi ogummaatti ni qabaata;

36) Waldaalee interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaatiif leenjiifi deeggarsa ogummaa dandeettii isaanii cimsu ni kenna;

37) Dandeettiin leenjistootaa akka cimu hanqina jiru addaan baasuun leenjii ni kenna; akka kennamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; gahumsa isaanii madaaluun deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;

38) Pirojektota adda addaa barnoota leenjii teeknikaafi ogummaa deeggaran ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

39) Ogummaafi beekumsa naatoo aadaafi duudhaa hawaasaa agarsiisan qoratee adda ni baasa; bifa uumama isaa eegeen waraabuun halaa sirna leenjiifi barnoota ogummaaf itti ooluun ni kurfeessa; teknolojii adda addaatiin deeggaruun akka qabamu, misoomuufi kunuunfamu ni taasisa; faayidaa diinagdummaaf akka oolu ni hojjeta;

32) ባለሀብቶች፣ ሀብረተሰቡ፣ የመንግሥትና መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች በቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ሥራ ላይ ግንዛቤ እንዲያገኙና መሳተፍ እንዲችሉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ሥልቶችንም ይነድፋል፤

33) መስፈርት የሚያሟሉ የመንግሥት፣ የግል እና መንግሥታዊ ያልሆኑ የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማት እንዲቋቋሙ ፈቃድ ይሠጣል፤ ስታንዳርዱን የጠበቁ መሆናቸውን ይመዝናል፤ ሙያዊ ምክር ይሠጣል፤ ክትትልና ቁጥጥር ያደርጋል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤

34) ኢንዱስትሪዎችንና አገልግሎት ሰጪ ተቋማትን በማቀናጀት የቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና በተግባር ላይ በማተኮር እንዲሰጥ ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

35) የማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ ስትራቴጂን ሥራ ላይ ለማዋል የኢንዱስትሪ ኤክስቴንሽን እና የማይክሮና ጥቃቅን አገልግሎት ሥራን በባለቤትነት ይሠራል፤ ለዚሁ የሚያስፈልገው አደረጃጀትም ከክልል እስከ ቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና ተቋማት ድረስ ይኖረዋል፤

36) ለማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ ማህበራት አቅማቸውን የሚገነባ ሥልጠናና የሙያ ድጋፍ ይሠጣል፤

37) የአሰልጣኞች ችሎታ እንዲዳብር ያለውን ውስንነት በመለየት ሥልጠና ይሠጣል፤ እንዲሰጥም ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ብቃታቸውን በመመዘን አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤

38) ለቴክኒክና ሙያ ትምህርት ሥልጠና የሚረዱ የተለያዩ ፕሮጀክቶችን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

39) የህብረተሰቡን ባሕልና እሴቶች የሚያሣዩ የሙያና ዕውቀት አጥንቶ ይለያል፤ ተፈጥሯቸውን በተጠበቀ መልኩ ተቀድቶ ለሙያ ስልጠና እና ትምህርት ሥርዓት የሚውልበትን ሁኔታ ያስቀምጣል፤በተለያዩ ቴክኖሎጂዎች በመደገፍ እንዲያዝ፣ እንዲለማ፣ እንክብካቤ እንዲያገኝ ያደርጋል፤ ለኢኮኖሚያዊ ጥቅም እዲውል ያደርጋል፤

32) Facilitate conditions and devise mechanisms to enable the private investors, the society, governmental and non-governmental organizations to acquire awareness and participate in the works of technical and vocational education training; prepare strategy;

33) Evaluate that the private and non-governmental technical and vocational education training institutes are conforming to the standard set forth; provide professional consultancy; control and supervise them; take corrective measures;

34) Ensure that the lesson given in the technical and vocational education trainings institutes are practice oriented through coordinating the industry and service rendering institutions; follow up its implementation;

35) Principally, perform the industrial and micro and small enterprises extension services activities so as to successfully implement the micro and small-scale enterprises strategy; shall have structural organization necessary for such purpose extended from the regional level down to the technical and vocational education training institutes;

36) Provide the capacity building training and professional support for the micro and small-scale enterprises associations

37) Provide training for trainers by identifying the existing limitations so as to improve their capacities; work with the concerned body for the provision of it; give the required support by evaluating their efficiencies;

38) Prepare different projects that help the technical and vocational education trainings; implement it; cause it to be implemented;

39) Study and identify vocational and knowledge beauty which shows community's culture and values; Copies it as per it kept its nature and gather in condition of it could implement for the training and vocational education system; support by various technologies and causes it be handled, developed and preserved; work it to be implement for economical values;

40) Leenjii fi ogummaan walqabatee namoota yaada yookiin kalaqa addaa qaban ni deeggara; ni leenjisa; yaadni yookiin kalaqni isaanii akka hojiirra oolu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
41) Aadaa hojii hawaasaa foooyyessuufi ogummaafi beekumsa naatoo walitti qabuun misoomsuuf akka tolu giddigala leenjii interpruunarshippiifi giddugala misooma industrii godoo ni hundeessa.

**31. Biiroo Kominikeeshinii**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Giddugala odeeffannoo naannichaa ta'uun ni tajaajila; hojii odeeffannoo mootummaa naannichaa ol'aantummaan ni qindeessa; ni bulcha; ni hooggana;
2) Dhimmoota xiyyeeffannoo mootummaa ta'aniifi iftoomina barbaadan, taateewwan akka naannoofi biyyaalessaatti uumaman, balaawwan tasaa, ayyaanota biyyaalessaafi naannoo ilaalchisee ibsa ejjannoo mootummaa qopheessuun miidiyaalee garagaraatiin akka tamsa'an ni taasisa; dubbii himaa mootummaa ta'uun ni tajaajila;
3) Hojiiwwan kominikeeshinii mootummaa seektaroota mootummaafi Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa keessatti hojjetaman ni qindeessa; ni hordofa; gabaasa dhiyaatu ni xiinxala; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
4) Imaammata, tarsiimoofi ogummaa hojii kominikeeshinii irratti hooggantootaafi ogeessota kominikeeshiniifi miidiyaa mootummaatiif leenjii kennuun humna raawwachiisummaa isaanii ni cimsa; bu'aa leenjichaa madaaluun sirreeffama ni taasisa;
5) Sagantaalee maqaa gaarii naannichaafi walta'iinsa biyyaalessaa uumuuf gargaaran ni qopheessa; ni qindeessa; ni beeksisa; sagantaalee miidiyaa dhimma kana irratti xiyyeeffate akka qophaa'aniifi tamsa'an ni hojjeta;

40) ከሥልጠና እና ሙያ ጋር ተያይዞ ልዩ ሐሳብ ወይም ፈጠራ ያላቸው ሰዎችን ይደገፋል፤ ያሰልጥናል፤ ሐሳባቸው ወይም ፈጠራቸው ሥራ ላይ እንዲውል ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
41) የህብረተሰቡን የሥራ ባሕል ለማሻሻልና ሙያና ዕውቀት በመሰብሰብ ለልማት ይውል ዘንድ የኢንተርፐሩነርሺፕ እና የጎጆ ኢንዱስትሪ ልማት ማዕከል ያቋቁማል፡፡

**31. የኮሚኒኬሽን ቢሮ**

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉ የመረጃ ማዕከል በመሆን ያገለግላል፤ የክልሉን መንግስት የመረጃ ሥራ በበላይነት ያስተባብራል፤ ያስተዳድራል፤ ይመራል፤
2) የመንግሥት ትኩረት የሆኑ እና ግልጽ መሆን የሚያስፈልጋቸው ጉዳዮችን፣ በክልልና በሐገር አቀፍ ደረጃ የሚፈጠሩ ኩነቶችን፣ ድንገተኛ አደጋዎችን፣ አገር አቀፍና የክልል በዓላትን አስመልክቶ የመንግሥት የአቋም መግለጫ በማዘጋጀት በተለያዩ ሚዲያዎች እንዲሰራጩ ያደርጋል፤ የመንግሥት ቃል አቀባይ በመሆን ያገለግላል፤
3) በመንግሥት ሴክተሮችና በመንግሥት የልማት ድርጅቶች ውስጥ የሚሰሩ የኮሚኒኬሽን ሥራዎችን ያቀናጃል፤ ይከታተላል፤ የሚቀርቡ ሪፖርቶችን ይመረምራል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
4) የኮሚኒኬሽን ስራ ፖሊሲ፣ ስትራቴጂና ሙያን አስመልክቶ ለሃላፊዎችና ለኮሚኒኬሽንና ለሚዲያ ባለሙያዎች ሥልጠናን በመስጠት የማስፈፀም አቅማቸውን ይገነባል፤ የሥልጠናውን ውጤት በመገምገም ማስተካከያ ያደርጋል፤
5) የክልሉን መልካም ስምና ብሔራዊ መግባባትን ለመፍጠር የሚረዱ ፕሮግራሞችን ያዘጋጃል፤ ያስተዋውቃል፤ የሚዲያ ፕሮግራሞች በዚህ ጉዳይ ላይ ትኩረት ሰጥተው እንዲዘጋጁና እንዲሰራጩ ይሰራል፤

40) Regarding training and vocation, support persons having special idea or innovation or creativity; provide them training; work with the concerned body to help their idea or innovation put in to practice;
41) Establish entrepreneurship and cottage industry development centers with a view to help improve the work cultures of the society and to accumulate skills and knowledge and develop them.

**31. Communication Bureau**

The Bureau shall have the following Powers and Duties:

1) Serves as an information center of the region; chiefly coordinate the information activities of the regional government; administer; manage same;
2) Prepare government position regarding issues of government attention and need clarification, events happened regionally and nationally, accidents, national and regional holidays and make them to be disseminated in various media; serves as a spokesperson of the government;
3) Coordinate and follow up government communication activities undertaken in government sectors and public enterprises; analyze the report submitted; provide necessary support;
4) Provide trainings for the communication and government media leaders and professionals on the policy, strategy and profession of communication activities so as to build up their performance capacities; make corrections by evaluating the outcome of the training;
5) Prepare programs that help to promote the good name of the region and to create national consensus; coordinate, notify; work the media programs to be prepared focusing on this issue and be disseminated;

6) Hojii kominikeeshinii mootummaafi miidiyaan hojjachuu qabu irratti haalaafi yeroo irratti hundaa'uun ajandaa bocuun ka'umsa hojii akka ta'u ni taasisa; raawwii isaanii ni hordofa; duubdeebiifi kallattii ni kenna;
7) Dhimmoota xiyyeeffannaa mootummaa ta'an irratti hojjechuun hawaasni hubannoo gahaa akka argatu duula miidiyaa ni gaggeessa; raawwii isaa ni hordofa; duubdeebii ni kenna;
8) Ajandaawwan mootummaa ijoo ta'an irratti iftoomina uumuuf ibsa miidiyaaleef ni kenna;
9) Raawwii hojii mootummaa fakkeenyummaa qaban beeksisuuf egzibishiinii suuraawwanii ni qopheessa; ni daawwachiisa;
10) Dhimmoota mootummaa tarsiima'aa ta'an irratti qorannoo yaada ummataa gaggeessuun hojii kominikeeshinii irratti ni hojjeta; miidiyaanis akka irratti hojjatu ni taasisa;
11) Yaadaafi gaaffii ummataa kallattii adda addaatiin ni sassaaba; ni xiinxala; hojii kominikeeshinii irratti ni hojjeta; seektara dhimmi ilaaluun iftoominni akka irratti uumamu ni taasisa;
12) Haala yeroofi taateewwan tasa uumaman ni hordofa; hojii kominikeeshiniifi miidiyaa irratti hojjechuun iftoomina ni uuma;
13) Qorannoo irratti hundaa'uun ergaa mootummaa ni rogeessa; ummata ni beeksisa;
14) Waltajjiiwwan marii ummataa ni qopheessa; duubdeebii ni sassaaba; hojii kominikeeshinii ni hojjeta;
15) Miidiyaalee elekitirooniksiifi maxxansaa biyya keessaafi alaa ni xiinxala; olola faallaa irratti ni hojjeta;

6) የመንግሥት ኮሙኒኬሽንና ሚዲያ መሰራት ያለባቸው ተግባራትን በሚመለከት በሁኔታና ጊዜ ላይ በመመስረት አጀንዳ በመቅረጽ የሥራመነሻ እንዲሆን ያደርጋል፤ አፈፃፀማቸውን ይከታተላል፤ ግብረ መልስና አቅጣጫ ይሰጣል፤
7) በመንግሥት የትኩረት ጉዳዮች ላይ በመሥራት ህብረተሰቡ በቂ ግንዛቤ እንዲያገኝ የሚዲያ ዘመቻ ያካሄዳል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፣ ግብረ መልስ ይሠጣል፤
8) በመንግሥት ቁልፍ አጀንዳዎች ላይ ግልጽነት ለመፍጠር በሚዲያዎች መግለጫ ይሠጣል፤
9) መልካም ተምሳሌትነት ያላቸውን የመንግሥት ሥራ አፈፃፀሞችን ለማስተዋወቅ የፎቶ ግራፍ ኤግዚቢሽን ያዘጋጃል፤ ያስጎበኛል፤
10) ስትራቴጂካዊ በሆኑ የመንግሥት ጉዳዮች ላይ የህዝብ ሃሳብ ጥናት በማካሄድ የኮሚኒኬሽን ሥራ ይሠራበታል፤ በሚዲያም እንዲሠራበት ያደርጋል፤
11) የህብረተሰቡን ሃሳብና ጥያቄ በተለያዩ መንገዶች ይሰበስባል፤ ይመረምራል፤ የኮሚኒኬሽን ሥራ ያካሄድበታል፤ ጉዳዩ በሚመለከተው ሴክተር ማብራሪያ ወይም ግልጽነት እንዲፈጠርበት ያደርጋል፤
12) የጊዜውን ሁኔታና በድንገት የሚፈጠሩ ኩነቶችን ይከታተላል፤ የኮሚኒኬሽንና የሚዲያ ሥራ በላዩ በመስራት ግልጽነትን ይፈጥራል፤
13) በጥናት ላይ በመመስረት የመንግስትን መልዕክት ቅርጽ ያስይዛል፤ ለህዝብ ያሳውቃል፤
14) )የህዝብ የምክክር መድረኮችን ያዘጋጃል፤ ግብረ መልስ ይሰበስባል፤ የኮሚኒኬሽን ሥራ ይሠራል፤
15) የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር የኤሌክትሮኒክስ እና የህትመት ሚዲያዎችን ይተነትናል፤ በተቃራኒ ፕሮፓጋንዳ ላይ ሥራን ይሠራል፤

6) Prepare agenda on the activities to be performed by the government communication and the media depending on the condition and time and cause it to be a benchmark for activities; follow up their implementation; give feedback and direction;
7) Undertake media campaign by working on the focus areas or issues of the government and prevailing situation to enable the people acquire adequate awareness; follow up their implementation; give feedback;
8) Provides explanation through the media with a view to create transparency on the core agendas of the government;
9) Prepare pictorial exhibitions to promote exemplary work performances of the government; cause it to be visited;
10) Conduct public opinion study on the strategic issues of the government and perform communication work on it and cause the media work on same;
11) Collect and analyze the public opinion and request through various directions; perform communication work on it; cause awareness be created on it by the concerned body;
12) Follow up the current situation and events happened accidentally; create awareness on it by performing communication and media works;
13) Shape the message of the government in an orderly manner depending on a study; notify public;
14) Prepare the public discussion forums and collect feedbacks; perform communication activities;
15) Analyze internal and external electronic and print media; works counter propagandas on them;

16) Gabaasotaafi odeeffannoo dogoggoraa miidiyaa hawaasaatiin tamsaafaman ni hordofa; ni xiinxala; akka barbaachisummaa isaatti olola faallaa irratti ni hojjeta; mi-seensota miidiyaa hawaasaas ni horata;
17) Sadarkaa Aanaafi Magaalaatti oduu mootummaa qopheessuun miidiyaan akka tamsa'an ni taasisa;
18) Karoora, raawwiifi bu'aalee hojii mootummaa irratti ragaa guutuu naannichaa suur-sagaleedhaan ni qindeessa; qaama ragaa gaafatuuf kaffaltiin yookiin kaffaltii malee ni kenna;
19) Milkaa'ina imaammata, tarsiimoofi karoora mootummaa irratti muuxannoowwan gaggaarii ni qindeessa; sagantaawwan waljijjiirraa muuxannoo ni qindeessa; dokumantarii fiilmii qopheessuun miidiyaan akka tamsa'u ni taasisa;
20) Karooraafi raawwii gurguddoo mootummaa irratti bu'aalee maxxansaa kan ta'an Gaazexaa Kallacha Oromiyaa, kitaaba waggaa, biroosharootaafi maxxansaalee kan biroo ni qopheessa; maxxansiisuun ni raabsa; yookiin ni gurgura;
21) Gaazexaa Kallacha Oromiyaafi maxxansaalee kan biroo irratti tajaajila beeksisaa ummataaf ni kenna; tajaajila kennuuf gatii madaalawaa ni kaffalchiisa; mootummaaf galii ni taasisa;
22) Hojii kominikeeshinii, miidiyaalee kan akka raadiyoo hawaasaafi miidiyaalee maxxansaa naannichaa irratti qajeelfama ni baasa; hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
23) Odeeffannoo mootummaa ummata biraan gahuuf naannicha keessatti raadiyoo hawaasaafi miinii miidiyaan akka babal'atuufi waajjiraaleen mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran karooraafi raawwii hojii isaanii akka beeksifatan haala ni mijeessa;
24) Qaamolee hojii miidiyaa maxxansaa kaayyoo daldalaaf oolaniifi tamsa'inni isaanii naannicha keessatti ta'eef hayyama ni kenna; bu'uura seeraatiin hojjechuu isaanii ni hordofa; ni to'ata;

16) በማህበረሰብ ሚዲያ የሚሰራጩ የተሳሳቱ ወይም የሃሰት ሪፖርቶችንና መረጃዎችን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤ እንዳስፈላጊነቱ ተቃራኒ የሆነ የፕሮፓጋንዳ ሥራን ይሠራበታል፤ የማሕበረሰብ ሚዲያ አባላትን ያፈራል፤
17) በወረዳና በከተማ ደረጃ የመንግሥት ዜናን በማዘጋጀት በሚዲያ እንዲሠራጩ ያደርጋል፤
18) የመንግሥት የሥራ ዕቅድ፣ አፈፃፀምና ውጤቶችን አስመልክቶ የክልሉን የተሟላ መረጃ በምስልና በድምፅ ያቀናጃል፤ መረጃውን ለሚጠይቅ አካል በክፍያ ወይም ያለ ክፍያ ይሰጣል፤
19) በመንግሥት ፖሊሲ፣ ስትራተጂ እና ዕቅድ ስኬትን አስመልክቶ ያሉ መልካም ተሞክሮዎችን ያቀናጃል፤ የልምድ ልውውጥ ፕሮግራሞችን ያመቻቻል፤ ዶክሜንተሪ ፊልም በማዘጋጀት በሚዲያ እንዲሰራጭ ያደርጋል፤
20) ትላልቅ የመንግሥት ዕቅድና አፈፃፀምን አስመልክቶ የህትመት ውጤት በሆኑ እንደ ከለቻ ኦሮሚያ ጋዜጣ፣ ዓመታዊ መፅሓፍ፣ ብሮሸሮችና ሌሎች ህትመቶችን ያዘጋጃል፤ በማሳተም ያሠራጫል፤ ወይም ይሸጣል፤
21) በከለቻ ኦሮሚያ ጋዜጣና በሌሎች ህትመቶች ላይ ለህዝቡ የማስታወቂያ አገልግሎት ይሠጣል፤ ለሚሰጠው አገልግሎት ተመጣጣኝ የሆነ ዋጋ ያስከፍላል፤ ለመንግስት ገቢ ያደርጋል፤
22) የክልሉን የኮሚኒኬሽን ሥራ እንደ ማህበራዊ ሬዲዮ እና የህትመት ሚዲያዎችን በሚመለከት መመሪያ ያወጣል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
23) የመንግሥት መረጃዎችን ለህብረተሰቡ ለማድረስ በክልሉ ውስጥ የህብረተሰብ ሚዲያዎችንና ሚኒ ሚዲያዎች እንዲስፋፉና በየደረጃው የሚገኙ የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ዕቅዳቸውንና የዕቅድ አፈፃፀማቸውን እንዲያሳውቁበት ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
24) ሥርጭታቸው በክልሉ ውስጥ ለሆኑ እና ለየንግድ አላማ የሚውሉ የሚዲያ ህትመት ሥራ አካላት ፈቃድ ይሠጣል፤ በህጉ መሠረት መስራታቸውንም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

16) Follows up and analyze wrong reports and information released by social media; works counter propagandas on them as deemed necessary; produce social media members;
17) Prepare government news at the district and urban center level and cause them to be broadcasted by the media;
18) Organize complete audio-visual evidences of the region on the work plan, performance and results; give to the body requiring the evidence with or without payment;
19) Organize better practices on the success of the policy, strategy and plan of the government; coordinate experiences sharing programs; prepare documentary films and make it to be broadcasted by the media;
20) Prepare the print results of Kallacha Oromia newspaper, annual book, brochures, and other publications on the major government plan and performance; cause them published, distribute or sell them;
21) Provide advertisement service to public on Kallacha Oromia newspaper and other publications; make them pay fair price for the service it provides; deposit to the government;
22) Issue directive on the communication activities, medias like public radios and printing medias of the region; cause to be implemented; follow up and control its implementation;
23) Facilitate conditions for the expansion of public radios and mini media in the region and the government offices at each level to notify their work plan and performance so as to access the government information to the public;
24) Issue license for the bodies engaged in print media for commercial purpose and their distribution are in the region;

25) Beeksisa alaa naannicha keessatti maxxaffamu ilaalchisee qaama dhimmi ilaallatu waliin istaandaardii ni baasa; hojiirra ni oolcha; ni hordofa; ni to'ata;

26) Qaamoleen naannicha keessatti beeksisa alaa maxxansan hayyama qabaachuu isaanii ni mirkaneessa; beeksisichi safuufi duudhaalee hawaasaa kan eegu, dogoggorri barreeffama qubeefi seerluga Afaan Oromoo kan hin uumamne ta'uu Biiroo Aadaaf Turiizimiitiin mirkanaa'uufi istaandaardii baheen maxxansuu isaanii qulqulleessuun hayyama ni kenna; ni hordofa; ni to'ata, bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

## 32. Biiroo Daldalaa

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qo'annoofi qorannoo fedhii gabaa ni gaggeessa; bu'aa isaa hirmaatttonniifi qooda fudhattoonni gabaa akka hubatan ni taasia; hojiirra ni oolcha;
2) Oomishaalee carraa gabaa biyya keessaafi biyya alaa amansiisaa ta'e qoratee tarsiimoo gabaa ni qopheessa;
3) Walitti hidhamiinsi gabaa cimaafi itti fufiinsa qabu hirmaattota gabaa sadarkaa adda addaa irra jiran oomishtoota, sassaabdota, daldaltoota jimlaafi qinxaaboo, al-ergitoota, industiriiwwan, fayyadamtootaafi kan kana fakkaataan gidduutti akka jiraatu ni taasisa; ni qindeessa; ni hordofa;
4) Oomishaalee industirii biyya alaatii galan kan bakka bu'uu danda'an addaan baasuun naannicha keessatti oomishamuuf carraa jiru ni qorata; hojiitti akka jijjiiramu tarsimoo ni qopheessa; walitti hidhamiinsa gabaa ni uuma;
5) Oomishaalee industirii carraa gabaa biyya alaa bal'aafi amansiisaa ta'aniifi bu'aa qabeessa ta'an, akkasumas naannicha keessatti oomishamuu danda'an ilaalchisee carraafi fedhii jiru qoratee addaan ni baasa; haala babal'achuu danda'u irratti ni hojjeta;



25) በክልሉ ውስጥ የሚታተም የውጭ ማስታወቂያዎችን አስመልክቶ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ስታንዳርድ ያወጣል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

24) Encourage the society to be organized in self-help social associations to enable them develop their self-helping norms and cultures, as well as the organization of social self-supportive associations; issue license for organized ones; renew it; cancel it; educate them to participate in social and developmental activities;

25) Qaamoleen hawaasaa garee ofi-in of gargaarsaa adda addaatiin gurmaa'anii jireenya isaanii akka fooyyeffatan ni gurmeessa; qaama seerummaa ni kenna; ni deeggara; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
26) Hojjettoota guddina hawaasaa ni leenjisa; bu'uura seeraatiin hojiitti ni bobbaasa; ni to'ata; deeggarsa ni kenna;
27) Mirgoota qaama miidhamtootaa, ittisa farra jireenya hawaasummaa-fi kunuunsa manguddootaa ilaalchisee hawaasaaf leenjii hubannoo cimsu ni kenna; bu'aa isaa ni madaala;
28) Mirgaafi faayidaan qaama miidhamtootaa akka eegamu ni hojjeta; sagantaa raawwii hojiifi seerota dhimma kana irratti bahan hojiirra ni oolcha; deeggarsa ni kenna;
29) Nageenyi maatii akka eegamu gorsa gaa'elaa ni kenna; walitti dhufeenyiifi aadaan walgargaarsa maatii akka cimu deeggarsa ogummaa ni kenna; maatiin rakkoo hawaasummaatiif akka hin saaxilamne ni hojjeta; kanneen harka qalleeyyii ta'an deeggarsa akka argatan haala ni mijeessa;
30) Manguddootaafi qaama miidhamtoota hirkoofi deeggarsa hin qabne hawaasa keessatti tajaajila kunuunsaafi haaromsaa akka argataniif haala ni mijeessa; deeggarsa ogummaa ni kenna; warra hawaasa keessatti deeggarsa argachuu hin dandeenyeef buufata keessatti akka kunuunsaman ni taasisa; buufataalee haaromsaafi kunuunsaa ni bulcha; ni hordofa; humna namaa barbaachisu ni ramada; ni to'ata; deeggarsa ni kenna;
31) Manguddoonni giddugala deeggarsaafi bashannanaa akka argatan haala ni mijeessa; beekumsa isaanii qindeessuun dhaloota itti aanuuf akka darbu ni taasisa;

25) የማህበረሰብ አካላት በተለያየ ራስ-አግዝ ቡድን በመደራጀት ኑሯቸውን እንዲያሻሽሉ ያደራጃል፤ የህግ ሰውነት ይሰጣል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
26) የህብረተሰብ ዕድገት ሠራተኞችን ያሰለጥናል፤ በህጉ መሠረት ወደ ሥራ ያሰማራል፤ ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ይሠጣል፤
27) የአካል ጉዳተኞች መብቶች፣ የማህበራዊ ኑሮ ጠንቆችን መከላከል እና የአረጋዊያን እንክብካቤን አስመልክቶ ለህብረተሰቡ የግንዛቤ ማስጨበጫ ሥልጠና ይሰጣል፤ ውጤቱን ይመዝናል፤
28) የአካል ጉዳተኞች መብትና ጥቅሞች እንዲጠበቁ ይሰራል፤ የሥራ አፈፃፀም ፕሮግራምንና ይህን ጉዳይ አስመልክቶ የወጡ ህጎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ ድጋፍ ይሠጣል፤
29) የቤተሰብ ደህንነት እንዲጠበቅ የጋብቻ ምክር ይሰጣል፤ የቤተሰብ ግንኙነትና የመረዳዳት ባህል እንዲጠናከርሙያዊ ድጋፍ ይሠጣል፤ቤተሰብ ለማህበራዊ ችግር እንዳይጋለጥ ይሠራል፤ ችግረኛ የሆኑትም እርዳታ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
30) ደጋፊና እርዳታ የሌላቸው አረጋዊያንና የአካል ጉዳተኞች በህብረተሰቡ ውስጥ የእንክብካቤና ተሃድሶ አገልግሎት እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ የሙያ ድጋፍ ይሠጣል፤ በማህበረሰቡ ውስጥ ድጋፍ ማግኘት ለማይችሉ በማዕከሎች ውስጥ እንክብካቤ እንዲያገኙ ያደርጋል፤ የተሃድሶና እንክብከቤ ማዕከላትን ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፤ አስፈላጊውን የሰው ኃይል ይመድባል፤ ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤
31) አረጋዊያን የድጋፍና የመዝናኛ ማዕከላትን አገልግሎት እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ እውቀታቸውን በማደራጀት ለሚቀጥለው ትውልድ እንዲተላለፍ ያደርጋል፤

25) Organizes community groups to improve their lives through various self-help groups; provides legal entity; supports it; monitors same; takes corrective measures on deficiencies;
26) Give a training for social development workers; deploy them to work in accordance with the law; supervise it; provide support;
27) Provide awareness raising training for the public about the rights of disabled persons, prevention of anti-social lives and caring of elders; evaluate its outcome;
28) Work for the protection of the right and benefit of disabled persons; implement the work performance program and the laws enacted on this issue; provide support;
29) Provide consultancy services about marriage for the protection of family welfare; provide professional support to promote relationship and the culture of helping each other of the family; work to protect family from being exposed to social problems; facilitate conditions for the needy ones to get aid;
30) Facilitate conditions for elders and disabled persons without support and assistance to enable them get care and rehabilitation services in the society; provide professional support; cause those who are unable to obtain assistances in the society to get care in the centers; administer rehabilitation and caring centers; follow it up; assign the required man power; supervise it; provide support;
31) Facilitate conditions for the elders to get assistance and entertainment centers; organize and transfer their knowledge to the next generation;

32) Qaama hawaasaa rakkoo jireenya hawaasummaa keessa jiraniif tajaajila haaromsaa ni kenna; maatii isaanii yookiin hawaasatti makamanii jireenya isaanii akka fooyyeffatan haala ni mijeessa;

33) Tajaajilli eegumsa hawaasummaa haala mirga fayyadamtootaa eegsisuun raawwachuu isaa ni mirkaneessa; fayyadamtoota sagantaa wabii nyaataa kallattii taa'een baadiyyaafi magaalaatti adda ni baasa; qaama dhimmi ilaalatuuf ragaa ni kenna; tajaajila deeggarsa maallaqaa, akkaakuuniifi kan biroo argachuu isaanii ni mirkaneessa;

34) Fandiin eegumsa hawaasummaa akka hundaa'u ni taasisa; ni sassaaba; leecalloo eegumsa hawaasummaatiif oolu walitti ni qaba; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; ni hordofa; ni to'ata; deeggarsa ogummaa ni kenna;

35) Dhaabbileen miti-mootummaa dhimma nageenya hawaasummaa irratti akka bobba'an ni jajjabeessa; ni qindeessa; deeggarsa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin raawwii hojii isaanii ni madaala;

36) Namoota lammii biyya alaa ta'aniifi jaarmiyaalee adda addaa naannicha keessa socho'uun hojii adda addaa irratti bobba'an hayyama hojii qabaachuu isaanii ni to'ata; kanneen hayyama malee socho'an irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

37) Raawwii sagantaa eegumsa hawaasummaa saffisaafi bu'a qabeessaa taasisuuf ragaa dhimma nageenya hawaasummaa teknolojii ammayyaa'aa fayyadamuun ni sassaaba; ni qindeessa; hojiirra ni oolcha; ni tamsaasa.



32) በማህበራዊ ኑሮ ችግር ውስጥ ላሉ የህብረተሰብ ክፍሎች የተሃድሶ አገልግሎት ይሰጣል፤ ከቤተሰቦቻቸው ወይም ከህብረተሰቡ ጋር ተቀላቅለው ኑሯቸውን እንዲያሻሽሉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

33) የማህበራዊ ጥበቃ አገልግሎት የተጠቃሚዎችን መብት በሚያስጠብቅ መንገድ መፈፀሙን ያረጋግጣል፤ የምግብ ዋስትና ተጠቃሚዎችን በተቀመጠው አቅጣጫ መሠረት በገጠርና በከተማ ይለያል፤ ለሚመለከተው አካል መረጃ ይሰጣል፤ የገንዘብ፣ የዓይነትና ሌሎች የድጋፍ አገልግሎቶችን ማግኘታቸውንም ያረጋግጣል፤

34) የማህበራዊ ጥበቃ ፈንድ እንዲቋቋም ያደርጋል፤ ይሰበስባል፤ ለህብረተሰብ ጥበቃ የሚውለውን ሃብት ያሰባስባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሠጣል፤

35) መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች በማህበራዊ ደህንነት ጉዳዮች ላይ እንዲሰማሩ ያበረታታል፤ ያቀናጃል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤ የሥራ አፈፃፀማቸውን ከሚመለከተው አካል ጋር ይመዝናል፤

36) የውጭ ሐገር ዜጎች የሆኑና በክልሉ ውስጥ በተለያዩ ድርጅቶች በመንቀሳቀስ የተለያዩ ተግባራት ላይ ተሰማሩ ሰዎችን የሥራ ፈቃድ ያላቸው መሆኑን ይቆጣጠራል፤ ያለፈቃድ በሚንቀሳቀሱት ላይ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድባቸው ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤

37) የማህበረሰብ ጥበቃ ፕሮግራም አፈፃፀምን ፈጣንና ውጤታ ማለማድረግ የማህበራዊ ደህንነት ጉዳይ መረጃን ዘመናዊ ቴክኖሎጂ በመጠቀም ይሰበስባል፤ ያጠናቅራል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ያሰራጫል።



32) Provide rehabilitation services for part of the society who are suffering from social problems; facilitate conditions for them to re-join their families or the society and improve their lives;

33) Ensure that the social protection services are implemented in a way that protects the rights of beneficiaries; identify the beneficiaries of food security programs in the cities and rural areas according to the directive issued; give data to the concerned body; ensure that they get aids in cash, in kind and other services;

34) Cause the establishment of social security fund; collect it; mobilize resources to be used for social protection; implement upon its approval; follow it up; supervise it; provide profession- al support;

35) Encourage the non-governmental organizations to engage in the social security affairs; organize it; provide support; evaluate their work performances in collaboration with the concerned bodies;

36) Follow up foreign individuals and different organizations engaged in various activities in the region to have work permit; take corrective measures on those operating without permit; work with concerned bodies for such measures to be taken;

37) Collect the social security data using modern technology to speed up implementation of social protection program and make it successful; compile; implement and disseminate same.

## 35. Biiroo Aadaafi Turizimii

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Dhimmoota aadaa fi turiizimii naannichaa ilaalchisee yaada imaammataa ni burqisiisa; hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni deeggara;
2) Afaan, seenaafi aartiin ummata Oromoo akka babal'atu ol'aantummaan ni hojjeta; qaama Afaan, seenaafi aartii ummata Oromoo qoratuuf deeggarsa ni kenna; qaamota dhimmi ilaalu waliin ta'uun barnoota idilee keessatti akka hammataman haala ni mijeessa;
3) Afaan Oromoo keessatti garaagarummaa lugaa xiqqeessuuf akkasumas waaltina Afaan Oromoo irratti qaamoota hojjetan waliin ni hojjeta; ni deeggara;
4) Barmaatilee miidhaa geessisan kan qorannoon adda bahan hambisuuf hojii hubannoo uumuu ni hojjeta; qaamota hojii walfakkaatu hojjetan waliin ni hojjeta;
5) Naannichatti sirna haddaarsawwan seena qabeessa ta'an itti qorataman, galmaa'an, walitti qabamaniifi tajaajila qo'annoofi qorannootiif itti oolan, hawwata turistii ta'uun ittiin misoomaniifi gurmaa'an ni diriirsa;
6) Naannicha keessatti ragaalee aadaan walqabatan ni sassaaba; ni xiinxala; ni qindeessa; faayidaarra akka oolu qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
7) Ogummaan aartii Oromoo kan akka aartii gochimaa, aartii barruu, aartii argamaa, muuziqaa, diraamaa, fiilmiifi fakkii akka babal'ataniifi beekaman haala ni mijeessa; hojiin ogummaa uumee akka jajjabatanii-fi babal'atan ni taasisa; hayyama ogummaa aartii ni kenna;
8) Masaraawwaniifi odoloota akka hambaatti ilaalamaniifi siidaawwan yaadannoo sirnaan akka qabaman ni taasisa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
9) Leenjiifi tajaajila gorsaa kennuun yookiin akka kennamu taasisuun dandeettii raawwachiisummaa dhaabbilee aadaa ni cimsa;



## 35. የባህልና ቱሪዝም ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉን ባህልና ቱሪዝም ጉዳዮችን በሚመለከት የፖሊሲ ሀሳብ ያመነጫል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
2) የኦሮሞ ህዝብ ቋንቋ፣ ታሪክና ጥበብ እንዲስፋፋ በበላይነት ይሠራል፤ የኦሮሞን ህዝብ ቋንቋ፣ታሪክና ጥበብ ለሚያጠና አካል ድጋፍ ይሠጣል፤ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን በመደበኛ የትምህርት ሥርዓት ውስጥ እንዲካተቱ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
3) በአፋን ኦሮሞ ውስጥ ያለውን የቋንቋ ዘይቤ ልዩነትን ለመቀነስ እንዲሁም አፋን ኦሮሞን ስታንዳርድ ለማድረግ ከሚሠሩ አካላት ጋር ይሠራል፤ድጋፍ ይሰጣል፤
4) በጥናት የተለዩ ጎጂ ልማዳዊ ድርጊቶችን ለማስቀረት ግንዛቤ የማስጨበጥ ሥራ ይሠራል፤ተመሳሳይ ሥራ ከሚሠሩ አካላት ጋር በጋራ ይሠራል፤
5) ክልሉ ውስጥ ታሪካዊ የሆኑ ቅሪቶች የሚጠኑበትን፣ የሚመዘገቡበትን፣ የሚሰበሰቡበትን እና ለጥናትና ምርምር አገልግሎት የሚውሉበትን፤ እንዲሁም የቱሪስት መስዕብ በመሆን የሚለሙበትንና የሚደራጁበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤
6) በክልሉ ውስጥ ከባህልና ቱሪዝም ጋር የተያያዙ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ለሚፈልገው አካል ያስተላልፋል፤
7) የኦሮሞ የጥበብ ሙያ እንደ ቲያትር፣ ሥነ ፅሑፍ፣ ትዕይንታዊ ጥበብ፣ ሙዚቃ፣ ድራማ፣ ፊልምና ሥነ-ሥዕል ያሉ እንዲስፋፉና እንዲታወቁ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤ የፈጠራ ሙያ ተግባራት እንዲበረታቱና እንዲስፋፉ ያደርጋል፤ የጥበብ ሙያ ፈቃድ ይሰጣል፤
8) እንደ ቅርስ የሚታዩ ቤተ መንግስታትና ደሴቶችን እና የመታሰቢያ ሃውልቶች በአግባቡ እንዲያዙ ያደርጋል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
9) የሥልጠና እና የምክር አገልግሎት በመስጠት የባህልና ቱሪዝም ተቋማትን የማስፈፀም አቅም ይገነባል፤



## 35. Culture and Tourism Bureau

The Bureau shall have the following Powers and Duties:

1) Initiate policy idea regarding the culture and tourism of the region; cause to be implemented; support its implementation;
2) Work principally for expansion of language, history and arts of Oromo people; provide support for the body that undertakes study on language, history and arts of Oromo people; facilitate conditions in collaboration with the concerned bodies to incorporate them into regular education curriculum;
3) Work with the concerned bodies working on minimization of the accent differences prevailing in Afan Oromo as well as on standardization of Afan Oromo; provide support;
4) Undertake awareness creation work to eliminate harmful traditional practices identified by study; work with bodies carrying out similar duties;
5) Establish a system whereby historical heritages in the region are studied, registered, collected and used for research and study purpose; developed and organized as tourist attractions;
6) Collect data related to culture and tourism in the region; analyze; organize; send to concerned bodies to be implemented;
7) Facilitate conditions in which the Oromo art skills like performing art, literature, visual art, music, drama, films and pictures are expanded and known; cause the creative art work to be en- courage and expanded; provide arts profession's license;
8) Ensure the proper handling of palaces and islands considered as antiquities and memorial monuments; provide necessary support;

10) Gareewwan hawwisoo akka gurmaa'an ni hojjeta; cimanii akka of danda'an ni deeggara; haala ni mijeessa;
11) Barreeffamoonni beeksisaalee adda addaa naannicha keessatti maxxanfaman safuufi duudhaalee hawaasaa kan eegan, dogoggora qubeefi seerluga Afaan Oromoo kan hin qabne ta'uu ni mirkaneessa; ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti akkaataa seeraatiin tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
12) Mallattoo yookiin maqaafi fakkii daldalaa hambaa naannicha keessatti argamaniin bahan sona seenaa hambaa kan hin miine ta'uu isaa ni mirkaneessa;
13) Dhaabbileen tajaajila aadaa kan mootummaafi ummataa, godambaawwan, giddugaleessa aadaa, galmawwan aadaa, manneen kitaabaafi haddaarsaa, manneen tiyaatiraafi fiilmii naannicha keessatti akka babal'atan ni hojjeta; haala ni mijeessa; hayyama ogummaa ni kenna; ni galmeessa;
14) Sirna hambaaleen uumamaafi nam-tolchee naannichaa itti qoratamaniifi galmaa'an ni diriirsa; sadarkaa ni kennisiisa; ni misoomsa; ni kunuunsa; ni supha; naanneessa hambaalee ni to'ata; hayyama ni kenna;
15) Qaamolee guddina seektara aadaa keessatti bu'aa ol'aanaa galmeessan ni jajjabeessa; beekamtii akka argatan ni taasisa; ni badhaasa;
16) Iddoowwan hambaalee seenaa, aadaa, amantaafi qabeenya uumamaafi kan kana fakkaatan kanneen sonaafi hawwatummaa qaban seeraan akka daangeeffamaniifi eegaman ni taasisa; ni misoomsa; misoomaafi eegumsa isaanii irratti qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
17) Manneen Maree, waldaalee, gumiiwwanfi manneen murtii aadaa sadarkaa sadarkaan akka hundeeffaman haala ni mijeessa; deeggarsa ni kenna;

10) የኪነት ቡድኖች እንዲደራጁ ይሠራል፤ ተጠናክረው እራሣቸውን እንዲችሉ ይደግፋል፤ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
11) በክልሉ ውስጥ የሚለጠፉ የተለያዩ የማስታወቂያ ፅሁፎች የህብረተሰቡን ባህልና እሴቶች የጠበቁ መሆናቸውን፤ የአፋን ኦሮሞ ፅሑፍ የሆሄና የሰዋሰው ሥህተት የሌለው መሆኑን ያረጋግጣል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት ባለበትም በህጉ መሠረት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
12) በክልሉ ውስጥ ባሉ ቅርሶች ስም የሚወጡ ምልክቶች ወይም የንግድ ስምና ምስሎች የቅርሱን የታሪክ እሴት የማይጎዳ መሆኑን ያረጋግጣል፤
13) መንግስታዊና ህዝባዊ የባህል አገልግሎት ተቋማት፣ ሙዚየሞች፣ የባህል ማዕከል፣ የባህል አዳራሾች፣ ቤተ መፅሐፍትና ቅረት መዝገብ ቤት፣ የትያትርና ፊልም ቤቶች በክልሉ ውስጥ እንዲስፋፉ ይሠራል፤ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ የሙያ ፈቃድ ይሰጣል፤ ይመዘግባል፤
14) የክልሉ የተፈጥሮና ሰው ሠራሽ ቅርሶች የሚጠኑበትንና የሚመዘገቡበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ደረጃ ያሰጣል፤ ያለማል፤ ይንከባከባል፤ ይጠግናል፤ የቅርሶችን ዝውውር ይቆጣጠራል፤ ፈቃድ ይሰጣል፤
15) በባህልና ቱሪዝም ሴክተር ዕድገት ውስጥ የላቀ ውጤት ያስመዘገቡ አካላትን ያበረታታል፤ ዕውቅና እንዲያገኙ ያደርጋል፤ ይሸልማል፤
16) እሴትና መስዕብነት ያላቸው የታሪክ ቅረት፣ የባህል፣ የእምነት እና የተፈጥሮ ሀብትና የመሳሰሉት ሥፍራዎች በህግ እንዲከለሉና እንዲጠበቁ ያደርጋል፤ ያለማል፤ በልማትና አጠባበቃቸው ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
17) ምክር ቤቶች፣ ማህበራት፣ ኮሚቴዎች እና ባህላዊ ፍርድ ቤቶች በየደረጃ እንዲቋቋሙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ድጋፍ ይሠጣል፤

9) Strengthen the performance capacity of cultural institutions through providing causing to be provided the trainings and consultancy services for them;
10) Cause the organization of song arts clubs; support them to be strong and self-sufficient; facilitate conditions;
11) Follow up the various written notices posted in the region to respect the customs and norms of the society; avoid misspellings and grammar of Afan Oromo where there exist limitation takes measures in accordance with the law; cause measures to be taken;
12) Ensure that the sign or trade name or mark designated in the name of the heritages of the region shall not harm the cultural values of such heritage;
13) Work for expansion of cultural service institutions of the government and the people; heritage museums, cultural centers, cultural halls, libraries and archives theatre and film houses in the region; facilitate conditions; issue professional license; register same;
14) Establish a system for study and registration of natural and man-made heritages of the region; cause levels to be given; develop it; nurture it; maintain it; control the circulation of heritages; issue license;
15) Incentivize bodies that register exceptional achievements in the development of culture and tourism sector; cause them acquire recognition and award;
16) Cause historical, cultural, religious heritages and natural re- sources places and the likes having values and attractions to be enclosed and protected legally; develop it; work with concerned bodies on their development and protection;
17) Facilitate condition for the establishment of councils, associations and assemblies of culture and tourism at each level; provide support;

18) Mana Maree Turiizimii Naannichaa ni hundeessa; qaamolee miseensota ta'an ni qindeessa; ni hordofa;
19) Dhaabbilee kenna tajaajila aadaa ilaalchisee ulaagaa ni baasa; hayyama ogummaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; qaama dhimmi ilaalu waliin leenjii ni kenna; deeggarsa ogummaa ni kenna; ni to'ata; qaama dhimmi ilaalu waliin sadarkaa ni kenna;
20) Qabeenyi aadaa uumamaa hawwata turizimii akka eegamu hojii hubannoo cimsu ni raawwata; carraa misoomaa jiru ni beeksisa; investimentiin turizimii akka babal'atu qa-ama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
21) Pirojektoota investimentii misooma dhaabbilee aadaa irratti dhiyaatan ni gamaag-gama; yaada ogummaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; deeggarsa ogummaa ni kenna; hojii isaanii ni hordofa;
22) Naannicha keessatti mooggasni adabaabaayii, daandii, godinaa, magaalaa, aanaa, gandaafi jaarmiyaalee adda addaa maqaa ganamaatti akka sirratu qaama dhimmi ilaalu waliin ni qorata; akka qoratamu ni taasisa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
23) Haddaarsaalee seena qabeessa ta'an walitti ni qaba; ni galmeessa; ni gurmeessa; tajaajila qo'annoofi qorannootiif akka oolan ni taasisa;
24) Haddaarsaaleen naannicha sirnaan akka qabaman ni hordofa; manneen hojii keessatti kanneen yeroon tajaajila isaanii xumurame waliitti ni qaba; ni kunuunsa;
25) Leenjiiwwan dagaagina ogummaa aadaa akka kennamu ni taasisa; bakka barbaachisaa ta'etti wiirtuu leenjii ni hundeessa;
26) Namoota yookiin dhaabbilee dhuunfaa hojii tajaajila hiika afaanii kennuu barbaadaniif waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ni kenna.



18) የክልሉን ቱሪዝም ምክር ቤት ይመሠርታል፤ አባል የሆኑ አካላት ያስተባብራል፤ ይከታተላል፤
19) የባህል ተቋማት አገልግሎት አሠጣጥን በተመለከተ መስፈርት ያወጣል፤ የሙያ ፈቃድ ይሠጣል፤ ያድሣል፤ ይሠርዛል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ሥልጠና ይሠጣል፤ የሙያ ድጋፍ ይሠጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ደረጃ ይሠጣል፤
20) የቱሪዝም መስህብ የሆኑ የባህልና የተፈጥሮ ሀብት እንዲጠበቅ የግንዛቤ ማዳበሪያ ሥራ ይሠራል፤ ያለውን የመልማት ዕድል ያስተዋውቃል፤ የቱሪዝም ኢንቨስትመንት እንዲስፋፋ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
21) በባህል ተቋማት ልማት ላይ የቀረቡ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን ይገመግማል፤ሙያዊ ሃ ሣ ብ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሠጣል፤ ሥራቸውን ይከታተላል፤
22) በክልሉ ውስጥ የአደባባይ፣ የጎዳና፣የዞን፣ የከተማ፣ የወረዳ፣ የቀበሌና የተለያዩ ተቋማት ስያሜዎች በቀድሞው ስማቸው እንዲስተካከሉ ከሚመለከተው አካል ጋር ያጠናል፤ እንዲጠና ያደርጋል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
23) ታሪካዊ የሆኑ ቅሪቶችን ይሰበስባል፤ ይመዘግባል፤ ያደራጃል፤ ለጥናትና ምርምር እንዲዋሉ ያደርጋል፤
24) የክልሉ ቅሪት በአግባቡ እንዲያዙ ይከታተላል፤ መሥሪያ ቤት ውስጥ የአገልግሎት ጊዜያቸው የተገባደደውን ይሰበስባል፤ ይንከባከባል፤
25) የባህል ሙያ ማስፋፊያ ሥልጠናዎች እንዲሰጥ ያደርጋል፤ አስፈላጊ በሆነበት ቦታ የሥልጠና ማዕከል ይመሠርታል፤
26) የቋንቋ ትርጉም አገልግሎት ሥራ መስጠት ለሚፈልጉ ሰዎች ወይም ተቋማት የብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ይሰጣል።



18) Establish the Tourism Council of the region; coordinate and follow up the member bodies;
19) Set criteria regarding the service delivery of culture and tourism institutions; issue professional license; renew it; cancel it; provide training in collaboration with concerned bodies; provide professional support; control it; provide level in collaboration with other bodies;
20) Conduct awareness raising activities for the protection of cultural and natural resources of tourist attractions; promote the existing development opportunities; work with the concerned body for the expansion of tourism investment;
21) Evaluate the investment projects presented on the development of cultural and tourism institutions; forward professional opinion for the concerned body; provide professional support; follow up their activities;
22) Undertake study with concerned body for the name of Squares, Road, Zones, Cities, Districts, Kebeles and different institutions in the region to restore or be corrected in their previous names; cause to be studied; implement; cause same to be implemented upon its approval;
23) Collect the historical heritages; register; organize them; cause them to be used for research and study services;
24) Follow up for the historical heritages to be kept properly; collect those which their expiry date is lapsed in the offices; nurture them;
25) Cause culture profession enhancement trainings to be provided; establish training center where necessary;
26) Issue competence approval certificate for persons or private organizations wishing to provide translation services.

**36. Biiroo Investimantiifi Industirii**

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Investimentiin naannicha keessatti haala itti babal'achuu danda'u irratti yaada imaammataafi tarsiimoo ni burqisiisa; mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasiisa;
2) Kuufama qabeenya naannichaafi ragaalee babal'ina investimentiif gargaaran walitti ni qaba; ni qindeessa; maappii investimentii naannichaa ni qopheessa; ni tamsaasa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolan ni taasisa;
3) Gosaafi carraa investimentii naannichaa addaan ni baasa; investeroota hojii investimentii irratti bobba'uu barbaadaniif odeeffannoo barbaachisaa ta'e ni kenna;
4) Barreeffamoota investimentii babal'isuuf gargaaran ni qopheessa; investerootaafi dhimmamtootaaf ni raabsa; daawwii addaa qopheessee investerootaafi qaama dhimmi ilaalu ni affeera;
5) Karoora itti fayyadama lafaa irratti hundaa'uun akaakuu pirojektoota investimentii naannicha keessatti gaggeeffamuu danda'an qoratee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
6) Ragaa Lafa pirojektii investimentii Biiroo Lafaatiin qophaa'ee dhiyaateef qindeessee ni qabata; bu'uurri misoomaa guutamuu isaa mirkaneessuudhaan hojii beeksisaa ni hojjeta;
7) Namoota hojii investimentii irratti bobba'uu barbaadaniif hayyama investimentii ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; sochii seeraan alaa irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
8) Waliigaltee pirojektoota investimentii gurguddaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yookiin qaama inni bakka buuseen murtaa'an ni mallateessa; ni galmeessa; ni hordofa; haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

**36. የኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ቢሮ**

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ኢንቨስትመንት በክልሉ ውስጥ ሊስፋፋ በሚችልበት ሁኔታ ላይ የፖሊሲና የስትራቴጂ ሐሳብ ያመነጫል፤ ለመንግሥት ያቀርባል፣ ሲፈቀድ ስራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
2) የክልሉን ዕምቅ ሀብትና ለኢንቨስትመንት መስፋፋት የሚረዱ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ የክልሉን የኢንቨስትመንት ካርታ ያዘጋጃል፣ ያሰራጫል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
3) የክልሉን የኢንቨስትመንት ዓይነትና ዕድል ይለያል፣ በኢንቨስትመንት ሥራ ላይ መሰማራት ለሚፈልጉ ኢንቨስተሮች አስፈላጊ የሆነ መረጃ ይሰጣል፤
4) ኢንቨስትመንትን ለማስፋፋት የሚረዱ ጽሁፎችን ያዘጋጃል፤ ለኢንቨስተሮችና ለባለድርሻ አካላት ያሰራጫል፣ ልዩ ጉብኝት በማዘጋጀት ኢንቨስተሮችንና ጉዳዩ የሚመለከታቸውን አካላት ይጋብዛል፤
5) በመሬት አጠቃቀም ዕቅድ ላይ በመመስረት በክልሉ ውስጥ ሊካሄዱ የሚችሉ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ዓይነትን በማጥናት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፣ በሚፈቀድበት ጊዜ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
6) በመሬት ቢሮ በመዘጋጀት የቀረበለትን የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት መሬትን መረጃ በማቀናጀት ይይዛል፣ መሠረተ ልማት መሟላቱን በማረጋገጥ የማስተዋወቅ ሥራ ይሠራል፤
7) በኢንቨስትመንት ሥራ ላይ መሰማራት ለሚፈልጉ ሰዎች የኢንቨስትመንት ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሰርዛል፤ በሕገ ወጥ እንቅስቃሴ ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
8) በክልሉ መንግሥት መስተዳደር ምክር ቤት ወይም እሱ በሚወክለው አካል የተወሰኑ ትላልቅ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን ስምምነት ይፈርማል፣ ይመዘግባል፣ ይከታተላል፤ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚያወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

**36. Investment and Industry Bureau**

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Initiate investment policy and strategy ideas on ways of investment expansion in the region; submit same to the government, implement or cause to be implemented upon approval;
2) Collect and organize potentials of the region and information that help for expansion of investment; prepare investment map of the Region; disseminate, implement; cause same to be implemented;
3) Identify investment types and opportunity profiles of the Region; provide necessary information for investors interested to engage in investment activities;
4) Prepare publications that help to expand investment; disseminate for investors and stakeholders; organize special visits and invite investors and concerned bodies;
5) On the basis of the land use plan, study and submit to concerned body the type of investment projects that can be undertaken in the Region; cause implementation of same upon approval;
6) Compile and keep information related to investment project lands, prepared and submitted to it by the Land Bureau; perform promotion of same upon ensuring the fulfillment of infrastructures;
7) Issue, renew and cancel investment license for those persons who want to engage in investment activities; take or cause to be taken corrective measures against illegal acts;
8) Sign, register and follow up agreements of large scale investment projects decided by the Regional Administrative Council or by the body delegated by it; implementation of same shall be determined by regulation to be issued;

9) Abbootii qabeenyaa akkaataa seeraatiin hojii investimentiitiif lafa fudhatan bulchiinsa Godinaalee, bulchiinsa Magaalotaa yookiin Aanaalee waliin waliigaltee akka mallatteessan ni taasiisa; waliigaltee mallattaa'e ni galmeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

10) Pirojektonni investimentii qophaa'anii dhiyaatan naannoofi fayyaa namaa irratti dhiibbaa kan hin dhaqqabsiifne ta'uu isaanii sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo qaama dhimmi ilaaluun gaggeeffamuu isaa mirkaneeffachuun kan fudhatama argataniif hayyama ni kenna;

11) Bal'ina lafa investimentiifi lafti hojii investimentiitiif kenname akkaataa seera investimentiifi waliigaltee taasifameen raawwatamuu isaa ni hordofa; ni qindeessa; rakkoowwan investaroota qunnaman haala furmaata itti argatan irratti ni hojjeta; bakka hanqinni jirutti qaama dhimmi ilaaluu waliin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

12) Dizaayinii ijaarsa pirojektoota investimentii mirkanaa'an ni galmeessa; qaama dhimmi ilaalu waliin raawwii isaanii ni hordofa;

13) Investeroonni hayyama investimentii argatan bu'uura waliigaltee Biiricha waliin seenaniin yeroo daangeffame keessatti akkaataa hayyama kennameefiin hojjechuu isaanii ni hordofa; ni deeggara; akkaataa waliigalteetiin kan hin hojjenne irratti qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfiin sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

14) Pirojektoonni investimentii dhiyaatan ulaagaalee ittiin xiinxalaman ni qopheessa; pirojektii investimentii simachuun ni xiinxala; kanneen faayidaa olaanaa qabaniifi fudhatama argatan Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif yookiin qaama inni bakka buusuuf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u qaama dhimmi ilaalu ni beeksisa; hojiirra akka oolan ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti qaama dhimmi ilaallatu waliin tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

9) በህጉ መሠረት ለኢንቨስትመንት ሥራ የገጠር መሬትን የወሰዱ ባለሃብቶች ከዞን፣ ከወረዳ ወይም ከከተማ መስተዳደር ጋር ውል እንዲፈርሙ ያደርጋል፤ የተፈረመውን ውል ይመዘግባል፤ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

10) ተዘጋጅተው የቀረቡ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች በአካባቢና በሰዎች ጤና ላይ ተፅዕኖ የማያደርሱ ስለመሆናቸው የአከባቢ ተፅዕኖ ግምገማ ጉዳዩ በሚመለከተው አካል መከናወኑን በማረጋገጥ ተቀባይነት ላገኙት ፈቃድ ይሰጣል፤

11) ለኢንቨስትመንት ሥራ የተሰጠው መሬትና የመሬቱ ስፋት በኢንቨስትመንት ሕግና በተፈፀመው ውል መሠረት መከናወኑን ይከታተላል፤ ያቀናጃል፤ ኢንቨስተሮችን የሚያጋጥሙ ችግሮች መፍትሄ በሚያገኙበት ሁኔታ ላይ ይሠራል፤ ጉድለት በተገኘበት ቦታ ከሚመለከተው አካል ጋር የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድ ያደርጋል፤

12) የጸደቁ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ዲዛይንን ይመዘግባል፣ ከሚመለከተው አካል ጋር አፈፃፀማቸውን ይከታተላል፤

13) የኢንቨስትመንት ፈቃድ ያገኙ ኢንቨስተሮች በስምምነቱ መሠረት በተቀመጠው የጊዜ ገደብ ውስጥ በተሰጣቸው ፈቃድ መሠረት መሥራታቸውን ይከታተላል፣ ይደግፋል፣ በስምምነቱ መሠረት በማይሰሩት ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

14) የቀረቡ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች የሚገመገሙበትን መስፈርት ያዘጋጃል፤ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን በመቀበል ይገመግማል፤ከፍተኛ ጥቅም ያላቸውንና ተቀባይነት ያገኙትን ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ወይም እሱ ለወከለው አካል ያቀርባል፤ ሲወሰን የሚመለከተውን አካል ያሳውቃል፤ ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ጉድለት በተገኘበት ቦታ ከሚመለከተው አካል ጋር እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

9) Cause investors who obtained land for investment activities in accordance with the relevant laws to sign investment agreements with the Zones, Urban administrations or districts; register and transfer same to the concerned body; implementation of same shall be determined by regulation to be issued;

10) Issue investment license for those found acceptable, upon ensuring that environmental impact assessment has been conducted by the concerned body with a view to ascertaining that the submitted investment projects have no adverse impact on the environment and human health;

11) Follow up to ascertain that the land delivered for investment activity and its size, have been carried out in compliance with investment laws and the terms of the agreement entered into; organize same; work to bring about solutions for the problems facing the investors; take or cause to be taken corrective measures with the concerned body where there observed limitations;

12) Register construction designs of approved investment projects; follow up their implementation with the concerned body;

13) Support and follow up to ascertain those investors who have got investment permit are operating in accordance with the agreement, within the time bound and pursuant to the granted permit; cause corrective measures to be taken, with the concerned body, on those who are not complying with the agreement;

14) Develop the required criteria by which investment projects are evaluated; evaluate investment projects submitted to it; forward to the Regional Administrative Council or to the body delegated by same, those that have got acceptance and has special significance for the Region; notify the concerned body; cause to be implemented; follow up; monitor; take or cause to be taken corrective measures with the concerned body where there exist limitation;

15) Carraa hojii pirojektoota investimentiin uumamu keessatti hawaasni naannichaa dursa argachuu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
16) Gaaffii jijjiirraa gosa pirojektii investimentii magaalaafi baadiyyaa pilaaniifi seera jiru irratti hundaa'uun Biiroo Lafaa waliin ni raawwata; qaama dhimmi ilaalu kan biroo ni beeksisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
17) Pirojektoota investimentii naannicha keessatti hojjechaa jiran bu'aawwan dabalataa diinagdeefi hawaasummaatiin hawaasa naannoo pirojektichaafi naannichaaf kennaa jiran ni xiinxala; bakka hanqinni jirutti qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfiin sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
18) Investeroota hojii investimentii magaalaafi baadiyyaatti gaggeessaniif jajjabeessituuwwan hayyamaman akkaataa seeraatiin ni raawwata;
19) Qonnaan bultoota, horsiisee bultoota, interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa ce'an, waldaalee hojii gamtaafi investimentii investeroota dubartootaan gaggeeffamu bifa addaatiin akka simataman hojimaata gargaaru ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluun yoo murtaa'e hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa; hojiirra akka oolu ni taasisa;
20) Paarkii industirii mootummaa naannoo Oromiyaatiin hundeeffamu keessatti kenna tajaajila investimentii jiddugala tokkoo ni raawwata; qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun abbootiin qabeenyaa gara paarkii kanatti akka simataman ni deeggara;



15) በኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች በሚፈጠሩ የሥራ ዕድሎች የክልሉ ህብረተሰብ ቅድሚያ ማግኘቱን ይከታተላል፤ጉድለት በተገኘበት ቦታ ከሚመለከተው አካል ጋር የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
16) የከተማና የገጠር የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ዓይነት ለውጥ ላይ የሚቀርብ ጥያቄን በፕላንና አግባብ ባለው ህግ መሠረት ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈጽማል፤ የሚመለከተውን ሌላ አካል ያሳውቃል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
17) በክልሉ ውስጥ እየሠሩ ያሉ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ለፕሮጀክቱ አከባቢ ህብረተሰብና ለክልሉ እያስገኙ ያሉትን ተጨማሪ የኢኮኖሚና ማህበራዊ ውጤቶች ይገመግማል፤ ጉድለት በተገኘበት ቦታ ከሚመለከተው አካል ጋር የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
18) በከተማና በገጠር የኢንቨስትመንት ሥራ ለሚያከናውኑ ኢንቨስተሮች የተፈቀዱ ማበረታቻዎችን በሕጉ መሠረት ይፈጽማል፤
19) በአርሶ አደሮች፣ አርብቶ አደሮች፣ በተሸጋገሩ አነስተኛና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች በህብረት ሥራ ማህበራትና በሴቶች ኢንቨስተሮች የሚካሄዱ ኢንቨስትመንቶችን በልዩ ሁኔታ ለማስተናገድ የሚያስችል አሠራር ያዘጋጃል፤በሚመለከተው አካል በሚወሰንበት ጊዜም ሥራ ላይ ያውላል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
20) በኦሮሚያ ክልል መንግሥት በሚቋቋም የኢንዱስትሪ ፓርክ ውስጥ የአንድ ማዕከል የኢንቨስትመንት አገልግሎት ይሰጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ባለሀብቶች ወደዚህ ፓርክ እንዲገቡና እንዲስተናገዱ ይደግፋል፤



15) Follow up to ensure that the society of the Region have got priority in the job opportunities created by investment projects; take or cause to be taken corrective measures with the concerned body in case there observed limitations;
16) Execute, in accordance with the relevant law and the plan, requests for changing the type of urban and rural investment projects with the appropriate body; notify other concerned bodies; follow up and control implementation of same;
17) Assess the extra socio economic outcomes that the investment projects being undertaken in the Region are availing to the community in the locality of the project and the Region; take or cause to be taken corrective measures with the concerned body where there exist limitation;
18) Effect in accordance with the relevant law, the incentives permitted for investors undertaking urban and rural investment activities;
19) Adopt operational procedures enabling to entertain, under special condition, investments undertaken by farmers, pastoralists, promoted small and micro enterprises, cooperative associations and those undertaken by woman investors; implement or cause to be implemented; follow up implementation of same upon approval;
20) Render, in cooperation with concerned body, one stop shop service within industrial parks established by Oromia Regional Government; support investors, with concerned body, to be well entertained and engaged in the park;

21) Pirojektii investimentii dhaabbilee misoomaa mootummaa harka turanii gara abbaa qabeenyaa dhuunfaatti gurgurtaan darbaniifi naannicha keessatti argaman fedhii isaaniin gara sirna investimentiitti galuu barbaadaniif qajeelfamaafi hojimaata jiruun hayyama investimentii kennuun waliigaltee investimentii keessa akka galan ni taasisa;
22) Pirojektoota investimentii naannicha keessatti hojjechaa jiran dirqama hawaasummaa qaban akka bahatan ni kakaasa.
23) Misooma industiriiwwanii irratti kutaalee hawaasaa bobba'an ni deeggara; industiriiwwan naannicha keessatti bobba'anii jiran ni hordofa; ni deeggara; ni to'ata;
24) Industiriiwaan naannicha keessa jiraniif paakeejii deeggarsaa ni qopheessa; ni qindeessa; ni raawwachiisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
25) Naannicha keessatti qaamolee sadarkaa sadarkaan hojiilee misooma industirii gargaaraaniifi qindeessan paakeejii deeggarsa dandeettii raawwachissummaa isaanii cimsu ni qopheessa; ni raawwata; ni raawwachiisa;
26) Muuxannowwan gaggaarii industirii irratti jiran qo'annoon adda baasuun qindeessuudhaan akka babal'atan ni taasisa; kanneen wal fakkaatan waliin walitti hidhamiinsi akka jiraatu ni hojjeta;
27) Dhimmoota misooma industirii saffisiisuuf gargaaran qorachuun haalawwan mijaawaan akka uumamu ni taasisa;
28) Gosoota industirii tarsiimaa'aa ta'aniif xiyyeeffannoo kennuudhaan deeggarsa addaa ni kenna; ragaalee istaatistiksii industirii naannicha keessa jiran ni sassaaba; ni qindeessa; qaama barbaaduuf ni tamsaasa;
29) Piropoozaala pirojektii manufakcharingii industirii qophaa'aanii dhiyaataniif deeggarsa ogummaa ni kenna;

21) በክልሉ ውስጥ በመንግስት እጅ ቆይተው በሽያጭ ወደ ግል ባለ ሀብት የተላለፉና ወደ ኢንቨስትመንት ሥርዓት መግባት ለሚፈልጉ የልማት ድርጅቶች ኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ባለው መመሪያና አሠራር የኢንቨስትመንት ፈቃድ በመስጠት የኢንቨስትመንት ስምምነት እንዲፈጽሙ ያደርጋል፤
22) በክልሉውስጥ እየሠሩ ያሉ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ያለባቸውን ማህበራዊ ኃላፊነት እንዲወጡ ያነሳሳል፤
23) በኢንዱስትሪ ልማት የተሠማሩ የህብረተሰብ ክፍሎችን ይደግፋል፤ በክልሉ ውስጥ ተሰማርተው ያሉ ኢንዱስትሪዎችን ይከታተላል፤ ይደግፋል፤ ይቆጣጠራል፤
24) በክልሉ ውስጥ ላሉ ኢንዱስትሪዎች የድጋፍ ፓኬጅ ያዘጋጃል፤ ያቀናጃል፤ ያስፈጽማል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
25) በክልሉ ውስጥ በየደረጃው የኢንዱስትሪ ልማት ሥራዎችን የሚያግዙና የሚያቀናጁ አካላት የማስፈጸም አቅማቸውን የሚደግፉ የድጋፍ ፓኬጆች ያዘጋጃል፤ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
26) በኢንዱስትሪ ላይ ያሉ መልካም የሥራ ልምዶች በጥናት በመለየት አቀናጅቶ እንዲስፋፉ ያደርጋል፤ ከሚመሳሰለው ጋር ትስስር እንዲኖር ይሠራል፤
27) የኢንዱስትሪ ልማትን ለማፋጠን የሚያግዙ ጉዳዮችን በማጥናት አመቺ ሁኔታ እንዲፈጠር ያደርጋል፡፡
28) ስትራቴጂክ ለሆኑ የኢንዱስትሪ ዘርፎች ትኩረት በመስጠትልዩ ድጋፍ ያደርጋል፤ በክልሉ ውስጥ ያሉ የኢንዱስትሪ ስታስቲክስ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ለሚፈልገው አካል ያሠራጫል፤
29) ተዘጋጅተው በሚቀርቡለት የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ፕሮጀክት ፕሮፖዛል ላይ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤

21) Pursuant to existing pertinent directives and procedures, issue investment permit and cause them to conclude investment agreements for those investment projects of development enterprises that were under state ownership, but transferred through sale to private investors and seek to operate under the investment system in place;
22) Initiate investment projects operating in the Region to discharge their social responsibility;
23) Support parts of the community engaged in the development of industries in the region; follow up; support; control the industries operating in the region;
24) Prepare support packages for the industries in the region; organize; cause to be implemented; follow up its implementation;
25) Prepare the performance capacity building support packages for the bodies which supports and coordinate the development of industries at each level in the region; implement; cause it to be implemented;
26) Identify through research and organize the best practices in the industry and make them to be expanded; work to establish integration with similar ones;
27) Undertake research on the issues that help to facilitate industrial development and cause suitable atmosphere to be created;
28) Give emphasis and provide special support for the strategic kinds of industries; collect statistical data of industries in the region; organize and disseminate to the body in need;
29) Provide professional support for the projects of manufacturing industries prepared and submitted to it;

30) Misooma damee industirii manufakcharingii naannicha keessatti gahee qaamoleen adda addaa qaban adda ni baasa; karoorri waliinii akka jiraatu haala ni mijeessa;

31) Pirojektiin industirii gara qe'ee industirii mootummaan dhiyaatutti galu bu'uura imaammata, tarsiimoofi seerota industirii godhachuu isaanii ni mirkaneessa; abbootii qabeenyaa gara qe'ee industirii galanis ta'ee industiriiwwan iddoowwan adda addaa jiran waliin waliigaltee ni mallatteessa; akkaataa waliigalteetiin hojjechuu isaanii ni hordofa;

32) Misooma paarkiiwwan, kilaastarootaa fi sheeddiiwwan mootummaan, miti-mootummaafi dhuunfaan misooman akkaataa seeraafi imaammata misooma industrii eegee akka misoomu ni taasisa; kanneen misooman hojimaata ittin bulchan ni qopheessa; hojiira oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; ni bulcha;

33) Gahumsaafi oomishtummaa misooma industirii manufakcharingii cimsuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; humna namaa leenjii giddugaleessaa qabu akka argataniif haala ni mijeessa;

34) Industiriiwwan ulaagaa seerota eegumsa naannootiin kaa'aman akka guutattan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; faalama naannoo industiriiwwaniin dhaqqabu hir'isuuf naannawa zoonii industirii magariisaan akka uwwifamu ni hojjeta; ni hordofa; ni to'ata;

35) Naannicha keessatti facaatiin misooma industirii manufakcharingii walmadaalaafi carraalee hulaa misoomaa qaban irratti kan hundaa'e akka ta'u qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ni hojjeta; hawaasa naannawa industiriitiif faayida-qabeessa ta'uu isaanii ni mirkaneessa;

36) Carraalee naannichi misooma industiriif qabu tooftaalee adda addaatiin ni beeksisa; workshooppii, simpoziyeemii, baazaarii yookiin agarsiisa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun ni qopheessa;

30) በክልሉ የኢንዱስትሪ ማኑፋክቸሪንግ ልማት ዘርፍ ውስጥ የተለያዩ አካላት ያላቸውን ድርሻ ይለያል፤ የጋራ ዕቅድ እንዲኖር ሁኔታን ያመቻቻል፤

31) በመንግስት ወደሚቀርበው የኢንዱስትሪ መንደር የሚገባ የኢንዱስትሪ ፕሮጀክት የኢንዱስትሪ ፖሊሲ፣ ስትራቴጂና ህግን መሠረት ያደረጉ መሆናቸውን ያረጋግጣል፤ወደ ኢንዱስትሪ መንደር ከሚገቡ የግል ባለሀብቶችም ሆነ በተለያየ ቦታ ካሉ ኢንዱስትሪዎች ጋር ስምምነት ይፈራረማል፤ በውሉ መሠረት መሥራታቸውን ይከታተላል፤

32) በመንግስት፣ መንግስታዊ ባልሆኑ እና በግል የሚለሙ የፓርኮች፣ ክላስተሮችና ሼዶች ልማት የኢንዱስትሪ ልማት ህግና ፖሊሲን ጠብቆ እንዲለማ ያደርጋል፣ የለሙት የሚተዳደሩበትን አሠራር ያዘጋጃል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ያስተዳድራል፤

33) የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪን ልማት የብቃትና የምርታማነት ችግር ለመፍታት ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ መካከለኛ ስልጠና ያለው የሰው ኃይል እንዲያገኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

34) ኢንዱስትሪዎች በአካባቢ ጥበቃ ህጎች የተቀመጡትን መስፈርቶች እንዲያሟሉ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ በኢንዱስትሪዎች የሚደርስን የአካባቢ ብክለት ለመቀነስ የኢንዱስትሪ ዞን አካባቢ በአረንጓዴ እንዲሸፈኑ ይሠራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

35) በክልሉ ውስጥ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ስርጭት ተመጣጣኝና የልማት በርያላቸው ዕድሎች ላይ የተመረኮዘ እንዲሆን ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ለኢንዱስትሪው አካባቢ ህብረተሰብ ጠቃሚ መሆኑን ያረጋግጣል፤

36) ክልሉ ለኢንዱስትሪ ልማት ያለውን ዕድሎች በተለያዩ ዘዴዎች ያስተዋውቃል፤ ዎርክሾፕ፣ ሲምፖዚየም፣ ባዛር ወይም ኤግዝብሽን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ያዘጋጃል፤

30) Identify the roles of various bodies in the manufacturing industry branch of the region; facilitate condition for existence of common plan;

31) Ensure that the industrial projects entering in to the industrial zone offered by the government are conducted in accordance with the industrial policy, strategy and laws; sign contractual agreement with the private investors who enter in to the industrial zones and industries found at various places; follow up whether they are working as per the agreement;

32) Ensure the development of parks, clusters and shades developed by governments, non-governments and individuals to be developed in accordance with laws and policies of industrial development; prepare administrative guidelines for the developed ones; follow up its implementation; control and administer same;

33) Work in collaboration with the concerned body so as to build up the capacities and productivity of manufacturing industry; facilitate condition to enable them get human resource having medium training;

34) Work in collaboration with the concerned body to enable the industries fulfill the criteria provided by the laws of environmental protection; work for the surroundings of industrial zones to be covered by greenery so as to minimize environmental pollution caused by industries; follow up; control same;

35) Work with the concerned bodies to make the distribution of manufacturing industry in the region equitable and based on development corridor opportunities; ensure that they are advantageous for the society surrounding the industries;

36) Promote the industrial development opportunities available in the region through various mechanisms; organize workshops, symposium, bazaar or exhibitions in collaboration with the concerned body;

37) Industiriiwwan oomisha ala-ergii irratti bobba'aniif xiyyeeffannoo addaa ni kenna; ni deeggara; qaama dhimmi ilaalu walin ta'uun oomisha isaanii biyya alaaf akka dhiyeessan ni deeggara;
38) Abbootii qabeenyaa hojii qonnaa, daldala, tajaajilaafi konistiraakshinii irratti hojjetan gara hojii industirii manufakcharingiitti akka bobba'an ni jajjabeessa; deeggarsa barbaachisu ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
39) Madaallii gahumsa ogummaa daldala industirii ilaalchisee seerota bahan hojiirra ni oolcha; hayyama daldala industirii akka baafatan ni taasisa; gahumsa industirii ni mirkaneessa;
40) Qaama dhimma qulqullinaafi istaandaardii oomishaalee ilaalu waliin ta'uun industiriiwwan qulqullina oomisha isaaniitiif waraqaa ragaa mirkaneessa sadarkaa qulqullina oomishaa akka argatan ni hojjeta.

### 37. Biiroo Dargaggoofi Ispoortii

Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Paakeejii misooma dargaggoota naannichaa qopheessuun hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa paakeejichaa ni hordofa; ni madaala; akka barbaachisummaa isaatti qorannoo irratti hundaa'uun paakeejicha irratti fooyya'iinsa ni taasisa;
2) Ragaalee dhimma dargaggootaa ilaallatan hunda ni gurmeessa; ni xiinxala; bu'aa xiinxalichaa irratti hundaa'uun kallattii furmaataa ni qopheessa;
3) Sosochii siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa naannichaa keessatti hirmaannaan dargaggoonni taasisan akka cimu ni hojjeta;
4) Dargaggoonni hojii dhabeeyyii ta'an ofdanda'anii jireenya isaanii hoogganuuf akka isaan dandeessisu leenjii ogummaafi teeknikaafi haala liqii itti argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni mijeessa; ni hojjeta; tajaajila gorsaa haala itti argatan ni karoorsa; hojiirra ni oolcha;



37) በኤክስፖርት ምርት ላይ ለተሰማሩ ፋብሪካና የማኑፋክቸሪንግ ኢንተርፕራይዞች የተለየ ትኩረት ይሰጣል፤ ይደግፋል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ምርታቸውን ወደ ውጪ አገርእንዲያቀርቡ ድጋፍ ይሰጣል፤
38) በግብርና፣ በንግድ፣ አገልግሎትና ኮንስትራክሽን ሥራ ላይ የሚሠሩ ባለሀብቶች ወደ ማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ሥራ ላይ እንዲሰማሩ ያበረታታል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
39) የኢንዱስትሪ ንግድ የሙያ ብቃት ምዘናን አስመልክቶ የወጡ ህጎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ የኢንዱስትሪ ንግድ ፈቃድ እንዲያወጡ ያደርጋል፤ የኢንዱስትሪ ብቃት ያረጋግጣል፤
40) የምርቶችን ጥራትና ስታንዳርድን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ለኢንተርፕራይዞች የምርት ጥራት፣ የምርት ጥራት ደረጃ ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እንዲያገኙ ይሠራል፡፡

### 37. የወጣቶችና ስፖርት ቢሮ

ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉን ወጣቶች የልማት ፓኬጅ በማዘጋጀት ሥራ ላይ ያውላል፤ የፓኬጁን ሥራ ላይ መዋል ይከታተላል፤ ይመዝናል፤ እንዳስፈላጊነቱ ጥናት ላይ በመመሥረት በፕሮጀክቱ ላይ ማሻሻያ ያደርጋል፤
2) የወጣቶችን ጉዳይ በሚመለከቱ ሁሉንም ማስረጃ ያደራጃል፤ ይተነትናል፤ በትንታኔው ውጤት ላይ በመመሥረት የመፍትሄ አቅጣጫ ያዘጋጃል፤
3) በክልሉ ፖለቲካዊ፣ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ እንቅስቃሴዎች ውስጥ ወጣቶች የሚያደርጉት ተሣትፎ እንዲጠናከር ይሠራል፤
4) ሥራ አጥ የሆኑ ወጣቶች ራሳቸውን ችለው ኑሯቸውን ለመምራት እንዲያስችላቸው የሙያና ቴክኒክ ሥልጠና እና ብድር የሚያገኙበት ሁኔታ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ያመቻቻል፤ ይሠራል፤ የምክር አገልግሎት የሚያገኙበት ሁኔታ ያቅዳል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤



37) Give special emphasis for factory and manufacturing enterprises engaged in export products; support it; assist them to supply their products to foreign markets in collaboration with the concerned body;
38) Encourage investors working on agriculture, trade, service and construction to engage in manufacturing industry; provide necessary support; work with the concerned body;
39) Implement the laws enacted concerning professional competency evaluation of industrial trade; cause them to have industrial trade license; ensure the competency of industry;
40) In collaboration with the body working on quality and standards of products, work to enable the industries acquire the products quality level assurance certificates for the quality of their products.

### 37. Youth and Sports Bureau

The Bureau shall have the following Power and Duties:

1) Prepare and implement the development package of the youth in the region; follow up implementation of such package; evaluate same; make adjustments on the package as may be necessary based on research;
2) Organize all evidences concerned with youths; analyze; prepare remedial directions based on the analysis;
3) Work for strengthening the participation of the youth in the political, economic and social activities;
4) Facilitate conditions in collaboration with the concerned body for unemployed youth to get technical and skills trainings and ways of acquiring credits to enable them independent and lead their respective lives; work; plan on how they get advisory services; implement same;

5) Dargaggoonni waldaan akka gurmaa'an hubannoo ni kenna; mirga isaanii akka kaba-jamu sochii taasisan ni jajjabeessa; deeggarsa ni kenna;
6) Dargaggoota itti gaafatamummaa fudhachuu danda'aniifi sirna dimokiraasii ijaaruu keessatti hirmaannaa gaarii qaban uumuudhaaf haalota dandeessisan ni karoorsa; hojiirra ni oolcha;
7) Haala fayyaan dargaggootaa itti eegamuufi humna oomishaa abdachiisaa itti ta'uu danda'an irratti qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
8) Dargaggoonni gocha yakkaa irraa ofeeganii naamusaafi amala gaarii akka horatan kan gargaaru barumsa xiinsammuu, tajaajilootaafi sagantaaleen bashannanaafi giddugalli dargaggootaa akka babal'ataniifi jajjabaatan ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
9) Dargaggoonni hojii eegumsa naannoofi qabeenya uumamaa irratti bobba'anii akka hojjetan haala ni mijeessa; ni jajjabeessa;
10) Humni kalaqaa akka cimu ni taasisa; dorgommiiwwan adda addaa ni qopheessa; kan qophaa'e irratti akka hirmaatan deeggarsa ni kenna;
11) Dargaggoonni dandeettii hojii uumuu akka gonfatan ni deeggara; ni jajjabeessa; mirgi abbummaa akka kabajamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
12) Humni raawwachiisummaa jaarmiyaalee dargaggootaa akka cimu hojimaata ni diriirsa; sadarkaa irra jiru ni qorata; yaada furmaataa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
13) Sagantaalee sosochiifi hirmaannaa dargaggootaa kan akka koraa, feestivaalaafi konfaransii akka gurmaa'u, gaggeeffamuufi hubannoofi amantaa misoomaafi dimokiraasii irratti akka gabbatu ni taasisa; adeemsa isaa ni qorata;

5) ወጣቶች በማህበር እንዲደራጁ ግንዛቤ ይሰጣል፤ መብታቸው እንዲከበር የሚያደረጉትን እንቅስቃሴ ያበረታታል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤
6) ኃላፊነት መውሰድ የሚችሉና የዲሞክራሲ ሥርዓት መገንባት ውስጥ በጎ ተሳትፎ ያላቸውን ወጣቶች ለመፍጠር የሚያስችሉትን ሁኔታዎች ያቅዳል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤
7) የወጣቶች ጤንነት የሚጠበቅበትና አስተማማኝ አምራች ሐይል የሚሆኑበት ሁኔታ ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
8) ወጣቶች ከወንጀል ድርጊት ራሣቸውን ጠብቀውጥሩ ሥነ ምግባርና ባህሪ እንዲጎናፀፉ የሚረዳ የሥነ-አዕምሮ ትምህርት፣ አገልግሎቶችና የመዝናኛ ፕሮግራሞችና የወጣቶች መዕከል እንዲስፋፉ እና እንዲጠናከሩ ያደርጋል፤አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
9) ወጣቶች የአካባቢና የተፈጥሮ ሀብት ጥበቃ ሥራ ላይ ተሠማርተው እንዲሠሩ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያበረታታል፤
10) የፈጠራ አቅም እንዲጠናከር ያደርጋል፤ የተለያዩ ውድድሮችን ያዘጋጃል፤ የተዘጋጀው ላይ እንዲሣተፉ ድጋፍ ይሠጣል፤
11) ወጣቶች ሥራ የመፍጠር ችሎታ እንዲጎናፀፉ ይደግፋል፤ ያበረታታል፤ የባለቤትነት መብት እንዲከበር ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
12) የወጣቶች አደረጃጀቶች የማስፈፀም አቅም እንዲጠናከር አሠራር ይዘረጋል፤ ያለበትን ደረጃ ያጠናል፤ የመፍትሄ ሃሳብ ያዘጋጃል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤
13) እንደ ስብሰባ፣ ፌስቲቫልና ኮንፍራንስ ያሉ የወጣቶች እንቅስቃሴና ተሣትፎ ፕሮግራሞች እንዲደራጅ፣እንዲካሄድና በልማትና ዲሞክራሲ ላይ ግንዛቤና እምነት እንዲዳብር ያደርጋል፤ አካሄዱንም ይመረምራል፤

5) Create awareness for youth to be organized in associations; encourage them strive to protect their rights; provide support;
6) Plan conditions that enable the youth that bear responsibilities and actively participate in building democratic system; implement same;
7) Work in collaboration with the concerned body on the health care of youths and making them reliable productive forces;
8) Ensure the expansion and encouragement of youths' psychological education, services and recreational programs and youths center to enable them refrain from committing criminal acts and develop good ethical conducts; follow up its implementation;
9) Facilitate conditions for the youths to engage in environmental and natural resources protection activities; encourage them;
10) Strengthen the innovative power; organize various competitions; provide support to enable them participate on the prepared one;
11) Support the youths to be acquainted with skills of creating jobs; encourage them; work with the concerned body for the protection of their patent rights;
12) Establish guideline to enhance the performance capacity of youths' organizations; study its status; prepare recommendation; implement it upon approval;
13) Cause programs on movements and participations of the youths like assembly, festival and conference to be organized; conducted and make that awareness and convictions are developed on development and democracy; investigates its progress;

14) Hawaasni naannichaa qajeeltoo 'ispoortiin hundumaaf' jedhuun hirmaataafi fayyadamaa akka ta'u haala ni mijeessa; hirmaannaa qaama midhamtoonni ispoortii keessatti qabaniifi fayyadamummaa isaanii guddisuuf haalli mijataan jiraachuu isaa ni mirkaneessa;
15) Humna namaa ispoortiin leenji'eefi gahumsa qabu horachuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; manneen barnootaa madda ispoorteessitootaa akka ta'an ni hojjeta;
16) Naannicha keessatti bakka oolmaa, giddugala dargaggoofi faasiiliitiiwwan ispoortii akka ijaaramaniifi babal'atan ni jajjabeessa; deeggarsa teeknikaa ni kenna; sadarkaa isaanii ni murteessa; ragaa abbaa qabeenyummaa akka argatan qaama dhimmichi ilaal-latu waliin ni hojjeta;
17) Ispoortiin akka babal'atuufi cimu dhaabbileen ispoortii naannicha keessatti akka hundeeffaman ni taasisa; ni deeggara; ni jajjabeessa; hayyama ogummaa ispoortii ni kenna; ni hordofa;
18) Qajeelfama waldaaleen ispoortii ittiin hundeeffaman ni baasa; waldaalee ispoortii sadarkaa naannootti hojjetan ni galmeessa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
19) Mana Maree Ispoortii Naannichaafi Mana Maree Federeeshinootaa Ispoortii ni hundeessa; deeggarsa ni kenna;
20) Waldorgommiifi feestivaala ispoortii sadarkaa naannotti gag¬geeffamu kamiyyuu ni qopheessa; ni qindeessa; ni to'ata; ni deeggara; falmiiwwan waldaalee ispoortii gidduutti ka'u ni murteessa; ispoorteessitoota, ogeeyyiifi jila ispoortii bu'a qabeessa ta'an ni badhaasa;
21) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan humna namaa tajaajila yaala ispoortii kennu ni ramada; meeshaaleen hojii kanaaf barbaachisan akka guutaman ni taasisa;
22) Fayyadama qoricha qaama jajjabeessu (dopping) ittisuuf qajeelfama ni baasa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;



14) የክልሉ ህብረተሰብ 'ስፓርት ለሁሉም' በሚል መርህ ተሳታፊ እና ተጠቃሚ እንዲሆን ሁኔታን ያመቻቻል፤ አካል ጉዳተኞች ስፖርት ውስጥ ያላቸው ተሳትፎ እና ተጠቃሚነታቸውን ለማሳደግ አመቺ ሁኔታ መኖሩን ያረጋግጣል፤
15) በስፖርት የሠለጠነና ብቃትያለው የሰው ሀይል ለማፍራት ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ትምህርት ቤቶች የስፖርተኞች ምንጭ እንዲሆኑ ይሠራል፤
16) መዋያ ቦታዎች፣ የወጣቶች ማዕከላትና የስፖርት ፍሲሊቲዎች በክልሉ ውስጥ እንዲገነቡና እንዲስፋፉ ያበረታታል፤ የቴክኒክ ድጋፍ ይሠጣል፤ ደረጃቸውን ይወስናል፤ የባለቤትነት ማስረጃ እንዲያገኙ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
17) ስፖርት እንዲስፋፋና እንዲጠናከር የስፖርት ተቋማት በ ክ ል ሉ ውስጥ እንዲቋቋሙ ያደርጋል፤ ይደግፋል፤ያበረታታል፤ የስፖርት ሙያ ፈቃድ ይሰጣል፤ ይከታተላል፤
18) ስፖርት ማህበራት የሚቋቋሙበትን መመሪያ ያወጣል፤ በክልል ደረጃ የሚሠሩ የስፖርት ማህበራትን ይመዘግባል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፤
19) የክልሉን ስፖርት ምክር ቤትና የስፖርት ፌዴሬሽኖች ምክር ቤትን ያቋቁማል፤ ድጋፍ ይሠጣል፤
20) በክልል ደረጃ የሚካሄድ ማንኛውንም የስፖርት ውድድርና ፌስቲቫል ያዘጋጃል፤ ያቀናጃል፤ ይቆጣጠራል፤ ይደግፋል፤ በስፖርት ማህበራት መካከል የሚነሡ ክርክሮችን ይወስናል፤ ውጤታማ የሆኑ ስፖርተኞችን፣ ባለሙያዎችንና የስፖርት ልዑካን ቡድኖችን ይሸልማል፤
21) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን የስፖርት ህክምና አገልግሎት የሚሰጥ የሰው ኃይል ይመድባል፤ ለዚሁ ሥራ የሚያስፈልጉ መሣሪያዎች እንዲሟሉ ያደርጋል፤
22) አበረታች ንጥረ ነገር መጠቀምን (ዶፒንግ) ለመከላከል መመሪያ ያወጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤



14) Facilitate conditions to enable the people in the Region to be participatory and beneficiary of sports for all principle; ensure the existence of conducive situation that promote the participation and benefits of persons with disabilities from sports;
15) Work in collaboration with the concerned bodies to prepare human power trained in sport and competent; work to make schools sources of sportspersons;
16) Provide technical support and encouragement for the establishment and expansion of recreational places, sport centers and facilities for the youth in the Region; determine their levels; work with concerned body to enable them acquire ownership evidences;
17) Cause establishment of sport institutions for expansion and strengthening of sport in the region; support; encourage them; issue sport profession license; follow up them;
18) Issue directives for the establishment of sports associations; register sports associations operating at Regional level; provide the necessary support;
19) Establish the Regional Sport Council and Sport Federations Council; provide support;
20) Organize any sport competition and festivals to be conducted at Regional level; coordinate; supervise; support same; deter- mine disputes arising amongst sports associations; award prizes for the successful sportspersons, sport professionals and crew;
21) In collaboration with concerned bodies, assign human force providing sports medical treatments; cause equipment to be furnished for such purpose;
22) Issue anti-doping directives; work in collaboration with concerned bodies;

23) Qaamolee mootummaa yookiin mi-ti-mootummaa waliin hidhannoofi meeshaaleen ispoortii akka guutaman ni hojjeta; dhiyeessii hidhannoofi meeshaalee ispoortii dabaluuf oomishitoota ni jajjabeessa;

24) Abbootii qabeenya dhuunfaa seektara ispoortii irratti bobba'uu barbaadan ni jajjabeessa; ispoortiin madda galii akka ta'u ni hojjeta;

25) Ispoortiiwwan aadaa naannichaa caalmaatti akka beekaman, barataman, fooyya'aniifi guddatan ni taasisa;

26) Waldaaleen ispoortii naannichaa galii isaanii kaayyoo hundeeffamaniif oolchuu isaanii mirkaneessuuf herrega isaanii akkaataa seeraatiin ni qorata; ni qorachiisa;

27) Leenjiiwwaniifi seminaarota adda addaa ispoortii waliin walqabatan ni qopheessa; ni kenna; ni kennisiisa;

28) Madda galii qoratee mana maree ispoortii naannichaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;

29) Ogeeyyiin ispoortii gosa adda addaa baay'inaafi qulqullinaan horachuun akka danda'amu ciminaan ni hojjeta;

30) Sirna ispoorteessitoota bu'aa gaarii argamsiisaniif mootummaan beekkamtiifi jajjabeessituu itti kennu yookiin yaadannoon itti moggaafamuuf ni diriirsa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;

31) Waldaalee, federeeshinootaafi kilaboota ispoortii naannicha keessatti hundeeffamaniif deeggarsa teeknikaa ni taasisa; hayyama hojii ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; ni hordofa; ni to'ata.

**38. Komishinii Karooraafi Misoomaa**

Komishinichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammatootaafi tarsiimowwan diinagdee mootummaa naannichaa ni maddisiisa; wixinee isaanii ni qopheessa; qaama ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hordoffiifi deeggarsa ni taasisa;

23) የስፖርት ትጥቅና መሣሪዎች እንዲሟሉ፣ መንግስታዊ ወይምመንግስታዊ ካልሆኑ አካላት ጋርይሠራል፤ የስፖርት ትጥቅና መሣሪዎች አቅርቦትን ለመጨመር አምራቾችን ያበረታታል፤

24) በስፖርት ሴክተር መሠማራት የሚፈልጉ የግል ባለሀብቶችን ያበረታታል፤ ስፖርት የገቢ ምንጭ እንዲሆን ይሠራል፤

25) የክልሉ የባህል ስፖርቶች የበለጠ እዲታወቁ፣ እንዲለመዱ፤ እንዲሻሻሉና እንዲያድጉ ያደርጋል፤

26) የክልሉ የስፖርት ማህበራት ገቢያቸውን ለተመሠረቱበት አላማ ማዋላቸውን ለማረጋገጥ ሒሣባቸውን በህጉ መሠረት ይመረምራል፤ ያስመረምራል፤

27) ከስፖርት ጋር የተያያዙ የተለያዩ ሥልጠናዎችና ሴሚናሮችን ያዘጋጃል፣ ይሠጣል፤ ያሰጣል፤

28) የገቢ ምንጭን በማጥናት ለክልሉ የስፖርት ምክርቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤

29) በተለያዩ የስፖርት ዓይነቶች ባለሙያዎችን በብዛትና በጥራት ማፍራት እንዲቻል ጠንክሮ ይሠራል፤

30) መንግስት መልካም ውጤት ላስገኙ ስፖርተኞች ዕውቅና እና ማበረታቻ የሚሰጥበትን ወይም ማስታወሻ የሚሰየምበትን ሥርዓት ይዘረጋል፣ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤

31) በክልሉ ውስጥ ለተቋቋሙ የስፖርት ማህበራት፣ ፌዴሬሽኖችና ክለቦች የቴክኒክ ድጋፍ ያደርጋል፤የሥራ ፈቃድ ይሠጣል፣ ያድሳል፣ ይሠርዛል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

**38. የፕላንና ልማት ኮሚሽን**

ኮሚሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉን መንግስት የኢኮኖሚ ፖሊሲዎችና ስትራቴጂዎች ያመነጫል፤ረቂቆቻቸውን ያዘጋጃል፤ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤ ድጋፍና ክትትል ያደርጋል፤

23) In collaboration with governmental and non-governmental organizations, work for the fulfillment of sports wears and materials; encourage producers to increase the supply of sports wears and materials;

24) Encourage private investors who want to engage in the sport sector; work to make sport a source of income;

25) Cause the cultural sports of the Region to be further familiarized, accustomed, improved and developed;

26) In accordance with the law, investigate or cause investigation of accounts of sport associations of the Region so as to ensure that they are utilizing their income for the purpose of their establishment;

27) Organize, provide and cause to be provided various sport related trainings and seminars;

28) Undertake studies on income sources and submit same to the Regional Sport Council; implement same up on approval;

29) Work hard for the preparation of sport professionals in various sport fields both in quantity and quality;

30) Establish a system whereby the government awards recognition and grants incentives or designates memorials for sportspersons who scored better achievements; implement same up on approval;

31) Provide technical support; issue; renew and cancel work licenses of sport associations, federations and clubs established in the region; follow up and control them.

**38. Plan and Development Commission**

The Commission shall have the following Power and Duties:

1) Initiate and draft the economic policies and strategies of the Regional government; submit same to the concerned body; implement upon approval; make follow up and support for same;

2) Tarsiimoowwan misooma diinagdee mootummaa irratti hundaa'uudhaan karoora misoomaa yeroo dheeraafi giddugaleessaa mootummaa naannichaatiin raawwatamu ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata; karoorri waggaa karoora tarsiimowaa naannichaa waliin kan deemu ta'uu ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti sirreeffamni barbaachisu akka taasifamu ni taasisa;
3) Sirnaafi kallattii karoora misooma diinagdee naannichaa ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
4) Hammata fiisikaalaa naannichaa yeroo yeroon ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; raawwii isaa ni hordofa;
5) Haala qabatamaa imaammata fiisikaala naannichaa irratti qaamolee dhimmi ilaalu waliin qorannoo ni gaggeessa; Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
6) Bu'a qabeessummaafi qulqullina raawwii imaammata diinagdeefi karoora misooma yeroo dheeraafi giddugalleessaa naannichaa ni hordofa; ni gamaaggama; raawwii isaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif yeroo yeroon ni dhiyeessa; ni mir-kaneessisa;
7) Hammata diinagdee gooroo naannichaa ni qopheessa;
8) Walitti dhufeenya manneen hojii mootummaa naannichaafi dhaabbilee deeggartootaa naannicha keessatti argaman cimsuun sirna hordoffiifi deeggarsaa hirmaachisaa ta'e ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
9) Akkaawuntii diinagdee sadarkaa guddina diinagdee naannichaa agarsiisu ni qopheessa; Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; ni mirkaneessisa;

2) በመንግስት የኢኮኖሚ ልማት ስትራቴጂ ላይ በመመሥረት በክልሉ መንግስት የሚከናወኑ የረጅም፣ የመካከለኛና የአጭር ጊዜ የልማት ዕቅድን ያዘጋጃል፣ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣የአመት ዕቅድ የክልሉ ስትራቴጂካዊ ዕቅድ ጋር የሚጣጣም መሆኑን ያረጋግጣል፣ ጉድለት ባለበት ስፍራ አስፈላጊው ማስተካከያእንዲደረግ ያደርጋል፣
3) የክልሉን የኢኮኖሚ ልማት ዕቅድ አቅጣጫና ሥርዓት ይዘረጋል፣ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣
4) የክልሉን የፊስካል ማዕቀፍ በየጊዜው ያዘጋጃል፣ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፣ አፈፃፀሙን ይከታተላል፣
5) በክልሉ የፊስካል ፖሊሲ ተጨባጭ ሁኔታ ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ጥናት ያካሄዳል፣ ለክልሉ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ያቀርባል፣ በሚፈቀድበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
6) የክልሉን የኢኮኖሚ ፖሊሲና የረጅም፣ የመካከለኛና የአጭር ጊዜ የልማት ዕቅድ አፈፃፀምን ውጤታማነትና ጥራት ይከታተላል፣ ይገመግማል፣ አፈፃፀሙን በየጊዜው ለክልሉ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ያቀርባል፣ ያስፀድቃል፣
7) የክልሉን የማክሮ ኢኮኖሚ ማዕቀፍ ያዘጋጃል፣
8) የክልሉን የመንግስት መሥሪያ ቤቶችንና በክልሉ የሚገኙ ለጋሽ ድርጅቶችን ግንኙነት በማጠናከር አሳታፊ የሆነ የክትትልና ድጋፍ ሥርዓት ይዘረጋል፣ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
9) የክልሉን የኢኮኖሚ ዕድገት ደረጃ የሚያሳይ የኢኮኖሚ አካውንት ያዘጋጃል፣ ለክልሉ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ያቀርባል፣ ያስፀድቃል፣

2) Prepare the long and medium term development plan to be performed by the regional government; depending on the economic development strategies of the government; follow up and control its implementation upon approval; ensures that the annual plan is in line with the regional strategic plan; cause necessary corrections to be made where there exist limitations;
3) Establish system and direction of the economic development plan of the region; follow up its implementation;
4) Prepare the fiscal framework of the Region from time to time; submit same to the concerned body; follow up its implementation;
5) Undertake study on the objective situations of the fiscal policy of the Region with concerned bodies; submit same to the Regional Administrative Council; implement; cause to be implemented up on its approval;
6) Follow up; evaluate the quality and the implementation effectiveness of economic policy of the long and medium term development plan of the region; submit its implementation to the Regional Administrative Council periodically and cause same to be approved;
7) Prepare macro-economic framework of the Region;
8) Establish participatory follow up and support system by strengthening the relations of government sectors and supporting organizations in the Region; implement; cause to be implemented;
9) Prepare an economic account which shows the status of the economic growth rate of the Region; submit same to the Regional Administrative Council, and cause it to be approved;

10) Sirni hordoffiifi gamaaggamaa manneen hojii mootummaa naannichaa biratti beekamee hojiirra akka oolu hubannoo ni uuma; sirnicha madaqsuufi raawwachiisuun walqabatee tooftaa dandeettiin manneen hojii mootummaa naannichaa itti cimu ni diriirsa; hojiirra ni oolcha;
11) Pirojektoota misoomaa gurguddoo mootummaa naannichaatiin gaggeeffaman qaamolee mootummaa naannichaa dhimmi isaan ilaallatu waliin ta'uun raawwii isaanii ni hordofa; ni madaala;
12) Sagantaaleefi pirojektoota guddina diinagdee naannichaa keessatti faayidaa olaanaa qabaniifi seektarootaan qophaa'uu hin dandeenye ni qorata; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
13) Tarsiimoowwan misooma diinagdee mootummaa naannichaa bu'aa qabeessa taasisuuf sirna istaatistiksii diriirsuun ragaa haala ammayaa'aa ta'een ni sassaaba; ni qindeessa; ni xiinxala; ni kuusa; ni tamsaasa; ni maxxansa;
14) Ragaalee hawaas diinagdeefi qabeenya uumamaa misooma naannichaatiif barbaachisan ni sassaaba; daataa beezii naannichaa ni hundeessa; barruulee istaatistiksii, pirofaayiliifi maappiiwwan adda addaa ni qopheessa; ni maxxansa; ni raabsa;
15) Sagantaaleen imaammata dhimma ummataa irratti hundaa'uudhaan bahan akka hojiirra oolan ni qindeessa; karooraafi raawwii isaanii ni hordofa; ni madaala;
16) Karoora misooma naannichaa kan yeroo dheeraa, giddugaleessaafi gabaabaa qopheessuuf kan gargaaran qo'annoofi qorannoo diinagdee ni gaggeessa; safartuuleefi ulaagaalee waliigalaa dhimma diinagdeefi hawwaasummaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

10) የክትትልና ግምገማ ሥርዓት በክልሉ መንግስት መስርያ ቤቶች ዘንድ ታውቆ ሥራ ላይ እንዲውል ግንዛቤ ይፈጥራል፤ ሥራዓቱን ከማዋሀድና ከማስፈፀም ጋር ተያይዞ የክልሉ መንግስት መስራቤቶች አቅም የሚጠነክርበትን ዘዴ ይዘረጋል፤ በሥራ ላይ ያውላል፤
11) በክልሉ መንግስት የሚካሄዱ ትላልቅ የልማት ፕሮጀክቶችን ጉዳዩ ከሚመለከታቸው የክልሉ የመንግስት አካላት ጋር በመሆን አፈጻጸማቸውን ይከታተላል፤ ይመዝናል፤
12) በክልሉ የኢኮኖሚ ዕድገት ውስጥ ከፍተኛ ጥቅም ያላቸውና በሴክተሮች መዘጋጀት የማይችሉ ፕሮግራሞችና ፕሮጀክቶችን ያጠናል፤ በሚፈቀድበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤
13) የክልሉን የመንግሥት የኢኮኖሚ ልማት ስትራቴጂዎችን ውጤታማ ለማድረግ የስታትስቲክስ ሥርዓት በመዘርጋት በዘመናዊ መንገድ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያጠናቅራል፤ ይተነትናል፤ ያከማቻል፤ ያሰራጫል፤ ያሳትማል፤
14) ለክልሉ ልማት የሚያስፈልጉ የማህበራዊ፣ ኢኮኖሚያዊና የተፈጥሮ ሀብት መረጃዎችን ይሰበስባል፤ የክልሉን ዳታ ቤዝ ያቋቁማል፤ የስታትስቲክስ መጽሔቶችን፤ የተለያዩ ፕሮፋይሎችንና ማፖችን ያዘጋጃል፤ ያሳትማል፤ ያሰራጫል፤
15) በሕዝብ ጉዳይ ፖሊሲ ላይ በመመሥረት የወጡ ፕሮግራሞች ሥራ ላይ እንዲውሉ ያቀናጃል፤ እቅድና አፈፃፀማቸውን ይከታተላል፤ ይገመግማል፤
16) የክልሉን የረጅም፤ መካከለኛና አጭር የልማት ዕቅድ ለማዘጋጀት የሚረዱ የኢኮኖሚ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፤ የኢኮኖሚና ማህበራዊ ጉዳይ አጠቃላይ መለኪያዎችንና መስፈርቶችን ያዘጋጃል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

10) Create awareness to make the follow up and evaluation system to be known and implemented by government sectors; establish mechanisms of strengthening the capacity of government sectors regarding the adoption and implementation of the system; implement same;
11) Follow up and evaluate with concerned regional government bodies about the performances of huge development projects undertaken by the Regional government;
12) Study and implement upon approval the programs and projects that have greater importance in the economic development of the Region and which cannot be prepared by sectors;
13) With a view to make the strategies of economic development of the Regional government to be efficient, collect, compile, analyze, store, publish and distribute data through modern manner;
14) Collect the socio economic and natural resource related data necessary for the development of the Region; establish data base of the Region; prepare, print and distribute various magazines, statistics, profiles and maps;
15) Coordinate the implementation of programs issued based on public policy matters; follow up and evaluate their plan and implementation;
16) Undertake economic research and studies that help for the preparation of long, medium and short term development plans; prepare general measurements and standards of economic and social affairs; implement; cause to be implemented same upon approval;

17) Akkaataa qophiifi dhiyeessa karooraafi pirojektootaa irratti manneen hojii mootummaa naannichaatiif deeggarsa teeknikaa ni kenna; dandeettii raawwachiisummaa isaanii ni cimsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

18) Hojiiwwan agro-ikoloojii naannichaa adda addaa irratti xiyyeeffatamanii gaggeeffaman ni qindeessa; hojiirra oolmaa isaanii ni hordofa; akkasumas karoora misoomaa qopheessuudhaaf kan gargaaru ispeshaalaayizeeshinii oomishaatiifi haalota dandeettii misoomummaa addaa naannichaa irratti qo'annoo ni gaggeessa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

19) Akkaataa imaammata mootummaatiin hirmaannaa kutaa diinagdee dhuunfaatiin hojiiwwan gaggeeffaman irratti bu'aafi jijjiirama gama kanaan mul'atan irratti qorannoo ni gaggeessa; mootummaaf ni dhiyeessa;

20) Haala qabatamaa hawaas-diinagdee naannichaa irratti qaamolee dhimmi ilaalu waliin qorannoo ni gaggeessa;

21) Sirna ummanni qophii karooraa, hojiirra oolmaafi hordoffiifi gamaaggama hojii misoomaa keessatti hirmaachuu itti danda'u ni diriirsa; raawwii isaa ni hordofa; akkasumas hojii misoomaa hirmaannaa ummataatiin gaggeeffaman irratti ragaa ni sassaaba; ni madaala;

22) Hojiiwwan qo'annoo qiyyaasa, kaartaafi ji'ogiraafii guddinaafi ittifufiinsa misooma naannichaaf gargaaran ni gageessa; akka gaggeeffamu ni taasisa;

23) Raawwii misoomaafi imaammaata dhimma ummataa irratti sochiiwwan manneen hojii mootummaafi miti-mootummaa taasisan ni qindeessa; qindoominaan ni hojjeta.



17) በዕቅድና ፕሮጀክቶች አዘገጃጀትና አቀራረብ ላይ ለክልሉ መንግስት መሥርያ ቤቶች የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ የማስፈፀም አቅማቸውን ያጠናክራል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

18) በክልሉ የተለያዩ አግሮ-ኢኮሎጂ ላይ በማተኮር የሚከናወኑ ሥራዎችን ያጠናቅራል፤ ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፤ እንዲሁም የልማት እቅድ ለማዘጋጀት የሚረዱ የምርት ስፔሻላይዜሽንና በክልሉ ልዩ የመልማት ችሎታ ሁኔታዎች ላይ ጥናት ያካሄዳል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤

19) በመንግስት ፖሊሲ መሠረት በግሉ ክፍለ ኢኮኖሚ ተሣትፎ በሚካሄዱ ሥራዎች ላይ በሚታዩ ውጤትና ለውጥ ላይ ጥናት ያካሄዳል፤ ለመንግስት ያቀርባል፤

20) በክልሉ ተጨባጭ ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ሁኔታ ላይ ከሚመለከተው አካል ጋር ጥናት ያካሄዳል፤

21) ሕዝቡ በልማት ሥራ ዕቅድ ዝግጅት፤ ሥራ ላይ ማዋል፤ ክትትልና የአፈፃፀም ግምገማ ላይ ሊሳተፍ የሚችልበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ እንዲሁም በሕዝብ ተሣትፎ በሚካሄዱ የልማት ሥራዎች ላይ መረጃ ይሰበስባል፤ ይመዝናል፤

22) ለክልሉ ዕድገትና ዘላቂ ልማት የሚረዱ የቂየሳ፤ የካርታና የጂኦግራፊ ጥናት ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤

23) በልማት አፈፃፀምና በህዝብ ጉዳይ ፖሊሲ ላይ የመንግስትና መንግስታዊ ያልሆኑ መሥሪያ ቤቶች የሚያደርጉትን እንቅስቃሴዎች ያቀናጃል፤ በቅንጅት ይሠራል።



17) Provide technical support and strengthen capacity of the Regional government offices on manner of preparation and submission of plan and projects; follow up its implementation;

18) Coordinate activities undertaken focusing on different agro ecology of the Region, follow up their implementation; undertake study on specialization of products that help for preparation of development plan; and on special development potentials of the Region; work with the concerned body;

19) Undertake study on results and changes observed with the activities undertaken by participation of the private sector based on government policy; submit same to government;

20) Undertake research on socio-economic condition of the Region with concerned bodies;

21) Establish a system that enables the public to participate in the preparation and implementation of development plan; follow up its implementation; collect and evaluate data regarding development activities undertaken by public participation;

22) Undertake and cause to be undertaken study on design, maps and geographic works that help for growth and sustainable development of the region;

23) Coordinate; work in collaboration regarding activities undertaken by activities of government and non-governmental institutions on the performance of development and public policy matters.

**39. Komishinii Hoogganssa Sodaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaa**

Komishinichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaaleefi karoora misoomaa mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa bahan keessatti dhimmi hoogganssa sodaa balaa hammatamuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; sirna barnootaa keessatti akka hammatamu ni hojjeta; akkaataa barbaachisummaa isaatti deeggarsa ni kenna;
2) Mana Maree Hoogganssa Sodaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaa Naannichaa akka hundaa'u ni taasisa; barreessaa Mana Marichaa ta'ee ni tajaajila; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
3) Bu'uura imaammataafi tarsiimoo baheen hooggansi sodaa balaa hojiirra ooluu isaa ni hordofa; raawwii isaas yeroo yeroon Mana Maree Hoogganssa Sadaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaa Naannichaatiif ni dhiyeessa;
4) Sagantaalee sodaa balaa hir'isan, miidhaa dhaqqabeef deebii ken¬nuufi miidhamtoota deebisanii dhaabuu ni qindeessa; ni hordofa; ni gamaaggama;
5) Balaa tasaa humna seektarootaa ol ta'aniif hojii deebii kennuu ni raawwata; ni hooggana; ni qindeessa;
6) Hojii gargaarsaa (relief) gama sagantaa wabii nyaataatiin dhufu ni hooggana; ni qindeessa; ni raabsa;
7) Fandii ofeeggannoo ni hundeessa; madda galii adda addaa ni uuma; ni bulcha; hojiirra ni oolcha; haalli raawwii isaa Dambii baahuun kan murtaa'u ta'a;
8) Hojii qophii pirofaayilii saaxilamummaa balaafi akkaataa barbaachisaa ta'etti pirofaayilicha irra deebiin haaromsuu qaama dhimmichi ilaallatu waliin ni gaggeessa; ni qindeessa;
9) Pirofaayilii saaxilamummaa balaa qophaa'e bu'uura godhachuun sirna akeekkachiisa duraa ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; haala wayitaawaafi ittifufiinsa qabuun qaama dhimmi ilaallatau waliin odeeffannoo wal ni jijjiira;



**39. የአደጋ ሥጋት አመራር እና የልማት ተነሺዎች ኮሚሽን**

ኮሚሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በወጡ የመንግስትና የግል ተቋማት የልማት ፖሊሲ፣ ስትራቴጂዎች፣ፕሮግራሞችና ዕቅዶች ውስጥ የአደጋ ስጋት አመራር ጉዳይ መካተቱን ያረጋግጣል፣ አፈፃፀሙን ይከታተላል፣በትምህርት ሥርዓት ውስጥ እንዲካተት ይሠራል፣ እንዳስፈላጊነቱ ድጋፍ ይሰጣል፤
2) የክልሉ የአደጋ ስጋት አመራር እና የልማት ተነሺዎች ምክር ቤት እንዲቋቋም ያደርጋል፤የምክር ቤቱ ፀሐፊ ሆኖ ያገለግላል፤አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
3) በወጣው ፖሊሲና ስትራቴጂ መሠረት የአደጋ ስጋት አመራር ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤አፈፃፀሙን በየጊዜው ለክልሉ የአደጋ ስጋት አመራር እና ልማት ተነሺዎች ምክር ቤት ያቀርባል፤
4) የአደጋ ስጋትን የመቀነስ፣ ለደረሰ ጉዳት ምላሽ የመስጠትና ተጎጅዎችን መልሶ የማቋቋም ፕሮግራሞችን ያጠናቅራል፤ ይከታተላል፣ ይገመግማል፤
5) ከሴክተሮች አቅም በላይ ለሆኑ ድንገተኛ አደጋ ምላሽ የመስጠት ሥራ ያከናውናል፤ያስተዳድራል፤ ያቀናጃል፤
6) በምግብ ዋስትና ፕሮግራም በኩል የሚመጡ የዕርዳታ ሥራዎችን ይመራል፤ ያጠናቅራል፤ ያሠራጫል፤
7) የመጠባበቂያ ፈንድ ያቋቁማል፤ የተለያዩ የገቢ ምንጮችን ይፈጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
8) የአደጋ ተጋላጭነት ፕሮፋይልን ማዘጋጀትና እንዳስፈላጊነቱ ፕሮፋይሉን መልሶ የማደስ ሥራን ከሚመለከተው አካል ጋር ያካሄዳል፤ ያቀናጃል፤
9) የተዘጋጀውን የአደጋ ተጋላጭነት ፕሮፋይል መሠረት በማድረግ የቅድመ ማስጠንቀቅያ ሥርዓትን ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ወቅታዊና ቀጣይነት ባለው ሁኔታ ከሚመለከተው አካል ጋር መረጃ ይለዋወጣል፤



**39. Disaster Risk Management and Development Relocated Society Commission**

The Commission shall have the following Power and Duties:

1) Ensure that the issue of disaster risk management is incorporated in the policies, strategies, programs and development plans of the government and private enterprises; follow up its implementation; work for it to be incorporated in the education curriculum; provide support as may be necessary;
2) Causes the disaster risk management and development relocated society Council of the region to be established; serve as a secretary of this Council. Its implementation shall be determined by the regulations to be issued;
3) Follow up that the disaster risk management to be implemented in accordance with the policy and strategy set forth; submit its performance to the Disaster Risk and Displaced Society Affairs Management Council of the Region periodically;
4) Coordinate; follow up and evaluate the of disaster risk minimization, response for damage caused and disaster victims rehabilitation programs;
5) Perform response operations for unforeseen disasters that become beyond the capacities of the sectors; direct; coordinate same;
6) Direct, coordinate and distribute the relief coming from food security program;
7) Establish reserve fund; create various sources; administer and implement same. Its implementation shall be determined by the regulations to be issued;
8) Conduct preparation of disaster vulnerability profile and renewal of such profile as may be necessary in collaboration with the concerned body; coordinate same;
9) Establish advance precautionary system based on the prepared disaster vulnerability profile; implement; cause its implementation; exchange information with the concerned body in an up to dated and sustainable manner;

10) Balaan dura, yeroo balaafi balaan booda qorannoofi gamaaggama ni gaggeessa; bu'aan isaa qaama ilaallatu akka dhaqqabu ni taasisa; ni hooggana; ni qindeessa;
11) Sadarkaa naannootti giddugaleessa qindeessaa hojii akeekkachiisa duraafi deebii teknolojii ammayyaatiin akka deeggaramu ni taasisa; ni gaggeessa; ni bulcha; akkaataa barbaachisummaa isaatti giddugaleessonni walfakkaatan sadarkaa Godinaalee, Magaalotaa fi Aanaaleetti akka hundeeffaman deeggarsa ni taasisa;
12) Qophii karooraafi raawwii ittisa balaa manneen hojii mootummaa ni hordofa; ni qindeessa;
13) Balaa qunname ilaalchisee murtii Mana Maree Hooggansa Sodaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaatiin kennamu irratti hundaa'uun gargaarsa barbaachisu walitti ni qaba; miidhamtootaaf ni dhaqqabsiisa; akka dhaqqabu ni taasisa;
14) Qorannoo sabsii duraa, sabsii boodaafi sirna nyaataa gaggeeffamu qindeessuun qaama dhimmi ilaaluun yammuu mirkanaa'u deeggarsi akka dhaqqabu ni taasisa;
15) Dhaabbilee miti-mootummaa naannicha keessatti gargaarsa irratti bobba'an waliin qindoominaan ni hojjeta; ni hordofa.
16) Hawaasni qabiyyee lafaafi qabeenya isaa irraa kanaan dura kaafames ta'ee fuulduraaf kaafamu jireenya bu'a qabeessa, amansiisaafi itti fufiinsa qabu akka qabaatu deeggarsa hawaasummaa fi diinagdee ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
17) Ragaa lafa misoomaaf hawaasni irraa kaafamuufi karoora ittisaa dhiibbaa hawaasa qaama dhimmi ilaaluun akka dhiyaatuuf ni taasisa;
18) Ragaan qabiyyee hawaasni irraa kaafamu karaa guutuu ta'een qaama dhimmi ilaaluun qabamuu isaa ni hordofa; ni mirkaneessa;

10) ከአደጋ በፊት፣ በአደጋ ጊዜና ከአደጋ በኋላ ጥናትና ግምገማ ያካሄዳል፤ ውጤቱ ለሚመለከተው አካል እንዲደርስ ያደርጋል፤ ይመራል፤ ያቀናጃል፤
11) በክልል ደረጃ የቅድመ ማስጠንቀቂያ ሥራና ምላሽ ቅንጅት ማዕከል በዘመናዊ ተክኖሎጂ እንዲደገፍ ያደርጋል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ እንዳስፈላጊነቱ ተመሳሳይ ማዕከላት በዞን፣ ወረዳና ከተማ ደረጃ እንዲመሠረቱ ድጋፍ ያደርጋል፤
12) የመንግስት መሥሪያ ቤቶችን የአደጋ መከላከል ዕቅድ ዝግጅትና አፈጻጸምን ይከታተላል፤ ያስተባብራል፤
13) ያጋጠመውን አደጋ በማስመልከት የአደጋ ስጋት አመራር እና የልማት ተነሺዎች ምክር ቤት በሚሰጠው ውሳኔ ላይ ተመስርቶ የሚያስፈልገውን ዕርዳታ ይሰበስባል፤ ለተጎጅዎች ያደርሳል፤እንዲደርስ ያደርጋል፤
14) የሚካሄዱትን የቅድመ-አዝመራ፣ ድህረ አዝመራ መሰብሰቢያ እና የምግብ ሥርዓት ጥናቶችን በማቀናጀት በሚመለከተው አካል ሲጸድቅ ድጋፍ እንዲደርስ ያደርጋል፤
15) በክልሉ ውስጥ በዕርዳታ ላይ ከተሰማሩ መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች ጋር በቅንጅት ይሠራል፤ ይከታተላል፤
16) ቀድሞ ከመሬቱይ ዞታ እና ሀብቱ የተነሳምሆነ ወደ ፊት የሚነሳ ህብረተሰብ ውጤታማ፣ አስተማማኝ እና ቀጣይነት ያለው ኑሮ እንዲኖረው የማህበራዊ እና ኢኮኖሚያዊ ድጋፍ ይሰጣል፤ እንዲሰጠው ያደርጋል፤
17) ህብረተሰቡ ለልማት ሲባል የሚነሳለት መሬት ማስረጃ እና የህብረተሰቡ ተጽህኖ መከላከል ዕቅድ በሚመለከተው አካል እንዲቀርብለት ያደርጋል፤
18) ህብረተሰቡ የሚነሳለት የይዞታ ማስረጃ በተሟላ መንገድ በሚመለከተው አካል መያዙን ይከታተላል፤ ያረጋግጣል፤

10) Undertake pre, during and post disaster investigation and evaluation operations; cause its outcome to be communicated to the concerned body; direct; coordinate same;
11) Cause the regional level advance precaution and response operation coordinating center to be supported by the modern technology; manage; administer; provide support as may be necessary for the establishment of similar centers at the zonal, district and city levels;
12) Follow up and coordinate the plan preparation and performances of disaster prevention of government offices;
13) Mobilize the necessary aid based on the decision of disaster risk management and development relocated society Council regarding the damage caused; supply; cause same to be supplied for the victims;
14) Coordinate studies conducted on pre harvest, post-harvest, and food system and, upon approval by concerned body, cause support to be offered thereto;
15) Follow up and work in coordination with non-governmental organizations engaged in supplying assistance in the Region;
16) Provides social and economic support for the effective, secure and sustainable livelihoods of the community, both past and present due to land tenure and resources; cause to be provides;
17) The community shall be provided with evidence of the land to be developed for development and the plan for the protection of the community:
18) Ensure and Confirms that the concerned body record properly the title deeds;

19) Hawaasa misoomaaf kaafamu mariisisuun, jijjiirama bu'uura jireenyaa uumamuuf akka of qopheessu ni taasisa; deeggarsa fedhii sochii diinagdeefi hawaasummaa isaanii irratti hundaa'e akka argatan ni hojjeta;
20) Haqa-qabeessummaa tilmaama beenyaa qabiyyee dhuunfaafi waliinii ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
21) Hawaasni misoomaaf kaafamu nannawwa jireenyaaf mijaa'aa ta'etti mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa irratti ijaarratu akka argatu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
22) Tajaajila bu'uuraalee misoomaafi hawaasummaa kan akka afaan, aadaafi seenaa isaa kunuunsuuf gargaaran akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni qindeessa; ni hordofa; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
23) Hawaasni misoomaaf kaafamu carraa hojiifi gabaa misooma naannawa isaatti gaggeeffamuun uumamu irraa fayyadamaa akka ta'u qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
24) Maatiin hawaasa misoomaaf kaafamuu hojii mataa isaanii akka uummatan deeggarsa iddoo oomishaafi gurgurtaa, leenjii, tajaajila ekisteenshinii, dhiyeessii callaa-guddistuu, dhiyeessii faayinaansiifi walitti hidhamiinsa gabaa dursa akka argatu qaama dhimmi ilaaluun waliin ni hojjeta; ni qindeessa; raawwii isaa ni hordofa; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
25) Lafti magaalaa hojii qonna magaalaatiif oolu hawaasa qonnaan bulaa misoomaaf kaafamuuf dursaan akka kennamuuf qaama dhimmii ilaalu waliin ni hojjeta;
26) Hawaasni misoomaaf kaafamu qabeenya qaban walitti fiduun yookiin dhuunfaan hojii investimantii irratti akka bobba'an deeggarsa teeknikaafi ogummaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

19) ለልማት የሚነሳውን ህብረተሰብ በማማከር ለሚፈጠረው ለአኗኗር መሠረት ለውጥ እራሱን እንዲያዘጋጅ ያደርጋል፤ ለሚጣኔ ሀብታዊ እና ማህበራዊ እንቅስቃሴ ፍላጎታቸው ላይ የተመሠረተ ድጋፍ እንዲያገኙ ይሠራል፤
20) የግልና የጋራ የይዞታ ካሳ ግምት ፍትሃዊነትን ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
21) ለልማት የሚነሳ ህብረተሰብ ለኑሮ አመቺ በሆነበት አከባቢ መኖሪያ ቤት ወይም መኖሪያ ቤት የሚሠራበትን መሬት እንዲያገኝ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
22) ቋንቋውን፣ ባህሉንና ታሪኩን ለማንከባከብ የሚያግዙ እንደ መሠረተ ልማትና ማህበራዊ አገልግሎት እንዲያገኙ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ያቀናጃል፤ ይከታተላል፤ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
23) ለልማት የሚነሳ ህብረተሰብ በአከባቢው በሚካሄደው ልማት ከሚፈጠረው የሥራ ዕድልና ገበያ ተጠቃሚ እንዲሆን ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
24) ለልማት የሚነሳ የህብረተሰብ ቤተሰብ የራሳቸውን ሥራ እንዲፈጥሩ የምርትና ሽያጭ ስፍራ፣ ሥልጣና፣ ኤክስቴንሽን አገልግሎት፣ ምርጥ ዘር አቅርቦት፣ የፋይናንስ አቅርቦት እና በገበያ ትስስር ድጋፍ ቅድሚያ እንዲያገኝ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ያቀናጃል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
25) ለከተማ ግብርና ሥራ የሚውል ከተማ መሬት ለልማት ለሚነሳ አርሶ አደር ማህበረሰብ በቅድሚያ እንዲሰጠው ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
26) ለልማት የሚነሳ ህብረተሰብ ያለውን ሀብት በማወጣጣት ወይም በግል በኢንቨስትመንት ሥራ ኢንዲሰማሩ የቴክኒክ እና ሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤

19) Advises the relocated community for development to prepare itself for the changes that will take place; Provides support for economic and social activities based on their needs;
20) Personal and collective property compensation estimates monitor fairness; Provides corrective action where defective;
21) Work with the relevant body to ensure that the relocating community for develompemnt acquires housing or housing in a place where it is conducive to living;
22) Work with the relevant body to provide them with infrastructure and social services to help preserve the language, culture and history; Coordinates: Monitors: Makes corrective action:
23) Work with the concerned community to benefit from the job opportunities and markets created by the development community;
24) Work with the relevant body to prioritize production and sales space, power, extension services, best seed supply, financial supply and market linkages to enable the development family to create their own jobs; Coordinates: Monitors performance Makes corrective action;
25) Work with the relevant body to prioritize the relocated farmer community for the development of urban agriculture;
26) Provides technical and vocational support to the development relocated community by investing its resources or investing in private; cause to be given;

27) Carraa hojii pirojektoota misoomaan uumamu keessatti hawaasni naannichaa dursa argachuu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
28) Fandii deebisanii dhaabuu kaafamtoota misoomaa ni hundeessa; ni bulcha; hojiirra ni oolcha;
29) Maddoota galii adda addaa fandii deebisanii dhaabuu qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha; maddoota birootiin fandichi akka gabbatu ni hojjeta;
30) Miidhaa sababa pirojektoota misoomaatiin dhaqqabu xiqqeessuuf akkaataa barbaachisummaa isaatti deeggarsa maallaqaafi meeshaalee ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
31) Pirojektoota carraa hojiifi gabaa hawaasa misoomaaf kaafamuuf uumuu danda'an qoratee hojiirra ni oolcha; qaama dhimmii ilaaluun hojiirra akka oolu ni taasisa;
32) Haala jiruufi jireenya hawaasichaa ni hordofa; bu'uura diinagdeefi jireenya hawaasummaa guddina haawwasni naannawwa isaa irra dhaqqabeen walsimu irra gahuu isaa yammuu mirkaneeffatu ni eebbisiisa;
33) Kallattiiwwan hawaasa misoomaaf kaafamuu irratti qorannoo ni gaggeessa.

## 40. Komishiinii Turiizimii

Komishinichi Aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Qabeenya turizimii naannoon qabu adda ni baasa; ragaa isaanii ni qindeessa; ni gurmeessa; tajaajila barbaadamuuf ni oolcha; akka oolu ni taasisa;
2) Qabeenya uumamaafi nam-tolchee hawwata turizimii naannicha keessatti argaman ni qorata; lafa hawwata turistii misooma turizimiif qofa ooluu qaban qaama dhimmi ilaalu waliin adda baasuun akka zoonii turizimiitti akka daangeffamu ni taasisa; haala misooma isaa irratti hojimaata ni diriirsa; qaamota dhimmi ilaalu waliin akka misoomu ni taasisa; haala ni mijeessa; ni to'ata;

27) በልማት ፕሮጀክቶች በሚፈጠሩ የሥራ ዕድል ውስጥ የክልሉ ማህበረሰብ ቅድሚያ ማገኘቱን ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበት ስፍራ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
28) የልማት ተነሺዎች መልሶ ማቋቋሚያ ፈንድ ይመሠርታል፤ ያስተዳድራል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤
29) የመልሶ ማቋቋሚያ ፈንድ የተለያዩ ገቢ ምንጮች በመመርመር ለክልሉ መንግሥት አስተዳደር ምክር ቤት ያቀርባል፤ በሚወሰንበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤ ፈንዲው በሌሎች ምንጮች እንዲጠናከር ይሠራል፤
30) በልማት ፕሮጀክቶች ምክንያት የሚደርሰውን ጉዳት ለመቀነስ እንዳስፈላጊነቱ የገንዘብ እና ዕቃዎች ድጋፍ ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤
31) ለልማት ተነሺዎች ህብረተሰብ የሥራ ዕድል እና ገበያ መፍጠር የሚችሉ ፕሮጀክቶች በማጥናት ሥራ ላይ ያውላል፤ ጉዳዩ በሚመለከተው አካል ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
32) የህብረተሰቡን አኗኗር ሁኔታ ይከታተላል፤ ምጣኔ ሃብታዊና የማህበራዊ ኑሮ ዕድገት መሠረቶቹ የአከባቢው ማህበረሰብ ከደረሰበት ዕድገት ጋር ከሚጣጣምበት ደረጃ ላይ መድረሱን በሚያረጋግጥበት ጊዜ ያስመርቃል፤
33) የልማት ተነሺ ህበረተሰብ አቅጣጫዎች ላይ ምርምር ያካሄዳል፡፡

## 40. የቱሪዝም ኮሚሽን

ኮሚሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ክልሉ ያለውን የቱሪዝም ሀብት ይለያል፣ መረጃቸውን ያቀናጃል፤ ያደራጃል፤ ለሚፈለገው አገልግሎት ያውላል፤ እንዲውል ያደርጋል፤
2) በክልሉ ውስጥ የሚገኙትን የቱሪስት መስዕብ የሆኑ የተፈጥሮና ሰው ሠራሽ ሀብቶችን ያጠናል፤ ለቱሪዝም ልማት ብቻ መዋል የሚገባቸውን የቱሪስት መስዕብ ሥፍራዎችን ከሚመለከተው አካል ጋር ሆኖ በመለየት የቱሪዝም ዞን ሆኖ እንዲከለል ያደርጋል፤ በሚለማበት ሁኔታ ላይ መመሪያ ያወጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን እንዲለማ ያደርጋል፤ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይቆጣጠራል፤

27) Control the regional community's priority in job creation opportunities; take corrective action where defect is present; Causes it to be taken;
28) Establish a development displaced rehabilitation fund; manages it: implements it;
29) Rehabilitation fund shall be examined by various sources of revenue and submitted to the Regional Government Council; implement when determined; the fund works to strengthen other sources;
30) Provide financial and logistical support as needed to reduce the damage caused by development projects; cause to be given;
31) Study and implement projects that can create jobs and markets for the developing community; causes to be implemented the matter by the concerned body;
32) Follow up the living conditions of the society; up on ascertaining that their economic and social lives basis reached to the level of the surrounding society; it graduates them;
33) Conduct research on the directions of development relocated society.

## 40. Tourism Commission

The Commission shall have the following Power and Duties:

1) Identify the tourism resources of the region; organizes their evidences; organizes: used for preferred service; cause to be used;
2) Study the natural and man-made resources that are tourist attractions in the region; identifies tourist attractions that should be used exclusively for tourism development and shall be demarcated as a tourism zone; issues system for development develops it with the concerned body; facilitates conditions; controls it;

3) Iddoowwan hawwata turizimii Naannoon Oromiyaa qabdu irratti hojii dijitaalessuu ni raawwata;
4) Iddoowwan gahumsa turistii, oomishaaleefi tajaajilli turiizimii naannichaa dorgomaa akka ta'aniifi ittifufiinsa akka qabaatan ni taasisa; karoora, hoggansaafi misooma qabeenya namaa gahumsa qabu akka jiraatu ni taasisa; iddoowwan turiizimiitti tajaajila qulqulluu, misooma investimantiifi bizinasii turiizimii akka jiraatu ni hojjeta; ulaagaaleefi carraawwan gabaa waliin akka walitti hidhaman ni taasisa;
5) Carraawwan turiizimii naannoon Oromiyaa qabdu beeksisuun maqaa gaarii naannichaa ni ijaara; iddoowwan gahumsa turistii mijataafi hawwataa akka ta'an ni taasisa; iddoo gahumsa turistiifi oomisha turizimii naannichi qabu beeksisiisuuf qaamolee mootummaafi dhuunfaa waliin ni hojjeta;
6) Seektara turizimii maallaqaan deeggaruuf qaamolee adda addaa waliin michummaa uumuun ni hojjeta;
7) Qorannoo irratti bu'uureeffachuun fandiin turiizimii akka hundaa'u qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yemmuu mirkanaa'u ni bulcha; misooma investimantii turiizimiitiif ni oolcha;
8) Iddoowwan hawwata turizimii irratti hojiiwwan misoomaa ni hojjeta; akka hojjetamu qaamolee adda addaa waliin qindoominaan ni hojjeta; kanneen misooman qaama bulchuuf ni dabarsa;
9) Bu'uuraalee misoomaa iddoowwan gahumsa turistiif barbaachisan adda baasuun Boordiif ni dhiyeessa; murtee Boordichaa irratti hundaa'uun qaamolee misoomsaniif ni dhiyeessa; raawwii isaas ni hordofa;
10) Tooftaawwan piromooshinii garagaraa fayyadamuun iddoowwan hawwata turizimii Naannoon Oromiyaa qabdu biyya keessaafi biyya alaatti ni beeksisa; akka beeksifamu qaamolee adda addaa waliin ni hojjeta;

3) የኦሮሚያ ክልል ባላት የቱሪዝም መስዕብ ስፍራዎች ላይ የዲጂታላይዜሽን ሥራ ያከናውናል፤
4) የክልሉ የቱሪስት መዳረሻ ስፍራዎች፣ ምርቶች እና የቱሪዝም አገልግሎቶች ተወዳዳሪ እንዲሆኑና ቀጣይነት እንዲኖራቸው ያደርጋል፤ ዕቅድ፣ አመራር እና ብቃት ያለው የሰው ሀብት ልማት እንዲኖር ያደርጋል፤ በቱሪዝም ስፍራዎች ጥራት ያለው አገልግሎት፣የኢንቨስትመንት ልማት እና የቱሪዝም ቢዝነስ እንዲኖር ያደርጋል፤ መሥፈርቶች እና ዕድሎች ከገበያ ጋር እንዲተሳሰሩ ያደርጋል፤
5) ኦሮሚያ ክልል ያላትን የቱሪዝም ዕድሎች በማስተዋወቅ የክልሉን መልካም ስም ይገነባል፤ የቱሪስት መዳረሻ ስፍራዎች አመቺና መስህብ እንዲሆኑ ያደርጋል፤ ክልሉ ያለውን የቱሪስት መዳረሻ ስፍራና የቱሪዝም ምርትን ለማስተዋወቅ መንግሥታዊ እና ከግል አካላት ጋር ይሠራል፤
6) የቱሪዝም ሴክተርን በገንዘብ ለመደገፍ ከተለያዩ አካላት ጋር ጥምረት በመፍጠር ይሠራል፤
7) ጥናት ላይ በመመሥረት የቱሪዝም ፈንድ እንዲቋቋም ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ያስተዳድራል፤ ለቱሪዝም ኢንቨስትመንት ልማት ያውላል፤
8) በቱሪዝም መስዕብ ስፍራዎች ላይ የልማት ሥራዎችን ይሠራል፤ እንዲሠራ ከተለያዩ አካላት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤ የለሙትን ለሚያስተዳድር አካል ያስተላልፋል፤
9) ለቱሪስት መዳራሻ ስፍራዎች የሚያስፈልጉ መሠረተ ልማቶችን በመለየት ለቦርድ ያቀርባል፤ በቦርዱ ውሳኔ ላይ በመመሥረት ለሚያለሙ አካላት ያቀርባል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
10) የተለያዩ የፕሮሞሽን ስልቶችን በመጠቀም ኦሮሚያ ክልል ያላትን የቱሪዝም መስህብ ስፍራዎችን በሀገር ውስጥና ውጭ ሀገር ያስተዋውቃል፤ እንዲያስተዋውቁ ከተለያዩ አካላት ጋር ይሠራል፤

3) Implements digitalization work in tourist attractions of Oromia Region;
4) Make the region's tourist destinations, products and tourism services competitive and sustainable; provides planning, leadership and efficient human resource development; promotes quality service, investment development and tourism business in the tourism area; makes standards and opportunities linked to the market;
5) Build the region's reputation by promoting Oromia Region's tourism opportunities; makes tourist destinations convenient and attractive; works with public and private bodies to promote the region's tourist destination and tourism products;
6) Collaborates with various stakeholders to financially support the tourism sector;
7) Recommend to the concerned body the establishment of a tourism fund based on research; administer upon its approval, used for tourism investment development;
8) Performs development works in tourist attractions; works in collaboration with various parties to make it work: transfers those developed to the administering body;
9) Identify and provide the necessary infrastructure for tourist destinations to the Board; based on the decision of the board, it will be presented to the developing bodies; follows its implementations;
10) Promote tourism attractions of Oromia region in the country and abroad through various promotional strategies; Works with various parties to promote;

11) Qaamolee mootummaa, mi-ti-mootummaafi qooda fudhattoota guddina industirii turizimii keessatti gahee qaban waliin qindoominaan ni hojjeta;
12) Xiinxala misooma gabaa turizimii gaggeessuun qabeenyi turizimii naannichaa dorgomaa ta'ee gabaaf akka dhiyaatu ni taasisa;
13) Wiirtuuwwan odeeffannoo tajaajila turistii iddoowwan murteessoo ta'an irratti banuun tajaajilli akka kennamu ni taasisa;
14) Ragaawwan yaa'insa turistii biyya keessaafi biyya alaa, akkasumas galii turizimii irraa argamu ni qindeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
15) Qorannoowwaniifi gumee qorannoo misooma turizimii qopheessuun Dhaabbilee deeggartoota turizimii biyya keessaafi biyya alaa barbaaduun ni dhiyeessa; raawwii isaatiifis qindoominaan ni hojjeta;
16) Sochii turizimii (daawwannaafi daawwachiisaa) naannicha keessatti gaggeeffamu ni hordofa; haalli mijaa'aa tajaajila turizimii akka jiraatu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
17) Hawaasni naannoo hawwattoota turizimiitti argamu misooma tajaajila turizimii irratti hirmaachuudhaan fayyadamaa akka ta'u haala ni mijeessa; ni deeggara;
18) Dhaabbilee kenna tajaajila turizimii ilaalchisee ulaagaa ni baasa; hayyama ogummaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; qaama dhimmi ilaalu waliin leenjii ni kenna; deeggarsa ogummaa ni kenna; ni to'ata; qaama dhimmi ilaalu waliin sadarkaa ni kenna;
19) Pirojektoota investimentii misooma dhaabbilee turizimii irratti dhiyaatan ni gamaag-gama; yaada ogummaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; deeggarsa ogummaa ni kenna; hojii isaanii ni hordofa;

11) በቱሪዝም ኢንዱስትሪ ዕድገት ውስጥ አስተዋጽኦ ያላቸው ከመንግሥት፣ መንግሥታዊ ካልሆኑና ከባለ ድርሻ አካላት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤
12) የቱሪዝም ገበያ ልማት ትንተና በማካሄድ የክልሉ የቱሪዝም ሀብት ተወዳዳሪ ሆኖ ለገበያ እንዲቀርብ ያደርጋል፤
13) የቱሪስት አገልግሎት መረጃ ማዕከሎችን ወሳኝ በሆኑ ስፍራዎች በመክፈት አገልግሎት እንዲሰጥ ያደርጋል፤
14) የሀገር ውስጥና ውጭ ሀገር የቱሪስት ፍሰት መረጃዎች እንዲሁም ከቱሪዝም ሚገኘውን ገቢ ያቀናጃል፤ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤
15) የቱሪዝም ልማት ምርምሮችንና የምርምር ፕሮፖዛል በማዘጋጀት ሀገር ውስጥ እና ውጭ ሀገር የቱሪዝም ደጋፊዎች ተቋማትን በማፈላለግ ያቀርብላቸዋል፤ ለአፈጻጸሙም በቅንጅት ይሠራል፤
16) በክልሉ ውስጥ የሚካሄደውን የቱሪዝም እንቅስቃሴ (ጉብኝትና አስጎብኚ) ይከታተላል፤ የተመቻቸ የቱሪዝም አገልግሎት እንዲኖር ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
17) በቱሪዝም መስዕቦች አካባቢ የሚገኘው ህብረተሰብ በቱሪዝም አገልግሎት ልማት ላይ በመሳተፍ ተጠቃሚ እንዲሆን ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤
18) የቱሪዝም አገልግሎት መስጫ ተቋማትን በተመለከተ መሥፈርት ያወጣል፤የሙያ ፈቃድ ይሠጣል፤ያድሣል፤ ይሠርዛል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ሥልጠና ይሠጣል፤ሙያዊ ድጋፍ ይሠጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ደረጃ ይሠጣል፤
19) በቱሪዝም ተቋማት ልማት ላይ የቀረቡ የኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን ይገመግማል፤ ለሚመለከተው አካል ሙያዊ ሀሳብ ያስተላልፋል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሰጣል፤ ሥራቸውን ይከታተላል፤

11) Collaborates with government, non-governmental and stakeholders having roles in the development of the tourism industry;
12) Conduct tourism market development analysis and make the region's tourism resources competitive and marketable;
13) Establish tourist service information centers in key locations;
14) Coordinates domestic and foreign tourist flow data as well as tourism revenue; Transmits to the relevant body:
15) Develop tourism development research and proposal proposals for local and foreign tourist sponsors by looking for institutions; And he works in harmony with it;
16) Monitors tourism activities (tourism and tour guide) in the region; Works with the relevant body to ensure optimized tourism services;
17) Facilitate conditions for the local community to participate in the development of tourism services; Supports:
18) Establish standards for the provision of services to tourism institutions; Licenses are issued; Refreshes: Deletes: Provides training with stakeholders; Provides professional support; Controls Rated with the relevant body;
19) Evaluate the investment projects presented on the development of cultural and tourism institutions; present recommendations for the concerned body; provide professional support; follow up their activities;

20) Hawwattoota turizimii haala addaatti gatiin isaanii murtaa'uu qaban galiifi gatii daawwannaa isaanii ilaalchisee qaama dhimmi ilaaluuf yaada ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra akka oolu ni taasisa;
21) Hojiiwwan biroo guddina industirii turizimiif faayidaa argamsiisan ni hojjeta.

**41. Komishinii Poolisii**

Komishinichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Gochaafi sochiiwwan sirna Heera Mootummaa faallessaniifi balaa irra buusuu danda'an kamiyyuu ni ittisa;
2) Qaama dhimmi ilaallatu waliin haala tarsiimoon ittisa yakkaa naannicha keessatti hojiirra itti oolu ni mijeessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni qindeessa;
3) Gocha yakkaafi balaan tiraafikii akka hin uumamnefi hin raawwatamne ni ittisa; teknolojiiwwan ittisaa fi qorannoo yakkaatiif gargaaran hojiirra ni oolcha; ni bulcha;
4) Faayidaafi dhaabbilee mootummaa naannichaa irratti yakki akka hin raawwatamne ni ittisa;
5) Ka'umsa yakkaa xiinxalee tooftaalee ittisaa ni baasa; ummannis yakka irraa akka of eegu ni barsiisa; bu'aawwan qorannoo yakkaa filataman hawaasaaf akka dhiyaatan ni taasisa;
6) Ummanni nageenya naannoo isaa kabachiisuufi yakka ittisuu irratti akka hirmaatu boordii kominitii poolisingiifi nageenyaa ni gurmeessa; ni barsiisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni qindeessa;
7) Nageenya naannichaa amansiisaa taasisuuf qaamolee nageenya Mootummaa Federaalaafi Naannoo dhimmi ilaalu waliin odeeffannoo waljijjiira; qindoominaan ni hojjeta;

20) ዋጋቸው በተለየ ሁኔታ ሊወሰን የሚገባቸው የቱሪዝም መስዕቦችን የጉብኝት ገቢና ዋጋቸውን በማስመልከት ለሚመለከተው አካል ሀሳብ ያቀርባል፤ በሚጸድቅበት ጊዜም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
21) ለቱሪዝም ኢንዱስትሪ ዕድገት ጥቅም የሚያስገኙ ሌሎች ተግባራትን ይሠራል።

**41. ፖሊስ ኮሚሽን**

ኮሚሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ሕገ መንግሥታዊ ሥርዓቱን የሚቃረኑና አደጋ ላይ ሊጥሉ የሚችሉ ማናቸውንም ድርጊቶችና እንቅስቃሴዎችን ይከላከላል፤
2) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን በክልሉ ውስጥ የወንጀል መከላከል ስትራቴጂ ሁኔታ ሥራ ላይ የሚውልበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ያስተባብራል፤
3) የወንጀል ድርጊትና የትራፊክ አደጋ እንዳይከሰት እንዲሁም እንዳይፈጸም ይከላከላል፤ ለወንጀል መከላከል እና ምርመራ የሚያግዙ ቴክኖሎጂዎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ ያስተዳድራል፤
4) በክልሉ መንግሥት ጥቅምና ተቋማት ላይ ወንጀል እንዳይፈጸም ይከላከላል፤
5) የወንጀል መንስዔዎችን አጥንቶ የመከላከል ስልቶችን ያወጣል፤ ህብረተሰቡ ከወንጀል ራሱን እንዲጠብቅ ያስተምራል፣ የተመረጡ የወንጀል ምርመራ ውጤቶች ለህዝብ እንዲቀርቡ ያደርጋል፤
6) ህብረተሰቡ የአካባቢውን ሰላም ማስከበርና ወንጀል መከላከል ሥራ ላይ እንዲሳተፍ የሰላምና የኮሚኒቲ ፖሊሲንግ ቦርድን ያደራጃል፣ያስተምራል፣ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ያስተባብራል፤
7) የክልሉን ሠላም አስተማማኝ ለማድረግ ከፌደራል የፀጥታ አካላትና ጉዳዩ ከሚመለከተው ክልል ጋር መረጃን ይለዋወጣል፤ በቅንጅት ይሰራል፤

20) Present an opinion to the concerned body regarding the income and tour charges of the tourism attraction sites of which the price shall be decided differently; cause to be implemented upon its approval;
21) Perform other activities advantageous for the development of tourism industry.

**41. Police Commission**

The Commission shall have the following Power and Duties:

1) Prevent any acts and movements in contravention with and endanger the Constitutional System;
2) Facilitate the implementation of the crime prevention strategy in the region in collaboration with the concerned body; implement it: controls its implementations coordinates it;
3) Prevents crime and traffic accidents not to be happen; implements technologies for crime prevention and investigation; manages it;
4) Prevent criminal acts against the interest of government and its organizations;
5) Analyze the causes of crime and devise means of prevention; educate the community to protect themselves from criminal acts; make selected criminal investigation case results public;
6) Organize community policing and security board to make the community participate in ensuring peace it; educate it; work with concerned body; organize same;
7) Exchange information and work in collaboration with federal and Regional concerned security organs with a view to ensure peace and security in the Region;

8) Eegumsa daandiiwwan gurguddoo naannicha keessa qaxxaamuranii, dhaabbilee mootummaa, riqicha, warshaaleefi iddoowwan sochiin investimentii gurguddoon itti adeemsifaman, walgahii ummataa, ayyaana gurguddoo, eegumsa abbootii taayitaafi kan kana fakkaatu ni raawwata; sirnaafi nageenyi eegamuu isaa ni mirkaneessa;
9) Qaama hawaasaa deeggarsa addaa barbaadan kan akka daa'immanii, dubartoota, maanguddootaafi qaama miidhamtootaaf xiyyeeffannaa addaa kennuun ni hojjeta;
10) Hojiiwwan ittisaafi qorannaa yakkaa cimsuuf gahumsa ogummaaf tajaajilli poolisii sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'u qo'annoo ni gaggeessa;
11) Gurmaa'ina, tajaajilaafi raawwii hojii poolisii naannichaa irratti hojii xiinxalaafi insipeekshinii ni gaggeessa; karoora tarsimoo ni baasa; tooftaalee raawwii hojii bifa wal fakkaatuun akka hojiirra oolu ni taasisa;
12) Dhaabbilee dhuunfaa hojii eegumsaa irratti bobba'uu barbaadaniif waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ni kenna;
13) Meeshaalee waraanaa naannicha keessatti argaman ni galmeessa; hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni to'ata; seera irratti hundaa'uun hidhannoo ni hiikkachiisa;
14) Qorannaan yakkaa, mirga namoota yakkaan shakkamanii qabamanii Heeraafi seeraan kabajame eeggatee akka gaggeeffamu ni taasisa;
15) Iyyannoo yookiin eeruu yakkoota kamiiyyuu ni simata; kanneen karaa Biiroo Abbaa Alangaa yookiin Komishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa irraa isa dhaqqaban waliin giddugala odeeffannoo tokko jalatti sirnaan galmeesse ni qabata;
16) Yakkoota aangoo manneen murtii Naannichaa ta'an kamiiyyuu Abbaa Alangaa waliin ni qorata; adeemsa waliin qorachuu keessatti gahee fi ittigaafatamummaan qorataa poolisii fi Abbaa Alangaa akkasumas sirni ittiin hogganamu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;



8) ክልሉን አቋርጦ የሚያልፉ ትላልቅ መንገዶችን፣ የመንግሥት ተቋማትን፣ ድልድዮች፣ ፋብሪካዎችንና ትላልቅ የኢንቨስትመንት እንቅስቃሴ የሚካሄድባቸው ቦታዎችን፣ የሕዝብ ስብሰባን፣ ትላልቅ በዓላትንና የባለሥልጣናት ጥበቃንና የመሳሰሉትን ጥበቃን ይፈጽማል፤ ሥርዓትና ደኅንነት መጠበቁን ያረጋግጣል፤
9) የተለየ ድጋፍ ለሚያስፈልጋቸው የህብረተሰቡ ክፍሎች እንደ ህፃናት፣ ሴቶች፣ አዛውንቶችና አካል ጉዳተኞች ላሉ ልዩ ትኩረት በመስጠት ይሰራል፤
10) የወንጀል መከለከልና ምርመራ ሥራን ለማጠናከር የፖሊስ የሙያ ብቃትና አገልግሎት ደረጃውን የጠበቀ እንዲሆን ጥናት ያካሄዳል፤
11) በክልሉ የፖሊስ አደረጃጀት፣ አገልግሎትና የሥራ አፈፃፀም ላይ የምርመራና ኢንስፔክሽን ሥራን ያካሄዳል፣ የስትራቴጂክ ዕቅድ ያወጣል፣ ሥራ አፈፃፀም ስልቶች በተመሣሣይ መልኩ ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤
12) በጥበቃ ሥራ መሰማራት ለሚፈልጉ ለግል ተቋማት የብቃት መረጋገጫ ምስክር ወረቀት ይሰጣል፤
13) በክልሉ ውስጥ የሚገኙትን የጦር መሣሪዎች ይመዘግባል፣ ፈቃድ ይሰጣል፣ ያድሳል፤ ይቆጣጠራል፣ በህግ መሰረት ትጥቅ ያስፈታል፤
14) የወንጀል ምርመራ በህገ መንግሥቱና በሌሎች ህጎች በወንጀል ተጠርጥረው ለተያዙ ሰዎች መብት በመጠበቅ እንዲካሄድ ያደርጋል፤
15) የማንኛውም የወንጀሎች ማመልከቻ ወይም ጥቆማ ይወስዳል፤ በጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ቢሮ ወይም በሥነ-ምግባርና ጸረ-ሙስና ኮሚሽን በኩል ከሚደርሱት ጋር በአንድ መረጃ ማዕከል ስር በአግባብ መዝግቦ ይይዛል፤
16) ማንኛውንም የክልሉ ፍርድ ቤቶች ሥልጣን የሆኑ ወንጀሎችን ከዐቃቤ ሕግ ጋር በመሆን ይመረምራል፤ በጋራ የመመርመር ሒደት ውስጥ የመርማሪ ፖሊስ እና የዐቃቤ ሕግ ተግባር እና ኃላፊነት እንዲሁም የሚመራበት ሥርዓት በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤



8) Undertake security activities to protect high ways which pass through the Region, government organizations, bridge, factories, and areas where huge investment activities being undertaken, public gatherings, public holidays and government higher officials and other similar activities, ensure the respect of order and security;
9) Work by giving particular attention to part of the society that needs special protection such as children, women, elders and persons with disability;
10) Undertake study to strengthen crime prevention and investigation activities and to make police service delivery compatible with the standard;
11) Undertake evaluation and inspection on organizational structure, service delivery and performance of police; issue strategic plan; cause implementation strategy of the work to be implemented uniformly;
12) Provide certificate of competency for private institutions desiring to engage in security work;
13) Register weapons found in the Region, issue and renew license, supervise, disarm in accordance with the law;
14) Criminal investigations shall be conducted in accordance with the Constitution and other laws to protect the rights of persons arrested on suspicion of crime;
15) Receives complaint or report of any crime; it shall be properly registered provided from attorney general or with the information received by the ethics and anti-corruption commission under one information center;
16) Investigates any criminal jurisdiction of the responsibilities of regional courts with the prosecutor; the role and responsibilities of the investigating police and prosecutor in the joint investigation will be determined by a regulation to be provided;

17) Himatamtoota, deebii kennitootaafi ragaa baatota seeraa ni dhiyeessa;
18) Qorannoo teeknikaafi taaktikaa ni gaggeessa; ragaawwan qorannoo teknikaatiin adda bahanii akka kennamaniif qaama dhimmi ilaallatuun gaafataman barreeffamaan ni kenna; ragaa ogummaa ni baha;
19) Ragaa guutuu shakkamaafi adabamaa seeraa kuusaa yakkaa irratti galmeessuun ni qabata; ni gurmeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna; ragaa yakka irraa bilisa ta'uu qaama gaafateef ni kenna;
20) Adeemsa qorannaa yakkaafi murtii haqaa kennisiisuu keessatti meeshaalee ciraa akka ragaatti qabaman ni bulcha; akkaataa ajaja yookiin murtii kennamuutiin ni raawwata;
21) Qabeenya namoota yakkaan shakkamanii to'annaa poolisii jala oolanii galmeessee imaanaan ni qaba; yeroo isaan bahan isaaniif yookiin nama isaan bakka buufatanitti ni kenna; yookiin ni deebisa;
22) Gaaffii mirga wabii bu'uura seera rogummaa qabuutiin aangoo isaa ta'e irratti murtii ni kenna;
23) Himatamaa yookiin deebii kennaa yookiin waamamaa bakka hin jirreetti itti murtaa'e hordofee murtii ni raawwachiisa; ajaja yookiin murtee Mana Murtii yookiin Abbaa Alangaa irraa kennamu ni raawwata;
24) Shakkamaan yeroo to'atame irraa eegalee ogeessa seeraa, ogeessa fayyaa, Abbaa Amantaa, maatii, fira dhiyoo yookiin hiriyaa isaatiin akka walqunnamu haala ni mijeessa;
25) Galmeewwan qorannaa yakkaafi balaa tiraafikii, akkasumas ragaalee adda addaa qulqullinaa fi haala iccitummaa eeggateen ni qaba;
26) Balaan tasaa yammuu uumamu akkaataa haala balaa uumameetiin gargaarsaafi deeggarsa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
27) Poolisii naannichaaf humna namaa barbaachisaa ta'e filatee ni leenjisa; ni barsiisa; iddoo barbaachisaa ta'etti ramadee ni hojjechiisa; leenjii hojiirraa ni kenna; akka kennamus ni taasisa;



17) ተከሳሾችን፣ መልስ ሰጪዎችንና የህግ ምስክሮችን ያቀርባል፤
18) የቴክኒክና ታክቲክ ምርመራን ያካሄዳል፤ በቴክኒክ ምርመራ ተለይተው እንዲሰጡ በሚመለከተው አካል የሚጠየቁ ማስረጃዎችን በጽሁፍ ይሰጣል፤ ሙያዊ ምስክርነት ይሰጣል፤
19) የተጠርጣሪና የሕግ ታራሚን ሙሉ መረጃ በወንጀል ሪከርድ ላይ በመመዝገብ ይይዛል፤ ያደራጃል፤ ለሚመለከተው አካል ይሰጣል፤ ከወንጀል ነፃ የመሆን ማስረጃን ለጠየቀው አካል ይሰጣል፤
20) በወንጀል ምርመራና ፍትሃዊ ውሳኔ አሰጣጥ ሂደት ውስጥ እንደ ማስረጃ የተያዙ የኤግዝሀቢት ዕቃዎች ያስተዳድራል፤ በሚሰጠው ትህዛዝ ወይም ውሳኔ መሠረት ይፈጽማል፤
21) በወንጀል ተጠርጥረው በፖሊስ ቁጥጥር ስር የዋሉ ሰዎችን ሀብት መዝግቦ በአደራ ይይዛል፤ በሚወጡበት ጊዜ ለእነሱ ወይም እነሱ ለወከሉት ሰው ይሰጣል፤ ወይም ይመልሳል፤
22) አግባብነት ባለው ሕግ መሠረት ሥልጣኑ የሆነውን የዋስትና መብት ጥያቄ ላይ ውሳኔ ይሰጣል፤
23) በሌለበት የተወሰነበትን ተከሳሽ ወይም መልስ ሰጪ ወይም ተጠሪ በመከታተል ውሳኔ ያስፈጽማል፤ በፍርድ ቤት ወይም በዐቃቤ ሕግ የሚሰጠውን ትህዛዝ ወይም ውሳኔ ይፈጽማል፤
24) ተጠርጣሪ ከተያዘበት ጊዜ ጀምሮ ከሕግ ባለሙያ፣ ከጤና ባለሙያ፣ ከሀይማኖት አባት፣ ከቤተሰብ፣ ከቅርብ ዘመድ ወይም ከጓደኛው እንዲገናኝ ሁኔታ ያመቻቻል፤
25) የወንጀል እና የትራፊክ አደጋ ምርመራ መዝገቦችን እንዲሁም የተለያዩ መረጃዎችን በጥራት እና ምስጥርነቱን በጠበቀ ሁኔታ ይይዛል፤
26) ድንገተኛ አደጋ በሚከሰትበት ጊዜ እንደደረሰው የአደጋ ሁኔታ ዕርዳታና ድጋፍ ይሰጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር በቅንጅት ይሰራል፤
27) ለክልሉ ፖሊስ አስፈላጊ የሆነውን የሰው ኃይል መልምሎ ያሰለጥናል፤ያስተምራል፤ አስፈላጊ በሆነበት ቦታ መድቦ ያሠራል፤ የሥራ ላይ ሥልጠና ይሰጣል፤ እንዲሰጥም ያደርጋል፤



17) Provides accused, respondents and legal witnesses;
18) Conducts technical and tactical inspections; Provides written request to the relevant body for technical examination; Provides professional evidence;
19) Holds complete information on suspects and inmates on criminal records; Organizes it; provide to the concerned party: provides proof of innocence to the requesting body;
20) Manages exhibit items as evidence in the criminal investigation and fair decision-making process; implement in accordance with orders or decisions provided;
21) Records and entrusts the assets of persons arrested on suspicion of a crime; when they leave, it is given to them or to their representative, or returns;
22) Decide on the question of the right to bail, in accordance with the relevant law;
23) Execute a decision in the absence of the accused or respondent or defendant; Executes orders or decisions of a court or prosecutor;
24) Facilitate contact with a lawyer, health professional, religious leader, family member, close relative or friend from the time of arrest;
25) Cause proper handling of criminal investigation, and traffic accident files and various documents;
26) Give necessary support when disaster occurs, work in collaboration with concerned bodies;
27) Recruit, train, educate and assign police members of the Region, give or cause to be given on job training for them;

28) Gurmaa'insaafi hojmaata Poolisii Humna Addaa Naannichaa ni diriirsa; hojiirra ni oolcha; miseensota Poolisii Humna Addaa naannichaa ni filata; ni qacara; ni leenjisa; ni bobbaasa; ni bulcha;

29) Dandeettii raawwachiisummaa poolisii guddisuuf yeroo yeroon carraa barumsaa akka argataniif haala ni mijeessa;

30) Odeeffannoofi istaastikisii yakkaa walitti ni qaba; ni qorata; akkaataa barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;

31) Dhaabbata leenjii poolisii naannichaa akka hundeeffamu ni taasisa; meeshaaleefi humna namaatiin ni guuta; ni gurmeessa; ni bulcha.

## 42. Komishinii Manneen Sirreessaa

Komishinichi aangoofi hojii ar¬maan gadii ni qabaata:

1) Sirreeffamtoonni seeraa yammuu to'annaa jala jiran mirgi isaanii bifa garaagarummaa hin qabneen akka kabajamu ni taasisa;

2) Poolisii mana hojichaatiif humna namaa barbaachisaa ta'e filatee ni leenjisa; ni barsiisa; iddoo barbachisaa ta'etti ramadee ni hojjechiisa; leenjii hojiirraa ni kenna; akka kennamus ni taasisa;

3) Sirreeffamaan seeraa gara mana sirreessaatti ergamu ajaja Mana Murtiitiin ta'ee waaraantiin kan itti kenname qofa ta'uu isaa ni mirkaneeffata;

4) Sirreeffamaan seeraa yeroo turmaata isaa keessatti jijjiirama amalaafi ilaalchaa agarsiise gara jireenya hawaasaatti deebisuuf hojiiwwan dandeessisan ni raawwata;

5) Manneen sirreessaa keessatti wiirtuu leenjii ogummaa adda addaa ni hundeessa; sirreeffamtoonni seeraa barumsa bu'uuraa, idileefi ogummaa, akkasumas hubannoo adda addaa akka argatan ni taasisa; yeroo turmaata isaanii keessatti lammii oomishaawaa ta'anii jireenyi hawaasummaa isaanii akka fooyya'u ni taasisa;



28) የክልሉን ልዩ ኃይል ፖሊስ አደረጃጀት እና አሠራር ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ የክልሉን ልዩ ኃይል ፖሊስ አባላት ይመርጣል፤ ይቀጥራል፤ ያሰለጥናል፤ ያሰማራል፤ ያስተዳድራል፤

29) የፖሊስ የማስፈጸም አቅምን ለማጎልበት በየጊዜው የትምህርት ዕድሎች እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

30) የወንጀል መረጃንና ስታቲስቲክስ ይሰበስባል፤ ይመረምራል፤ እንዳስፈላጊነቱ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤

31) የክልሉ የፖሊስ ማሰልጠኛ ተቋም እንዲቋቋም ያደርጋል፤ በሰው ኃይልና በሎጅስቲክስ ያሟላል፤ ያደራጃል፤ ያስተዳድራል፡፡

## 42. የማረሚያ ቤቶች ኮሚሽን

ኮሚሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የሕግ ታራሚዎች በቁጥጥር ሥር በሚቆዩበት ጊዜ መብታቸው ልዩነት በሌለው ሁኔታ እንዲከበር ያደርጋል፤

2) ለመሥሪያ ቤቱ ፖሊስ አስፈላጊ የሆነውን የሰው ኃይል መልምሎ ያሰለጥናል፤ ያስተምራል፤ አስፈላጊ በሆነበት ቦታ መድቦ ያሰራል፤የሥራ ላይ ሥልጠና ይሰጣል፤እንዲሰጥም ያደርጋል፤

3) ወደ ማረሚያ ቤቱ የሚላክ የህግ ታራሚ በፍርድ ቤት ትዕዛዝ ሆኖ ዋራንት የተሰጠባቸው ብቻ መሆናቸውን ያረጋግጣል፤

4) በቆይታ ጊዜው የባህርይና የአመለካከት ለውጥ ያሳየን የህግ ታራሚ ወደ ማህበረሰቡ ኑሮ ለመመለስ የሚያስችሉ ሥራዎችን ይፈጽማል፤

5) በማረሚያ ቤቶች ውስጥ የተለያዩ የሙያ ማሠልጠኛ ማዕከላትን ይመሰርታል፣የህግ ታራሚዎች መሠረተ ትምህርት፣ መደበኛና የሙያ ትምህርቶችን እንዲሁም የተለያዩ ግንዛቤዎችን እንዲያገኙ ያደርጋል፤ በቆይታ ጊዜያቸውም ምርታማ ዜጎች በመሆን ማህበራዊ ኑሯቸው እንዲያሻሻል ያደርጋል፤



28) Establish the organization and operation of the regional special forces police; applies it: elects members of the regional special forces police; hires: trains; deploys; administer;

29) Facilitate conducive atmosphere for education opportunities to build execution capacity of the police;

30) Collect and examine information and statistics regarding crime, transfer to concerned body as may be necessary;

31) Cause establishment of regional police training institution; facilitate with the necessary equipment and man power; organize; administer same.

## 42. Prison Commission

The Commission shall have the following Power and Duties:

1) Cause the rights of prisoners to be protected without discrimination while they are in prison;

2) Recruit, train, educate and assign police force necessary for the commission; give or cause to be given on job training for them;

3) Ensure that prisoners who are sent to prison administration only be with court order and warrant;

4) Perform works that enable to return prisoners who resulted behavioral and attitudinal changes to their previous social life;

5) Establish training centers in prison administration, cause prisoners to get basic, regular and vocational education as well as awareness on different matters, cause them to be productive citizen and improve their social life;

6) Sirreeffamtoonni seeraa fayya qabeessa akka ta'an, akkasumas haamileefi qaamaan akka ciman iddoo ispoortiifi bashannanaa adda addaa ni qopheessa;
7) Sirreeffamtoota seeraa sababa umurii isaaniitiin haala addaatiin akka qabaman seeraan murtaa'e ilaalchisee addatti qabamanii murtii isaanii akka raawwatan haala ni mijeessa;
8) Sirreeffamtoonni seeraa qulqullina dhuunfaafi naannoo isaanii akka eeggatan, kanneen dhibaman addatti bahanii akka qabamaniifi yaalaman ni taasia;
9) Baajata ramadamuun sirreeffamtoota seeraatiif nyaata gahaa ta'e ni dhiyeessa; dubartoota ulfaafi daa'imman haadha waliin mana sirreessaa akka turan taasisamaniif kunuunsa addaa ni taasisa;
10) Sirreeffamoota seeraa yeroo turmaata isaanii keessatti fooyya'iinsa jijjiirama amalaa agarsiisan hordofuudhaan korooraan (amakkiroodhaan) akka gadi lakkiffaman Mana Murtiitti ni dhiyeessa;
11) Gaaffii ol'iyyannoofi iyyata sirreeffamtoonni seeraa qaama adda addaatti akka ergamuuf dhiyeeffatan qaama dhimmi ilaalutti ni dabarsaaf; bu'aa isaas ni hordofa;
12) Sirreeffamtoonni seeraa maatii isaanii, ogeeyyii fayyaa, abukaatoo isaaniifi kan kana fakkaatan waliin akka walqunnaman ni taasisa;
13) Manneen sirreessaafi jireenya hawaasummaa sirreeffamtoota seeraa fooyyessuuf galii sochii hojii misoomaa adda addaa manneen sirreessaa, akkasumas qaamolee mootummaa, miti-mootummaafi dhaabbilee gargaarsaa irraa argamu qaama dhimmi ilaalutti dhiyeessuun yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
14) Nageenyaafi tasgabbii manneen sirreessaa ni kabachiisa; sirreeffamtoonni seeraa akka hin badne yookiin akka hin milqine ni eega; naamusa akka kabajanis ni taasisa;

6) የህግ ታራሚዎች ጤናማ እንዲሆኑ እንዲሁም በሞራልና በአካል እንዲጠነክሩ የተለያዩ የስፖርትና መዝናኛ ቦታዎችን ያዘጋጃል፤
7) በእድሜያቸው ምክንያት በልዩ ሁኔታ እንዲያዙ በህግ የተወሰነባቸው የህግ ታራሚዎችን በሚመለከትም ታራሚዎቹ በልዩ ሁኔታ ተይዘው ፍርዳቸውን እንዲፈጽሙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
8) የህግ ታራሚዎች የግልና የአካባቢያቸውን ዕዳት እንዲጠብቁ፣የታመሙትም ለብቻ ተለይተው እንዲያዙና እንዲታከሙ ያደርጋል፤
9) በሚመደበው በጀት ለህግ ታራሚዎች በቂ ምግብ ያቀርባል፤ ለነፍሰ ጡር ሴቶችና ከእናቶቻቸው ጋር ማረሚያ ቤት እንዲቆዩ ለተደረጉ ሕጻናት ልዩ እንክብካቤ ያደርጋል፤
10) በቆይታ ጊዜያቸው የባህሪ መሻሻል ለውጥ ያሳዩ የህግ ታራሚዎችን በመከታተል በአመክሮ እንዲፈቱ ለፍርድ ቤት ያቀርባል፤
11) የሕግ ታራሚዎች ለተለያዩ አካላት የሚያቀርቧቸውን ይግባኞችና ማመልከቻዎችን ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት ያስተላል ፍላቸዋል፤ ውጤቱንም ይከታተላል፤
12) የህግ ታራሚዎች ከቤተሰቦቻቸው፣ ከሐኪሞቻቸው፣ ከጠበቆቻቸውና ከመሳሰሉት ጋር እንዲገናኙ ያደርጋል፤
13) ማረሚያ ቤቶችንና የህግ ታራሚዎችን ማህበራዊ ኑሮ ለማሻሻል የተለያዩ የማረሚያ ቤቶች የልማት ሥራዎች እንቅስቃሴ እንዲሁም ከመንግሥትና መንግሥታዊ ካልሆኑ አካላትና የዕርዳታ ድርጅቶች የሚገኘውን ገቢ ለሚመለከተው አካል በማቅረብ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፤
14) የማረሚያ ቤቶችን ሠላምና ደህንነት ያስከብራል፣ የህግ ታራሚዎች እንዳያመልጡ ወይም እንዳይጠፉ ይጠብቃል፤ ሥነ-ሥርዓት እንዲያከብሩም ያደርጋል፤

6) Prepare different sport and recreation places that helps prisoners to be healthy as well as mentally and physically strong;
7) Facilitate condition to provide special treatment to prisoners whose special treatment is decided by law due to their age;
8) Cause prisoners to take care of their personal hygiene and sanitation, and those who are sick to be kept and treated separately;
9) provide sufficient food for the prisoners with the allocated budget; make special treatment for pregnant women and children made to be detained in the prison with their imprisoned mother;
10) Present to the court prisoners who rehabilitated in their stay in the prison to be released from imprisonment through parole;
11) Send appeals and petitions of prisoners to various concerned organs and follow up feedback;
12) Cause prisoners meet their family, physicians, legal counselors and the likes;
13) Utilize income generated from different development activities of the prison administration, donation generated from governmental and nongovernmental organizations as well as aid organizations upon approval of concerned body to improve prison administration and social life of prisoners;
14) Ensure peace and security of prison administration; keep prisoners not to escape, cause prisoners to observe disciplinary rules;

15) Galmeefi seenaa sirreeffamtoota seeraa sirnaan ni qaba; jijjiirama jiru guyyaa guyyaan ni hordofa;
16) Jireenya hawaasummaa sirreeffamtoota seeraa fooyyessuuf sirreeffamtoonni seeraa gurmaa'anii galii akka argatan deeggarsa ni kenna; galiin argamus dhimma fooyya'iinsa jireenya hawaasummaa isaaniitiif akka oolu ni taasisa;
17) Wiirtuuwwan misooma sirreeffamtoota seeraa hojii misoomaa irratti hirmaachisuuf gargaaran ni babal'isa; galii argamu irraa kaffaltii gatii humnaa akka argataniifi galii argamettis haala itti fayyadamuu danda'an ni mijeessa;
18) Qaamolee mootummaafi mi-ti-mootummaa adda addaa waliin walitti dhufeenya ni taasisa; qindoominaan ni hojjeta;
19) Dhiifama sirreefamtoota seeraatiif taasifamu ilaalchisee qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
20) Dhaabbata leenjii poolisii Mana Sirreessaa Naannichaa akka hundeeffamu ni taasisa; meeshaaleefi humna namaatiin ni guuta; ni gurmeessa; ni bulcha.

### 43. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo

Abbaan Taayitichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Tarsiimoo madaallii sadarkaa naannoo, qabeenya bosonaa, bineensa bosonaafi diinagdee magariisaa dandamannaa jijjiirama haala qilleensaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni to'ata;
2) Sagantaa ijaarsa diinagdee magariisaa dandamannaa jijjiirama haala qilleensaa hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ol'aantummaan ni qindeessa; ni hordofa; deeggarsa teeknikaa ni kenna; gabaasa raawwii qindaa'aa mootummaaf ni dhiyeessa;

15) የህግ ታራሚዎችን መዝገብና የህይወት ታሪክ በአግባቡ ይይዛል፤ ያለውን ለውጥ በየቀኑ ይከታተላል፤
16) የህግ ታራሚዎች ማህበራዊ ኑሮን ለማሻሻል ተደራጅተው የራሳቸውን ገቢ እንዲያገኙ ድጋፍ ይሰጣል፤ የሚያገኙት ገቢም ለማህበራዊ ኑሯቸው ማሻሻያ እንዲውል ያደርጋል፤
17) የህግ ታራሚዎችን በልማት ሥራ ለማሳተፍ የሚረዱ የልማት ማዕከላትን ያስፋፋል፤ከሚገኘው ገቢ የጉልበታቸውን ዋጋ እንዲያገኙና በተገኘው ገቢም ሊጠቀሙ የሚችሉበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤
18) ከተለያዩ መንግሥታዊና መንግሥታዊ ያልሆኑ አካላት ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል፤ በቅንጅትም ይሰራል፤
19) ለህግ ታራሚዎች የሚደረገውን ይቅርታ በማስመልከት ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
20) የክልሉ ማረሚያ ቤቶች የፖሊስ ማሰልጠኛ ተቋም እንዲመሠረት ያደርጋል፤ በሎጂስትክስ እና በሰው ኃይል ያሟላል፤ ያደራጃል፤ ያስተዳድራል።

### 43. የአካባቢ ጥበቃ ባለሥልጣን

ባለሥልጣኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የአከባቢ ደረጃ ግምገማ፣ የደን ሀብት፣የዱር እንስሳትና ለአየር ንብረት ለውጥ የማይበገር አረንጓዴ ኢኮኖሚ ስትራቴጂ ያዘጋጃል፤ በሚጸድቅበት ጊዜ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውልያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤
2) ለአየር ንብረት ለውጥ የማይበገር አረንጓዴ ኢኮኖሚ ግንባታ ፕሮግራም ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ መዋሉን በበላይነት ያስተባብራል፤ ይከታተላል፤ የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ የተቀናጀ የአፈፃፀም ሪፖርት ለመንግሥት ያቀርባል፤

15) Keep prisoners' record properly, follow up the changes which occur daily;
16) Give support for prisoners to be organized and get income to improve their social life, cause the income to be utilized for the improvement of their social life;
17) Expand various prisoners' development centers that enables prisoners to participate in development activities; facilitate condition through which prisoners be paid and utilize from income generated;
18) Make relation with various governmental and nongovernmental organizations;
19) Work with the concerned bodies with regard to pardon to be granted to prisoners;
20) Causes prisons police training institute in the region to be established; provides logistics and manpower; organize; administer same.

### 43. Environmental Protection Authority

The Authority shall have the following Power and Duties:

1) Prepare evaluation standards of environment; forest resources wild animals and climate change resilient green economy strategy; implement same upon approval; cause to be implemented; supervise its implementation;
2) Implement climate change resilient green economy building program, chiefly coordinate its implementation; follow up; give technical support, submit organized implementation report to the government;

3) Sagantaawwan eegumsa bosonaa ni qopheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa; misoomniifi eegumsi qabeenya bosonaa qindaa'aan akka gaggeeffamu haala ni mijeessa; ni qindeessa; ni hordofa; hubannoon hawaasaa akka cimu ni taasisa;

4) Seektaroota sagantaa ijaarsa diinagdee magariisaa dandamannaa jijjiirama haala qilleensaa hojiirra oolchaniif deeggarsa teeknikaa ni kenna; ni hordofa; raawwiin hojii isaanii akka madaalamu haala ni mijeessa;

5) Iddoon eekoo-turizimii akka hundeeffamuufi babal'atu ni taasisa; qorannoo tilmaama faayidaalee sirnakoo ni gaggeessa; bu'aan qorannoo akka hojiirra oolu ni taasisa; hambaawwan seenaa qabeenya uumamaa waliin wal qabatan qaama dhimmi ilaallatu waliin akka eeggamu ni taasisa; qaama babal'ina misooma turiizimii irratti hojjetuuf waliin qindoominaan ni hojjeta;

6) Hojiiwwan misooma bosonaa bal'inaan gaggeeffamu irraa hawaasni daldala bosonaa (carbon credit) irraa fayyadamaa ta'uu isaa ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

7) Hojii eegumsa sululaa ni hojjeta; gadi lakkisni qilleensa gubataa (Carbon Emission) akka xiqqaatu hubannoo ni uuma; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni hordofa;

8) Sochiiwwan misooma diinagdee keessatti seektaraalee gadi lakkisa qilleensa gubataa(Carbon Emission) keessatti gahee olaanaa qaban keessatti gadi lakkisni qilleensa gubataa (Carbon Emission) akka xiqqaatu hubannoo ni uuma; karoora ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata);

9) Istaandaardiin balfa dhangala'aa gara lagaa, haroofi naannootti dhangala'u ilaalchisee qophaa'e hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ulaagaa kan guutaniif ni hayyama; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

3) የደን ጥበቃ ፕሮግራሞችን ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ የተቀናጀ የደን ልማትና የአካባቢ ጥበቃ እንዲካሄድ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያቀናጃል፤ይከታተላል፤ የህብረተሰቡ ግንዛቤ እንዲጎለብት ያደርጋል፤

4) ለአየር ንብረት ለውጥ የማይበገር አረንጓዴ ኢኮኖሚ ፕሮግራም ሥራ ላይ ለሚያውሉ ሴክተሮች የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ ይከታተላል፤ አፈፃፀማቸው እንዲገመገም ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

5) የኢኮ-ቱሪዝም ቦታ እንድቋቋምና እንዲስፋፋ ያደርጋል፤ የኢኮ-ሲስተም ጥቅሞች ጥናት ግምት ያካሄዳል፤ የጥናቱ ውጤት ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ከተፈጥሮ ሀብት ጋር የሚያያዙ ታሪካዊ ቅርሶች ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን እንዲጠበቁ ያደርጋል፤ የቱሪዝም ልማት መስፋፋት ላይ ከሚሠራ አካል ጋር በቅንጅት ይሠራል፤

6) በስፋትከሚካሄደው የደን ልማት ላይ ህብረተሰቡ ከደን ንግድ ተጠቃሚ መሆኑን ያረጋግጣል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

7) የተፋሰስ ጥበቃ ሥራን ይሠራል፤ የተቃጠለ አየር ሲቀጥ እንዲቀንስ ግንዛቤ ይፈጥራል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤ ይከታተላል፤

8) በኢኮኖሚ ልማት እንቅስቃሴ ውስጥ በካርበን ልቀት ከፍተኛ አስተዋጽኦ ባላቸው ሴክተሮች ውስጥ የካርበን ልቀት እንዲቀንስ ግንዛቤ ይፈጥራል፤ ዕቅድ ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

9) ወደ ወንዝ፣ ሐይቅና አከባቢ የሚፈሰው ፈሳሽ ቆሻሻ በማስመልከት የተዘጋጀው ስታንዳርድ ሥራ ላይ መዋሉን ያረጋግጣል፤ መሥፈርቱን ለሚያሟሉ ይፈቅዳል፤ ጉድለት ባለበት ቦታም የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤

3) Organize forest protection program; causes to be implemented; facilitate condition to be undertaken development and integrated forest resource conservation; development and conservation; coordinate; follow up; causes to strengthen public awareness;

4) Provide technical support to sectors which implement climate change resilient green economy building program; follow up; facilitate conditions to evaluate their implementation;

5) Cause the establishment and expansion of ecotourism sites undertake study about the benefit estimation of ecosystem; causes findings of study to be implemented; cause historical heritages which related to natural resources to be protected in collaboration with concerned bodies;

6) Ensure that the society has benefited from the carbon credit resulted from the engagement of the wide forest development activities; follow up its implementation;

7) Implements basin protection; create awareness of reducing carbon emissions; works with concerned bodies; follow up same:

8) Create awareness of carbon emissions in key sectors that contribute significantly to economic development; prepares plans; monitor its implementation; control same;

9) Ensure that the standards for releasing liquid wastes in to rivers, lakes and environment; Allows those who meet the requirements; take corrective measure where there exist shortcomings;

10) Ummanni naannoo bosonaa, paarkiifi dawoo bineensa bosonaa jiraatu sochii eegumsa Naannoofi bosonaa irratti akka hirmaatu, akkasumas bu'aa argamu irraa akka fayyadamu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
11) Qaama Naannoofi qabeenya bosonaa irratti miidhaa geessise kamiyyuu irratti tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
12) Laaboratoriifi wiirtuulee to'annoon qulqullina sanyii biqiltuu bosonaa keessatti gaggeeffamu ni hundeessa; ni bulcha; qo'annoowwan misoomaafi eegumsa bosonaa babal'isuuf gargaaran ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
13) Eegumsa Naannoofi qabeenya bosonaa ilaalchisee waldiddaa uumamu qaama dhimmi ilaalu waliin furmaata akka argatu ni taasisa; ni hordofa;
14) Qaamolee qabeenya uumamaa seeraan ala itti fayyadamuun Naannoo irratti dhiibbaa geessisan deebisanii akka misoomsan ni taasisa; tarkaanfiin akka fudhatamu ni taasisa;
15) Hayyama gahumsa ogummaa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo ni kenna; ni haaromsa; ni haqa;
16) Pirojektonni misoomaa kamiyyuu yammuu karoorfaman sakatta'iinsi dhiibbaa Naannoo durfamee akka gaggeeffamu ni taasisa; ulaagaalee sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo ni qopheessa; akkaataa barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna; hojiiwwan misoomaa gaggeeffaman kamiyyuu naannoo irratti dhiibbaa akka hin dhaqqabsiifne ni to'ata;
17) Dhaabbileen tajaajila adda addaa kennan yookiin industiriiwwan oomishaa naannicha keessa jiran dirqamoota seerota eegumsa naan¬noo, misoomaafi eegumsa bosonaa ilaalchisee bahan kabajuu isaanii ni mirkaneessa; mooraa dhaabbata kamiiyyuu seenuun saamuda ni fudhata; ni qorata; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

10) በደን፣ በፓርክና በዱር እንስሳት መኖሪያ አከባቢ የሚኖር ህዝብ በአከባቢ ጥበቃና ደን ልማት እንቅስቃሴ ላይ እንዲሳተፍ እንዲሁም ከሚገኘው ጥቅም እንዲጠቀም ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
11) ማንኛውም በአከባቢና ደን ሀብት ላይ ጉዳት ባደረሰ አካል ላይ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
12) የደን ችግኝ ዘር ጥራት ቁጥጥር የሚካሄድበት ላቦራቶሪና ማዕከላትን ያቋቁማል፤ ያስተዳድራል፤ የደን ልማትና ጥበቃ ለማስፋፋት የሚረዱ ጥናቶችን ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
13) የአከባቢና የደን ሀብት ጥበቃን በማስመልከት የሚከሰተውን አለመግባባት ከሚመለከተው አካል ጋር መፍትሄ እንዲያገኝ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤
14) የተፈጥሮ ሀብትን በህገ ወጥ መንገድ በመጠቀም በአከባቢ ላይ ተፅህኖ ያደረሱ አካላት መልሰው እንዲያለሙ ያደርጋል፤ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
15) የአከባቢ ተፅህኖ ዳሰሳ ጥናት የሙያ ማረጋገጫ ፈቃድ ይሰጣል፤ያድሳል፤ ይሰርዛል፤
16) ማንኛውም የልማት ፕሮጀክቶች በሚታቀዱበት ጊዜ አስቀድሞ የአከባቢ ተፅዕኖ ዳሰሳ ጥናት እንዲካሄድ ያደርጋል፤ የአከባቢ ተፅዕኖ ዳሰሳ መስፈርት ያዘጋጃል፤ እንዳስፈላጊነቱ ለሚመለከተው አካል ይሰጣል፤ የሚከናወነው ማንኛውም የልማት ሥራ በአከባቢ ላይ ተፅኖ እንዳያደርስ ይቆጣጠራል፤
17) በክልሉ ውስጥ የሚገኙ የተለያዩ አገልግሎት የሚሰጡ ተቋማት ወይም የማምረቻ ኢንዱስትሪዎች የአከባቢ ጥበቃ፤ የደን ልማትና ጥበቃን አስመልክቶ የወጡ ህጎችን ውስጥ ያሉ ግዴታዎችን መከበራቸውን ያረጋግጣል፤ በማንኛውም ድርጅት ቅጥር ግቢ በመግባት ናሙና ይወስዳል፤ ያጠናል፤ ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

10) Work with the concerned body to make the population residing around the forests, parks and wild animals shelter areas to participate on the movement of environmental protection and forest development activities as well as to be benefited from the income generated thereof;
11) Take legal measures on anybody that endanger the environment and forest resources; causes such measure to be taken;
12) Establish and administer laboratories and centers which forest plant species quality control undertaken; conduct studies which help for the expansion of forest development and conservation; cause same to be conducted; implement; cause to be implemented;
13) Cause environmental protection and forest resources related disagreement to be resolved with the concerned body; follow up same;
14) Cause the bodies that utilize natural resource unlawfully and caused impact on the environment to re-develop it; cause to be taken legal measures;
15) Issue professional competence license of environmental impact assessment study; renew; cancel same;
16) Cause prior environmental impact assessment to be under-taken where any development projects are planned; prepare environmental impact assessment criteria as deemed necessary; provide for the concerned body; supervise any development activities undertaken not to endanger the environment;
17) Approve whether the organizations rendering various services or manufacturing industries in the region to respect their obligations set forth in the laws enacted for environmental protection development and forest protection; take samples by entering the premises of any organization; investigate; supervise; take; cause to be taken corrective measures;

18) Balfaawwan dhangala'oofi goggogaa yookiin hafteewwan oomisha warshaaleefi hazbaan magaalota keessaa bahu sirna madaallii ikoolojii akka hin xureessine ni to'ata; odiitii Naannoo ni gaggeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

19) Sirna ragaaleefi odeeffannoon eegumsa naannoo, jijjiirama haala qilleensaafi bosonaa ittiin walitti qabamu ni diriirsa; ragaaleefi odeeffannoo walitti ni qaba; ni gurmeessa; ni kuusa; ni bulcha; akkaataa barbaachisummaa isaatti qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna;

20) Eegumsa Naannoo, bosonaafi jijjiirama haala qilleensaa irratti qaamolee adda addaa waliin qindoominaan ni hojjeta;

21) Iddoon jireenya lubbu qabeeyyii adda addaa miidhamee lubbu qabeeyyii irratti miidhaa akka hin dhaqqabsiifne ni to'ata; hanqina uumamu irratti tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; qorannoo irratti hundaa'uudhaan paarkii, dawoon bineensota bo-sonaafi "biosphere" akka hundeeffamee kunuunfamu ni taasisa;

22) Manca'ina qabeenya uumamaafi sochii bu'aa bosonaafi bineensa bosonaa ni to'ata; tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

23) Hojiiwwan misooma bosonaafi bineensa bosonaa Dhaabbata Bosonaafi Bineensa Bosonaatiin gaggeeffaman karoora naannoo akka qabaatan ni taasisa; ni to'ata; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; qaamni bosona misoomsu karoora hojii misooma bosonaatiin akka hogganamu ni taasisa;

24) Misooma magariisa magaalaafi paarkiiwwan sadarkaa magaalotaatti gaggeeffaman ilaalchisee deeggarsa teeknikaa ni kenna; ni hordofa;

25) Qaamolee misooma bosonaa, daldalaafi naanneessa bu'aa bo¬sonaa, bineensa bosonaa, adamoofi horsiisa bineensa bosonaa irratti bobba'aniif hayyama ogummaafi itti fayyadamaa ni kenna; qaama dhimma ilaalu waliin ni hojjeta; galii rooyaalitii gurgurtaa bu'aa bosonaa akka sassaabamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

18) ደረቅና ፈሳሽ ቆሻሻ ወይም የፋብሪካ ምርት ተረፈምርቶችና ከከተሞች የሚለቀቀው ቆሻሻ የኢኮሎጂ ሚዛን ሥርዓትን እንዳያቆሽሽ ይቆጣጠራል፤የአከባቢ ኦዲት ያካሄዳል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

19) የአከባቢ ጥበቃ፤ የአየር ንብረት ሁኔታ ለውጥና የደን ማስረጃዎችና መረጃዎች የሚሰባሰቡበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ማስረጃዎችና መረጃዎችን ይሰበስባል ፤ ያደራጃል፤ ያከማቻል፤ ያስተዳድራል፤ እንዳስፈላጊነቱ ለሚመለከተው አካል ይሰጣል፤

20) በአከባቢ ጥበቃ፤ በደንና በአየር ንብረት ለውጥ ላይ ከተለያዩ አካላት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤

21) የተለያዩ ብዛሃ ይህወት የመኖርያ ቦታ በመጎዳት ብዛሃ ይህወት ላይ ጉዳት እንዳይደርስ ይቆጣጠራል፤ በሚፈጠር ጉድለት ላይ እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድ ያደርጋል፤ጥናት ላይ በመመስረት ፓርክ፤የዱር እንስሳት መጠለያና ባዮስፈር ተቋቁሞ እንዲንከባከብ ያደርጋል፤

22) በተፈጥሮ ሀብት ላይ የሚደርስ ውድመት፤ የደን ውጤቶችና የዱር እንስሳት እንቅስቃሴን ይቆጣጠራል፤ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደረጋል፤

23) በደንና የዱር እንስሳት ድርጅት የሚከናወኑ የደንና የዱር እንስሳት ልማት ሥራዎችን አካባቢያዊ እቅድ እንዲኖራቸው ያደርጋል፤ ይቆጣጠራል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ደን የሚያለማው አካል በደን ልማት ሥራ እቅድ እንዲመራ ያደርጋል፤

24) የከተማ አረንጓዴ ልማት እና በከተሞች ደረጃ የሚከናወኑ ፓርኮችን በማስመልከት የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤ ይከታተላል፤

25) በደን ልማት፤ ደን ውጤቶችና በዱር እንስሳት ንግድና ዝውውር፤ በዱር እንስሳት አደንና እርባታ ላይ ለተሰማሩ አካላት የሙያ ፈቃድ ይሰጣል፤ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ ከደን ውጤት መሸጫ የሮያሊት ገቢ እንዲሰበሰብ ያደርጋል፤አፈጻጸሙን ይከታተላል፤

18) Control liquid and solid wastes or residue of industrial products and wastages released from urban areas not to pollute ecological system conduct environmental auditing; take or corrective measures cause such measure to be taken

19) Establish a system whereby the data and information of environmental protection climate change condition and forests to be collected; collect data and information; organize; store; administer; provide to the concerned body as deemed necessary;

20) Work in collaboration with different bodies on environmental protection; forest and climate change;

21) Control the habitat of various living things from being dam-aged and not to expose them to danger; take measures if there occur limitation; based on study, cause park, wild animals' shelters and biosphere to be established and protected;

22) Control natural resource degradation and movements of forest products and wild animals; take; cause to be taken legal measures;

23) Cause forest and wild animals' development activities that undertaken by forest and wild animal organization to have regional plan; control; follow up its implementation; causes the body developing forest to be guided by forest development work plan;

24) Give technical support regarding urban green development and parks undertaken at urban levels; follow up same;

25) Give professional and utilization license to the bodies deployed on the forest development; trade and transportation of forest products, wild animals, hunting and rearing of wild animals; work with concerned body; causes to collect royal income from purchase of forest products; follow up its implementation;

26) Tooftaalee itti fayyadama qabeenya uumamaa itti fufiinsa hin qabne, manca'ina yookiin faalama Naannoo ittisuu danda'an irratti yaada ni dhiyeessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
27) Haala qabiinsaafi itti fayyadama naannoofi bosonaa haqa-qabeessa ta'e mirkaneessuufi carraa hojii diinagdee magariisuu uumuu danda'u irratti qorannoofi ce'umsa teknolojii ni qindeessa;
28) Daldala seeraan alaa callaa guddistuu misooma bosonaafi bu'aa bosonaa waliin walqabatu akka hin gaggeeffamne ni to'ata; akkaataa seeraatiin qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii seeraa ni fudhata;
29) Istaandaardii hojii misooma bosona dhuunfaa, waliiniifi misooma sululaa ni baasa; qaama hojiirra oolchuuf ni dabarsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata;
30) Gosoota biqiltuu baay'atanii naannoo itti dhaabbatan, haalli qilleensaa mijaa'aa ta'uufi bu'aa diinagdummaa qabaachuu isaanii qorachuun adda ni baasa; bu'aa isaa qaama raawwatu ni beeksisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
31) Sagantaa barnoota eegumsa Naannoo idileen alaa ni babal'isa; dhimmoonni eegumsa Naannoo sirna barnoota idilee keessatti akka hammataman qaama dhimmi ilaallatu waliin ni hojjeta;
32) Pirojektoota misoomaafi kunuunsa qabeenya bosonaa waliin walqabatan raawwii isaanii ni hordofa; ni to'ata;
33) Sirna eegamsaafi faayidaa bosona uumamaafi bineensa bosonaa ilaalchisee diriire hojiirra oolmaa isaa ni to'ata;
34) Hedduminni lubbu qabeeyyii (Bio-diversity) faayidaa ummataafi biyyaaf itti fufiinsaan hojiirra akka oolu ni eega; ni to'ata;
35) Naannessa bu'aalee bosonaafi adamoo seeraan alaa ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

26) ዘላቂነት የሌላቸው የተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና የአከባቢ ውድመት ወይም ብክለትን ሊከላከሉ የሚችሉ ዘዴዎች ላይ ሀሳብ ያቀርባል፤ሥራ ላይ ያውላል፤ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
27) ፍትሃዊ የሆነ የአከባቢና የደን አያያዝና አጠቃቀም የሚያረጋግጥና አረንጓዴ ኢኮኖሚ የሚፈጥረው የሥራ ዕድል ሁኔታ ላይ ጥናትና የቴክኖሎጂ ሽግግር ያስተባብራል፤
28) ከደን ልማትና ከደን ውጤት ጋር የተያያዘ ህገ ወጥ የሆነ የምርት ማሳደጊያ ንግድ እንዳይካሄድ ይቆጣጠራል፤ በህግ መሰረት ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤
29) የግል፣ የጋራ ደን ልማትና የተፋሰስ ልማትን ሥራ ስታንዳርድ ያወጣል፤ ሥራ ላይ ለሚያውል አካል ያስተላልፋል፤ ሥራ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
30) በብዝሃነት የተተከሉበት የችግኝ አይነቶች፣ የአየር ሁኔታ አመቺ መሆን እና የምጣኔ ሀብታዊ ውጤት እንዳላቸው በማጥናት ይለያል፤ ውጤቱን ፈጻሚ አካል ያሳውቃል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
31) መደበኛ ያልሆነ የአከባቢ ጥበቃ ትምህርት ፕሮግራምን ያስፋፋል፤ የአከባቢ ጥበቃ ጉዳዮች የመደበኛ ትምህርት ሥርዓት ውስጥ እንዲካተቱ ጉዳዩከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤
32) ከደን ሀብት ልማትና እንክብካቤ ጋር የተያያዙ ፕሮጀክቶችን አፈፃፀም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
33) የተፈጥሮ ደንና የዱር አራዊት ጥበቃና ጥቅም በማስመልከት የተዘረጋውሥርዓት ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
34) ብዝሃ ህይወት ለሀገርና ለህዝብ ጥቅም በዘላቂነት ሥራ ላይ እንዲውል ይጠብቃል፤ ይቆጣጠራል፤
35) የደን ውጤቶች ዝውውር እና ህገ ወጥ አደን ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

26) Recommend idea on the method that can help prevent sustainable use of natural resources degradation or on the environmental pollution; implement same; follow up its implementation;
27) Coordinate research and technology transfer activities that ensure environmental justice and forest conservation and use condition and creates job opportunities of green economy;
28) Control engagement in illegal trade of agricultural input relating to forest development and forest products as per the law; take legal measures with the concerned body;
29) Issue standards for development of private forest, communal forest and stream development; forward it to the implementing body; monitor its implementation; control same;
30) Identifies the variety of transplanted seedlings by studying the climate, favorable climate and economic impact; announces the result to the executive; control its implementation; supervise same;
31) Expand informal environmental education programs; work with the concerned body with a view to incorporate environmental protection concerns in the regular education curriculums;
32) Follow up and supervise the implementation of the projects relating to the development and forest resource conservation;
33) Supervise implementation of the established system concerning the protection and natural resource utilization and wild animals;
34) Protect and supervise biodiversity to be implemented for sustainable benefit of the public and country;
35) Control the illegal transfer of forest products and poaching; takes corrective measures; causes to be taken;

36) Diinagdee magariisa dandamannaa jijjiirama haala qilleensaa naannichaa akkasumas eegumsa naannoofi bosonaa irratti gabaasa wayitawaa ta'e qopheessuun ni tamsaasa.

## 44. Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknoloojii

Abbaan Taayitichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora qo'annoo misooma saayinsii, teknolojiifi qunnamtii fedhii misooma naannichaa bu'uura godhate ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; mootummaadhaaf gorsa ni kenna;
2) Sosochiiwwan kalaqa saayinsiifi teknolojii naannicha keessatti taasifamu ol'aantummaan ni qindeessa; ni jajjabeessa;
3) Industiriwwan, Yunivarsiitoota, Dhaabbiilee Qo'annoofi Koolleejjota Teekinikaafi Ogum-maa giddu-utti hojii misooma saayinsiifi teknolojii irratti qindoominni akka uumamu ni qendeessa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;
4) Teknolojiiwwan biyyoota alaa bu'aa qabeessa ta'an ni barbaada; akkaataa barbaachisummaa isaatiin gara biyyaatti ni galcha; ni madaqsa; teknolojiwwan biyya keessaa jajjabeessuun faayidaa diinagdee naannichaatiif akka oolu ni taasisa;
5) Fedhii misooma teknolojii naannichaa qorannoodhaan adda baasuun qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uudhan akka guutamu ni hojjeta;
6) Dhaabbilee misooma saayinsii, teknolojiifi qunnamtii (Paarkiin teknolojii, muuziyemii saayinsii, kaaffee saayinsiifi teknolojii, wiirtuu cehumsa teknolojii, wiirtuu teknolojii qunnamtiifi odeeffannoo hawaasa) naannichaa qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan akka hundeeffamu deegarsa ni taasisa; hojiirra oolmaa isaaniis ni to'ata.
7) Sochiiwwan saayinsiifi teknolojii naannicha keessatti gaggeeffamaniif deeggarsa maallaqaa, meeshaaleefi ogummaa ni taasisa; akka taasifamuuf haala ni mijeessa;

36) የክልሉን ለአየር ንብረት ለውጥ የማይበገር አረንጓዴ ኢኮኖሚ እንዲሁም የአከባቢና ደን ጥበቃን አስመልክቶ ወቅታዊ የሆነ ሪፖርት በማዘጋጀት ያሰራጫል፡፡

## 44. የሣይንስና ቴክኖሎጂ ባለሥልጣን

ባለሥልጣኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የክልሉን ልማት ፍላጎት መሠረት ያደረገ የሣይንስ፣ ቴክኖሎጂና ግንኙነት ልማት ጥናት ዕቅድ ያዘጋጃል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤ ለመንግሥት ምክር ይሰጣል፤
2) በክልሉ ውስጥ የሚደረጉትን የሣይንስና ቴክኖሎጂ ፈጠራ እንቅስቃሴዎች በበላይነት ያስተባብራል፤ ያበረታታል፤
3) በኢንዱስትሪዎች፣ በዩኒቨርስቲዎች፣ በምርምር ተቋማት እና በቴክኒክና ሙያ ኮሌጆች መካከል የሳይንስና ቴክኖሎጂ ልማት ቅንጅት እንዲፈጠር ያስተባብራል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤
4) ውጤታማ የሆኑ የውጭ ሀገር ቴክኖሎጂዎችን ያፈላልጋል፤ እንደ አስፈላጊነቱ ወደ ሀገር ውስጥ ያስገባል፤ያላምዳል፤የተለየ ፈጠራን በማበረታታት ለክልሉ ኢኮኖሚያዊ ጥቅም እንዲውል ያደርጋል፤
5) የክልሉን የቴክኖሎጂ ልማት ፍላጎት በጥናት በመለየት ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን እንዲሟላ ያደርጋል፤
6) ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን የሣይንስ፣ የቴክኖሎጂና ግንኙነት ልማት (የቴክኖሎጂ ፓርክ፣ የሳይንስ ሙዚየም፣ የሳይንስና ቴክኖሎጂ ካፌ፣ የቴክኖሎጂ ሽግግር ማእከል እና የህዝብ ኢንፎርሜሽን ግንኙነት ማዕከል) እንዲቋቋም ድጋፍ ያደርጋል፤ ተግባራዊነቱንም ይቆጣጠራል፤
7) በክልሉ ለሚካሄዱ የሳይንስና ቴክኖሎጂ እንቅስቃሴዎች የገንዘብ፣ የቁሳቁስ እና የሙያ ድጋፍ እንዲደረግ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

36) Prepare and distribute up to date report on the regional climate change resilient green economy as well as forest and environmental protection.

## 44. Science and Technology Authority

The Authority shall have the following Power and Duties:

1) Prepare science, technology and communication development research plan which bases the development demand of the region; implement upon approval; give advice for the government;
2) Chiefly coordinate the science and technological innovation activities undertaken in the region; encourage them;
3) Coordinate the creation of relationships among the industries, universities, research institutions and technical and vocational colleges to ensure coordination for the development of science and technology; follow up its implementation;
4) Find out effective technologies from abroad; introduce them in to the country as may be necessary; adopt; encourage the domestic technologies and make them to be used for the economic benefit of the region;
5) Through identifying the demand for technological development of the region through research, it works with the concerned bodies for the fulfillment of same;
6) Make support for the establishment of science, technology and communication development (technological park, scientific museum, science and technology cafe, technological transformation center, and social technological communication information center) of the region in collaboration with concerned bodies; control their implementation;
7) Make financial, material and professional supports for the science and technological activities undertaken in the region; facilitate conditions for this supports to be provided;

8) Hojii qabeenya sammuu naannicha keessatti gaggeeffamu sarbamni mirgaa irratti akka hin geenye ni to'ata; hubannoon hawaasaa akka cimuuf qaamolee dhimmi isaan ilaallatu waliin ni hojjeta;
9) Hojiiwwan dhimmoota balaqqee (radiation) naannicha keessatti gaggeeffamu olaantummaadhaan ni to'ata; hojii irra oolmaa isaas ni hordofa;
10) Waldaalee ogummaa, dhaabbilee adda addaafi namoota dhuunfaa guddinaafi misooma saayinsiifi teknolojii naannichaatiif deeggarsa taasisan jajjabeessuuf sirna bad-haasaafi jajjabeessituu ni diriirsa; hojiirra ni oolcha;
11) Hubannoofi beekumsa hawaasni naannichaa saayinsii, teknolojiifi qunnamtii irratti qabu akka cimuufi babal'atu ni hojjeta; dhaabbileefi ogeessota manneen hojii moo-tummaafi dhuunfaa keessatti sochii saayinsiifi teknolojii irratti hirmaachaa jiran dandeettiin isaanii akka cimu ni hojjeta;
12) Qo'annoofi qorannoon saayinsii, teknolojiifi qunnamtii naannichatti gaggeeffamu bifa naamusa ogummaa eeggateen raawwatamuu isaa ni hordofa; boordii hojiiwwan kanneen olaantummaan hooggan akka hundeeffamu ni taasisa; hanqinni naamusaa yoo qunnamu tarkaanfiiwwan seera qabeessa ta'an akka fudhataman ni taasisa;
13) Meeshaaleen tajaajilaafi bu'uuraaleen saayinsii, teknolojiifi qunnamtii naannicha keessatti hojiirra oolan yeroo yeroodhaan madaalamanii hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa; kanneen tajaajilaa ala ta'an akka maqfaman ni taasisa;
14) Istaandaardii bittaafi ittifayyadama meeshaalee teknolojii naannichaa ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa irratti deeggarsa ogummaa ni kennuu; ni hordofa; ni to'ata;



8) በአዕምሯዊ ንብረት ፈጠራ ሥራ ላይ የመብት ጥሰት እንዳይደርስ ይቆጣጠራል፤ የማህበረሰቡ ግንዛቤ ይዳብር ዘንድ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሰራል፤
9) በክልሉ ውስጥ የሚካሄዱት የጨረራ (ራዲየሽን) ጉዳዮች ተግባራትን በበላይነት ይቆጣጠራል፤ ለተግባራዊነቱ
10) ለክልሉ ሳይንስና ቴክኖሎጂ ዕድገትና ልማት ድጋፍ የሚያደርጉ የሙያ ማህበራትን፣ የተለያዩ ድርጅቶችና ግለሰቦችን ለማበረታታት የሽልማትና ማትጊያ ሥርዓትን ይዘረጋል፤ ተግር ላይ ያውላል፤
5) Build up the capacity of leaders, workers and members of cooperative associations; provide trainings; work with concerned bodies for such training to be provided; establish and administer cooperative associations training center;

6) Investigate accounts of cooperative associations; cause to be investigated by representing legally recognized audit organization as may be necessary; chiefly control its implementation; present the audit investigation result for the general assembly;

7) Train and assign the auditors of cooperative associations; provide competency certificate; cancel same;

8) Undertake inspection on the overall work performance of cooperative associations; their books of accounts and resource management is worked according to law; take legal measure based on the result of the inspection; cause to be taken with concerned body;

9) Take measure as per the law on the wastage of money and resources undertaken in the cooperative associations; cause such measure to be taken;

10) Facilitate conditions for disagreements related to the cooperative associations to be resolved; make necessary adjustments regarding the division, amalgamation and dissolution of cooperative associations;

11) Cause cooperative associations establish improved working systems; investigate and correct them periodically;

12) Pirojektoota guddina waldaalee hojii gamtaatiif gargaaran akka qophaa'an deeggarsa ogummaa ni kenna;
13) Miseensonni waldaalee hojii gamtaa oomisha isaaniitiif gatii fooyya'aa akka argatan ni hojjeta; qorannoo gabaa waldaalee hojii gamtaa ni gaggessa; odeeffannoo gabaa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
14) Dhaabbilee mootummaa, mi-ti-mootummaafi qaama biroo dhimma waldaa hojii gamtaa irratti hojjetan waliin walitti dhufeenya ni taasisa; waliin ni hojjeta; ni qindeessa;
15) Aadaan qusannoo miseensota waldaalee hojii gamtaa biratti akka babal'atu ni hojjeta;
16) Waldaaleen hojii gamtaa misooma naannoo isaanii keessatti akka hirmaatan ni jajjabessa;
17) Bittaa callaa guddistuu biyya keessaafi alaa ni raawwata; akkaataa barbaachiisummaa isaatti bittaa callaa guddistuu karaa yuuniyeenootaa, federeshinii yookiin qaamolee biraa bakka buusuun bittaan akka raawwatamu ni taasisa;
18) Madda liqii bittaa callaa guddistuuf barbaachisu ni mijeessa; liqii argame ni bulcha; qaama liqeesseef akka deebi'u ni taasisa;
19) Akkaataa fedhii dhiyaatuun callaa guddistuu ni bita; akka bitamu ni taasisa; qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaaf akka raabsaman ni taasisa;
20) Galiin gurgurtaa callaa guddistuu qonnaafi teknolojii qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaaf dhiyaatan haala seera qabeessa ta'een walitti qabamee qaama dhimmi ilaaluuf galii akka ta'u ni hojjeta;
21) Sochii hojii waldaalee hojii gamtaa yeroo yeroon gamaaggamuun sadarkaa gahumsaafi beekamtii ni kenna;
22) Tajaajila ekisteenshinii misooma waldaalee hojii gamtaatiif ni kenna; ni hordofa; ni to'ata;

12) ለሕብረት ሥራ ማሕበራት ዕድገት የሚረዱ ፕሮጀክቶች እንዲዘጋጁ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤
13) የሕብረት ሥራ ማሕበራት አባላት ለምርቶቻቸው የተሻለ ዋጋ እንዲያገኙ ይሠራል፤ የሕብረት ሥራ ማሕበራት የገበያ ጥናት ያካሄዳል፤ የገበያ መረጃን ይሰጣል፤ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በቅንጅት ይሠራል፤
14) በሕብረት ሥራ ማሕበራት ጉዳይ ላይ ከሚሠሩ መንግሥታዊና መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች እንዲሁም ሌሎችም ጉዳዩ ከሚመለከታችው አካላት ጋር ግንኙነት ያደርጋል፤ በጋራም ይሰራል፤ ያቀናጃል፤
15) የቁጠባ ባህል በሕብረት ሥራ ማሕበራት አባሎች ዘንድ እንዲስፋፋ ይሰራል፤
16) የሕብረት ሥራ ማሕበራት በአካባቢያቸው ልማት ውስጥ እንዲሣተፉ ያበረታታል፤
17) የውጭ ሀገርና የሀገር ውስጥ የምርት ማሳደጊያ ግዢ ይፈፅማል፤ እንደአስፈላጊነቱ የምርት ማሳደጊያ ግዢ በዩንየን፣ በፌዴሬሽን ወይም ሌላ አካል በመወከል ግዢ እንዲፈፀም ያደርጋል፤
18) ለምርት ማሳደጊያ ግዢ የሚያስፈልግ የብድር ምንጭ ያመቻቻል፤ የተገኘውን ብድር ያስተዳድራል፤ላበደረው አካል እንዲመለስ ያደርጋል፤
19) በቀረበው ፍላጎት መሰረት ምርት ማሳደጊያን ይገዛል፤ እንዲገዛ ያደርጋል፤ ለአርሶ አደሮችና ለአርብቶ አደሮች እንዲሰራጭ ያደርጋል፤
20) የምርት ማሳደጊያ ሽያጭና ለአርሶ አደርና አርብቶ አደር የሚቀርበው ቴክኖሎጂ ገቢ ህጋዊ በሆነ መልኩ ተሰብስቦ ለሚመለከተው አካል ገቢ እንዲደረግ ይሰራል፤
21) የሕብረት ሥራ ማሕበራትን የሥራ እንቅስቃሴ በየጊዜው በመገምገም የብቃት ደረጃና እውቅና ይሰጣል፤
22) ለሕብረት ሥራ ማሕበራት ልማት የኤክስቴንሽን አገልግሎት ይሰጣል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

12) Provide professional support for preparation of projects that contribute for development of cooperative associations;
13) Work for the members of cooperative associations to get better price for their products; undertake market study of co-operative associations; provide market information; work in collaboration with concerned bodies;
14) Create relationships with governmental, non-governmental and other concerned bodies operating on cooperative associations; work together and coordinate same;
15) Work to promote saving cultures of members of the cooperative associations;
16) Encourage cooperative associations to participate in the development of their localities;
17) Perform procurement of production enhancements from domestic and foreign markets; cause procurement of production enhancements to be undertaken through Unions, Federations or by delegating other bodies;
18) Facilitate source of credits for procurement of production enhancements; administer the obtained credits; cause it to be repaid to the creditor;
19) Procure production enhancement in accordance with the demand submitted; cause its procurement; cause it to be distributed for farmers and pastoralists;
20) Cause the income from sale of agricultural production enhancements and technologies supplied for farmers and pastoralists to be collected legally and be sub-mitted to the concerned body;
21) Evaluate work performances of cooperative associations periodically and provide level of competence and recognition;
22) Provide extension services for the development of cooperative associations; follow up and control same;

23) Moodeela dambii hundeeffamaafi ittiin bulmaataa waldaalee hojii gamtaatiif qopheessee ni kenna; kan qophaa'ee dhiyaatu xiinxaluun ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.

**49. Ejensii Geejjibaa**

Ejensichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Buufataalee baaburaafi xiyyaaraa xixiqqaa akkasumas buufata konkolaataa ijaaraman ni bulcha; sirna geejjiba isaanii ni to'ata; suphaa yemmuu barbaachisutti akka suphaman ni taasisa;
2) Iddoowwaniifi teknolojiiwwan loojistiiksii kanneen akka sirna kuusaafi qorrisiisaa oomishaalee qonnaa ijaaraman ni bulcha; tajaajila akka kennan ni taasisa;
3) Dhiyeessii geejjiba xiyyaara xixiqqaafi baabura fe'iisa oomishaa ni kenna; Abbootii qabeenyaa tajaajila geejjibaafi sirna tajaajila qorrisiisaafi kuusaa irratti bobba'aniif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; waldaan ni gurmeessa; hayyama waldaa ni kenna; ni haaromsa; ni haqa; ni deeggara; ni to'ata;
4) Hojiin tajaajila geejjibaa seeraan ala akka hin raawwatamne ni to'ata; tarkaanfii seeraas ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
5) Sirni tajaajila geejjibaa naannicha keessatti diriire haala waldeeggareefi qindoomina qabuun akka hojiirra oolu ni taasisa;
6) Teknolojiiwwan tajaajila geejjibaaf oolan ni qorata; istaandaardii ni baasa; ni gamaaggama; sirnaan akka hojiirra oolu ni taasisa;
7) Tajaajilli geejjibaa naannolee biroo waliin taasifamu akkaataa itti waldeeggaru, babal'atuufi cimu irratti haala mijaa'aa ni uuma;

23) የመመስረቻ እና የመተዳደሪያ ሞዴል ደንብ አዘጋጅቶ ለሕብረት ሥራ ማሕበራት ይሰጣል፤ ተዘጋጅቶ የቀረበውን መርምሮ ያፀድቃል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፡፡

**49. የትራንስፖርት ኤጀንሲ**

ኤጀንሲው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የተገነቡትን አነስተኛ የባቡር ተርሚናል እና የአየር ማረፊያዎችን እንዲሁም የተሽከርካሪ ጣቢያዎችን ያስተዳድራል፤ የትራንስፖርት ሥርዓታቸውን ይቆጣጠራል፤ ጥገና በሚያስፈልግበት ጊዜም እንዲጠገኑ ያደርጋል፤
2) የተገነቡትን የሎጂስቲክስ ቦታዎች እና ቴክኖሎጂዎች እንደ ግብርና ምርቶች ማከማቻ እና ማቀዝቀዣ ሥርዓት ያስተዳድራል፤ አገልግሎት እንዲሰጡ ያደርጋል፤
3) የአነስተኛ አየር እና የምርት ጭነት ባቡር ትራንስፖርት አቅርቦት ይሰጣል፤ በትራንስፖርት አገልግሎት እና የማከማቻ እና ማቀዝቀዣ አገልግሎት ሥርዓት ላይ ለተሰማሩ በለሃብቶች ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሰርዛል፤ በማህበር ያደራጃል፤ ለማህበሩ ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሰርዛል፤ ይደግፋል ይቀጣጠራል፤
4) ሕገወጥ የትራንስፖርት አገልግሎት ተግባር እንዳይፈፀም ይቆጣጠራል፤ ሕጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፤
5) በክልሉ ውስጥ የተዘረጋው የትራንስፖርት አገልግሎት ሥርዓት በተደጋገፈ እና በተቀናጀ ሁኔታ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
6) ለትራንስፖርት አገልግሎት የሚውሉ ቴክኖሎጂዎችን ያጠናል፤ ስታንዳርድ ያወጣል፤ ይገመግማል፤ በአግባቡ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
7) ከሌሎች ክልሎች ጋር የሚደረገው ትራንስፖርት አገልግሎት በሚደጋገፍበት፤ በሚስፋፋበት እና በሚጠናከርበት ሁኔታ ላይ አመቺ ሁኔታዎችን ይፈጠራል፡፡

23) Prepare and provide model memorandum of association and article of association for cooperative associations; examine thoroughly and approve those submitted to it; follow up its implementation.

**49. Transport Agency**

The Agency shall have the following Power and Duties:

1) Administer small trains, planes and vehicles terminals constructed; control their transport systems; cause to be maintained where found necessary;
2) Administer the constructed logistics of places and technologies such as storage and refrigerator services systems of agricultural products; cause them to be operational;
3) Provide small air planes and products transporting trains supplying services; issue license for investors engaged in transport service and refrigeration and warehousing service systems; renew and cancel same; organize in association; issue license for the association; renew and cancel such license; provide support; control same;
4) Control illegal transport service provision activity; take; cause to be taken corrective action;
5) Cause the transport service extended in the region to be implemented in a cooperative and organized manner;
6) Study the technologies to be used for transport services; set standards, evaluate; causes it to be implemented properly;
7) Create conducive atmosphere for the transport service engaged with other regions to be cooperative; expanded and strengthened;

8) Konkolaattota abbaa motoraa, motora dhabeeyyiifi humna beeyiladaatiin harkifaman akkasumas bidiruuwwan naannicha keessatti argaman ni galmeessa; ragaa abbaa qabeenyummaa ni kenna; ni to'ata;
9) Gahumsa konkolaachistootaa, kaappiteenotaa, konkolaattotaafi bidiruuwwanii ni mirkanneessa; akkaataa barbaachiisummaa isaattis qaama gahumsa kana akka mirkanneessaniif dhaabbilee yookiin jaarmiyaalee hayyama qabaniifi gahumsa mirkanneessuu danda'aniif bakka bu'iinsa ni kenna; ni hordofa;
10) Tajaajila tilmaama gatii konkolaataafi jijjiirraa maqaa abbaa qabeenyaa ni raawwata; waliigaltee bittaafi gurgurtaa yookiin kennaa konkolaataa, waliigaltee kiraa konkolaataa, konkolaattota wabiin qabaman ni galmeessa; ni eega;
11) Hojmaata tajaajilli geejjibaa ittiin hoogganamu ni diriirsa; haala ni mijeessa; hojimaata dorgommii bobbii bilisaa akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; qorannoo taarifaa gaggeessuun ka'umsaafi fiixee taarifa tajaajila geejjibaa ni murteessa; raawwii isaa ni hordofa;
12) Hojii to'annoo sochii tiraafika geejjiba daandii ni raawwata; raawwii isaa ni hordofa; hojiilee to'annoo nageenya tiraafikaa naannicha keessatti gaggeeffaman qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; ni hooggana; balaa tiraafikaa ilaalchisee qo'annoo ni gaggeessa;
13) Fandii sochii nageenya tiraafikaafi hojii geejjibaa ilaallatu kamiyyuu naannicha keessaafi qaama adda addaa irraa haala itti argamu ni uuma; kan argames kaayyoo bar-baadameef hojiirra akka oolu ni taasisa;
14) Naannicha keessatti uwwisni tajaajila geejjibaa gahaafi bobbiin akka jiraatu ni taasisa; sagantaa bobbii waldaalee geejjibaafi namoota dhuunfaa tajaajila geejjiba uummataafi fe'iinsaa irratti bobba'anii qoratee ni mirkaneessa; ni fooyyessa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa; bakka hanqinni argamettis tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;



8) በክልሉ ውስጥ የሚገኙ ባለሞተር፣ሞተር አልባ እና በእንስሳት የሚገተቱ ተሽርካሪዎች እንዲሁም ጀልባዎችን ይመዘግባል፤ የባለቤትነት ማስረጃ ይሰጣል፤ ይቆጣጠራል፤
9) የአሽከርካሪዎች፣ ካፕቴኖች፣ የተሽከርካሪዎች እና ጀልባዎችን ብቃት ያረጋግጣል፤ እንዳስፈላጊነቱ ይህን ብቃት ለማረጋገጥ ፈቃድ ላላቸው እና ብቃት ለማረጋገጥ የሚችሉ ተቋማት ወይም ድርጅቶች ውክልና ይሰጣል፤ ይከታተላል፤
10) የተሽከርካሪ ዋጋ ግምት እና የባለቤትነት ሥም ዝውውር አገልግሎት ይፈጽማል፤ የተሽከርካሪ ግዢና ሽያጭ ወይም ስጦታ ውል፤ የተሽከርካሪ ክራይ ውል፤ በዋስ የተያዙ ተሽከርካሪዎች ይመዘግባል፤ ይጠብቃል፤
11) የትራንስፖርት አገልግሎት የሚመራበትን አሠራር ይዘረጋል፣ ሁኔታን ያመቻቻል፤ የነፃ ሥምሪት ውድድር ሥርዓት ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ የታሪፍ ጥናት በማካሄድ የትራንስፖርት አገልግሎት የመነሻና ጣሪያ ታሪፍ ይወስናል፣ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
12) የመንገድ የትራንስፖርት ትራፊክ እንቅስቃሴ ቁጥጥር ሥራ ይፈፅማል፣ አፈፃፀሙን ይከታተላል፣ በክልሉ ውስጥ የሚካሄዱትን የትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር ሥራዎችን ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ይሠራል፤ ይመራል፤ የትራፊክ አደጋን በተመለከተ ጥናት ያካሄዳል፤
13) የትራፊክ ደህንነት እንቅስቃሴና የትራንስፖርት ሥራን የሚመለከት ማንኛውም ፈንድ ከክልሉ ውስጥና ከተለያየ አካላት ላይ የሚገኝበትን ሁኔታ ይፈጥራል፤ የተገኘውንም ለተፈለገው አላማ እንዲውል ያደርጋል፤
14) በክልሉ ውስጥ በቂ የትራንስፖርት አገልግሎት ሽፋንና ሥምሪት እንዲኖር ያደርጋል፣ በህዝብ ትራንስፖርትና ጭነት አገልግሎት ላይ የተሰማሩ የትራንስፖርት ማህበራትና ግለሰቦች ሥምሪት ፕሮግራም በማጥናት ያረጋግጣል፤ ያሻሽላል፣ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤ ጉድለት በተገኘበት ቦታም የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤



8) Register, provide evidence of ownership for the motor vehicles, non-motor vehicles and those pulled by animals; control same;
9) Approve the competency of drivers, captains, vehicles and boats; represent the institutions or organizations having license and capabilities to approve competency as it may be necessary; follow up same;
10) Perform price valuation of vehicles and transfer of title deed services; register and maintain contracts of procurement and sale or donation of vehicles; contracts of renting vehicles as well as contracts of vehicles attached in surety;
11) Establish a system whereby the transport service could be governed; facilitate conditions; cause free deployment competition schedule to be implemented; follow up same; undertake study regarding tariff and determine the baseline and ceiling tariff of transportation services; follows-up its implementation;
12) Perform controlling activity of the road transport traffic; follows up its implementation; perform the transport traffic safety activities carried out in the region in collaboration with other bodies; leads same; undertake studies regarding traffic accidents;
13) Create mechanisms of finding any funds regarding the traffic and transport work from the region and from various bodies; cause the acquired one to be implemented for the intended purpose;
14) Ensure adequate transport service coverage and transport deployment schedule in the region; study and approve the deployment schedule of transport associations and private persons engaged in public transport and carriage services; amend same; follow up its implementation and take corrective measures where there occur limitations;

15) Gahumsa oppireetaroota geejjibaa ni mirkanneessa; hayyama ni kenna; waliigaltee oppireetaroota gidduutti taasifamu ni galmeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
16) Dhaabbilee meeshaalee tajaajila geejjibaaf oolan oomishan, suphaniifi haaromsan, tajaajila gaaraajiifi gommistaa kennan akkasumas qulqulleessa konkolaataa irratti bobba'aniifi leenjii ogummaa konkolaachisummaa kennaniif waraqaa gahumsa ogummaa mirkanneessu ni kenna; ni haaromsa; ni to'ata; ni haqa;
17) Dhaabbilee leenjii ogummaa konkolaachisummaa kennaniif ulaagaa leenjiin ittiin kennamu ni qopheessa; hojiirra ooluu isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
18) Leenjifamtoota dhaabbilee leenjii konkolaachisummaa irraa leenji'anii bahaniif qormaata gahumsaa ni kenna; kanneen qormaata darbaniif hayyama konkolaachisum-maa sadarkaa adda addaa ni kenna; ni haaromsa; ni to'ata; ni haqa;
19) Bittaa xiyyaara, bidiruufi baabura xixiqqaa akkasumas konkolaataa mootummaafi jaarmiyaalee ummataa ilaalchisee deeggarsa ogummaa ni kenna;
20) Haalli dirqisiisaan yoo mudate iddoofi sarara barbaadame irratti waldaalee yookiin jaarmiyaalee geejjibaaf bobbii ni kenna; haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
21) Dhaabbilee gahumsa konkolaataa sakatta'aniif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni to'ata; ni haqa;
22) Ragaalee istaatistiksiifi odeeffannoo biroo geejjiba naannichaa ilaallatan kamiyyuu dhaabbiidhaan ni sassaaba; ni qindeessa;
23) Geejjibni naannichaa akka hammayyaa'uufi babal'atu qo'annoofi qorannoo ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; bu'aan qorannichaa yammuu mirkanaa'u hoji-irra akka oolu ni taasisa;

15) የትራንስፖርት ኦፕሬተሮች ብቃትን ያረጋግጣል፣ ፍቃድ ይሰጣል፣ በኦፕሬተሮች መካከል የሚደረገውን ውል ይመዘግባል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
16) ለትራንስፖርት አገልግሎት የሚውሉ መሣሪያዎችን ለሚያመርቱ፣ ለሚጠግኑና ለሚያድሱ እንዲሁም በመኪና ዕጻት ላይ ለተሰማሩና የአሽከርካሪነት ሙያ ስልጠና ለሚሰጡ ድርጅቶች የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፣ ያድሳል፣ ይቆጣጠራል፣ ይሰርዛል፤
17) የአሽከርካሪነት ሙያ ስልጠና ለሚሰጡት ተቋማት ሥልጠና የሚሰጥበትን መስፈርት ያዘጋጃል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ግድፈት ባለበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤
18) ከአሽከርካሪነት ሙያ ማሰልጠኛ ተቋማት ሰልጥነው ለሚወጡ ሠልጣኞች የብቃት ፈተና ይሠጣል፤ ፈተናውን ላለፉት የተለያየ ደረጃ የአሽከርካሪነት ፍቃድ ይሠጣል፤ ያድሣል፤ ይቆጣጠራል፤ይሰርዛል፤
19) የመንግስትና የህዝባዊ ድርጅቶች ተሽከርካሪዎች ግዢን በተመለከተ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤
20) አስገዳጅ ሁኔታ ካጋጠመ፣ በሚፈለገው ቦታና መስመር ላይ ለትራንስፖርት ማህበራት ወይም ድርጅቶች ስምሪት ይሰጣል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
21) የተሽከርካሪዎችን ብቃት ለሚመረምሩ ተቋማት ፍቃድ ይሠጣል፤ ያድሳል፤ ይቆጣጠራል፤ ይሰርዛል፤
22) የክልሉን ትራንስፖርት የሚመለከቱ ማንኛውም ስታትስቲካዊ ማስረጃዎችና ሌሎች መረጃዎችን በመደበኛነት ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤
23) የክልሉ ትራንስፖርት እንዲዘምንና እንዲስፋፋ ጥናትና ምርምር ያካሂዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ የጥናቱ ውጤት ሲፀድቅም ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

15) Approve the competency of transport operators; issue license; register contracts concluded between operators; take corrective measures;
16) Provide professional competency certification letter for the institutions engaged in the production, maintenance and renewal of materials used for transport services as well as those engaged in car wash activities and those providing driving skill train-ings; renew; supervise and cancel same;
17) Prepare training criteria for the institutions involved in providing drivers profession trainings; follow-up its implementation, take corrective action in case there occur limitation;
18) Provide competency examination for the graduates from the driving skill training institutions; issue driving licenses of various levels for those who pass such examination; renew; supervise and cancel same;
19) Provide professional support regarding procurement of small air planes, boats and trains as well as vehicles of government and people's organizations;
20) Allow transport deployment for transport associations or organizations on the required place and routes where there encountered compelling circumstances. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued;
21) Issue license for Vehicle's Competency Examination Institutions; renew; control and cancel same;
22) Collect and organize any statistical evidences and other information related to the transportation of the region on a permanent basis;
23) Undertake; cause to be undertaken study and research for the modernization and expansion of transportation of the region; cause the findings of such study and research to be implemented upon its approval;

24) Konkolaattota, bidiruuwwan, xiyyaarota xixiqqaafi kanneen biroo tajaajila geejjibaan walqabatan keessaa aara, gaazii, hurkaafi wantoonni biroo naannoo faalan xiqqeessuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta.

**50. Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa**

Instiitiyuutichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii qorannoo qonnaa ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa;
2) Sagantaan qorannoo qonnaa fedhii, imaammataafi tarsiimoo misoomaa mootummaan baasuun kan walsimu ta'uusaa ni mirkaneessa;
3) Giddugaleessota qorannoo qonnaa adda addaafi dhaabbilee barnoota ol'aanaa waliin qindoominaan ni hojjeta; gabaasa qaamolee kana irraa dhiyaatu ni qindeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
4) Bu'aa qorannoo qonnaa mirkanaa'e itti fayyadamtoonni akka beekaniifi hojiirra akka oolchan qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
5) Giddugaleessoonni qorannoo qonnaa haaraan akka hundeeffaman, akka walitti makaman yookiin akka diigaman yookiin akka addaan bahan yaada murtee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Mala qonnaafi bu'aa qorannoo qonnaa irratti hubannoon hawaasaa akka cimu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
7) Bu'aa qorannoo qonnaa biyya keessaafi biyya alaatti gaggeeffaman ilaalchisee ragaalee walitti ni qaba; ni kuusa; ni raabsa; sirna ragaalee walitti dabarsuu ni diriirsa; ni hooggana;
8) Dhaabbilee qorannoo qonnaa, mala qonnaafi barnoota qonnaa gidduutti qindoominni hojii akka jiraatu haala ni mijeessa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
9) Humna namaa gahumsa qabuufi qorannoo qonnaa irratti bobba'u ni horata;

24) ከተሽከርካሪዎች፣ ጀልባዎችእና ሌሎች ከትራንስፖርት አገልግሎት ጋር ተያያዥነት ካላቸው ነገሮች የሚወጣ ጢስ፣ ጋዝ፣ ትነትና ሌሎች አካባቢን የሚበክሉ ነገሮችን ለመቀነስ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፡፡

**50. የግብርና ምርምር ኢንስቲትዩት**

ኢንስቲትዩቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የግብርና ምርምር ሥራዎችን ያካሄዳል፤ እንዲካሄድ ያደርጋል፤
2) የግብርና ምርምር ፕሮግራም ከመንግስት ፍላጐት፣ፖሊሲና ስትራቴጂ ልማት ጋር የተጣጣመ መሆኑን ያረጋግጣል፤
3) ከተለያዩ ግብርና ምርምር ማዕከላትና ከከፍተኛ የትምህርት ተቋማት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤ ከነዚህ አካላት የሚቀርበውን ሪፖርት ያቀናጃል፤ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤
4) የተረጋገጡ የግብርና ምርምር ውጤቶችን ተጠቃሚዎች እንዲያውቋቸውና ሥራ ላይ እንዲያውሉ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
5) አዲስ የግብርና ምርምር ማዕከላት እንዲቋቋሙ፤ እንዲቀላቀሉ፤እንዲፈርሱ ወይም እንዲከፋፈሉ የውሳኔ ሀሳብ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲወሰንም ስራ ላይ ያውላል፤
6) የግብርና ዘዴንና የግብርና ምርምር ውጤትን አስመልክቶ የህብረተሰቡ ግንዛቤ እንዲዳብር ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
7) በሐገር ውስጥና በውጭ ሐገር የሚካሄዱትን የግብርና ምርምር ውጤቶች አስመልክቶ መረጃዎችን ይሰበስባል፤ ያከማቻል፤ ያሰራጫል፤መረጃዎች የሚተላለፉበትን ሥርዓት ይዘረጋል፤ ይመራል፤
8) በግብርና ምርምር ማዕከላት፣ በግብርና ዘዴና በግብርና ትምህርት መካከል የስራ ቅንጅት እንዲኖር ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
9) ብቃት ያለውና በግብርና ምርምር ሥራ ላይ የሚሰማራ የሰው ሐይልን ያፈራል፤

24) Work in collaboration with the concerned bodies for minimization of smokes, gases, vapors and other environmental pollutants emitted out of vehicles, boats, small planes and others transport related services.

**50. Agricultural Research Institute**

The Institute shall have the following Power and Duties:

1) Conduct; cause to be conducted agricultural research activities;
2) Ensure that the agricultural research programs to be in agreement with the develop-ment needs, policies and strategies of the government;
3) Work in collaboration with various agricultural research centers and government higher education institutions; organize reports submitted by these bodies and present same to the concerned body;
4) Work in collaboration with concerned bodies to ensure awareness of users on the approved findings of the agricultural research and implement same accordingly;
5) Recommend decision opinion to the concerned body about newly establishment or amalgamation or dissolution or division of agricultural research institutes; im-plement same upon approval;
6) Work in collaboration with concerned bodies with a view to raise awareness of the society on the modes agriculture and findings of agricultural research;
7) Gather; store and distribute data regarding the findings of agricultural researches undertaken nationally and abroad; extend and manage data communication system;
8) Facilitate favorable ground that help ensure work collaboration amongst agricultural research institutions; mode of agriculture and agricultural education; work with concerned body;
9) Produce competent man power that can engage on agricultural researches;

10) Waldaalee ogummaa qonnaa ni jajjabeessa; hojii qorannoo qonnaatiif ragaalee barbaachisan waljijjiiruudhaan bu'aa akka buusan haala ni mijeessa;
11) Hojii qorannoo qonnaa irratti qaama hirmaachuu barbaaduuf hayyama ogummaa ni kenna; ni haaromsa; ni hordofa; ni to'ata; ni haqa;
12) Qaamolee hojii misooma qonnaa irrati bobba'an tajaajila laaboraatorii biyyoo akka argatan haala ni mijeessa; deeggarsa ni kenna.

**51. Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalotaa**

Inistiitiyuutichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Godinaalee, Bulchiinsa Magaalotaafi Aanaleen naanichaa dandeettiifi raawwii pilaanii magaalaa akka gabbifatan gorsa gurmaa'insaafi hojimaataa ni diriirsa;
2) Ogeessota Godinaalee, Bulchiinsa Magaalotaa, Aanaaleefi dhuunfaadhaan hojii qophiifi raawwii pilaanii magaalaa irratti bobba'aniif leenjiiwwan gaggabaabaa hojiirraa akka argatan haala ni mijeessa; ni qindeessa; ni kenna;
3) Maanuwaalii hojimaata qophii pilaanii magaalaa waliin wal qabatu haala qabatama magaalota Naannichaa waliin wal simsiisuun ni qopheessa; ni tamsaasa;
4) Hojii qo'annootiif haala gargaaruun Godinaalee, Bulchiinsa Magaalotaafi Aanaalee waliin ta'uudhaan qophiifi raawwii pilaanii magaalotaa irratti hordoffiifi to'annoo ni gaggeessa; deeggarsa teeknikaa ni kenna;
5) Qo'annoofi qorannoo qophiifi raawwii pilaanii magaalotaa ni gaggeessa; qophiifi raawwii pilaanii magaalaa irratti mootummaa naannichaa ni gorsa;
6) Haala waliigalaa hojiirra oolmaa pilaanii magaalotaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneeniitiif ni gabaasa;

10) የግብርና ሙያ ማህበራትን ያበረታታል፤ለግብርና ምርምር የሚያስፈልጉ መረጃዎችን በመለዋወጥ ውጤታማ እንዲሆኑ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
11) በግብርና ምርምር ሥራ ላይ መሳተፍ ለሚፈልግ አካል የሙያ ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይከታተላል፤ይቆጣጠራል፤ይሰርዛል፤
12) በግብርና ልማት ሥራ ላይ የተሰማሩ አካላት የአፈር ላቦራቶሪ አገልግሎት እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ድጋፍ ይሰጣል።

**51. የከተሞች ፕላን ኢንስቲትዩት**

ኢንስቲትዩቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፦

1) የክልሉ ዞኖች፣ የከተማ መስተዳድሮችና ወረዳዎች የከተማ ፕላን ችሎታቸውንና አፈፃፀማቸውን እንዲያዳብሩ የአደረጃጀትና የአሰራር ምክርን ይዘረጋል፤
2) በዞኖች፣ በከተማ መስተዳድሮች፣ በወረዳዎች እና በግል ደረጃ በከተሞች ፕላን ዝግጅትና አፈፃፀም ላይ ለተሰማሩ ባለሙያዎች አጫጭር የሥራ ላይ ሥልጠና እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያቀናጃል፤ ይሰጣል፤
3) ከከተሞች ፕላን ዝግጅት አሠራር ጋር የተያያዘ ማኑዋልን ከክልሉ ከተሞች ተጨባጭ ሁኔታ ጋር በማጣጣም ያዘጋጃል፤ ያሰራጫል፤
4) ለጥናት ሥራ በሚረዳ መልኩ ከዞኖች፤ከከተማ መስተዳደሮችና ከወረዳዎች ጋር በመሆን በከተሞች ፕላን ዝግጅትና አፈፃፀም ላይ ክትትልና ቁጥጥር ያካሂዳል፤የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤
5) የከተሞች ፕላን ዝግጅትና አፈፃፀም ላይ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፤የከተሞች ፕላን ዝግጅትና አፈፃፀም ላይ የክልሉን መንግሥት ያማክራል፤
6) የከተሞችፕላን ተግባር ላይ አዋዋል አጠቃላይ ሁኔታን ይከታተላል፤ ጉድለት ባለበትም ለከተማ እና ቤቶች ልማት ቢሮ ሪፖርት ያደርጋል፤

10) Encourage agricultural professional associations; facilitate condition for exchange of necessary data for agricultural research activities to make them productive;
11) Provide professional license for bodies wishing to engage in agricultural research activities; renew; follow up; supervise; cancel same;
12) Facilitate conditions for bodies engaged in agricultural development activities to get soil testing laboratory services; provide support.

**51. Urbans Plan Institute**

The Institute shall have the following Power and Duties:

1) Extend organizational and working consultation for Zones, City administration and Districts of the region to develop the capacities and performances of urban plans;
2) Facilitate conditions; organize and provide on job short term trainings for experts in the Zones, City administrations, Districts and private persons engaged in preparation and implementation of urban plans;
3) Prepare work manual related to urban plan preparation in a way compatible with the tangible situation of the urban in the region and disseminate same;
4) Undertake follow up and supervision of the preparation and implementation of urban plans in collaboration with the Zones; City administrations and Districts so as to support research activities; give technical support;
5) Undertake research and study on preparation and implementation of urban plan; give advice for the regional government on preparation and implementation of urban plan;
6) Follow up the general condition of implementation of urban plans; report to Urban Development and Housing Bureau where there observed limitation;

7) Ragaalee qophiifi raawwii pilaanii magaalaaf gargaaru ni sassaaba; ni qindeessa; ni kuusa; ni tamsaasa; giddugaleessa odeeffannoo pilaanii magalotaafi ragaalee bu'uuraa dhimma pilaanii magaalaan walqabatan ta'uudhaan ni tajaajila;
8) Gaaffii Godinaaleefi Magaalotaa irratti hundaa'uun yookiin ofii isaatiin qaama dhimmi ilaalu waliin pilaanii magaalotaa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni qindeessa; ni to'ata;
9) Tajaajila magaalotaaf kennu irratti kaffaltii barbaachisu ni qorata; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
10) Qophii pilaanii ilaalchisee qo'annoo fiisikaalaa yookiin (ispaashalaa)fi hawas-diinagee ni gaggeessa; pilaanii caasawaa, pilaanii bu'uuraafi pilaanii misooma naannoo magaalotaafi giddugaleessa guddina gandoota baadiyyaa ni qopheessa; deeggarsa ogummaafi teeknikaa ni kenna; gaaffii dhiyaatu irratti hundaa'uun jijjiirraa zooniingii ni raawwata;
11) Kaartaa bu'uuraa (base map or topo map), pilaanii bu'uuraa, pilaanii qe'ee, pilaanii tarsiima'aa (strategic plan), pilaanii hulaa misoomaa (corridor development plan), pilaanii caasawaa, dizaayinii teessuma lafaa magaalotaa (urban land scape design)fi pilaanii misooma qindaa'aa magaalotaa (regional integrated development plan) ni qopheessa;
12) Hayyama hojii qophii tooppoogiraafiifi pilaanii magaalaa waldaalee intarpiraayizii maayikiroofi xixiqqaafi dhaabbilee dhuunfaatiif akkaataa seeraatiin ni kenna;
13) Pilaaniin magaalotaa qaamolee biraatiin hojjetamu sadarkaa isaa kan eeggate ta'uu isaa ni mirkaneessa;
14) Hojii sarveeyingii magaalaa ni qopheessa; yookiin akka qophaa'u ni taasisa; qophii pilaanii magaalaatiif ni oolcha; akka oolu ni taasisa; ni qindeessa; ni to'ata;

7) ለከተሞች ፕላን ዝግጅትና አፈፃፀም የሚረዱ መረጃዎችን ያሰባስባል፤ ያቀናጃል፤ ያከማቻል፤ ያሰራጫል፤ የከተሞች ፕላን እና ከከተማ ፕላን ጉዳይ ጋር ለተያያዙ መሰረታዊ ማስረጃዎች የመረጃ ማዕከል በመሆን ያገለግላል፤
8) በዞኖች እና በከተሞች ጥያቄ ላይ በመመስረት ወይም በራሱ ተነሳሽነት ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን የከተሞች ፕላን ያዘጋጃል፤ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ያቀናጃል፤ይቆጣጠራል፤
9) ለከተሞች በሚሰጠው አገልግሎት ላይ ሥለሚያስፈልገው ክፍያን አስመልክቶ ጥናት ያደርጋል፤ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ ያውላል፤
10) የፕላን ዝግጅትን አስመልክቶ የፊዚካል ወይም (የስፓሻል) እና የማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ጥናት ያካሄዳል፤ መዋቅራዊ ፕላን፣ መሰረታዊ ፕላን እና የከተሞች አካባቢ እና የገጠር መንደሮች የዕድገት ማዕከል ልማት ፕላን ያዘጋጃል፤ የሙያና የቴክኒክ ድጋፍ ይሠጣል፤ በሚቀርብ ጥያቄ ላይ በመመስረት የዞኒንግ ለውጥን ይፈጽማል፤
11) መሰረታዊ ካርታ፣ መሰረታዊ ፕላን፣ የመንደሮች ፕላን፣ ስትራቴጅክ ፕላን፣ የልማት ኮሪደር ፕላን፣ መዋቅራዊ ፕላን፤የከተሞች መሬት አቀማመጥ ዲዛይን እና የከተሞች የተቀናጀ ልማት ፕላን ያዘጋጃል፤
12) ለማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዞች ማህበራት እና ለግል ድርጅቶች የቶፖግራፊ እና የከተማ ፕላን ዝግጅት ስራ ፈቃድ በሕጉ መሰረት ይሰጣል፤
13) በሌሎች አካላት የሚሰራው የከተሞች ፕላን ደረጃውን የጠበቀ መሆኑን ያረጋግጣል፤
14) የከተማ ሰርቬይንግ ሥራን ያዘጋጃል፤እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ለከተማ ፕላን ዝግጅት እንዲውል ያደርጋል፤ ያስተባብራል፤ይቆጣጠራል፤

7) Collect; organize; store and disseminate data which help for the preparation and implementation of urban plan; serve as information center of urban plan and basic data related with issues of urban plan;
8) Prepare or cause to be prepared urban plan with concerned body upon the request of the Zones and Urban centers or by its own motion; coordinate; control same;
9) Study the service charges necessary for the service it provides for the urban; submit same to the concerned body and implement up on its authorization;
10) Undertake physical or spatial and socio-economic study regarding preparation of urban plan; prepare structural plan; basic plan and urban development and rural villages growth centers plan; provide professional and technical support; perform zoning transfer based on the request submitted;
11) Prepare base map or topographic map; basic plan; Zonal plan; strategic plan, corridor development plan; structural plan; urban landscape design and urban inte-grated development plan;
12) Issue topography and urban plan activity license for micro and small enterprise associations and private organizations on urban plan and topography preparation work in accordance with the law;
13) Ensure that the urban plan prepared by other bodies to respect the required standard;
14) Prepare or cause to be prepared urban surveying; use it; cause to be used for urban plan preparation; organize and monitor same;

15) Qophii pilaanii magaalota gurguddoo keessatti dizaayinii magaalaa ni qopheessa;

16) Kaffaltii ogummaa ogeessota kallattiidhaan qorannoofi qophii pilaanii magaalaa irratti bobba'aniif raawwatamu ilaalchisee qorannoo ni gaggeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiiraa ni oolcha;

17) Hojiilee Inistitiyuutichaatiin raawwataman qoodee qaama biraa hojjechiisuu ni danda'a.

## 52. Inistiitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo

Inistiitiyuutichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Afaan, seenaafi artii ummata Oromoo sadarkaa olaannaatti ni qorata; ni qorachiisa; bu'aalee qorannoo ni maxxansiisa; ni raabsa; qaamota dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta; barnoota idilee keessatti akka hammataman haala ni mijeessa; qorattootaaf deeggarsa ni kenna;

2) Haala qubeessuu, galumsa jechaa, sirna caaseffamaafi fayyadama Afaan Oromoo irratti qorannoo ni gaggeessa; hojiirra akka oolu ni taasisa;

3) Hojii waaltina Afaan Oromoo giddugaleessummaan ni gaggeessa; wiirtuu jechootaa qopheessuun ni raabsa; hojiirra akka oolu ni taasisa;

4) Kitaabota bu'aa qorannoowwaniifi hojii uumee guddina afaan, seenaafi adaa Oromoof gumaachan walitti ni qaba; ni gurmeessa tajaajila odeeffannoof akka oou ni taasisa;

5) Barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffamaniifi kanneen waa'ee Oromoo irratti afaan kamiinyyuu barreeffamanii maxxanfamaniifi kan hin maxxanfamin walitti ni qaba; akka barbaachisummaa isaatti ni maxxansa; gurgurtaanis ta'ee kennaan ni raabsa; mana kitaabaa keessatti tajaajila odeeffannoof akka oolu ni taasisa;

6) Madda meeshaalee godambaa qorannoon adda ni baasa; kennaanis ta'ee bittaan walitti ni qaba;



15) በትላልቅ ከተሞች የፕላን ዝግጅት ውስጥ የከተማ ዲዛይን ያዘጋጃል፤

16) የከተማ ፕላን ጥናትና ዝግጅት ላይ በቀጥታ ለሚሰማሩ ባለሙያዎች የሚከፈለውን የሙያ ክፍያን በሚመለከት ምርምር ያካሄዳል፤ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ በሚፈቀድበት ጊዜም ሥራ ላይ ያውላል፤

17) በኢንስቲትዩቱ ከሚፈጸሙ ተግባራት በማካፈል በሌላ አካል እንዲሰሩለት ሊያደርግ ይችላል።

## 52. የኦሮሞ ጥናትና ምርምር ኢንስቲትዩት

ኢንስቲትዩቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፦

1) የኦሮሞ ህዝብን ቋንቋ፣ ታሪክና አርት በከፍተኛ ደረጃ ይመረምራል፤ ያስመረምራል፤ የጥናት ውጤቶችን ያሳትማል፤ ያከፋፍላል፤ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሰራል፤ በመደበኛ ትምህርት ውስጥ እንዲካተቱ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ለተመራማሪዎች ድጋፍ ይሰጣል፤

2) የአፋንኦሮሞ የፊደል አጣጣል፣የቃላት አገባብ፣ የአወቃቀር ሥርዓት እና አጠቃቀም ሁኔታን በሚመለከት ምርምር ያካሄዳል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

3) የአፋን ኦሮሞን ስታንዳርዳይዜሽን ሥራ በማዕከላዊነት ያካሄዳል፤ መዝገበ-ቃላትን በማዘጋጀት ያሰራጫል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

4) ለኦሮሞ ቋንቋ፣ ታሪክና ባህል ዕድገት አስተዋጽኦ የሚያደርጉ የምርምር ውጤቶች የሆኑ መጽሐፍትን እና የፈጠራ ሥራዎችን ይሰበስባል፤ ያደራጃል፤ ለመረጃ አገልግሎት እንዲውል ያደርጋል፤

5) በአፋን ኦሮሞ የተጻፉ እና ኦሮሞን በሚመለከት በማንኛውም ቋንቋ ተፅፈው የታተሙና ያልታተሙ ፅሑፎችን ይሰበስባል፤ እንዳስፈላጊነቱ ያሳትማል፤ በሽያጭም ሆነ በስጦታ ያሰራጫል፤ በመፅሐፍት ቤቶች ውስጥ ለመረጃ አገልግሎት እንዲውሉ ያደርጋል፤

6) የመካነ ቅርጽ ዕቃዎች ምንጭን በምርምር ይለያል፤ በስጦታም ሆነ በግዢ ይሰበስባል፤



15) Prepare urban design in plan preparation of big cities;

16) Undertake research on professional fee paid for professionals directly engaged in research and preparation of urban plan; submit same to the concerned body; implement upon its authorization;

17) It may outsource part of the duties performed by the Institute for other bodies.

## 52. Oromo Research and Study Institute

The Institute shall have the following Power and Duties:

1) Undertake research on the language, history and arts of Oromo people in higher level; cause it to be researched; publish and distribute the findings of the research; work in collaboration with the concerned bodies; facilitate conditions to ensure them incorporated in to the regular education curriculum; provide support for the researchers;

2) Undertake research regarding the spelling, contextualization, structure system and usage of Afan Oromo; cause same to be implemented;

3) Conduct standardization of Afan Oromo at central level; prepare and distribute handbill of standardized words; cause it to be implemented;

4) Collect and organize books of research findings and that have contributed to the development of the Oromo language, history and culture; cause it to be used for information service;

5) Collect writings in Afan Oromo and in any other language about the Oromo which are published or not published; publish them as may deem necessary; distribute through sale or donation; cause same to be used for information services in the libraries;

6) Identify the source of heritage materials through research; collect them through donation or purchase;

7) Waldaalee ogeeyyii, dhaabbilee yookiin namoota dhuunfaa hojii qorannoo Oromoo deeggaran ni jajjabeessa; gargaarsas ni taasisaaf;
8) Tajaajiila kennu irratti galii argamu walitti ni qaba; bu'uura seera faaynaansiitiin hojii irra ni oolcha.

## 53. Waajjira Milishaa

Waajjirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waajjiraalee milishaa sadarkaan jiru ni gurmeessa; ni qindeessaa;
2) Dambii mootummaan naannichaa baasu irratti hundaa'uudhaan humna milishaa ni fila; ni leenjisa; ni hidhachiisa; ni bobbaasa; ni bulcha;
3) Yakka ittisuufi nageenya mirkaneessuuf qaamolee nageenyaa biroo waliin qindoominaan ni hojjeta;
4) Bakka humni poolisii hin jirretti yookiin hanqinni jirutti qaama haqaatiif deeggarsa akka kennu ni taasisa;
5) Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin haala adda ta'een yoo murtaa'e malee, milishaan hojii oomish isaa irraa akka hin fagaanne ni hordofa; ni to'ata;
6) Nageenyaafi tasgabbii naannichaafi biyyaa eeguufi kabachiisiisuuf milishaa ni bobbaasa; qaamolee naannoofi federaalaa nageenya kabachiisan waliin akka hiriiran ni taasisa;
7) Milishaan uffata seeraa walfakkaataa akka qabaatu ni hojjeta;
8) Humni milishaa dirqama addaatiif hojii idilee isaa irraa yammuu fagaatu haala maatiin isaa itti kunuunfamu ni mijeessa; ni hordofa; milisha dirqama hojiitiif bobba'ee miidhaan irra gaheef akkaataa seera rogummaa qabuutiin gargaarsi akka taasifamuuf ni taasisa;
9) Haala ummanni naannichaa gurmaa'ee nageenyaafi tasgabbii naannoo isaa ittiin eeggatu ilaalchisee hojmaata ni diriirsa; ni filata; ni gurmeessa; ni leenjisa; ni bobbaasa; ni bulcha; ni to'ata; haala hidhannoo itti argatan ilaalchisee qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

7) የኦሮሞ ምርምር ተግባርን የሚደግፉ የባለሙያዎች ማህበራትን፣ ተቋማትን ወይም ግለሰቦችን ያበረታታል፤ ድጋፍም ያደርግላቸዋል፤
8) ከሚሰጠው አገልግሎት የሚገኘውን ገቢ ይሰበስባል፤ በፋይናንስ ሕግ መሠረት ሥራ ላይ ያውላል፡፡

## 53. የሚሊሻ ጽሕፈት ቤት

ጽሕፈት ቤቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በየደረጃው ያለውን የሚሊሻ ጽሕፈት ቤት ያደራጃል፤ ያስተባብራል፤
2) የክልሉ መንግሥት በሚያወጣው ደንብ ላይ በመመሥረት የሚሊሻ ኃይል ይመርጣል፤ ያሰለጥናል፤ ያስታጥቃል፤ ያሰማራል፤ ያስተዳድራል፤
3) ወንጀልን ለመከላከልና ሠላምን ለማረጋገጥ ከሌሎች የጸጥታ አካላት ጋር በቅንጅት ይሠራል፤
4) የፖሊስ ኃይል በሌለበት ወይም እጥረት ባለበት ለፍትህ አካላት ድጋፍ እንዲሰጥ ያደርጋል፤
5) በክልሉ መንግሥት መስተዳድር በልዩ ሁኔታ ካልተወሰነ በስተቀር ሚሊሻ ከማምረት ሥራው እንዳይርቅ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
6) የክልሉን እና የሐገርን ሰላምና ጸጥታ ለመጠበቅና ለማስከበር ሚሊሻን ያሰማራል፤ ከክልል እና ከፌደራል ሰላም አስከባሪ አካላት ጋር እንዲሰለፉ ያደርጋል፤
7) ሚሊሻ ወጥ የሆነ የደንብ ልብስ እንዲኖረው ይሠራል፤
8) የሚሊሻ ኃይል ለልዩ ግዴታ ከመደበኛ ሥራው በሚርቅበት ጊዜ ቤተሰቡ እንክብካቤ የሚያገኝበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤ ይከታተላል፤ በሥራ ምክንያት ተሰማርቶ ጉዳት ለደረሰበት ሚሊሻ አግባብነት ባለው ሕግ መሠረት እርዳታ እንዲደረግለት ያደርጋል፤
9) የክልሉ ህዝብ ተደራጅቶ የአከባቢውን ሠላምና ጸጥታ የሚጠብቅበትን ሁኔታ በሚመለከት አሠራር ይዘረጋል፤ ይመለምላል፤ ያደራጃል፤ ያሰለጥናል፤ ያሰማራል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤ ትጥቅ የሚያገኙበትን አግባብ በሚመለከት ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤

7) Incentivize Professional Associations, Organizations or private persons who support the Oromo research activities; provide supports for them;
8) Collect the income derived from the services it provides; implement it in accordance with finance laws.

## 53. Office of the Militia

The Office shall have the following Power and Duties:

1) Organize; coordinate the militia offices found at each hierarchy;
2) Recruit; train; equip with arm; deploy and administer the militia forces based on the Regulation to be issued by the government of the region;
3) Work in collaboration with other peace keeping bodies so as to prevent crimes and ensure durable peace;
4) Where there is no or there is lack of police forces, cause to provide support for justice bodies;
5) Unless decided by the Regional Administrative Council in special case, follow up and control the police force not to be away from his production activities;
6) Deploy the militia so as to safeguard and uphold the peace and stability of the region and country; cause the militia to stand together with the regional and federal peace keeping forces;
7) Work for the militia to have similar legal uniform;
8) Facilitate conditions whereby the families of the militia can be taken care of where the police force is away from his regular duty for special mission; follow up same; cause the militia who is deployed for a special duty and sustain injury while discharging such duty acquire support in accordance with the appropriate law;
9) Establish work procedures whereby people of the region can be organized and protect or keep the peace and stability of his region; recruit; organize; train and deploy; administer; control; work in collaboration with the concerned body regarding the ways whereby they can acquire arms;

10) Hojiiwwan dabalataa Mana Maree Nageenyaa Naannichaatiin kennamuuf ni raawwata.

**54. Aangoofi Hojii Manneen Hojii Biroo**

Manneen hojii bu'uura Labsii kanaatiin hundeeffamanii aangoofi hojiin isaanii osoo hin tarreeffamin hafan, aangoofi hojii seera duraan ittiin hunda'aniin kennameef kan qabaatan ta'a.

## Kutaa Shan

## Itti Waamama, Aangoofi Gahee Hojii Hoggantoota Qaamolee Raawwachiiftuu

**55. Itti Waamamaa Hogganaafi Itti Aanaa**

1) Itti waamamni hogganaa manneen hojii Pirezidaantiifi Mana Marii Bulchiinsaatiif ta'a.
2) Itti waamamni Itti Aanaa manneen hojii hogganaa mana hojichaatiif ta'a.

**56. Aangoofi Gahee Hojii Hoogganaa**

Hoogganaan qaama raawwachiiftuu Labsii kanaan hundeeffame kamiyyuu aangoofi hojii mana hojii isaatiif kenname raawwachuufi raawwachiisuun akkuma eegametti ta'ee, aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojiifi baajata waggaa mana hojichaa qopheessee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Caasaa mana hojichaa qorachuun humna namaafi meeshaadhaan ni gurmeessa;
3) Haala addaatiin yoo murtaa'e malee, hojjettoota mana hojichaa akkaataa seera bulchiinsa hojjettoota mootummaatiin ni qaxara; ni bulcha; ni hooggana;
4) Mana hojichaa bakka bu'uudhaan qaamolee adda addaa waliin wal qunnamtii hojii ni taasisa; walgahii irratti ni hirmaata;
5) Hojii isaa sirnaan gaggeessuuf seera biroo baasuun barbaachisaa ta'ee yammuu argamu, wixinee seeraa burqisiisuudhaan qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;



10) በክልሉ ጸጥታ ምክር ቤት የሚሰጡትን ተጨማሪ ተግባራትን ይፈጽማል።

**54. የሌሎች መሥሪያ ቤቶች ሥልጣንና ተግባር**

በዚህ አዋጅ መሠረት ተመስርተው ነገር ግን ሥልጣንና ተግባራቸው ሳይዘረዘር የቀሩ መሥሪያ ቤቶች አስቀድሞ በተመሠረቱበት ሕግ የተሰጣቸው ሥልጣንና ተግባር የሚኖራቸው ይሆናል።

## ክፍል አምስት

## የአስፈፃሚ አካላት ኃላፊዎች ተጠሪነት፣ ሥልጣንና ተግባር

**55. የኃላፊ እና የምክትል ኃላፊ ተጠሪነት**

1) የመሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎች ተጠሪነት ለፕሬዝዳንት እና ለመስተዳደር ምክር ቤት ይሆናል።
2) የመሥሪያ ቤቶች ምክትል ኃላፊዎች ተጠሪነት ለየመሥሪያ ቤቶቹ ኃላፊዎች ይሆናል።

**56. የኃላፊ ሥልጣንና ተግባር**

በዚህ አዋጅ የተቋቋመ ማንኛውም አስፈፃሚ አካል ኃላፊ ለመሥሪያ ቤቱ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባራት መፈፀምና ማስፈፀም እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፦

1) የመሥሪያ ቤቱን ዓመታዊ የሥራና በጀት ዕቅድ በማዘጋጀት ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፣ ሲፈቀድም ተግባር ላይ እንዲውል ያደርጋል፣
2) የመሥሪያ ቤቱን መዋቅር በማጥናት በሰው ሀይልና በሎጂስቲክስ ያደራጃል፣
3) በልዩ ሁኔታ ካልተወሰነ በስተቀር የመሥሪያ ቤቱን ሰራተኞች በመንግስት ሠራተኞች አስተዳደር ህግ መሰረት ይቀጥራል፣ያስተዳድራል፣ይመራል፣
4) መሥሪያ ቤቱን በመወከል ከተለያዩ አካላት ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል፣ስብሰባዎች ላይ ይሣተፋል፣
5) ተግባሩን በአግባቡ ለማካሄድ ሌላ ህግ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ የህግ ረቂቅ በማመንጨት ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፣



10) Perform additional duties assigned to it by the Security Council of the Region.

**54. Power and Duties of Other Government Institutions**

The Government Institutions established pursuant to this Proclamation which their power and duties is not listed down shall have the power and duties assigned to them by their respective establishment laws.

## Part Five

## Accountability, Power and Duties of Heads of the Executive Organs

**55. Accountability of the Head and Deputy Head**

1) Accountability of the heads of government institutions shall be to the President and to the Administrative Council.
2) Accountability of the deputy heads of government offices shall be to the heads of government offices.

**56. Power and Duties of the Head**

Any head of an executive organ established by this proclamation, without prejudice to implement or cause implementation of the power and duties assigned to his institution, shall have the following power and duties:

1) Prepare annual work and budget plan of the institution or office and submit to the concerned body; cause to be implemented upon its approval;
2) Study the organizational structure of the institution and organize the office with man power and necessary furniture;
3) Unless decided otherwise, employ, administer and manage the employees in accordance with the public servants administration law;
4) Make work relations with various bodies on behalf of the government institution; attend meetings;
5) Initiate and submit draft laws to the concerned body in case where it is found necessary to enact other laws to properly conduct its duties;

6) Aangoofi gahee hojii seeraan kennameef sirnaan bahuuf kan isa dandeessisu adeemsota hojii adda addaa akkaataa barbaachisummaa isaatti ni gurmeessa;
7) Hojiirra oolmaa imaammata, tarsimoo, karoora, seeraafi sagantaalee hojii mana hojichaatiin bahan ragaafi gabaasa agarsiisuu danda'u walitti ni qaba; ni gurmeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
8) Aangoofi hojii mana hojichaa hojiirra ni oolcha; mana hojii hogganu bakka ni bu'a;
9) Qabeenya mana hojichaa ni bulcha;
10) Sirna hoggansa raawwii mana hojichaa hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa.

## 57. Aangoofi Gahee Hojii Hoogganaa Itti Aanaa

Hoogganaan Itti Aanaan aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammanni, tarsiimoon, karoorri, seerriifi sagantaaleen hojii mana hojichaatiin bahan hojiirra akka oolu hoogganaa ni gargaara;
2) Damee addaa bahee kennamuuf ni hoggana;
3) Hojiiwwan hoogganaa mana hojichaatiin kennamaniif kan biroo ni raawwata;
4) Hogganaan haala addaatiin yoo murteesse malee, bakka hogganaan hin jirretti itti aanaan muudamaan dursu hogganaa bakka bu'ee ni hojjeta.

## 58. Qaamolee Boordiidhaan Hoogganaman

1) Labsiin kun osoo hin bahin dura qaamonni raawwachiiftuu Boordiidhaan gaggeeffamaa turan kamiyyuu akkaatuma seera ittiin hundeeffamaniin hojii isaanii kan itti fufan ta'a.
2) Seera itti hundeeffameen haala addaatiin kan tumame yoo ta'e malee, itti waamamni Boordii kamiyyuu, Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Boordiilee haarawaa hundeessuu ni danda'a.

6) በህግ የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባራት በአግባቡ ለመወጣት የሚያስችሉትን የተለያዩ የሥራ ሂደቶች እንደአስፈላጊነቱ ያደራጃል፤
7) በመሥሪያ ቤቱ የወጡ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ዕቅዶች፣ ሕጎችና የሥራ ፕሮግራሞችን ሥራ ላይ መዋል ሊያሳዩ የሚችሉ መረጃዎችና ሪፖርቶችን ይሰበስባል፤ያደራጃል፤ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤
8) የመሥሪያ ቤቱን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ ያውላል፤ የሚመራውን መሥሪያ ቤት ይወክላል፤
9) የመሥሪያ ቤቱን ሐብት ያስተዳድራል፤
10) የመሥሪያ ቤቱ የአፈጻጸም አመራር ሥርዓት ሥራ ላይ መዋሉን ያረጋግጣል።

## 57. የምክትል ኃላፊ ሥልጣንና ተግባራት

ምክትል ኃላፊ ሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-

1) በመሥሪያ ቤቱ የወጡ ፖሊሲ፤ ስትራደቴጂ፤ ዕቅድ፤ ሕግ እና የሥራ ፕሮግራሞች ተግባር ላይ እንዲውሉ ኃላፊውን ያግዛል፤
2) ተለይቶ የሚሰጠውን ዘርፍ ይመራል፤
3) በኃላፊው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል፤
4) ኃላፊውበተለየ ሁኔታ ካልወሰነ በስተቀር ዋና ኃላፊው በማይኖርበት ጊዜ በሹመት ጊዜ የሚቀድም ምክትል ኃላፊ ዋና ሐላፊውን በመወከል ይሠራል።

## 58. በቦርድ የሚመሩ አካላት

1) ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት በቦርድ ይመሩ የነበሩ ማናቸውም አስፈፃሚ አካላት በተቋቋሙበት ህግ መሠረት ሥራቸውን የሚቀጥሉ ይሆናል።
2) በተቋቋመበት ህግ በተለየ ሁኔታ ካልተደነገገ በስተቀር የማንኛውም ቦርድ ተጠሪነት ለክልሉ ፕሬዚዳንት ይሆናል።
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 የተደነገገው ቢኖርም የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት አዲስ ቦርዶችን ሊያቋቁም ይችላል።

6) Organize various work processes that enable it properly discharge the power and duties legally assigned to it;
7) Collect and organize evidences and reports indicating the policies, strategies, plan, laws and programs issued by the institution; pass on same to the concerned body;
8) Implement the power and duties of the institution; represent the institution he is managing;
9) Administer resources of the institution;
10) Ensure the implementation of the performance management system of the office.

## 57. Power and Duties of the Deputy Head

The deputy head shall have the following Power and Duties:

1) Assist the head for the implementation of the strategies, policies, plan, laws, and programs issued by the institution;
2) Manage the branch specifically assigned to him;
3) Carry out other duties assigned to him by the head of the institution;
4) Unless the head decides specifically, the deputy preceding others in appoint shall represent the head and work in his absence.

## 58. Organs Headed by Board

1) Any executive organ that has been headed by Board prior to the promulgation of this proclamation shall proceed discharging their duties as per the laws of their establishment.
2) Unless it is specially provided under its establishment law, accountability of any Board shall be to the President of the Region.
3) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this Article, Administrative Council of the Regional Government may establish new Boards.

## Kutaa Jaha

## Miseensota, Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Godinaa, Aanaafi Gandaa

### 59. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Godinaa

1) Manni Maree Bulchiinsaa Godinaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
(a) Bulchaa;
(b) Itti Aanaa Bulchaa;
(c) Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa;
(d) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Magaalaafi Manneenii;
(e) Ittigaafatamaa Waajjira Paabiliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa;
(f) Ittigaafatamaa Waajjira Barnootaa;
(g) Ittigaafatamaa Waajjira Fayyaa;
(h) Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa;
(i) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa;
(j) Ittigaafatamaa Waajjira Bishaaniifi Inarjii;
(k) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa;
(l) Ittigaafatamaa Waajjira Aadaafi Turizimii;
(m) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa;
(n) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa;
(o) Ittigaafatamaa Waajjira Investimantiifi Industirii;
(p) Ittigaafatamaa Waajjira Dargaggoofi Ispoortii;
(q) Ittigaafatamaa Waajjira Daldalaa;
(r) Ittigaafatamaa Waajjira Galiiwwanii;
(s) Ittigaafatamaa Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa;
(t) Ittigaafatamaa Waajjira Kominikeeshinii;
(u) Ittigaafatamaa Waajjira Daandiifi Loojistiksii;
(v) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii;
(w) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa;
(x) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, baay'inni miseensota Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Mana Maree Bulchiin-saa Mootummaa Naannichaatiin hir'achuu yookiin dabalamuu ni danda'a.

## ክፍል ስድስት

## የዞን፣ ወረዳ እና የቀበሌ መሥተዳድር ምክር ቤት አባላት ሥልጣንና ተግባራት

### 59. የዞን መስተዳደር ምክር ቤት አባላት

1) የዞን መስተዳድር ምክር ቤት የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
(ሀ) አስተዳዳሪ፤
(ለ) ምክትል አስተዳዳሪ፤
(ሐ) የግብርና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(መ) የከተማና ቤቶች ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሠ) የፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ሀብት ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ረ) የትምህርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሰ) የጤና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሸ) የዐቃቤ ሕግ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ቀ) የአስተዳደርና ፀጥታ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(በ) የውሃና ኢነርጂ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ተ) የገንዘብ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ቸ) የባህልና ቱሪዝም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ኀ) የመሬት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ነ) የመስኖ ልማትና አርብቶ አደር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ኘ) የኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(አ) የወጣቶችና ስፖርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ከ) የንግድ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ኸ) የገቢዎች ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ወ) የሥራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ዐ) የኮሙኒኬሽን ጉዳዮች ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ዘ) የመንገድና ሎጂስትክስ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ዠ) የሴቶችና ሕፃናት ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(የ) የሰራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ደ) የአስተዳደር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ።

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 የተደነገገው ቢኖርም፤ የምክር ቤቱ አባላት ብዛት እንደአስፈላጊነቱ በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ሊቀንስ ወይም ሊጨምር ይችላል።

## Part Six

## Members, Power and Duties of Zonal, Urban, District and Kebele Administrative Councils

### 59. Members of Zonal Administrative Council

1) The Zonal Administrative Council shall have the following members:
(a) Administrator;
(b) Vice Administrator;
(c) Head of Agriculture Office;
(d) Head of Urban and Housing Development Office;
(e) Head of Public Service and Human Resources Development Office;
(f) Head of Education Office;
(g) Head of Health Office;
(h) Head of Public Prosecutor Office;
(i) Head of Administration and Security Office;
(j) Head of Water and Energy Office;
(k) Head of Finance Office;
(l) Head of Culture and Tourism Office;
(m) Head of Land Office;
(n) Head of Irrigation and Pastoralist Development Office;
(o) Head of Investment and Industry Office;
(p) Head of Youth and Sports Office;
(q) Head of Trade Office;
(r) Head of Revenue Office;
(s) Head of Job Creation and Vocational Office;
(t) Head of Communication Office;
(u) Head of Roads and Logistics Office;
(v) Head of Women and Children Affairs Office;
(w) Head of Labor and Social Affairs Office;
(x) Head of Administration Office.

2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this Article, the number of members of the Council may be decreased or increased by the Regional Administrative Council as may be necessary.

3) Bulchaafi Itti Aanaa Bulchaan Godinaa Pirezidaantii Naannichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan muudaman ta'a.

4) Itti waamamni Bulchaa Godinaa Pireezdaantii Naannichaatiif ta'a.

5) Itti waamamni Itti Aanaa Bulchaa Godinaa Bulchaa Godinichaatiif ta'a.

6) Bulchaan Godinaa Miseensa Mana Maree Bulchiinsaa Godinaafi ittigaafatamtoota manneen hojii biroo osoo hin muudin dura waa'ee nama muudamuuf kaadhimame ilaalchisee Hoogganaa Biiroo yookiin Mana Hojii ol'aanaa kaadhimamaa waliin mari'achuu qaba.

7) Muudamni akkaataa Keewwata kana Keewwta Xiqqaa 6 jalati tumameen hin raawwatamne fudhatama kan hin qabneefi qaama adeemsa kanaan ala hojjete seeraan kan gaafachiisu ta'a.

8) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, Ittigaafatamtoonni Waajjira Abbaa Alangaa, Manneen Sirreessaafi Waajjiraa Poolisii kan ramadaman haaluma walduraa duuba isaaniitiin Gumii Bulchiinsaa Abbootii Alangaatiin, Gumii yookiin Komishinaraan ta'a.

9) Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Keewwata 73 jalatti kennameef akkuma eegametti ta'ee, Bulchaan Godinaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

(a) Aanaalee, akkasumas Magaalonni itti waamamni isaanii Godinichaaf ta'e kees-satti raawwii imaammataa, seeraafi qajeelfamota mootummaa ni qindeessa; ni hordofa; ni qorata; ni madaala; ni deeggara;

(b) Hojii Bulchiinsa Aanaalee, akkasumas magaalota itti waamani isaanii Godinichaaf ta'e ol'aantumaadhaan ni qindeessa; ni hordofa; ni qorata; ni madaala; ni deeggara; qajeelfama barbaachisaa ta'e ni kenna.

10) Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Keewwata 74 jalatti kennameef akkuma eeggametti ta'ee, Bulchaa Itti Aanaan Godinaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:



3) የዞን አስተዳዳሪና ምክትል አስተዳዳሪ በክልሉ ፕሬዝዳንት ቀርበው በክልሉ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት የሚሾሙ ይሆናል፡፡

4) የዞን አስተዳዳሪ ተጠሪነት ለክልሉ ፕሬዚዳንት ይሆናል፡፡

5) የዞን ምክትል አስተዳዳሪ ተጠሪነት ለዞኑ አስተዳዳሪ ይሆናል፡፡

6) የዞኑ አስተዳዳሪ የዞን ምክር ቤት አባላትንና የሌሎች መሥሪያ ቤቶችን ኃላፊዎችን ከመሾሙ በፊት ለመሾም ስለታጨው ሰው ሁኔታ ከቢሮ ወይም ከእጩው ሰው የበላይ መሥሪያ ቤት ኃላፊ ጋር መወያየት አለበት፡፡

7) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 6 ሥር በተደነገገው መሰረት ያልተፈፀመ ሹመት ተቀባይነት የሌለውና ከዚህ አካሄድ ውጪ የፈፀመን አካል በህግ የሚያስጠይቅ ይሆናል፡፡

8) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 6 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የዐቃቤ ሕግ ጽህፈትቤት፣ የማረሚያ ቤቶች አስተዳደር እና የፖሊስ ጽህፈት ቤት ኃላፊ የሚመደቡት እንደ ቅደም ተከተላቸው በዐቃቤያን ህግ አስተዳደር ጉባዔ፣ በጉባዔ ወይም በኮሚሽነር ይሆናል፡፡

9) በሕገ-መንግስቱ አንቀፅ 73 ሥር የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ የዞን አስተዳዳሪ የሚከተሉትሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-

(ሀ) ተጠሪነታቸው ለዞኑ በሆኑ ወረዳዎች እንዲሁም ከተሞች ውስጥ ያለውን የመንግስት ፖሊሲ፤ህግና መመሪያዎች አፈፃፀምን ያስተባብራል፤ ይከታተላል፤ ይመረምራል፤ ይገመግማል፤ይደግፋል፤

(ለ) የወረዳ አስተዳደሮችን እንዲሁም ተጠሪነታቸው ለዞኑ የሆኑ ከተሞችን ስራ በበላይነት ያስተባብራል፤ይከታተላል፤ይገመግማል፤ይመዝናል፤ይደግፋል፤ አስፈላጊውን መመሪያ ይሰጣል፡

10) በሕገ-መንግስቱ አንቀፅ 74 ሥር የተሰጠው ሥልጣንና ተግባራት እንደተጠበቀ ሆኖ የዞን ምክትል አስተዳዳሪ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-



3) The Zonal Administrator and Vice Administrator shall be appointed by the Regional Administrative Council upon presentation by the President of the Regional State.

4) The Zonal Administrator shall be accountable to the President of the Region.

5) The Zonal vice Administrator shall be accountable to the Zonal Administrator.

6) The Zonal Administrator shall discuss with the head of Bureau or head office of the candidate regarding the nominee who is going to be appointed before appointing as member of the Zonal Administrative Council and heads of other government institutions.

7) Appointments not performed pursuant to sub article 6 of this article shall not be accepted and anybody who has acted in a way other than this procedure shall be held legally responsible.

8) Without prejudice to sub article 6 of this article, the heads of the Zonal Prosecution Office, Prison Administration and the Police Office shall be assigned by the Public Prosecutors Administration Commission, by the Commission or by the commissioner respectively.

9) Without prejudice to the power and duties assigned to him under Article 73 of the Constitution, the Zonal administrator shall have the following power and duties:

(a) Coordinate, follow up, investigate, evaluate and support the performances of government policies, laws and directives within the Districts and towns accountable to the Zone;

(b) Chiefly Coordinate, follow up, investigate, evaluate and support the work performance of the district administrations as well as Urban accountable to the Zone; give necessary direction to them;

10) Without prejudice to the powers and duties entrusted to him under Article 74 of the Constitution, the Zonal Vice Administrator shall have the following power and duties:

(a) Bakka Bulchaan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta;
(b) Hojiiwwan Bulchaan kennamaniif kan biroo ni raawwata.

**60. Aangoofi Hojii Bulchiinsa Godinaa**

Bulchiinsi Godinaa aangoofi hojii Heera Mootummaa Keewwata 71 jalatti tumame ni qabaata.

**61. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa**

Baay'inni miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa akkaataa seera bulchiinsa magaalota naannichaa ilaalchisee bahuun sadarkaafi gurmaa'insa magaalichaatiin kan murtaa'u ta'a.

**62. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Magaalaa**

Manni Maree Bulchiinsaa Magaalaa aangoofi hojii seera Bulchiinsa Magaalota naannichaa ilaalchisee bahuun kan murtaa'u ta'a.

**63. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa**

1) Manni Maree Bulchiinsaa Aanaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
(a) Bulchaa;
(b) Itti Aanaa Bulchaa;
(c) Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa;
(d) Ittigaafatamaa Waajjira Paabiliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa;
(e) Ittigaafatamaa Waajjira Barnootaa;
(f) Ittigaafatamaa Waajjira Fayyaa;
(g) Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa;
(h) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa;
(i) Ittigaafatamaa Waajjira Bishaaniifi Inarjii;
(j) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa;
(k) Ittigaafatamaa Waajjira Aadaafi Turizimii;
(l) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa;
(m) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa;
(n) Ittigaafatamaa Waajjira Daldalaa;
(o) Ittigaafatamaa Waajjira Galiiwwanii;
(p) Ittigaafatamaa Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa;

(ሀ) አስተዳዳሪው በሌለበት እሱን ተክቶ ይሰራል፤
(ለ) በአስተዳዳሪው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል።

**60. የዞን መስተዳድር ሥልጣንና ተግባር**

የዞን መስተዳድር በሕገመንግስቱ አንቀፅ 71 ሥር የተደነገጉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል።

**61. የከተማ መስተዳድር ምክር ቤት አባላት**

የከተማ መስተዳድር ምክር ቤት አባላት ብዛት የክልሉን ከተማ አስተዳደሮችን በሚመለከት በሚወጣ ሕግ መሠረት በከተማው ደረጃና አደረጃጀት የሚወሰን ይሆናል።

**62. የከተማ መስተዳድር ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባር**

የከተማ መስተዳድር ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባር የክልሉ ከተሞች አስተዳደርን በሚመለከት በሚወጣ ሕግ መሠረት የሚወሰን ይሆናል።

**63. የወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት አባላት**

1) የወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
(ሀ) አስተዳዳሪ፤
(ለ) ምክትል አስተዳዳሪ፤
(ሐ) የግብርና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(መ) የፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ሀብት ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሠ) የትምህርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ረ) የጤና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሰ) የዐቃቤ ሕግ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ሸ) የአስተዳደርና ፀጥታ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ቀ) የውሃና ኢነርጂ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(በ) የገንዘብ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ተ) የባህልና ቱሪዝም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ቸ) የመሬት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ኀ) የመስኖና አርብቶ አደር ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ነ) የንግድ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(አ) የገቢዎች ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤
(ከ)የሥራ ዕድል ፈጠራ እና ሙያ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፤

(a) Work on behalf of the Administrator in his absence;
(b) Carry out other duties given to him by the Zonal Administrator.

**60. Power and Duties of the Zonal Administration**

The Zonal Administration shall have the power and duties provided under Article 71 of the Constitution.

**61. Members of Urban Administrative Council**

The number of members of the Urban Administrative Council shall be determined by the level/grade and structure of the urban centers specified as per the law to be issued regarding the administration of urban in the region.

**62. Power and Duties of City Administrative Council**

Urban Administrative Council shall be determined by the power and duties assigned with the law to be issued regarding Urban Administrations of the region.

**63. Members of the District Administrative Council**

1) The District Administrative Council shall have the following members:
(a) Administrator;
(b) Vice Administrator;
(c) Head of Agriculture Office;
(d) Head of Public Service and Human Resource Development Office;
(e) Head of Education Office;
(f) Head of Health Office;
(g) Head of Public Prosecutor's Office;
(h) Head of Administration and Security Office;
(i) Head of Water and Energy Office;
(j) Head of Finance Office;
(k) Head of Culture and Tourism Office;
(l) Head of Land Office;
(m) Head of Irrigation and Pastoralist Development Office;
(n) Head of Trade Office;
(o) Head of Revenues Office;
(p) Head of Job Creation and Vocational Office;

(q) Ittigaafatamaa Waajjira Investimantiifi Industirii;
(r) Ittigaafatamaa Waajjira Dargaggoofi Ispoortii
(s) Ittigaafatamaa Waajjira Koominikeeshinii;
(t) Ittigaafatamaa Waajjira Daandiifi Loojistiksii;
(u) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii;
(v) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa;
(w) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, baay'inni miseensota Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin hir'achuu yookiin dabalamuu ni danda'a.
3) Bulchaan Aanaa akkaataa Heera Mootummaa Keewwata 86 (1) fi Keewwata 87 (1) (akka fooyya'etti) kan muudamu ta'ee, itti waamamni isaa Mana Maree Aanichaafi Bulchaa Godinaatiif ta'a.
4) Bulchaa Itti Aanaan Bulchaa Aanaachaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanichaatiin kan muudamu ta'ee, itti waamamni isaa Bulchaa Aanichaatiif ta'a.
5) Bulchaan Aanaa miseensa Mana Maree Bulchiinsaa yookiin itti gaafatamtoota manneen hojii biroo osoo hin muudin dura waa'ee nama muudamaaf kaadhimame ilaalchisee Hoogganaa mana hojii sadarkaa Godinaa kaadhimamaa waliin mari'achuu qaba.
6) Muudamni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti tumameen hin raawwatamne fudhatama kan hin qabneefi qaamni adeemsa kanaan ala raawwate seeraan kan gaafatamu ta'a.
7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, Ittigaafatamtoonni Waajjira Abbaa Alangaa, Manneen Sirreessaafi Waajjira Poolisii kan ramadaman haaluma walduraa duuba isaaniitiin Gumii Abbootii Alangaatiin, Gumii yookiin Komishinaraan ta'a.

(ኸ) የኢንቨስትመንትና ኢንዱስትሪ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(ወ) የወጣቶችና ስፖርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(ዐ) የኮሙኒኬሽን ጉዳዮች ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(ዘ) የመንገድና ሎጂስቲክስ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(ዠ) የሴቶችና ህፃናት ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(የ) የሰራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ፣
(ደ) የአስተዳደር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ።

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 የተደነገገው ቢኖርም፣ የምክር ቤት አባላት ብዛት እንደ አስፈላጊነቱ በክልሉ የመንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ሊቀንስ ወይም ሊጨምር ይችላል።
3) የወረዳ አስተዳዳሪ በክልሉ ሕገ-መንግስቱ አንቀጽ 86(1) እና አንቀፅ 87(1) (እንደተሻሻለው) መሠረት የሚሾም ሆኖ ተጠሪነቱ ለወረዳው ምክር ቤትና ለዞኑ አስተዳዳሪ ይሆናል።
4) የወረዳ ምክትል አስተዳዳሪ በወረዳው አስተዳዳሪ አቅራቢነት በወረዳው ምክር ቤት የሚሾም ሆኖ ተጠሪነቱ ለወረዳው አስተዳዳሪ ይሆናል።
5) የወረዳው አስተዳዳሪ የወረዳውን መስተዳድር ምክር ቤት አባላት ወይም የሌሎች መሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎችን ከመሾሙ በፊት ለሹመት የታጩ ሰዎችን በሚመለከት በዞን ደረጃ ከሚገኙ የእጩዎች መሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎች ጋር መመካከር አለበት።
6) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 5 ሥር በተደነገገው መሰረት ያልተፈፀመ ሹመት ተቀባይነት የሌለው እና ከዚህ አካሄድ ውጪ ሹመት የፈፀመ አካልም በህግ የሚጠየቅ ይሆናል።
7) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 5 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የዐቃቤ ሕግ ጽሕፈት ቤት፣ የማረሚያ ቤቶች አስተዳደር እና የፖሊስ ጽሕፈት ቤት ኃላፊዎች የሚመደቡት እንደ ቅደም ተከተላቸው በዐቃቤያን ሕግ አስተዳደር ጉባኤ፣ በጉባዔ ወይም በኮሚሽነር ይሆናል።

(q) Head of Investment and Industry Office;
(r) Head of Youth and Sports Office;
(s) Head of Communication Affairs Office;
(t) Head of Roads and Logistics Office;
(u) Head of Women and Children's Affairs Office;
(v) Head Labor and Social Affairs Office;
(w) Head of Administration Office.

2) Notwithstanding to sub article 1 of this Article, the Regional Administrative Council may increase or decrease the number of members of the Council as may be necessary.
3) The District Administrator shall be appointed pursuant to Article 86(1) and 87(1) (as amended) of the Constitution and his accountability shall be to the District Council and for Zone Administrator.
4) District Vice administrator shall be appointed by District Council upon recommendation by the District Administrator and its accountability shall be to the District administrator.
5) The District Administrator shall discuss with the head of the Zonal level Administration Office of the candidate regarding the nominee who is going to be appointed before appointing member of the Zonal Administrative Council or the heads of other government institutions or offices.
6) The appointment which is not performed as provided under sub article 5 of this Article shall not be acceptable and the body that performed in a way other than this procedure shall be held liable.
7) Without prejudice to the appointment under sub article 5 of this Article, the heads of the Prosecutor Office, Prison Administration and the Police Offices shall be assigned by the Public Prosecutors Administration Commission, by Commission and by the commissioner respectively.

8) Heera Mootummaa Keewwata 87 (2) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Bulchaan Aanaa haala raawwii hojii mootummaa ilaalchisee Bulchaa Godinaatiif gabaasa ni dhiyeessa.

**64. Aangoofi Hojii Mana Maree Bulchiinsa Aanaa**

Manni Maree Bulchiinsaa Aanaa aangoofi hojii Heera Mootummaa Keewwata 85 jalatti tumame ni qabaata.

**65. Miseensota Mana Maree Bulchiinasa Gandaa**

1) Manni Maree Bulchiinsaa Gandaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
(a) Bulchaa;
(b) Itti Aanaa Bulchaa;
(c) Maanaajara Gandaa;
(d) Qindeessaa Deeskii Misooma Qonnaa;
(e) Qindeessaa Deeskii Misooma Barnootaa;
(f) Qindeessaa Deeskii Fayyaa;
(g) Qindeessaa Deeskii Dhimma Nageenyaa;
(h) Qindeessaa Deeskii Dhimma Dubartootaafi hawaasummaa;
(i) Qindeessaa Deeskii Bu'uuraalee Misoomaa;
(j) Qindeessaa Deeskii Carraa Hojii Uumuufi Faayinaansii Baadiyyaa;
(k) Qindeessaa Deeskii Daldalaa, Bulchiinsa Faayinaansiifi Qabeenyaafi Galii.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, baay'inni miseensota Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin hir'achuu yookiin dabalamuu ni danda'a;

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a-k) kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ittigaafatamtoonni qaamolee mootummaa Gandichaa kan dabalu yoo ta'e, Mana Maree Gandichaa keessatti kan hirmaatan ta'a.



8) በሕገ-መንግሥቱ አንቀፅ 87(2) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የወረዳ አስተዳዳሪ የመንግሥት ሥራ አፈፃፀምን በሚመለከት ለዞን አስተዳዳሪ ሪፖርት ያቀርባል፡፡

**64. የወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባር**

የወረዳ መስተዳድር ምክር ቤት በሕገ-መንግስቱ አንቀፅ 85 ሥር የተደነገጉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡፡

**65. የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤት አባላት**

1) የቀበሌ መስተዳድር ምክር ቤት የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
(ሀ) አስተዳዳሪ፤
(ለ) ምክትል አስተዳዳሪ፤
(ሐ) የቀበሌ ማናጀር፤
(መ) የግብርና ልማት ዴስክ አስተባባሪ፤
(ሠ) የትምህርት ልማት ዴስክ አስተባባሪ፤
(ረ) የጤና ዴስክ አስተባባሪ፤
(ሰ) የጸጥታ ጉዳይ ዴስክ አስተባባሪ፤
(ሸ) የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ዴስክ አስተባባሪ፤
(ቀ) የመሠረተ-ልማቶች ዴስክ አስተባባሪ፤
(በ) የገጠር የሥራ ዕድል ፈጠራ እና ፋይናንስ ዴስክ አስተባባሪ፤
(ተ) የንግድ፣ የፋይናንስና ሐብት አስተዳደር እና ገቢ ዴስክ አስተባባሪ፡፡

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ የምክር ቤት አባላት ብዛት እንዳስፈላጊነቱ በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ሊቀንስ ወይም ሊጨምር ይችላል፡፡

3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1(ሀ-ተ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የቀበሌው የመንግሥት አካላት ኃላፊዎች ብዛት የሚጨምር ከሆነ በቀበሌው ምክር ቤት ውስጥ የሚሳተፉ ይሆናል፡፡



8) Without prejudice to the provision specified under article 87 (2) of the constitution, the District Administrator shall submit report to the Zone Administrator regarding the Government work performances.

**64. Power and Duties of District Administrative Council**

The District Administrative Council shall have the power and duties provided under Article 85 of the Constitution.

**65. Members of the Kebele Administrative Council**

1) The Kebele Administrative Council shall have the following members:
(a) The Administrator;
(b) Vice Administrator;
(c) Kebele Manager;
(d) Coordinator of Agriculture Development Desk;
(e) Coordinator of Education Development;
(f) Coordinator of Health Desk;
(g) Coordinator of Security Affairs Desk;
(h) Coordinator of Women and Social Affairs Desk;
(i) Coordinator of Infrastructure Development;
(j) Coordinator of Rural Job Creation and Finance Desk;
(k) Coordinator of Trade, Finance and Resource Administration and Revenues Desk.

2) Notwithstanding to sub article 1 of this article, the Regional Administrative Council may increase or decrease the number of members of the Administrative Council as may found necessary.

3) Notwithstanding to sub article 1(a - k) of this article, if the heads of the Kebele Administrative bodies increases, they shall participate in the Kebele Council.

4) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa, Bulchaa Gandichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Gandaatiin kan muudaman ta'ee, itti waamamni isaanii Bulchaa Gandaafi Mana Maree Gandichaatiif ta'a.
5) Manni Maree Bulchiinsa Gandaa sochii siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa Gandichaa raawwachiisuuf koree miseensota Mana Maree Gandaafi jiraattota Gandichaa of keessaa qabuun ni gurmaa'a.
6) Bulchaafi Itti Aanaa Bulchaan Gandaa akkuma walduraa duuba isaaniitiin Heera Mootummaa Keewwata 97 (1) fi 99 (1) jalatti tumameen kan muudaman ta'a.
7) Itti waamamni Bulchaa Gandaa Mana Maree Gandichaafi Bulchaa Aanaatiif ta'a.
8) Aangoofi hojiin Heera Mootummaa Keewwata 98 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, Bulchaan Gandaa sochii siyaasaa, diinagdeefi haawasummaa Gandichaa olaantummaadhaan ni hooggana; ni qindeessa; ni to'ata; Mana Maree Gandichaafi Bulchaa Aanaatiif gabaasa ni dhiyeessa.

## 66. Dirqama Qaama Raawwachiiftuu

Qaamni raawwachiiftuu kamiyyuu raawwii aangoofi hojii seeraan mana hojichaatiif kenname ilaalchisee mana hojii olaanaa isaatiif gabaasa dhiyeessuufi qajeelfama hojii kennamuuf raawwachuufi raawwachiisuuf dirqama ni qabaata.

## 67. Damee Manneen Hojii

1) Labsii kana Keewwata 12 jalatti Manneen hojii ibsaman akkaataa akaakuufi bal'ina hojii isaaniitiin sadarkaa Godinaa, Aanaa, Magaalaa yookiin Gandaatti gulantaa bulchiinsaa lama yookiin lamaa ol walitti butuudhaan yookiin gulantaa Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hundatti damee qabaachuu ni danda'u.
2) Moggaaffamniifi sadarkaan damee mana hojichaa caaseffamaafi gurmaa'ina manni hojii olaanaa dhimmi ilaalu dhiyeeffatu irratti hundaa'uudhaan Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan murtaa'u ta'a.

4) የመስተዳድር ምክር ቤቱ አባላት በቀበሌው አስተዳዳሪ ቀርበው በቀበሌው ምክር ቤት የሚሾሙ ሆኖ ተጠሪነታቸውም ለቀበሌው አስተዳዳሪና ለቀበሌው ምክር ቤት ይሆናል፡፡
5) የቀበሌው መስተዳድር ምክር ቤት የቀበሌውን ፖለቲካዊ፣ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ እንቅስቃሴዎችን ለማስፈፀም የቀበሌ ምክር ቤት አባላትና የቀበሌውን ነዋሪዎች በውስጡ ባካተተ ኮሚቴ ይደራጃል፡፡
6) የቀበሌው አስተዳዳሪና ምክትል አስተዳዳሪ እንደቅደም ተከተላቸው በሕገ-መንግስቱ አንቀፅ 97 (1) እና አንቀፅ 99(1) ሥር በተደነገገው መሠረት የሚሾሙ ይሆናል፡፡
7) የቀበሌው አስተዳዳሪ ተጠሪነት ለቀበሌው ምክር ቤትና ለወረዳው አስተዳዳሪ ይሆናል፡፡
8) በሕገ-መንግስቱ አንቀፅ 98 ሥር የተደነገገው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ የቀበሌው አስተዳዳሪ የቀበሌውን ፖለቲካዊ፣ ኢኮኖሚያዊን ማህበራዊ እንቅስቃሴዎችን በበላይነት ይመራል፣ ያስተባብራል፣ ይቆጣጠራል፣ ለቀበሌው ምክር ቤትና ለወረዳው አስተዳዳሪ ሪፖርት ያቀርባል፡፡

## 66. የአስፈፃሚ አካላት ግዴታ

ማንኛውም አስፈፃሚ አካል ለመሥሪያ ቤቱ በህግ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባራት አፈፃፀምን በሚመለከት ለራሱ የበላይ መሥሪያ ቤት ሪፖርት የማቅረብና የሚሰጠውን የሥራ መመሪያ የመፈፀምና የማስፈፀም ግዴታ አለበት፡፡

## 67. ቅርንጫፍ መሥሪያ ቤት

1) በዚህ አዋጅ አንቀፅ 12 ሥር የተዘረዘሩት መሥሪያ ቤቶች እንደ ተግባራቸው ዓይነትና ስፋት በዞን፣ በወረዳ፣ በከተማ ወይም በቀበሌ ደረጃ ሁለት ወይም ከዚያ በላይ የመስተዳድር እርከኖችን በማጠጋጋት ወይም በሁሉም የክልሉ መንግሥት አስተዳደር እርከኖች ቅርንጫፍ ሊኖራቸው ይችላል፡፡
2) የቅርንጫፍ መሥሪያ ቤት ስያሜና ደረጃ የሚመለከተው የበላይ መሥሪያ ቤት በሚያቀርበው መዋቅርና አደረጃጀት ላይ በመመስረት በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የሚወሰን ይሆናል፡፡

4) Members of the Kebele Administrative Council shall be appointed by the Kebele Council upon being presented by the Kebele Administrator and their accountability shall be to the Kebele Administrator and the Kebele Administrative Council.
5) The Kebele Administrative Council shall be organized by containing members of the Kebele Council Committee and residents of the kebele so as to implement the political, economic and social activities of such Kebele.
6) The Kebele Administrator and Vice administrator shall be appointed in accordance with the provision under Articles 97(1) and 99 (1) of the Constitution respectively.
7) The Kebele Administrator shall be accountable to the Kebele Council and District Administrator.
8) Without prejudice to the Power and Duties specified under Article 98 of the Constitution, the Administrator of the Kebele shall chiefly lead, coordinate and control the political, economic and social activities of the Kebele; submit report to the Kebele Council and District Administrator.

## 66. Duty of Executive Organ

Any Executive organ bears a duty to submit report to its respective higher government institution/ office concerning the implementation of power and duties legally assigned to the government institution and implement and cause to be implemented work instructions given to it.

## 67. Branches of Government Offices

1) The Government sectors specified under Article 12 of this proclamation may have branch offices at Zonal, District, Urban or Kebele level by converging together two or more administrative layers or at all administrative layers of the region based on the nature and bulk of their duties.
2) Designation and status of the branch office of the government institution/office shall be determined by the Regional Administrative Council based on the structure and organization presented by the concerned higher government office.

3) Aangoofi hojiin damee mana hojii sadarkaa kamittuu argamu aangoofi hojii mana hojii sadarkaa naannootti kenname raawwachiisuu ta'a.
4) Raawwii aangoofi hojii waajjira olaanaa isaatiif Labsii kanaafi seerota biroon kenname ilaalchisee itti waamamni mana hojii damee kamiyyuu, Mana Maree Bulchiinsaa sadarkaa isaatti argamuufi waajjira isaa olaanaadhaaf ta'a.
5) Qaxarriin, ramaddiin, guddinni, jijjiirraan, adabbiin naamusaafi hojiirra gaggeeffamuu hojjettoota damee manneen hojii kamiyyuu akkaataa Seera Bulchiinsa Hojjettoota mootummaafi seerota biroo dhimmichi ilaallatuun kan raawwatamu ta'a.

**68. Walitti Dhufeenya Bulchiinsi Magaalotaafi Manneen Hojii Seektaroota Naannoo Waliin Qabaatan**

Labsii Bulchiinsa Magaalotaa keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, walitii dhufeenyi bulchiinsa magaalotaafi maneen hojii seektaroota naannoo waliin qaban kan armaan gadii ta'a:

1) Itti waamamni manneen hojii seektaroota Bulchiinsa Magaalotaa Muummeefi Ol'aanaa keessatti argamanii mana hojii olaanaa isaanii sadarkaa naannoo jiruufi Bulchiinsa Magaalotaa keessatti argamaniif ta'a;
2) Itti waamamni manneen hojii seektaroota Bulchiinsa Magaalotaa Giddugaleessaa fi Guddattuu keessatti argamanii manneen hojii seektaroota Godinchaa magaalon¬ni kun keessatti argamaniif ta'a;
3) Magaalotaafi Aanaalee magaalota marsanii jiran gidduu walitti dhufeenyi yookiin waliigalteen taasifamu Bulchaa Aanaafi Kantiibaa Magaalaatiin kan raawwatamu ta'ee, Manneen Mareetiif dhiyaatee ragga'uu qaba;



3) በማንኛውም ደረጃ የሚገኝ የቅርንጫፍ መሥሪያ ቤት ሥልጣንና ተግባራት በክልል ደረጃ መሥሪያ ቤት የተሰጠ ሥልጣንና ተግባራትን ማስፈፀም ይሆናል፡፡
4) ለበላይ መሥሪያ ቤቱ በዚህ አዋጅና በሌሎች ህጎች የተሰጠው ሥልጣንና ተግባራት አፈፃፀምን በሚመለከት የማንኛውም ቅርንጫፍ መሥሪያ ቤት ተጠሪነት በርሱ ደረጃ ለሚገኝ የመስተዳድር ምክር ቤት እና ለበላይ መሥሪያ ቤቱ ይሆናል፡፡
5) የማንኛውም ቅርንጫፍ መሥሪያ ቤት ሠራተኞች ቅጥር፣ ምደባ፣ ዕድገት፣ ዝውውር፣ የሥነ-ምግባር ቅጣትና ከስራ የመሰናበት ጉዳይ በመንግሥት ሰራተኞች አስተዳደር ሕግ እናበሌሎች ጉዳዩ በሚመለከታቸው ህጎች መሠረት የሚፈፀም ይሆናል፡፡

**68. የከተማ አስተዳደሮች እና የክልል ደረጃ ሴክተር መሥሪያ ቤቶች የሚኖራቸው ግንኙነት**

በከተማ አስተዳደሮች አዋጅ መሠረት የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የከተማ አስተዳደሮች በክልል ደረጃ ከሚገኙ ሴክተር መሥሪያ ቤቶች ጋር የሚኖራቸው ግንኙነት እንደሚከተለው ይሆናል፡-

1) በዋና እና ከፍተኛ ከተማ አስተዳደሮች ውስጥ የሚገኙ ሴክተር መሥሪያ ቤቶች ተጠሪነት በክልል ደረጃ ለሚገኝ የበላይ ሴክተር መስሪያ ቤታቸው እና ለሚገኙበት የከተማ አስተዳደር ይሆናል፤
2) በመካከለኛ እና በማደግ ላይ ያለ ከተማ አስተዳደር ውስጥ የሚገኙ ሴክተር መሥሪያ ቤቶች ተጠሪነት ከተሞቹ ለሚገኙበት ዞን ሴክተር መሥሪያ ቤቶች ይሆናል፤
3) በከተሞችና በከተሞቹ ዙሪያ በሚገኙ ወረዳዎች መካከል የሚደረግ ግንኙነት ወይም ስምምነት በወረዳው አስተዳዳሪና በከንቲባው የሚፈፀም ሆኖለምክር ቤቶች ቀርቦ መፅደቅ አለበት፤



3) Power and duties of the branch offices found at any level shall implement the powers and duties assigned to the government institution at the Regional level.
4) Regarding the implementation of the powers and duties assigned to its higher government office by this proclamation and other laws, any branch office shall be accountable to its respective level Administrative Council and to its higher government institution/office.
5) Employment, assignment, promotion, transfer, disciplinary penalty and dismissal of any branch office shall be performed in accordance with the Public Servants Administration law and other appropriate laws which the issue concerns.

**68. Relationships of Urban Administrations with Regional Sector Offices**

Without prejudice to the provisions of Urban Administration Proclamation, the relationship between Urban Administrations and Regional Sector Offices shall be as follows:

1) Sector offices found in principal and higher urban Administrations shall be accountable to their higher government offices found at regional level and urban administrations in which they are found.
2) Sector offices found in medium and growing urban Administration shall be accountable to their respective Zonal sector offices in which the urban centers are found.
3) The relationships or agreements to be made amongst the urban centers and districts surrounding the urban centers shall be carried out by the District Administrator and Mayor of the urban center and shall be submitted and approved by the councils.

4) Dirqamni gabaasaa dhiyeessuufi qajeelfama hojii kennamu raawwachuufi raawwachiisuu, muudamaafi ramaddii hoggantoota manneen hojii ilaalchisee qaama ol'aanaa mana hojichaa waliin mari'achuu ilaalchisee tumame qaamolee raawwachiiftuu Bulchiinsa Magaalotaa irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Torba
## Tumaalee Adda Addaa

### 69. Sirna Madaalliifi Beekkamtii Manneen Hojii

1) Manneen hojii mootummaa naannichaa sadarkaa kenna tajaajilaafi raawwii hojii isaanii irratti hundaa'uun waggaa waggaadhaan madaalamanii beekkamtiin kan kennamuuf ta'a.
2) Ulaagaan madaallii, miseensota madaallii gaggeessan akkasumas aangoofi hojii isaaniifi beekkamtiin kennamu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 70. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

1) Mirgaafi dirqamni qaamolee raawwachiiftuu kanaan dura waliin turanii Labsii kanaan gargar bahan mirgaafi dirqamichi aangoofi hojii isaanii waliin kan walqabatuufi gargar hiramuu kan danda'u yoo ta'e, Labsii kanaan qaama haarawaa hundeeffametti darbee jira.
2) Mirgaafi dirqamni Akkaadaamii Hoggansa Naannoo Oromiyaa gara Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaatiif darbee jira.
3) Mirgaafi dirqamni Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu gara Komishinii Hoggansa Sodaa Balaafi Kaafamtoota Misoomaatti darbee jira.
4) Mirgaafi dirqamni Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaafi Qaamolee Dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa gara Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaatti darbee jira.



4) ሪፖርት የማቅረብ እናየሚሰጠውን የሥራ መመሪያ የመፈፀምና የማስፈፀም ግዴታ፣ የመሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎች ሹመትና ምደባን በሚመለከት ከመሥሪያ ቤቶቹ የበላይ አካላት ጋር መመካከርን አስመልክቶ የተደነገገው በከተማ አስተዳደሮች ሥራ አስፈፃሚ አካላት ላይም ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

## ክፍል ሰባት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

### 69. የመሥሪያ ቤቶች የምዘና እና ዕውቅና አሰጣጥ ሥርዓት

1) የክልሉ የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች በአገልግሎት አሰጣጥ እና የሥራ አፈጻጸም ደረጃቸው ላይ በመመሥረት በየዓመቱ ተመዝነው ዕውቅና የሚሰጣቸው ይሆናል፡፡
2) የምዘና መስፈርት፣ ምዘናውን የሚያካሄዱ አባላት እንዲሁም ሥልጣንና ተግባራቸውና የሚሰጠው ዕውቅና በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

### 70. መብትና ግዴታን ማስተላለፍ

1) ከዚህ በፊት በአንድ ላይ የነበሩና በዚህ አዋጅ የተለያዩ አስፈፃሚ አካላት መብትና ግዴታ ይህ መብትና ግዴታቸው ከሥልጣንና ተግባራቸው ጋር የሚያያዝና ሊከፋፈል የሚችል ከሆነ በዚህ አዋጅ አዲስ ወደ ተቋቋመው አካል ተላልፏል፡፡
2) የኦሮሚያ ክልል አመራር አካዳሚ መብትና ግዴታ ወደ ኦሮሚያ ክልል ዩኒቨርሲቲ ተላልፏል፡፡
3) የልማት ተነሺ ማህበረሰብ ጉዳይ ኤጀንሲ መብትና ግዴታ ወደ የአደጋ ስጋት እና የልማት ተነሺዎች አመራር ኮሚሽን ተላልፏል፡፡
4) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት አጋርነት ማስተባበሪያጽሕፈት ቤት መብትና ግዴታ ወደ የመንግሥት ልማት ድርጅቶች ቢሮ ተላልፏል፡፡



4) Provisions regarding the duty to present report and implement or cause implementation of work instructions, the provision stipulated regarding the discus-sion on the appointment and assignment of heads of government offices with the higher bodies of the sector offices shall also be applicable to the executive bodies of Urban Administrations.

## Part Seven
## Miscellaneous Provisions

### 69. The Evaluation and Recognition System of Government Offices

1) The Government Offices of the region shall be annually evaluated and given recognition based on their standard of service provision and their work performances.
2) Criteria of evaluation, members undertaking evaluation as well as their power and duties and the recognition to be given shall be determined by the Regulation to be issued.

### 70. Transfer of Rights and Obligations

1) The Rights and obligations of executive organs which previously co-exist and separated by this proclamation and if such rights and obligation is related with their power and duties and it can be separated away, it shall be transferred to the newly established body by this Proclamation;
2) The Rights and obligations of Leadership Academy of Oromia Region shall be transferred to Oromia Regional State University.
3) The Rights and obligations of Agency for Development Purpose Displaced Societies shall be transferred to Disaster Risk Management and Development Relocated Society Commission.
4) The Rights and obligations of Oromia Region Public and Private Bodies Agreements Coordinating Office shall be transferred to the Public Enterprises Bureau.

5) Mirgaafi dirqamni qaamolee Labsii kanaan dura of danda'anii turanii Labsii kanaan walitti makamanii gara qaama walitti makamiinsa isaaniitiin hundeeffameetti darbee jira.
6) Mirgaafi dirqamni waliin qabaachaa turan kan eenyu akka ta'e gargar baasuun kan hin danda'amne yookiin qaama tokkoof kennuun kan hin danda'amne yoo ta'e, dhimmichi Mana Maree Bulchiinsa Naannichaatti dhiyaatee kan murtaa'u ta'a.

## 71. Tumaalee Ce'umsaa

1) Bu'uura Labsii kanaatiin caasaan diriiree hanga hojiirra oolutti seeraafi caasaa duraan tureen wanti barbaachisu hundi kan raawwatamu ta'a.
2) Labsiin kun osoo hin bahin hojiiwwan eegalaman hundi Labsii kanaan akka eegalamanitti lakkaawamanii raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.

## 72. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuufi Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Labsii Lakkoofsa 213/2011 Labsii kanaan haqameera.
2) Dambii Akkaadaamii Hoggansa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeesssuuf Bahe, Lakk.170/2007 fi isa fooyyessuuf kan bahe Lakk. 176/2008 Labsii kanaan haqamee jira.
3) Dambii Ejensii Dhimma Hawaasa Misoomaaf Kaafamuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 178/ 2008 Labsii kanaan haqamee jira.
4) Dambii Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaafi Qaamolee Dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Dambii Lakk. 198/2010 Labsii kanaan haqameera.

5) ከዚህ አዋጅ አስቀድሞ ራሳቸውን ችለው የነበሩና በዚህ አዋጅ መሠረት የተዋሃዱ አካላት መብትና ግዴታ በነሱ መዋሃድ ወደ ተቋቋመው አካል ተላልፏል፡፡
6) በጋራ የነበራቸው መብትና ግዴታን የማን እንደሆነ መለያየት የማይቻል ወይም ለአንድ አካል መስጠት የማይቻል ከሆነ ጉዳዩ ለክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ቀርቦ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## 71. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች

1) በዚህ አዋጅ መሠረት የተዘረጋው መዋቅር ሥራ ላይ እስከሚውል ድረስ አስፈላጊው ነገር ሁሉ ቀድሞ በነበረው ሕግና መዋቅር የሚፈፀም ይሆናል፡፡
2) ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት የተጀመሩ ሥራዎች በሙሉ በዚህ አዋጅ እንደተጀመሩ ተቆጥሮ አፈፃፀማቸው የሚቀጥል ይሆናል፡፡

## 72. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች

1) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀትና ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣው አዋጅ ቁጥር 213/2011 በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡
2) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀትና ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣው አዋጅ ቁጥር 170/2007 እና እሱን ለማሻሻል የወጣው አዋጅ ቁጥር 176/2008 በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡
3) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የልማት ተነሺ ማህበረሰብ ጉዳይ ኤጀንሲ ደንብ ቁጥር 178/2008 በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡
4) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት አጋርነት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 198/2010 በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡

5) The rights and obligations of organs which were previously independent and merged by this proclamation shall be transferred to the body established by their being merger.
6) Where the shared rights and obligations which it is impossible to identify as to which it belongs to or it is impossible to provide to one body, such issue shall be submitted to and decided by the Regional Administrative Council.

## 71. Transitory Provisions

1) Everything necessary shall be done by the pre-existing law and structure until the structure established by this proclamation comes into effect.
2) All activities started before the promulgation of this proclamation shall be considered as they have been started by this proclamation and their implementation shall proceed.

## 72. Inapplicable Laws

1) The proclamation to provide for the reorganization and redefinition of the Power and Duties of the Executive Organ of Oromia Regional State Number 213/2018 is here by repealed by this Proclamation.
2) The Proclamation to Establish Oromia Regional State Leadership Academy Number 170/2015 and Its Amendment Proclamation Number 176/2016 is here by repealed by this Proclamation.
3) Regulation of Oromia Regional State Development Purpose Displaced Society Number 178/2016 is here by repealed by this Proclamation.
4) Regulation to Establish Oromia Regional State Public and Private Bodies Partnership Coordinating Office Regulation Number 198/2018 is hereby repealed by this Proclamation.

5) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamniifi barmaatileen Labsii kanaan walfaallessu kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**73. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa aangoofi hojii Qaamolee Raawwachiiftuu hojiirra kan oolchan Boordota, Ejensiilee, Dhaabbattootaafi kan kana fakkaatan Dambiidhaan hundeessuu ni danda'a.
2) Labsii kana hojiirra oolchuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.
3) Qaamni raawwachiiftuu Labsii kanaan hundeeffame, sadarkaa naannootti aangoofi hojii isaa raawwachuuf Labsii kanaafi Dambii Manni Maree Bulchiinsaa Naannichaa baasu irratti hundaa'uun Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**74. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Qaamni dhimmi ilaalu kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti ibsaman hojiirra oolchuuf dirqama deeggarsa kennuu qaba.

**75. Guyyaa Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Caffeedhaan ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**
**Fulbaana 15 Bara 2014**

**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



5) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማናቸውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያና ልማዳዊ አሠራር በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

**73. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

1) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የሥራ አስፈፃሚ አካላትን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ የሚያውሉ ቦርዶችን፣ ኤጀንሲዎችን፣ ተቋማትንና የመሳሰሉትን በደንብ ሊያቋቁም ይችላል።
2) የክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ይህን አዋጅ ሥራ ላይ ለማዋል የሚረዳ ደንብ ሊያወጣ ይችላል።
3) በዚህ አዋጅ የተቋቋመ የአስፈፃሚ አካል በክልል ደረጃ ሥልጣንና ተግባሩን ለማስፈፀም በዚህ አዋጅና የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ ላይ በመመስረት መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

**74. ድጋፍ የማድረግ ግዴታ**

ጉዳዩ የሚመለከተው ማንኛውም አካል በዚህ አዋጅ ውስጥ የተገለፁትን ጉዳዮች ሥራ ላይ ለማዋል ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት።

**75. አዋጁ የሚጸናበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ በጨፌ ከፀደቀበት ቀን ጀምሮ የጸና ይሆናል።

**ፊንፊኔ**
**መስከረም 15 2014 ዓ.ም**

**ሽመልስ አብዲሣ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**



5) Any Proclamation, Regulation, Directive and Work practices in contradiction with this Proclamation shall not be applicable on the matters covered under this Proclamation.

**73. Power to Issue Regulation and Directive**

1) The Administrative Council of the Regional Government may establish by regulation the Boards, Agencies, Institutions and the likes that implement the power and duties of the Executive Organs.
2) The Regional Administrative Council may issue Regulation for the implementation of this Proclamation.
3) Executive Organ established by this Proclamation, may at regional level issue Directive based on this Proclamation and on Regulation to be issued by the Administrative Council of the Regional Government in order to implement its power and duties.

**74. Duty to Cooperate**

Any concerned body shall bear obligation to provide the required support for the implementation of issues specified in this Proclamation.

**75. Effective Date**

This Proclamation shall come in to force as of the date of its approval by the Caffee

**Finfine,**
**September 25, 2021**
**Shimelis Abdisa**
**President of Oromia Regional State**